IslamHouse.com

Osoul Center

# AQIIDAA KARAA LAAFAAN HUBACHUU


Qopheessaa

**Abdillah Abdul aziiz aljabriin**

Hiikaa

**Gaalii Abbaaboor**

Gulaala

**Shekh Jamaal Shekh Muhammad**


OROMO

OROMOO

أورومو



OROMO
OROMOO
أورومو

# تسهيل
# العقيدة الإسلامية


تأليف

**عبدالله بن عبدالعزيز الجبرين**

ترجمة

**الداعية غالي أبابور**

مراجعة

**الداعية جمال محمد أحمد**

Osoul Center
www.osoulcenter.com

This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.

+966 504 442 532
+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.com
www.osoulcenter.com

بسم الله الرحمن الرحيم

Sa Ngalan ng Allah
Ang Mahabagin,
Ang Maawain

# BAAFATA


| | | |
|---|---|---|
| 1 | Baafata | 6 |
| 2 | Yaada gulaalaa | 9 |
| 3 | Dursa Abbaa Hiikee | 13 |
| 4 | Seensa | 15 |
| 6 | Tumaa (Seera) Aqiidaa Tokko Tokko Ibsuu Fi Hiika Aqiidaa | 15 |
| 7 | Ibsa lammaffaa Wanta Aqiidaan Islaamaa Ittiin Foo'ame | 21 |
| 8 | Ahlassunnaa Wal-Jamaa'aan Giddu Gala Firaqoolee Jallataniiti | 22 |
| 9 | Hulaa Duraa | 29 |
| 10 | Tawhiida | 29 |
| 11 | Kutaa Duraa | 31 |
| 12 | Tawhiida Rubuubiyyaa | 31 |
| 13 | Kutaa Lammaffaa | 41 |
| 14 | Tawhiida Uluuhiyyaa | 41 |
| 15 | Seensa: | 41 |
| 16 | Qorannoo Duraa:Laa Ilaaha Illallaah Ragaa Bahuu 49 | 42 |
| 17 | Qorannoo Lammaffaa: Ibaadah | 47 |
| 18 | Kutaa Sadaffaa | 61 |
| 19 | Tawhiida Maqoolee Fi sifaata Rabbii | 61 |
| 6 | Seensa: | 61 |
| 20 | Qoranno Duraa: Karaa Warri Ahlassunnah Maqoolee Fi sifaata Rabbi | 61 |
| 21 | Qorannoo Lammaffaa: Fakkeenya Sifata Rabbii Tokko Tokko Kan | 65 |
| 22 | Qorannoo Sadaffaa: Bu'aa Maqaa Fi Amala Rabbiitti Amanuun | 77 |
| 23 | Hulaa Sadaffaa | 79 |
| 24 | Wantoota Tawhiida Diiganu | 79 |
| 25 | Kutaa Duraa: Shirkii Guddaa | 79 |
| 26 | Qorannoo Duraa: Hiikaa Fi Hukmii Isaa | 79 |
| 27 | Qorannoo Lammaffaa: Qoodaa Shirkii Guddaa. 118 | 81 |
| 28 | Kutaa Lammaffaa | 99 |
| 29 | Kufrii Guddaa | 99 |
| 30 | Qorannoo Duraa: Hiikaa Fi Hukmii Isaa | 99 |
| 31 | Qorannoo Lammaffaa : Gosa Kufrii | 99 |
| 32 | Mata Gala Kutaa Kufrii Guddaa | 106 |
| 33 | Kutaa Sadaffaa | 111 |
| 34 | Nifaaqa Guddaa (Kan Amantii) | 111 |
| 35 | Qorannoo Duraa: Hikaa Fi Hukmi Isaa | 111 |
| 36 | Qoronnoo Lammaffaa: Dalaga Munaafiqaa Kan Kufrii Taate: | 112 |
| 37 | Qorannoo Sadaffa: Amala Munaafiqootaa | 116 |
| 38 | Hulaa Sadaffaa | 121 |
| 39 | Wantoota Tawhiida Hir'isanu | 121 |
| 40 | Kutaa Duraa | 121 |
| 41 | Wantoota Gara Shirkii Guddaatti Dhaqqabsiisanu | 121 |
| 42 | Qoranno Duraa: Namoottan Gaarii Keessatti Daangaa | 122 |
| 43 | Qoranno Lammaffaa: Barakaa Barbaaduu Dhorgamaa | 126 |
| 44 | Qorannoo Sadaffaa: Qabrii Olkaasuu, Nooraa Dibuu, Ibsaa | 134 |
| 45 | Kutaa Lammaffaa | 139 |
| 46 | Shirkii Xiqqoo | 139 |
| 47 | Qorannoo Tokko : Hiikaafi Hukmii Isaa | 139 |
| 48 | Qorannoo Lammaffaa: Gosowwan Shirkii Xiqqoo | 139 |
| 49 | Gosa Duraa: Shirkii Xiqqoo Kan Ibaadaa Qalbii Keessatti Argamu | 139 |
| 50 | Kutaa Sadaffaa | 161 |
| 51 | Kufri Xiqqoo | 161 |
| 52 | Qorannoo Duraa : Hiikaa Fi Hukmii Isaa | 161 |
| 53 | Qorannoo Lammaffaa: Fakkeenyowwan Isaa: | 161 |
| 54 | Kutaa Afraffaa | 163 |
| 55 | Nifaaqa Xiqqoo | 163 |
| 56 | Qorannoo Duraa: Hiikaa Fi Hukmii Isaa | 163 |
| 57 | Qorannoo Lammaffaa: Qoodamaa Fi Fakkeenya Isaa: | 163 |
| 58 | Kutaa Shanaffaa | 167 |
| 59 | Bid'aa | 167 |
| 60 | Hiika Bida'aa | 167 |
| 61 | Qoodaa Bida'aa | 167 |
| 62 | Hukmii Bida'aa | 168 |
| 63 | Bida'aa Dalagaa Gurguddoo Sadi Kan Baay'inaa Argamtu | 170 |
| 64 | Bid'aa duraa- tawassula bid'aa tahe | 171 |
| 65 | Bid'aa lammaffaa- ayyaanaafii walgayii bid'aa tahe | 177 |
| 66 | Bida'aa Sadaffaa- Zikriiwwan Bida'aa Taate | 180 |
| 67 | Hulaa Afraffaa | 185 |
| 68 | Walaa'aa Fi Baraa'a (Jaalalaa Fi Irraa Qulqullaa'uu) | 185 |
| 69 | Qorannoo Duraa: Hiikaa Fi Murtee Isaanii | 185 |
| 70 | Qorannoo Lammaffaa: Waan Walaa'a Karaa Godhamtee Fi | 188 |
| 71 | Qorannoo Sadaffaa: Wanta Kaafiraa Wajjindalaguun Eeyyamamu | 201 |

## YAADAA GULAALAA

Kitaabni Aqiidah karaa laafaan hubachuu. jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban waayee aqiidaa barsiisuu keessatti qopheeffame keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses sheekha guddaa beekamaa shekh Abdallah binu abdulaziz aljabriin. Rabbi irraa haajaalatu. Akkana jechuun nama beekamaatu kitaaba beekama ummata muslimaatiif gumaache jechuudha. Ustaaz gaalii abbaaboor carraaqa jabaa godhee afaan keenya afaan oromootti hiikee akka ummanni keenya waayee Aqiidaa murteessituu tana afaan isaatiin dubbisee hubatu godhe. Rabbiin kan kqopheesseefii kan hikes isaan lameenu irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad**
**shekhjamal@yahoo.com**
**F/B: Abu Saalih Almuhajiri**
**00966505697461 KSA Riyadh**

# DURSA ABBAA HIIKEE

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي آله وصحبه أجمعين.

Faaruun kan Rabbiiti. Isan faarsa. Isuma qofan of gargaarsifadha. Dhiifamas isarran barbaada. Hamtuu lubbuu kiyyaa fi dilii dalagaa kootii irraa Rabbittin maganfadha. Nama Rabbiin qajeelche wanti jal'isu hin jiru nama inni jal'ises wanti qajeelchu hin jiru. Gabbaramaan dhugaa Rabbii tokkicha malee hin jiru, inni tokkicha hiriyaa hin qabne jedhee ragaan ba'a. Muhammadis ﷺ garbicha Rabbii fi ergamaa isaa ta'uu ragaan ba'a.

Kana booda:
Kitaabni kun barruu xalayaa 'Tahziibu tas-hiil al-aqiidatil Islaamiyyaa' kan ***Abdallah bin Abdul Aziiz Al-jabriinii*** barreessan Afaan Oromootti kan hiikameedha. Afaan Oromoo kan hedduun ummata biyya keenyaa dubbatutti kan hiike barreesse ani Gaalii Abbaaboor. Kitaaba kana hiikuun tola guddaa Rabbiin natti oole irraayyi. Kitaabicha keessatti kan hiikame barruu xalayachaa qofa malee miil jalee hin dabalatu. Garuu miil jalee keessaa kan ani itti dabalee hammattuu keessa seensisee barreesse bakka inni itti madda irraa fuudhe, maqaa kitaabichaa fi fuula isaa itti ibse cufa ibsuuf yaaleetani. Kitaaba kana hiikuutti kan na kakaase sababa gurguddaa saditu jira.

1. Warra gara amantii dhugaa ishee Rabbiin buusee ergamaan isaa ﷺ hanga du'utti irra turetti waamanuu wajjin xiqqaattus hanguma dandeettii kiyyaatiin hirmaachuufi.
2. Kitaabni Afaan Oromootiin barreeffame xiqqaachuunis sababa keessaa isa guddaa dha.
3. Kitaabni Afaan Oromootiin barreeffame xiqqachuu wajjin kan aqiidaa Islaamaa bal'inaan ummataaf ibsee ummata kana gara aqiidaa sirriitti waamu immoo baay'ee xiqqaa dha. Kanumaa wajjin Afaan Oromoo loqoda waan baay'atuuf kitaabni godina

tokko irratti barreeffame yeroo baay'ee ummata godina biraatiif ifaa miti. Kana ta'uu wajjinis hedduun isaanii seer luga Afaan oromoo hin eegne. Oggaan kana jedhu immoo namni itti yaadee barreesse hin jiru jechuu kiyya miti. Namni baay'een itti cinqamee kitaaba heddu ofii barreessuunis ta'ee kan sila barreeffame lugaa keenyatti hiikuudhaan ummataaf dhiheessaniiru. Rabbiin miindaa guddaa isaaniif haa kaffalu.

Kitaabni kun dogongora qabaachuun isaa ni mala. Sababni isaas ani wallaalaatu barreessuutti ka'e. Kanumaa wajjinuu ilmi namaa cufti dogongoraa dha. Kanaafuu namni dogongora keessatti arge e-mail koo 'glababor@gmail.com' kanaan yoo natti beeksise galata guddaa isa galateeffataa Rabbis miindaa guddaa akka isaaf kennun kadhadha. Dogongora narraa argameef dhiifamaafi nageenyan Rabbiin kadhadha.

***Faaruun kan Allaah gooftaa aalamaati***

***Kan hiikee barreesse kajeelaa araarama Rabbii isaa kan ta'e Injinar Gaalii Abbaaboor Abbaaguumaa***

***Barsiisaa yunivarsitii Jimmaa***





# MAQAA RABBII AKKAAN MARARFATAA RAHMATA GODHAA TA'EETIIN

## Dursa Abbaa Kitaabaa

Akkuma inni ajajettin faaruu baay'ee Rabbiin faarsa. Gabbaramaan dhugaa Rabbiin malee hin jiru, inni tokkicha hiriyaa hin qabne jedhee ragaan ba'a. Akkasumas nabiyyiin keenya, dura bu'aa, caalaa fi hidhannoon keenya Muhammad Ibnu Abdallah kan jedhaman garbicha Rabbii fi ergamaa isaa ta'uu ragaan ba'a. Ergaa dhaqqabsiisuu, amaanaa bakkaan ga'uu fi ummataaf tola yaaduu isaaniis ragaan ba'a. Ummata isaanii karaa ifaa halkan isaa akka guyyaa ta'e nama salphataa malee kan irraa hin gorre irratti dhiisanii deemaniiru. Rahmannii fi nageenyi Rabbii isaan, maatii isaanii fi sahaabota isaanii cufa irra haa jiraatu.

Kana booda:

Xalayaa 'Tas-hiilul Aqiidatil Islaamiyyah' jedhamu barreessuuf naa mijeessuun tola Rabbiin natti oole irraayyi. Mana maxxansaa daaru-ssamii'iyyi jedhamu kan Riyyaditti argamtutu ummataaf raabsite. Miil-jalee xalayaa kanaa keessatti hadiisaa fi oduuwwan barruu keessatti argaman tokko tokko bal'inaan ibseera. Hundi isheetuu hadiisaa fi oduu sahiiha (sirriidha). Akkasumas ibsa gaaffii tokko tokkoo, bakka madda isaa dubbachuu fi jechoota amanamoo kanniin barruu keessatti dubbadhe kan maz-haba arfanii cufa, kan ulamoota salafaa fi imaamota mujtahidaa hunda akka namni bal'inaan hubachuu fedhe itti deebi'ee ibsa kana ilaaluuf jecha miil-jalee barruutti bal'inaan ibseera.

Lugaa biraatti hiikuu fi biyya mootummaa Arabaatiin alatti raabsuun akka mijaa'uuf, barattoonni gariin xalayaa kana cuunfuu ykn qulqulleessuu narra barbaadaniiru. Kanaafuu, lugaa biraatti hiikuun akka salphatuuf, gabaabsuun ykn miil-jalee heddu irraa gatuun, barruu irraayis bakka tokko tokko kutuun, akkasumas waan barbaachisaa dabaluu fi hima garii sirreessuun cuunfeera.

Hojii kanaan akka Rabbiin muslima hunda fayyadun kadhadha. Inni waan hunda irrattuu danda'aadha. Rahmanni Rabbii fi nageenyi heddu filatamaa fi caalaa ilma namaa kan ta'e Muhammad Ibnu Abdallah Ibnu Abdil Muxxalibil Haashimiyyil Qurashiyyii kan ta'e isaan, maatii isaanii fi sahaabota isaanii irra haa jiraatu.

***Faaruun kan Rabbii gooftaa aalamaati***

***Kan jedhee barreesse haajomaa dhiifama Rabbii isaa kan ta'e Abdallah Ibnu Abdul Aziiz Al-jabriiniidha***





# MAQAA RABBII AKKAAN MARARFATAA GARA LAAFAA TA'EETIIN

## SEENSA

*Seensi ibsa sadi of keessatti qabata.*

Ibsa duraa: **Tumaa (seera) aqiidaa tokko tokko ibsuu fi hiika aqiidaa ta'a.**

*Tumaa kana kan eegallu hiika aqiidaa dubbachuudhaani.*

01 **Aqiidaan akka lugaa Arabaatti:**

jecha aqdi jedhu irraa fuudhame. Innis jabeessu, hidhuu, raggaasisuu fi bareechuudha.

**Tumaa shari'aa keessatti:** Murannaan Rabbitti amanuu fi waan isa tokkoomsuun dirqama ta'u cufatti amanuudha. Malaa'ikoota, kitaabota, ergamoota isaa, guyyaa aakhiraa, qadara (murtee Rabbiin duraan dabarse) khayrii fi hamtuu isaa akkasumas dameewwan as irraa maddanii hundee diiniitti dhaqqabanu cufatti amanuudha.

Hedduun salafootaa aqiidaa sirraaawaa maqaa 'sunnah' jedhuun dubbatan. Kunis aqiidaa fi dubbii firaqoota jallatoo irraa ishee adda baasuuf gargaara. Sababni isaas aqiidaan nagaan (aqiidaan Ahlassunnaa wal-jamaa'ah) sunnaa (hadiisa) kan qur'aana ibsitu irraa waan burqisiifamteefi. Salafoonni gariin kitaaba aqiidaa barreessanii sunnaa jedhanii moggaasani.

**Isaanis:**
Kitaaba sunnaa kan Imaamu Ahmad Ibnu Hambal

Kitaaba sunnaa kan Ibnu Abii Aasimii fi kkf dha.

Akkasumas gariin salafootaa aqiidaa maqaa 'usuulu-ddiin' jedhuun

dubbatan. Kunis amantiin Nabiyyii keenyaa I'itiqaadaa fi dalaga (a'amaala) tti waan qoodamuufi.

Dalagaatti kan fedhame beekumsa shari'aa fi hukmii akkaataa hojii itti hojjatanutti rarra'an, kan akka ahkaama salaataa, zakaa, bittaa fi gurgurtaa fi kan biroos far'iyyi (damee) jedhamee kan beekamuu dha. Gosti kun immoo beekumsa aqiidaatiif akka dameeti. Sababni isaas aqiidaan hojii hunda irra kabajamaa fi sharxii (ulaagaa) ibaadaan namaa qeebalamuu waan ta'eefi. Waan beekumsa cufa irra kabajamaa ta'eef, yeroo aqiidaan bade ibaadaan hin qeebalamtu, miindaan ishees ni bada. Rabbi akkana jedha.

﴿وَلَقَدۡ أُوحِيَ إِلَيۡكَ وَإِلَى ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِكَ لَئِنۡ أَشۡرَكۡتَ لَيَحۡبَطَنَّ عَمَلُكَ وَلَتَكُونَنَّ مِنَ ٱلۡخَٰسِرِينَ﴾ [الزمر: ٦٥]

***"Yoo Rabbitti qindeessite dalagaan kee ni bada, warra salphatu irraayis nitaata jechuun sii fi warra siin duraatti beeksifneerra."*** (Az-zumer: 65)

Kana hubadhu. Beektoleen gariin aqiidaa maqaa 'fiq-hal akbar' (beekumsa guddaa) jedhuun dubbatan. Kunis akkuma dabarsinee jirru waan aqiidaan hundee diinii ta'eefi. Fiq-hii hojii (fiq-hal asgar) immoo damee hojiiti. Imaamu Abii Haniifaan xalayaa waa'ee aqiidaa barreessanii 'fiq-hal akbar' jedhanii moggaasani.

### 02 Ahlassunnati Wal-jamaa'ah:

Isaanis sahaabota Rasuulaatii fi ﷺ namoottan haala gaariin isaan hordofan kan hanga guyyaa qiyaamaatti jiranu cufa. Isaanis aqiidaa sahiiha ishee Rasuulli ﷺ Rabbii irra turan, sahaabonni isaanii irratti walii galanii fi makaa khuraafaa fi bida'aa irraa qulqulluu kan taate warra qabatee hordofuu dha. Sababni ahlassunnaa jedhamaniif waan ajaja sunnaa Rasuulaa ﷺ kan qur'aana ibsituun hojjataniifi. Kunis hadiisa isaanii kan

«عليكم بسنتي وسنة الخلفاء الراشدين المهديين من بعدي، عضوا عليها بالنواجذ».

**"sunnaa kiyyaa fi kan kulafoota sirraawoo qajeeloo ta'an na booda dhufanuu qabadhaa, qarriffaan ciniinaa."** jedhutti hojjachuufi.

Qajeelfamni Rasuulaa ﷺ caalaa qajeelfama hundaa ta'uu ni beeku. Kanaaf qajeelfama nama biroo irra isa dursani. Sababni 'jamaa'ah'





jedhamaniif sunnaa nabiyyii ﷺ fi waan salafni irratti walii galan hordofuu irratti tokko waan ta'aniifi. Dhugaa fi aqiidaa Islaamaa kan makaa irraa qulqulluu taate irratti walii galaniiru. Ammas rasuulli ﷺ firqatu-nnaajiyaa kan karaa isaanii fi sahaabota isaanii hordofan 'jamaa'ah' jedhanii moggaasaniiru.

ثبت عن معاوية بن أبي سفيان رضي الله عنهما قال: قال النبي ﷺ: «**إن أهل الكتابين افترقوا في دينهم على ثنتين وسبعين ملة، وإن هذه الأمة ستفترق على ثلاث وسبعين ملة -يعني الأهواء- كلها في النار إلا واحدة، وهي الجماعة، وإنه سيخرج في أمتي أقوام تجارى بهم تلك الأهواء كما يتجارى الكَلَبُ بصاحبه**».

Mu'aawiyah Ibnu Abii Sufyaan irraa hadiisa mirkanaa'ee odeeffame keessatti ergamaan Rabbii ﷺ **"Warri kitaabaa lachan amantii isaanii keessatti bakka 72tti qoodamani. Ummanni kunis karaa 73tti qoodamuuf teessi. Karaa tokko malee hunduu kan ibiddaati. Isheen immoo jamaa'aadha. Akka dhukkubni saree maraatuu namaan deemutti, ummanni fedhii ofii jala deeman ummata kiyya keessatti mul'achuuf taa'u."** jedhan jechuun gabaaseera.

Moggaasni Ahlassunnaa Wal-jamaa'ah kun ibsa dhugaa kan warra aqiidaa sirraawaa fi hordoftoota rasuulaa ﷺ firqaa biraa warra rasuula hin hordofne irraa adda baasuu dha. Firaqoota kana irraa nama aqiidaa isaa yaada sammuu namaa fi beekumsa filoosoofii kan filoosoofaroota Giriikii irraa dhaalame keessaa fudhatee haasawa Rabbii fi karaa rasuulaa ﷺ irra caalchisutu jira. Sababa sammuun nama garii wanta ragaan kun itti akeekte hin qeeballeef ykn hin liqimsineef qofa ragoolee shari'aa mirkanooftuu taate dura dhaabbatu ykn akka isaanii ta'uutti hiiku. Gariin firaqoota kanaa: falaasifaa, qadariyyaa, maaturiidiyyaa, Jahmiyyaa, mu'utazilaa fi Ashaa'iraa kanneen yaada garii keessatti jahmiyyaa hordofanii dha. Firaqoota kana irraa nama aqiidaa isaa yaada sheekolee fi dura bu'oota isaanii kan yeroo baay'ee fedhii dhuunfaa irraa ijaarame irraa fudhatanutu jiru. Kan akka raafidaa fi kan biraa haasawa isaanii haasawa Rabbii fi rasuulaa ﷺ irra caalchisu. Akkasumas firaqoota kana irraa kan nama ishee hundeessee fi bu'uura aqiidaa ishee tolcheen waamamutu jira.

FKn'f kan akka jahmiyyaa Jahm Ibnu Safwaan irraa yoo moggaafaman Ashaa'iraan immoo Abul Hasanil Ash'arii irraa moggaafamani. Garuu

Abul Hasanil Ash'ariin aqiidaa kana irraa gara aqiidaa Ahlassunnati Wal-jamaa'aatti deebi'eera. Haa ta'u malee hordoftoonni isaa aqiiduma inni irraa deebi'e kan karaa rasuulaa ﷺ faallessitu irra turan. Ibaadiyyaan kan moggaafamte Abdallaah Ibnu Ibaad irraayyi. Kan biraas akkuma kanatti moggaafamani.

Firaqoota kana irraa kan garii ilaalcha aqiidaa isaanii ishee qajeelfama rasuulaa ﷺ faallessituun, ykn dalaga isaanii hamtuu taateen kan moggaafaman jiru. Raafidaan kan moggaafaman sababa isaan imaamummaa Abuu bakrii fi Umar gatanii irraa qulqullaa'aniifi. Qadariyyaan immoo qadara mormuu irraa moggaafamani. Ammas Khawaarijaan mootota irratti ba'uun ykn ittiin loluu irraa moggaafamani. Kkf.

Rabbiin Ahlassunnaa rasuula ﷺ dogongoraa fi mucuca irraa tikfamaa ta'ee, wahyiin jabeeffamaa, fedhii ofiitiin hin dubbanne, kan haasaan isaa wahyii Rabbi itti beeksise qofa ta'e malee waan birootiin waamamuu fi hordofuu irraa isaan tikse. Maqaa 'sunnah' male wanta ittiin waamamanu hin qabanu.

سأل رجلٌ الإمامَ مالك بن أنس، فقال: من أهل السنة يا أبا عبدالله؟ فقال: "الذين ليس لهم لقب يعرفون به، لا جهمي، ولا رافضي، ولا قدري".

Namtichi tokko Imaamu Maalikiin "yaa Abaa Abdallah eenyu Ahlassunnaan?." jedhee gaafate. Imaamu Maalikis **"Isaan warra maqaa ittiin beekamanu hin qabne. Jahmiyyaas miti, Raafidaas miti, Qadariyyaas miti."** jedhan.

Beektoleen gariin maqaa 'As-haabul hadiis' ykn 'Ahlal-hadiis' jedhu Ahlassunnaadhaaf moggaasan. Sababni isaas waan isaan hadiisa rasuula irraa ﷺ dhufe fuuchuu fi sahiiha da'iifa irraa adda baasuuf ta'aabaniifi. Akkasumas aqiidaa fi ahkaama keessatti waan isa hordofaniifi.

Hadiisaa fi sunnaan hiikoon isaanii walitti dhihoodha. Akkasumas firqaan hanga guyyaa qiyaamaan dhaabbatuutti nassaramtu (Xaa'ifatil-mansuuraan) Ahlassunnaa isaan rasuulli ﷺ

**«لن تزال طائفة من أمتي منصورين، لا يضرهم من خذلهم حتى تقوم الساعة»**. رواه البخاري ومسلم، وغيرهما

**"Jamaa'aan tokko ummata koo irraa haga qiyaamaan dhaabbatutti tumsamtuu dha. Namni isaan xiqqeesse illee homaa isaan hin miidhu."** jedhanii dubbatan. Bukhaarii, Muslimii fi namni biraa illee gabaasaniiru.

Isheen firqaa nagaa baatu jedhamtee hadiisa Mu'aawiyaa dabre keessatti dubbatamteetti.

## 03 SALAFA

*Salafni akka lugaa Arabaatti*: jama'aa dursan jechuudha. Salafa jechuun dabre jechuu dha. Salafni namaa abbootii isaa warra duraan dabran.

*Tumaa shari'aa keessatti*: salafni sahaabota rasuulaa fi ﷺ dura bu'oota diinii kan jaarraa caalchifamtuu sadanii, warra sahaabota hordofanii karaa isaanii irra deemaniidha.

## 04 KHALAFA

*Khalafni akka lugaa Arabaatti* booda aanaa, nama warra dabre booda dhufu jechuu dha.

*Akka tumaa aqiidaatti immoo*: Nama aqiidaa keessatti karaa rasuulaa fi sahaabota isaa faallesse kan akka khawaarijaa fi Raafidaa, akkasumas warra filoosoofii kan sammuu namaa ragaa shari'aa dursiisan kan akka Jahmiyaa, Mu'utazilaa, Ashaa'iraa, Qadariyyaa, Murji'aa ahbaash fi kkf dha.

Ahlassunnaa Wal-jamaa'aan karaa salafootaa kan durri isaanii sahaabota rasuulaa ta'e, akka mata dureetti immoo Abuu bakrii, Umar, Usmaanii fi Aliyyiirra adeemu. Sababni isaas jecha rasuulaa ﷺ

**«عليكم بسنتي وسنة الخلفاء الراشدين المهديين من بعدي عضوا عليها بالنواجذ»**.

**"sunnaa kootii fi sunnaa khulafoota qajeeloo sirraawoo ta'anii na booda dhufanuu qabadhaa, qarriffaan ciniinaa."** jedhutti hojjachuufi.

Akkasumas rasuulli ﷺ firqaa naajiyaa irraa yeroo gaafatamanu akkana jedhan

«من كان على مثل ما أنا عليه وأصحابي».

**"nama karaa kootii fi karaa sahaabota kootii irra deeme."** jedhan.

Akkuma kana adeemsa salafaattis ni hirkatu. Kanaafuu nama salafa hordofuun salafiyyi ykn aqiidaa salafaa irra jira ykn hordofaa salafa

gaggaariiti jedhama. Moggaasni kunis hiikti isaa maqaa Ahlassunnaa jedhuun wal-gala. Sababni isaas aqiidaan salafa gaggaarii aqiidaa rasuulli ﷺ irra turan waan ta'eefi. Kun immoo akkuma hadiisa keessatti dubbatamee dabre. Namni karaa khalafaa irra deeme immoo khalafiyyi isaan jedhama. Khalafni moggaasa kana ni mirkaneeffatu. Hinumaayyuu hedduun isaanii jagnoomanii adeemsa khalafaa adeemsa salafaa irra caalchisu. Kun immoo adeeemsi karaa isaanii karaa sahaabotaa, ishee rasuulli ﷺ irra turan akka faallessu ifumatti amanuudha. Aqiidaa sirraawaa irraa akka jallatan amanuuf kun iyyuu isaan gaha.

AQIIDAA KARAA LAAFAAN HUBACHUU



# IBSA LAMMAFFAA: WANTA AQIIDAAN ISLAAMAA ITTIIN FOO'AME

Foo'ama jechuun haala gaarii wanti tokko ittiin adda ba'u kan wanni biraa ittiin hin qindoofne jechuudha.

Foo'ama aqiidaa Islaamaa heddu keessaa lama qofa dubbachuudhaan of geenya.

01 **Isheen aqiidaa ghaybiyyi (fagoo) kan qaama miiraatiin iiti hin ga,amnee dha.**

Ghaybi jechuun waan qaama miiraa irraa fagoo jechuu dha. Qaama miiraa shanan: dhageettii, argaa, tuqaatii, foolii fi dhandhamaan itti hin dhaqqabamu. Kana irratti hundoofnee, cufti ibsa aqiidaa Islaamaa kan itti amanuun dirqama ta'u ghaybiyyi (fagoo) dha.

Fkn'f : Rabbitti amanuu, malaa'ikoota isaa dhugoomsuu, kitaabota, ergamoota isaa, guyyaa dhumaa, qadara (murtee Rabbii), adaba qabrii fi ni'imaa isaa,fi kan biraa illee dubbii ghaybii ykn nama irraa fagoo ta'ee dha. Kanaafuu wanta qur'aanaa fi hadiisaan dhufe qofa irratti hirkatama.

Rabbiin warra ghaybiitti amananu faarsee jalqaba suuraa baqaraatti akkana jedhe

﴿الٓمٓ ﴿١﴾ ذَٰلِكَ ٱلۡكِتَٰبُ لَا رَيۡبَۛ فِيهِۛ هُدٗى لِّلۡمُتَّقِينَ ﴿٢﴾ ٱلَّذِينَ يُؤۡمِنُونَ بِٱلۡغَيۡبِ﴾ [البقرة: ١-٣]

***"alif, laam, miim, Kitaaba kana keessa shakkiin homaayyuu hin jiru, warra Rabbiin sodaataniif qajeelfama. Isaanis warra ghaybiitti amananu."***

02 **Isheen aqiidaa tawqiifiyyaa dha.**

**Tawqiifiyyaa** jechuun qur'aanaa fi hadiisa qofa irratti kan hundaa'e

jechuu dha. Aqiidaan Islaamaa qur'aanaa fi hadiisa Rasuula irraa ﷺ dhufe qofa irrratti hundaa'a. Sababa tawqiifiyyaa taateef isheen bakka ijtihaadaa ykn qabsoon itti dhaqqabamtuu miti. Aqiidaan wanta mirkanaawaa fi murtaa'aa waan ta'eef burqaan isaa hadiisaa fi qur'aana ta'uun dirqama. kana irratti hundoofnee burqooleen shakkii qaban hunduu kan akka qiyaasaa (logical reasoning) fi sammuu namaa burqaa aqiidaa ta'uu hin danda'anu. Namni kana burqaa aqiidaa taasise dhugaa irraa fagaateera. Aqiidaas bakka ijtihaadaan itti dhaqqabanii dogongoran ykn dhugaa hubatan taasise.

Warri filoosoofii kan akka Jahmiyyaa, Mu'utazilaa fi Ashaa'iraa sammuu namaa burqaa aqiidaa taasisanii ragoolee shari'aa dura ishee buusuun dogongorani. Akka isaaniitti qur'aannii fi hadiisni sammuu namaa jala deemuu qaba. Kun immoo qur'aanaa fi hadiisa xiqqeessuu dha. Akkasumas aqiidaa islaamaa kan yaada namaa jala deemu taasisan. Dhugaatti sammuun shari'aa ni jabeesssa. Aqliin ifaan ragaa sirraawaa ni jabeessa malee hin faallessu. Kan warri mu'axxilaa (warri maqaa fi sifata rabbi morman) fi mu'awwilaa (warri akka isaanii ta'etti hiikan) wal faallessa se'an sababa gabaabina sammuu ilma namaati. Kanaafuu inni namni tokko ni faallessa jedhee yaadu kan biraa immoo akkasitti hin yaadu. Kana irratti hundoofnee, ulaa aqiidaa fi kan biroo keessatti illee sammuun kan ragaa shari'aa jabeessu ta'ee fudhatama malee burqaa of danda'aa ragaa shari'aatii miti. Dubbii ghaybii fi wanta hin beekne keessatti qobaa yaaduun hin eeyyamamu. Beekumsi namaa Rabbiinis ta'ee sifata isaa hin marsine. Akkuma Rabbi qur'aana keessatti jedhe

﴿وَلَا يُحِيطُونَ بِهِۦ عِلۡمًا﴾ [طه: ١١٠]

***"Beekumsaan Rabbiin hin marsine."*** (xaahaa:110).

### 03 Ibsa sadaffaa:

**Ahlassunnaa wal-jamaa'aan giddu gala firaqoolee jallataniiti**

Aqiidaan Ahlassunnati wal-jamaa'aa ykn aqiidaan Muslimaa sirrooftuun giddu gala firaqoota jallattuu gara Islaamummaatti hirkattuuti. Ulaa aqiidaa cufa keessatti gidduu firqaa yaanni isaanii wal faallessu lamaaniiti. Tokko kan daangaa dabre yoo ta'u tokko immoo haqa irraa gabaabbate. Isheen dhugaa soba lamaan gidduu jirtuudha.





Ahlassunnaan wanta hunda keessatti gidduu moggaa jal'atte lamaaniiti. Hundee aqiidaa shan kan keessatti Ahlassunnati wal-jamaa'aan giddu gala firqaa ummata kanaa ta'an nin dubbadha.

#### Hundee Duraa: *Ulaa ibaadaa keessatti*

Ulaa kana keessatti Ahlassunnati wal-jamaa'aan gidduu Raafidaa, fi Duruuzii fi Nisiiriyyootaati. Raafidaan waan Rabbi karaa isaanii hin gooneen Rabbiin gabbaru. Kan akka zikrii, tawassulaa (waan ittiin Rabbitti dhihaatanu), ayyaana kabajuu, wal ga'ii bida'aa taate, qabrii irratti ijaaruu, biratti salaatuu, irra xawaafuu fi qabriif qaluu faadha. Isaan keessaa warri daangaa dabran immoo warruma qabrii gabbaru, isaaniif qalu, akka isaan bu'aa isaanii fidanii miidhaa irraa deebisan kadhatu.

Duruuzii fi Nisiiriyyoonni (firqaa biyya Shaam, Sooriyaa, Libnaanii fi Filisxeen keessatti argamtuu dha. Nisiiriyyoonni Aliyyi Ibnu abii Xaalibiin yoo gabbaranu duruuzni immoo Alhaakim Bi Amrillaahii gabbaru) cufumatti ibaadaa Rabbii dhiisani. Hin salaatanu, hin soomanu, zakaa qabeenya isaanii hin kennanu, hin hajja'anu. Ahlassunnati wal-jamaa'aan immoo wanta qur'aanaa fi hadiisa keeessatti dhufeeen Rabbiin gabbaru. Ibaadaa Rabbi dirqama isaan irratti godhe hin dhiifne. Ibaadaa haaraa of biraayis hin uumne. Jecha rasuulaa ﷺ.

**«من أحدث في أمرنا هذا ما ليس منه فهو رد»**. متفق عليه

**"Namni ajaja keenya kana keessatti waan isarraa hin taane itti dabale isarratti deebifama."** kan jedhutti hojjatu. Bukhaarii fi Muslimtu gabaase.

وفي رواية لمسلم: **«من عمل عملاً ليس عليه أمرنا فهو رد»**.

Gabaasa Muslim keessatti immoo **"namni hojii nuti itti hin ajajin hojjate isarratti deebifama."** jedha.

Rasuulli Khuxbaa isaanii keessattis akkana jedhan

**«أما بعد، فإن خير الحديث كتاب الله، وخير الهدي هدي محمد، وشر الأمور محدثاتها، وكل بدعة ضلالة»**. رواه مسلم

**"Caalaan dubbii qur'aana Rabbiiti, qajeelfamni caalaanis qajeelfama Muhammadi, hamtuun dubbii waan haaraa diinii keessatti uumamte, cufti bida'aa jallina."** Muslimtu gabaase.

### Hundee Lammaffaa: *Maqaa fi sifata (amala) Rabbii keessatti*

Ulaa kana keessatti Ahlassunnaa wal-jamaa'aan warra sifa Rabbii mormuu fi warra sifa isaa sifa uumamaatti fakkeessu lamaan jidduu dha. Mu'axxiloonni kan akka Jahmiyyaa maqaa fi amala Rabbii ni mormu. Kan akka Mu'utazilaa immoo sifata Rabbii qofa mormu. Akka isaaniif ta'utti dabsanii hiiku. Kan kana dalagan immoo sammuu namaa gabaabduu ta'e irratti hirkatanii qur'aanaa fi hadiisa dura buusaniiti. Ragoolee shari'aa sammuu isaanii irra fidanii waan inni qeebale ni qeebalu, waan inni hin qeeballe ni deebisu ykn jal'isanii hiiku. Kana immoo Rabbiin qulqulleessuutti lakkaa'u. Ragooleen shari'aa kan murteessu osoo hin taane kan isatti murteeffamu taasisan. Bu'uura beekumsa isaanii sammuu taasisan. Qur'aanaa fi hadiisa hordoftuu godhan. Wanti sammuun yaade isaan biratti hundee isa jalqabaa kan ragaa shari'aa irraa of danda'uudha. Kanaafuu ragaa ilaalcha sammuu irratti hundaa'anii wantootni kun Rabbiif waajibaa kaan immoo Rabbi irratti dhorgaadha jedhan. Isaan dhugaa se'anii garuu inni dogongora haqa irraa fagoo dha. Sammuudhaan ragaa qur'aanaa fi hadiisaa faallessani. Weellisaan isaanii akkana jedhe.

وكلّ نصٍّ أَوهَمَ التشبيها    أَوِّلْهُ أو فَوِّضْ ورُمْ تنزيهَا

**"Ragaa Rabbiin uumamatti fakkeesse hunda jal'isii hiiki ykn gama Rabbii hirkisii Rabbiin qulqulleessuu fedhi."** (Jawharu ttawhiid kan Ibraahiim allaqqaanii Ash'arii kan ta'e sharhii isaa tuufatul mariidiin fuula 91 irra ilaali)

Mumassiloonni (warri Rabbiin uumamatti fakkeessan) immoo fakkii Rabbiif godhu. Amalli Rabbii amala uumama kanaa fakkaata jedhan. Gariin isaanii harki Rabbii akka harka kootiiti, dhageettiin Rabbii akka dhageettii kootiiti jedhu. Waan isaan jedhan cufa irraa Rabbi olta'iinsa guddaa olta'eera. Rabbiin Ahlassunnaa karaa giddu gala ishee qur'aanni Rabbii fi hadiisni Rasuulaa ﷺ akeektu irratti isaan qajeelche. Maqaa fi amala Rabbii kan qur'aanaa fi hadiisaan mirkanaa'e hunda ni mirkaneessu. Mormuu, jal'isuu, fakkeessuu fi akkaataa itti kaa'uun maletti wanta Rabbi of ibsee fi ergamaan isaa isa ibseen Rabbiin wassafu. Isheen sifata dhugaa kan guddina Rabbiitiin maltuu fi sifata uumamaa hin fakkaattu jedhanii amanu. Jecha Rabbii





﴿لَيْسَ كَمِثْلِهِۦ شَىْءٌ ۖ وَهُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلْبَصِيرُ﴾ [الشورى:١١]

***"Wanti isa fakkatu homaa hin jiru, inni argaa dhaga'aa dha."*** Jedhutti hojjatu.

Ahlassunnaan ragaa shari'aa irratti hundaa'u. sammuu namaarras ishee dursu. Sammuun meeshaa ittiin ragaa shari'aa hubatanu, sharxii ittiin waa baranu, kan hojiin ittiin guutuu fi tolu, sammuudhaan beekumsii fi hojiin guuta jedhu. Haa ta'u malee kana keessatti qobaa of hin danda'u. Ammas waa'ee sammuu keessatti isaan giddu gala. Akka warra filoosoofii kan akka mu'utazilaa fi ashaa'iraatti Ahlassunnaan sammuu ragaa shari'aa dura hin buufne. Akka hedduun suufiyyoota warra daangaa dabree kan sammuu arrabsan, wanta sammuun ifatti sobsiisu kan mirkaneessanii fi wanta aqliin ifatti soba ta'uu beeku kan dhugeessanutti sammuu boodatti aansanii hin arrabsanu.

### Hundee Sadaffaa: *qadaa fi qadara (Murtee Rabbii dabre)*

Ahlassunnaa wal-jamaa'aan ulaa kana keessatti gidduu Qadariyyaa fi Jabariyyaa ti. Qadariyyoonni qadara (murtee Rabbii) mormani. Dalagaan garbootaa Rabbiin buluus ta'ee badii hojjachuun murtee Rabbii jala hin seenu jedhani. Akka jecha isaaniitti Rabbi hojii garbootaa hin uumnesii akkasumas isaan irraa hin feene jechuudha. Garbeeyyan dalaga isaaniitii of danda'anii qobaa bahoodha. Akka yaada isaaniitti garbichumatu hojii isaa uumee, fedhii kan Rabbiitiin ala ta'e fedhe. Uumaan biraa Rabbiin malee jiraachuu mirkaneessani. Kun immoo shirkii rubuubiyyaati. Isaan majuusaa warra wantootni uumaa lama qabu jedhu fakkaatu. Warri kun majuusaa ummata kanaati.

Jabariyyoonni qadara mirkaneessuu keessatti daangaa dabrani. Garbichi hojjaa isaa irratti dirqamsiifamaadha, innis akka baallee (kooluu) qilleensa keessa balali'uuti, dalagaa humnaas ta'ee fedhii homaayyuu hin qabu jedhani. Rabbiin Ahlassunnaa wal-jamaa'aa ulaa kana keessatti jecha dhugaa fi giddu gala ta'etti isaan qajeelche. Garbichi dalagaa dhugaa akka qabu mirkaneessu. Hojiin isaanii dhugaadhumaan isaanitti hirkifama. Dalagni garbichaa kan argamu murtee Rabbii, fedhii isaatii fi uumama isaatiini. Garbeeyyanis ta'ee dalagaa isaanii Rabbitu uume. Rabbiin akkana jedha

﴿وَٱللَّهُ خَلَقَكُمْ وَمَا تَعْمَلُونَ﴾ [الصافات: ٩٦]

***"Rabbiin isinii fi wanta isin dalagdanu uume."***

Garbichi akkasumas fedhii kan fedhii Rabbii hordofu qaba. Rabbi akkana jedha

﴿وَمَا تَشَآءُونَ إِلَّآ أَن يَشَآءَ ٱللَّهُ رَبُّ ٱلْعَٰلَمِينَ﴾ [التكوير: ٢٩]

***"Yoo Rabbiin gooftaan aalamaa fedhe male isin homaa hin feetanu."***

Kanumaa wajjin Rabbiin isaan buluu fi ergamaa isaatiin buluu ajajeera. Isa faallessuu irraa jara dhorge. Ahlassunnaan sadarkaa qadaa fi qadaraa qur'aana keessatti dhufe arfan ni amanu. Isaanis:

1. Beekumsa Rabbii waan hunda marse. Rabbiin wanta ta'ee dabre, wanta siichi ta'uu fi wanta garbichi siichi hojjatu osoo isaan hin uumin beeka.
2. Wanta argamuu deemu cufa osoo samii fi dachii hin uumin waggaa kuma shantamaan duratti Rabbiin Lawhal Mahfuuziin (kitaaba isa biratti tikfame) keessatti barreesseera.
3. Fedhii Rabbii guutamtuu fi dandeettii Rabbii hunda walitti qabattuu taate. Wanti Rabbi fedhe ni argama, wanti Rabbi hin fedhin hin argamu. Wantootni uumama keessatti argamu kun cuftuu osoo hin argamin dura Rabbi fedhee jira.
4. Rabbiin uumaa waan cufaati. Inni uumaa nama hojjatuu fi dalaga isaati, waan socho'u cufaa fi sochii isaati, akkasumas waan taa'u cufaa fi taa'icha isaa kan uumeedha.

### **Hundee Afraffaa:** ***Miindaa fi adaba (azaaba) Rabbi wareege***

Ahlassunnaa wal-jamaa'aan ulaa kana keessatti jidduu wa'iidiyyaa (warra waa'ee adabaa qofa jabeessu) fi murji'aa (warra miindaa qofa kajeeluu guddisu) ti. Wa'iidiyyaan ragaa waa'ee adabaa (qixaaxaa) dubbatan ragaa waa'ee miindaa (sawaabaa) dubbatan irra caalchisu. Isaan keessaa kan akka khawaarijaa Muslimni dilii guddaa kan akka zinaa fi khamrii dhuguu raawwate kaafira ibidda keessatti hafu jedhu.

Murji'aan ragoolee waa'ee miindaa dubbatan kan waa'ee adabaa dubbatan irra caalchisu. Iimaanni qalbiin dhugoomsuu dha, dalagaan iimaana irraayyii miti jedhu. Kanaafuu iimaana qabaannaan diliin kamuu hin miidhu jedhu. Namni dilaawaan kan zinaa dalagu, farsoo dhugu ibidda seenuu hin qabu, iimaanni isaa akkuma iimaana Abuu Bakrii fi Umari jedhu. Ahlassunna wal-jamaa'aan immoo Muslimni dilii guddaa dalage iimaana irraa hin ba'u, hanga wanta kafarsiisu dalagutti inni Muslima iimaana hir'uuti jedhu. Inni iimaana isaatiin mu'umina, badii dalageen immoo dilaawaadha. Aakhiraattis fedhii Rabbii jala seena. Rabbi yoo fedhe irra isaa dabra yoo fedhe immoo adabee qulqulleessuun jannata isa galcha. Nama Rabbitti kafare ykn qindeesse male ibidda keessatti hin hafu. Iimaanni Ahlassunnaa biratti qalbiin amanuu, arrabaan dubbachuu fi qaamaan dalaguudha. Rabbiin buluudhaan dabalee, isa diduudhaan ni hir'ata.

### **Hundee Shanaffaa: Ulaa** ***sahaabota Rasuulaa keessatti***

Ulaa kana keessatti Ahlassunnaa wal-jamaa'aan Shii'aa fi Khawaarijaa jidduu dha. Shii'aan keessumaayyuu Raafidaan waa'ee aalal baytii (maatii rasuulaa ﷺ) kan akka Aliyyii fi ilmaan isaa keessatti daangaa dabran.

Aliyyiin dogongora irraa eegamaadha, ghaybii (fagoo) beeka, Abuu Bakrii fi Umariin caala jedhan. Warri daangaa dabran immoo gooftaan gabbaramu isa jedhani.

Khawaarijoonni immoo haqqii Aliyyii keessaatti dilaawani. Isa ni kafarsiisani. Mu'aawiyaa Ibnu Abii Sufyaanis ni kafarsiisani. Cufa nama karaa isaanii hin hordofnee kafarsiisani. Akkasumas Raafidoonni haqa sahaabota hedduu keessatti dilaawani. Ni arrabsani. Isaan kaafira, Eega Rasuulaatii Islaamummaa irraa deebi'ani jedhan. Abuu Bakrii fi Umar illee garii isaanii biratti kaafira. Namni isaan keessaa hanbisan aalal baytii fi nama xiqqoo male hin jiru. Haadha mu'uumintootaa, gurguddoo sahaabaa, akka mata dureetti Abuu Bakrii fi Umariin ifumaan arrabsu. Haa ta'u malee Ahlassunnaatti siquu fi isaan gowwoomsuu jedhanii Rabbi isaan irraa haa jaallatu jedhu, jaalala isaaniis ni mul'ifatu. Sababni isaas tuqyaan (malaan of tiksuun) aqiidaa isaanii keessa waan jiruufi. Faallaa waan garaadhaa qabanii Ahlassunnadhaa mul'isu (Majmuu'a fataawaa28/477-479). Ahlassunnaa wal-jamaa'aan

cufa sahaabota Rasuulaa ni jaallatu. Rabbi isaan irraa haa jaal'atu jedhu. Sahaabonni caalaa ummata kanaa nabiyyii isiitti aanuudha. Rabbiin nabiyyii isaatiif waa'ilummaa isaan filate. Wal-dhabbii jidduu isaaniitti argame irraa of qusatu. Hundi isaaniituu Mujtahidoota miindaa argatu jedhu. Kan dhugaa gaxxame miindaa lama, kan dogongore immoo sababa jajjabina isaa miindaa tokko argatu jedhu. Caalaan sahaabotaa Abuu Bakriidha, eegasii Umari. Itti aansuun Usmaanii eegas Aliyyiidha jedhu. Aala baytii Rasuulaas ni jaallatu. Haqa Islaamummaa fi firooma Ergamaa Rabbii lachan qabu jedhanii yaadu. Isaan ni jaallatuu, Rabbi isaan irraa haa jaallatus ni jedhu.

AQIIDAA KARAA LAAFAAN HUBACHUU



# ULAA DURAA TAWHIIDA

*Tawhiidni tumaa aqiidaa keessatti*: Rabbi argamaa ta'uu isaa, rubuubiyyaa (gooftummaa) fi uluuhiyyaa (gabbaramaa) kophaa ta'uu isaa amanuu dha. Akkasumas maqaa isaatii fi amala isaa cufatti amanuu dha. Rabbiin ilmaan Aadam isatti amanuu fi isa tokkichoomsuu irratti uume. Ilmi namaa Rabbi jiraachuu, gabbaramaan dhugaa isa male dhibuu fi gooftaan isa male akka hin jirre amanuu irratti dhalata.

Osoo akka uumame sanatti hafee tawhiida irratti guddata. Rabbi akkana jedhe

﴿ فَأَقِمْ وَجْهَكَ لِلدِّينِ حَنِيفًا ۚ فِطْرَتَ ٱللَّهِ ٱلَّتِى فَطَرَ ٱلنَّاسَ عَلَيْهَا ۚ لَا تَبْدِيلَ لِخَلْقِ ٱللَّهِ ۚ ذَٰلِكَ ٱلدِّينُ
ٱلْقَيِّمُ وَلَـٰكِنَّ أَكْثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴾ [الروم: ٣٠]

***"Fuula kee amantii shirkii irraa gara tawhiidaatti dabe irratti gadi dhaabi. Kun uumaa Rabbiin nama irratti uume. Uumaa Rabbii hin jijjiirinaa. Kun amantii ragga'aa dha."***

Rasuullis ﷺ:

«**ما من مولود إلا يولد على الفطرة، فأبواه يهودانه، أو ينصرانه، أو يمجسانه**». رواه البخاري، ومسلم

**"Sabiyyiin kamuu Islaamummaa irratti male hin dhalatu. Abbaa fi haadhatu yahuudaa, ykn nasaaraa (kiristaana) ykn majuusaa (warra ibidda gabbaru) taasisu."** jedhan. Bukhaarii fi Muslimtu gabaase.

وفي رواية لمسلم: «**ما من مولود يولد إلا على هذه الملة**».

Gabaasa Muslim keessatti immoo **"Dhalataan kamuu kan dhalatu amantii kana qofa irratti."**

Rasuulli ﷺ wanta Rabbirraa odeessan keessatti Rabbi akkana jedhe

«**إني خلقت عبادي حنفاء كلهم، وإنهم أتتهم الشياطين، فاجتالتهم عن دينهم**». رواه مسلم

**“Shayxaanatu isaanitti dhuftee amantii isaanii irraa isaan dabsite male Ani Garboottan koo cufaa Islaamummaa irrattin uume.”** jechuun gabaasani. Muslimtu gabaase.

Kanaafuu Aadam abbaan namootaa fi ilmaan isaa kan bara sanii Rabbiin tokkoomsuu irra turan. Ilmaan isaas hanga ummata Nuuhiitti tawhiida irra turani. Shayxaanni shirkii isaanitti bareechee itti isaan waamee achumaan shirkii keessa seenani. Rabbiin qur’aana isaa kabajamaa ta’e keessatti aayata heddu keessatti gosowwan tawhiidaa dubbateera. Sana keessaa tokko jalqaba suuraa faatihaatti

﴿ٱلْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلْعَٰلَمِينَ﴾

***“Faaruun kan Allah gooftaa aalamaati.”*** Jedha. Jechi ‘Allah’ jedhu tawhiida uluuhiyyaa mirkaneessa. Jechi ‘Rabbii aalamaa’ jedhu tawhiida rubuubiyyaa mirkaneessa. Akkasumas jechi suuraa kanaa kan

﴿ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ﴾

***“Mararfataa gara laafaa.”*** jedhu tawhiida maqaa fi sifata Rabbii mirkaneessa. Akkuma kana jechi Rabbii suurattiidhuma kana keessatti argamu

﴿مَٰلِكِ يَوْمِ ٱلدِّينِ﴾

***“mootii guyyaa murtee.”*** jedhu tawhiida rubuubiyyaa mirkaneessa. Akkkasumas jechi

﴿إِيَّاكَ نَعْبُدُ وَإِيَّاكَ نَسْتَعِينُ﴾ [الفاتحة]

***“Suma qofa gabbarraa, suma qofa irra garaarsas barbaanna.”*** jedhu tawhiida uluuhiyyaa mirkaneessa. Aayatoonni gosa tawhiidaa ibsanu heddu. Ifumatti adda nuuf baasaniiru. Kanaafuu, warri beekumsa qaban kan salafa ummata kanaa irraa ta’anii fi cufa maz-haba arfanii Hanafiyyaa, Maalikiyyaa, Shaafi’iyyaa fi Hanaabilaa irraa kan ta’an gosa tawhiidaa sadan dubbataniiru. Isaanis:

1. Tawhiida rubuubiyyaa
2. Tawhiida uluuhiyyaa fi
3. Tawhiida asmaa’aa fi sifaataati.

Gosowwan tawhiidaa hunda Kutaa of danda’aa ta’e kan armaan gadii keessattin ibsa.



# KUTAA DURAA
# TAWHIIDA RUBUUBIYYAA

***Tawhiidni rubuubiyyaa:*** Rabbi jiraachuu amanuu fi dalagaa isaa keessatti qobaa of danda’uu isaa amanuu dha. Beektota irraa namni tawhiida kana ‘Rabbi uumaadhas nyaachisaadhas akkasumas wantoota hunda kophaa kan jijijjiiruu dha’ jedhanii amanuutti hiikan ni jiru. Tawhiidni kun wantoota armaan gadii of keessatti qabata.

1. Rabbi jiraachuu isaa amanuu.
2. Rabbi uumaa waa hundaati, dhuunfataa isaati, nyaachisaa isaati, jiraachisaa, ajjeesaa, miidhaa, fayyadaa, du’aa’ii kan kophaa isaa owwaatu, ajajni hunduu kan isaati, toltuun hunduu isa harka, waan fedhe cufa irratti danda’aadha, dubbii hunda murteessa, sana keessattis ni dalaga, kana cufa keessatti shariikaa hin qabu jechuu mirkaneessu dha.

Ragooleen qur’aanaa fi hadiisa keessatti dhufan heddutu gooftummaa Rabbii mirkaneessa. Ragooleen isa keessatti maqaan ‘Rabbi’ jedhu dhufte ykn amalli gooftaan ittiin foo’amu dubbatame kan akka uumuu, nyaachisuu, horachuu, murteessuu, dalaguu fi kan biraas ragaa rubuubiyyaati. Kan akka jecha Rabbii.

﴿ٱلْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلْعَٰلَمِينَ﴾ [الفاتحة: ٢]

***“faaruun kan Rabbii gooftaa aalamaati.”***

Ammas jecha isaa

﴿أَلَا لَهُ ٱلْخَلْقُ﴾ [الأعراف: ٥٤]

***“uumuus ta’ee ajajni kan isaati.”***

Ammas jecha isaa

﴿قُلْ مَنۢ بِيَدِهِۦ مَلَكُوتُ كُلِّ شَىْءٍ﴾ [المؤمنون: ٨٨]

***“mootummaan waan cufaa eenyu harka? jedhiin.” jedhu hundi ragaa rubuubiyyaati.”***

Mallattoolee Rabbii mumul'attuu kan uumama olii fi gadii irraa taate ilaalanii fi xiinxalanii gooftummaa Allaahiitti akka qajeelanu Rabbi ajajeeti jira. Rabbi akkana jedha

﴿وَفِي ٱلْأَرْضِ ءَايَٰتٌ لِّلْمُوقِنِينَ ۝٢٠ وَفِيٓ أَنفُسِكُمْۚ أَفَلَا تُبْصِرُونَ﴾ [لذاريات: ٢٠-٢١]

***"nama dhugoomseef mallattoo tokkummaa Rabbii agarsiisutu dachii keessa jira. Lubbuu keessan keessas (mallattootu) jiraa hin ilaaltanuu."***

Uumamni akka dachee mallattoolee heddu kan guddina Rabbii ishee uumee fi dandeettii isaa mul'attuu taate agarsiiftu akka jiru Rabbiin nutti himeera. Isaanis: wantoota Rabbi uume kan akka gosowwan biqilootaa, bineensota, gaarowwan, bakka diriiraa, cirracha, galaana, laga, akkasumas wantoota uumama namaa keessa jiru heddutu gooftummaa Rabbii agarsiisa. Isaan keessaa tokko ogummaa Rabbi itti qaama namaa bakka barbaachisutti ijaareedha. Akkasumas garaa garummaa loqoda namaa fi bifa isaanii, wal-caaluma sammuu, hubannaa, sochii, fedhii fi jabina irratti uumamanii fi akka uumamni namaa itti eegale keessa mallattoo guddaatu jira. Jalqaba nuxfaa (maniyyii coccobduu) ture, eegas dhiiga qorraa, eegas foon gumaa, eegasii lafee ta'ee lubbuun itti afuufamee nama dhaga'uu fi argu ta'e. Eegasii xiqqoo, sochii fi humni isaa haala dadhabaa ta'een garaa haadhaatii baafame. Eegasii haga umuriin isaa dabaleen jabinnii fi sochiin isaa dabalee nama magaalaa fi dawoo ijaaru, moggaa dachii irra kan adeemu, kan hojjatuu fi horii walitti qabu, nama yaaduu fi beekumsa isaaf malu qabu ta'e. Rabbiin isaan dandeessise, isaan deemsisee, gosowwan jireenyaa fi hojjaatti isaan bobbaasisee, beeekumsa, yaada, hiyyummaa fi durummaan isaan wal-caalchise qulqullaaheera. Rabbi akkana jedhe

﴿وَإِلَٰهُكُمْ إِلَٰهٌ وَٰحِدٌۖ لَّآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ٱلرَّحْمَٰنُ ٱلرَّحِيمُ ۝١٦٣ إِنَّ فِي خَلْقِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَٱخْتِلَٰفِ ٱلَّيْلِ وَٱلنَّهَارِ وَٱلْفُلْكِ ٱلَّتِي تَجْرِي فِي ٱلْبَحْرِ بِمَا يَنفَعُ ٱلنَّاسَ وَمَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مِن مَّآءٍ فَأَحْيَا بِهِ ٱلْأَرْضَ بَعْدَ مَوْتِهَا وَبَثَّ فِيهَا مِن كُلِّ دَآبَّةٍ وَتَصْرِيفِ ٱلرِّيَٰحِ وَٱلسَّحَابِ ٱلْمُسَخَّرِ بَيْنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ لَأٓيَٰتٍ لِّقَوْمٍ يَعْقِلُونَ﴾ [البقرة: ١٦٣-١٦٤]

***"Gabbaramaan keessan Rabbii tokkicha, gabbaramaan dhugaas isa malee hin jiru.Inni mararfataa fi gara laafaa dha. Uumaa dachii fi samii keessa , wal-dhabbii halkanii fi guyyaa, doonii wanta nama fayyaduun garba irra deemtu, bishaan Rabbiin samii buusee eega dachiin duutee ittiin fayyisee bineensacufa dachii keessa facaase, qilleensa garagaggalchuu, duumessa gidduu samii fi dachiitti laaffifamaa ta'e hunda keessa warra xiinxalanuuf mallattoo(Rabbi gabbaramaa ta'uu agarsiisu) tu jira."*** (baqaraa:163-164).





Aayata duraa keessatti tawhiida uluuhiyyaa dubbate, eegas aayata itti aanu keessatti gooftummaan qobaa bahuu isaa ragaa godhee dubbate. Salafoota garii irraa akka odeeffametti ala aayanni duraa bu'ee jedhu mushrikoonni mallattoo kan gabbaramaan dhugaa Rabbiin male akka hin jirre agarsiisu gaafatan. Achumaan aayanni lammaffaa bu'e. Rabbi akkana jedhe

﴿أَفَلَا يَنظُرُونَ إِلَى ٱلْإِبِلِ كَيْفَ خُلِقَتْ ۝١٧ وَإِلَى ٱلسَّمَآءِ كَيْفَ رُفِعَتْ ۝١٨ وَإِلَى ٱلْجِبَالِ كَيْفَ نُصِبَتْ ۝١٩ وَإِلَى ٱلْأَرْضِ كَيْفَ سُطِحَتْ﴾ [الغاشية:١٧-٢٠]

***"gara gaalaa akkamittti akka uumamte, Gara samiis akkamitti akka ol-kaafamte, gara tabbaas akkamitti akka dhaabamte, gara dachiis akkamitti akka diriirfamte hin ilaalanuu!."***

Beektolee fi ogeessonni tawhiidaa uumama Rabbii ragaa gooftummaa isaa godhani. Kana keessatti immoo jechoolee heddu, khuxbaa hedduu fi walaloo beekamaa qabu. Sana keessaa tokko jecha Ibnul Mu'utizzi

فيا عجبا كيف يُعصى الإله    أم كيف يجحده الجاحد
ولله في كل تحريكة    وفي كل تسكينة شاهد
وفي كل شيء له آية    تدل على أنه واحد

***"Yaa raajii! Rabbi akkamitti didama ykn kan mormus akkamitti isa morma.***

***Waan socho'uu fi waan taa'u cufa keessa ragaatu Rabbiif jira.***

***Wanta cufa keessa mallattoo Rabbi tokko ta'uu agarsiisutu jira."***

Tawhiidni rubuubiyyaa kun qofti Islaamummaa keessa seenuuf gahaa miti. Mushrikoonni kana mirkaneessanus isaan hin fayyanne, Islaamummaa keessa isaan hin seensifne. Kunis waan isaan tawhiida

uluuhiyyaa keessatti Rabbitti qindeessaniifi. Gosowwan ibaadaa kan akka du'aa'ii, gorraasuu fi birmachiifannaa waan isaan taabota, malaa'ikaa fi kan birootiif kennaniif jecha isaan fayyaduu dide. Beekaa Yamanii kan ta'e Mhammad Ibnu Ismaa'il Assan'aaniin(R.H) akkana jedhe

" الأصل الرابع: أن المشركين الذين بعث الله الرسل إليهم مقرون أن الله خالقهم ﴿وَلَئِن سَأَلْتَهُم مَّنْ خَلَقَهُمْ لَيَقُولُنَّ ٱللَّهُ﴾ [الزخرف: ٨٧]، وأنه خلق السموات والأرض ﴿وَلَئِن سَأَلْتَهُم مَّنْ خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ لَيَقُولُنَّ خَلَقَهُنَّ ٱلْعَزِيزُ ٱلْعَلِيمُ﴾ [الزخرف: ٩]، وأنه الرزاق الذي يخرج الحي من الميت، ويخرج الميت من الحي، وأنه الذي يدبر الأمر من السماء إلى الأرض، وأنه الذي يملك السمع والأبصار والأفئدة ﴿قُلْ مَن يَرْزُقُكُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ أَمَّن يَمْلِكُ ٱلسَّمْعَ وَٱلْأَبْصَٰرَ وَمَن يُخْرِجُ ٱلْحَىَّ مِنَ ٱلْمَيِّتِ وَيُخْرِجُ ٱلْمَيِّتَ مِنَ ٱلْحَىِّ وَمَن يُدَبِّرُ ٱلْأَمْرَ ۚ فَسَيَقُولُونَ ٱللَّهُ ۚ فَقُلْ أَفَلَا تَتَّقُونَ﴾ [يونس: ٣١]، ﴿قُل لِّمَنِ ٱلْأَرْضُ وَمَن فِيهَآ إِن كُنتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٨٤﴾ سَيَقُولُونَ لِلَّهِ ۚ قُلْ أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ﴿٨٥﴾ قُلْ مَن رَّبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ ٱلسَّبْعِ وَرَبُّ ٱلْعَرْشِ ٱلْعَظِيمِ ﴿٨٦﴾ سَيَقُولُونَ لِلَّهِ ۚ قُلْ أَفَلَا تَتَّقُونَ ﴿٨٧﴾ قُلْ مَنۢ بِيَدِهِۦ مَلَكُوتُ كُلِّ شَىْءٍ وَهُوَ يُجِيرُ وَلَا يُجَارُ عَلَيْهِ إِن كُنتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٨٨﴾ سَيَقُولُونَ لِلَّهِ ۚ قُلْ فَأَنَّىٰ تُسْحَرُونَ﴾ [المؤمنون: ٨٤–٨٩]، وهذا فرعون مع غلوه في كفره، ودعواه أقبح دعوى، ونطقه بالكلمة الشنعاء، يقول الله فيحقه، حاكياً عن موسى ﷺ: ﴿قَالَ لَقَدْ عَلِمْتَ مَآ أَنزَلَ هَٰٓؤُلَآءِ إِلَّا رَبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ بَصَآئِرَ﴾ [الإسراء: ١٠٢]، وقال إبليس: ﴿إِنِّى بَرِىٓءٌ مِّنكَ إِنِّىٓ أَخَافُ ٱللَّهَ رَبَّ ٱلْعَٰلَمِينَ﴾ [الحشر: ١٦]، وقال: ﴿رَبِّ بِمَآ أَغْوَيْتَنِى﴾ [الحجر: ٣٩]، وقال: ﴿رَبِّ فَأَنظِرْنِىٓ﴾ [الحجر: ٣٦]، وكل مشرك مقر بأن الله خالقه وخالق السموات والأرض وربهن ورب ما فيهما ورازقهم، ولهذا احتج عليهم الرسل بقولهم: ﴿أَفَمَن يَخْلُقُ كَمَن لَّا يَخْلُقُ﴾ [النحل: ١٧]، وبقولهم: ﴿إِنَّ ٱلَّذِينَ تَدْعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ لَن يَخْلُقُوا۟ ذُبَابًا وَلَوِ ٱجْتَمَعُوا۟ لَهُۥ﴾ [الحج: ٧٣]، والمشركون مقرون بذلك لا ينكرونها".

"**Hundeen arfaffaan:** Mushrikoonni warreen Rabbiin ergamaa ergeef akka Rabbi isaan uume ni mirkaneessu.

﴿وَلَئِن سَأَلْتَهُم مَّنْ خَلَقَهُمْ لَيَقُولُنَّ ٱللَّهُ﴾ [الزخرف: ٨٧]

***"Eenyu akka isaan uume osoo isaan gaafattee Rabbi jedhu."*** (zukhruf:87)

Samii fi dachiis akka inni uume ni mirkaneessu

﴿وَلَئِن سَأَلْتَهُم مَّنْ خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ لَيَقُولُنَّ خَلَقَهُنَّ ٱلْعَزِيزُ ٱلْعَلِيمُ﴾ [الزخرف: ٩]

***"Eenyu samii fi dachii akka uume osoo isaan gaafattee Rabbii injifataa beekaa ta'etu uume jedhu."*** (zukruf:9).





Rabbi isa nyaachisu, fayyaa du'aa keessaa baasu, du'aa fayyaa keessaa baasu, ajaja samii gara dachiitti dhaqabsiisu, dhageetti, agartuu fi qalbii kan moo'e isa jechuu ni mirkaneessu.

﴿قُلْ مَن يَرْزُقُكُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ أَمَّن يَمْلِكُ ٱلسَّمْعَ وَٱلْأَبْصَٰرَ وَمَن يُخْرِجُ ٱلْحَىَّ مِنَ ٱلْمَيِّتِ وَيُخْرِجُ ٱلْمَيِّتَ مِنَ ٱلْحَىِّ وَمَن يُدَبِّرُ ٱلْأَمْرَ ۚ فَسَيَقُولُونَ ٱللَّهُ ۚ فَقُلْ أَفَلَا تَتَّقُونَ﴾ [يونس: ٣١]

***"Samii fi dachii irraa isin kan nyaachisu, dhageettii fi agartuu kan moo'e, kan fayyaa du'aa keessaa baasu, du'aa fayyaa keessaa baassu eenyu? Jedhi." Rabbi Jedhu. Isa hin sodaattaniire jedhi."*** (yuunus: 31).

﴿قُل لِّمَنِ ٱلْأَرْضُ وَمَن فِيهَآ إِن كُنتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٨٤﴾ سَيَقُولُونَ لِلَّهِ ۚ قُلْ أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ﴿٨٥﴾ قُلْ مَن رَّبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ ٱلسَّبْعِ وَرَبُّ ٱلْعَرْشِ ٱلْعَظِيمِ ﴿٨٦﴾ سَيَقُولُونَ لِلَّهِ ۚ قُلْ أَفَلَا تَتَّقُونَ ﴿٨٧﴾ قُلْ مَنۢ بِيَدِهِۦ مَلَكُوتُ كُلِّ شَىْءٍ وَهُوَ يُجِيرُ وَلَا يُجَارُ عَلَيْهِ إِن كُنتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٨٨﴾ سَيَقُولُونَ لِلَّهِ ۚ قُلْ فَأَنَّىٰ تُسْحَرُونَ﴾ [المؤمنون: ٨٤– ٨٩]

***"dachii fi namni dachii keessaa kan eenyuuti jedhi, kan Rabbiiti jedhu. Egaa hin gorfamtanuure jedhi. Gooftan samii torbanii fi siree guddaa eenyu jedhi!. Rabbi jedhu. Isa hin sodaattanuuree jedhi. Qabeenyi waa cufaa harka eenyuuti, innis kan nagaa taassisu wanti isarratti (murtee isaa hanbisiisuun) nagaa taasisu eenyu? Jedhi. Kan Rabbiiti jedhu. Maaliif falfalamtu (sihiriin sinitti hojjetame) ree jedhi."*** (Mu'uminuuni 84-89)

Fir'awn kufrii keessatti daangaa darbee, falmii fokkisaa falmatee jecha badaa dubbachuu wajjin, Rabbiin Muusaa irraa nuugabaase waa'ee fir'awn keessatti

﴿قَالَ لَقَدْ عَلِمْتَ مَآ أَنزَلَ هَٰٓؤُلَآءِ إِلَّا رَبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ بَصَآئِرَ﴾ [الإسراء: ١٠٢]

***"Wantoota kana Rabbii samii fi ardii malee namni biraa akka hin buufne beektee jirta."*** jedhe.

Ibliisis

﴿قَالَ إِنِّى بَرِىٓءٌ مِّنكَ إِنِّىٓ أَخَافُ ٱللَّهَ رَبَّ ٱلْعَٰلَمِينَ﴾ [الحشر: ١٦]

***"ani Allaah gooftaa aalamaan sodaadha."*** jedhe.

﴿رَبِّ بِمَآ أَغْوَيْتَنِى﴾ [الحجر: ٣٩]

***"yaa Rabbi waan ati isaan na jalifteef."*** jedhe.

﴿رَبِّ فَأَنظِرۡنِيٓ﴾ [الحجر: ٣٦]

***"Yaa Rabbi natursiisi."*** jedhe.

Mushrikni cuftinuu akka Allaah'n isaan uume, ardii fi samii uume, gooftaa isaanii fi waan gidduu isaaniitti argamuu, akkasumas nyaachisaa isaanii ta'e ni mirkaneessu. Kanaafuu ergamoonni

﴿أَفَمَن يَخۡلُقُ كَمَن لَّا يَخۡلُقُۚ﴾ [النحل: ١٧]

***"sila namni uumu akka isa hin uumneetii?."***

﴿إِنَّ ٱلَّذِينَ تَدۡعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ لَن يَخۡلُقُواْ ذُبَابٗا وَلَوِ ٱجۡتَمَعُواْ لَهُۥ﴾ [الحج: ٧٣]

***"Jarri Rabbii gaditti waammattanu osoo walitti qabamaniiyyuu tisiisa hin uumanu."***

jechuun ragaa mushiriikota irratti fidataa turan. Mushirikoonnis kana ni mirkaneessu, hin mormanus." Jechi San'aanii asitti raawwate.

Tawhiidni rubuubiyyaa immoo tawhiida uluuhiyyaa dirqamaan nama qabsiisa. Namni Rabbi dhibama irraa isa uumuu dhugoomse horataa isaa, nyaachisaa isaa, tola garaagaraa kan lakkaa'amuu hin dandeenye itti ooluun, tolattiin immoo eega dhalattee hanga du'aatti, sanaan duras yeroo fi haala hundaa keessattuu turtuu kan taatee dha, jireenya isaa cufaa kan jijjiiru isa ta'uu namni dhugoomse kana irratti galatoomfachuun isa gabbaruun, ajaja isaatiin buluun, waan inni dhorke irraa fagaachuun dirqama itti ta'a. uumama isaa tokkollee ibaadaa keessatti isatti qindeessuun haraama ta'a. Kanaafuu Rabbiin mushiriikota warra tawhiida rubuubiyaa dhugoomsanii eegasii ibaadaa keessatti Rabbiitti waa qindeessan, gosowwan ibaadaa kan akka du'aa'ii, gorraasuu fi kan biraas waan gabbaranu kan akka taabotaatiif kennan isaan arrabse. Kun immoo aayatoolee darban kan san'aaniin nuuf dubbate keesssa jira. Kan akka "sila hin gorfamtanuuree.", "isa hin sodaattanuuree.", "akkamitti falfalamtan?." jedhu faani. Rabbi akkana jedha

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱعۡبُدُواْ رَبَّكُمُ ٱلَّذِي خَلَقَكُمۡ وَٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِكُمۡ لَعَلَّكُمۡ تَتَّقُونَ ٢١ ٱلَّذِي جَعَلَ لَكُمُ ٱلۡأَرۡضَ فِرَٰشٗا وَٱلسَّمَآءَ بِنَآءٗ وَأَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءٗ فَأَخۡرَجَ بِهِۦ مِنَ ٱلثَّمَرَٰتِ رِزۡقٗا لَّكُمۡۖ فَلَا تَجۡعَلُواْ لِلَّهِ أَندَادٗا وَأَنتُمۡ تَعۡلَمُونَ﴾ [البقرة: ٢١-٢٢]





***"Yaa namaa Rabbi isinii fi warra isiniin duraa uume akka isa sodaattanuuf jecha isa gabbaraa. Rabbiin isa dachii firaasha, samii immoo ijaarsa (ijoo) isiniif godhe. Samii irraa bishaan buusee biqilaa ija qabu nyaataaf jecha isinii baase. Egaa osoo beektanuu Rabbii hiriyaa hin tolchinaa."*** (al-baqarah: 21-22).

Jalqaba aayata duraa keessatti Rabbiin cufa nama ibaadaatti ajeje. Kun jalaqaba ajaja qur'aanaati. Eegasii sababa isa gabbaruu ga'eessota irratti dirqama godheef dubbate. Innis Allaah'n gooftaa gosowwan ni'imaa mul'attuu fi dhokattuu hundaan jara guddisee ta'uu dha. Dhabama irraa isaan argamsiise. Dachii diriiraa kan irra jiraatan, irratti ijaarratanii, facaafatanii fi hojjatanii kan itti fayyadaman taasise. Samii ijaarsa akka ijoo manaa taasisee wanta namni itti haajomu bu'a qabeessa ta'an kan akka biiftuu, ji'aa fi uurjii ishee keessa godhe. Samii keessaa bishaan buusee fuduraalee kan akka callaa, asheeta, tamirii fi kan biroo nyaata isaaniitiif biqilche.

Eegasii dhuma aayata lammaffaa keessatti Rabbiif hiriyaa gochuu dhorke. Fakkaataan, hiriyaan ykn qindiin warra ibaadaan isaaniif kennamee Rabbii wajjin gabaramanuu dha. Haa ta'u malee isaan garbeeyyan hin uumne, hin nyaachifnes, isaanuu ni uumaman, ni nyaachifaman, ni jijjiiraman. Waliyyoonnii fi saalihoonni, garbeeyyan bu'aa namaaf buusan, immoo Rabbitu isaaniif laaffisee isaan gargaare malee isaanis ta'ee hojjaa isaaniis Rabbitu uume. Jalqaba ta'ee dhumas kan tola oolu Rabbuma. Bu'aa garbeeyyanii argamsiisuu keessatti Rabbi sababa isaan taasise. Egaa akkamitti Rabbii wajjin isaan gabbaru osoma akka Rabbi gooftummaa fi gabbaramuu keessatti hiriyaa hin qabne beekanuu.

Ibaadaan haqa Rabbii qulqulluu dha. Abbuma fedheefuu ibaadaa dabarsanii kennuun hin ta'u. Namni ibaadaa dabarsee waan biraatiif kenne haqa Rabbii irratti miidhaa fi badii hojjateera. Rabbiin luqmaan irraa nuu gabaasee akkana jedhe

﴿يَٰبُنَيَّ لَا تُشۡرِكۡ بِٱللَّهِۖ إِنَّ ٱلشِّرۡكَ لَظُلۡمٌ عَظِيمٞ﴾ [لقمان: ١٣]

***"Yaa ilma kiyya Rabbitti hin qindeessin. Rabbitti qindeessuun miidhaa guddaa dha."***

Namni towhiida rubuubiyyaa mirkaneesse Rabbiin gabbaree isa galateeffachuun dirqama itti ta'a. Namni Rabbi akka isa uume, isa nyaachisee ni'imaa hundaa isaaf akka oole amane Rabbiin galateeffatee waa biraa dhiisee isa qofa gabbaruun dirqama itti ta'a.

روى الحارث الأشعري ﵁ عن النبي ﷺ أنه قال: «**إن الله عز وجل أمر يحيى بن زكريا بخمس كلمات يعمل بهن ويأمر بني إسرائيل أن يعملوا بهن ..**» **فذكر الحديث بطوله، وفيه: «أولهن -أي أول هذه الكلمات- أن تعبدوا الله، ولا تشركوا به شيئاً، وإن مثل من أشرك بالله كمثل رجل اشترى عبداً من خالص ماله بذهب أو ورق، ثم قال له: هذه داري، وهذا عملي، فاعمل، وأدِّ إليّ، فكان يعمل ويؤدي إلى غير سيده، فأيكم يرضى أن يكون عبده كذلك، وإن الله خلقكم ورزقكم، فلا تشركوا به شيئاً»**.

Haarisal ash'ariin ﵁ Nabiyyii ﷺ irraa akka gabaasetti Nabiyyiin akkana jedhan: **"Rabbiin yahyaa ilma Zakariyyaa hima shanitti ajeje. Hima kana akka ofii itti hojjatee ilmaan Israa'ilis itti ajajuuf." Hadiisa dheerinaan dubbate.Isa keessaa "jalqabni himattii; Rabbiin gabbaraa isatti waa hin qixxeessinaa. Fakkiin nama Rabbitti qindeessee akka namicha qabeenya isaa qulqulluu warqee fi birriin garbicha biteeti. Eegasii kuni mana kiyya, kuni dalagaa kiyya hojjedhuutii natti fidi jedhe. Garbichichis hojjeteeti nama biraatti geessa. eenyutu garbichi isaa akkana ta'uu jaallata. Rabbiin isin uumee isin nyaachisee isatti hin qindeessinaa."**

وعن ابن مسعود ﵁ قال: قلت يا رسول الله أي الذنب أكبر عند الله؟ قال: «**أن تجعل لله نداً وهو خلقك**». متفق عليه

Abdallah Ibnu Mas'ud ﵁ yaa ergamaa Rabbii ﷺ dilii kamtu Rabbiin biratti irra guddaa dha? Jedhe. Rasuullisﷺ **"Ati Rabbii si uumeef fakkii tolchuu dha."** jedhan.

Tawhiida kana ummanni hedduun duris ta'ee aammas dhugoomsaniiru. Xiqqoo male namni morme hin jiru. Isaan keessaa fir'awnii fi jama'aa isaa warra jiraachuu muusaa fi mallattoolee inni ittiin dhufe mormanii dha. Mormuun kun irra keessaani male Keessa jaraatti kana cufaa ni mirkaneessu. Rabbi akkana jedhe

﴿وَجَحَدُواْ بِهَا وَٱسۡتَيۡقَنَتۡهَآ أَنفُسُهُمۡ ظُلۡمًا وَعُلُوًّا﴾ [النمل: ١٤]

***"Miidhaa fi koora irraa kan ka'e ishee mormanii, lubbuun isaanii immoo ni mirkaneessite."***

Ammas namni isa morme sooshiyaalizimii bara ammaa kan "gabbaramaan hin jiru, jireenyi ammuma." jedhanuu dha. Kan isaan jedhanu irra keessaani. Qalbiin jaraa jiraachuu Rabbii fi gooftummaa isaa ni mirkaneessiti. Ragaan kana nu akeeku immoo ala mootummaan Raashiyaa fi biyyoota baha Awurooppaa kan sooshiyaalizimii hordofan kufanu namoonni sooshiyaalizimiin waamaman gara amantii isaanii durii kan akka kiristaanummaa fi yahuudummaatti deebi'ani.

Namoonni Islaamummaatti hirkatan hedduun gosa shirkii tawhiida kanaa keessa seenaniiru. Isaan keessaa Raafidoonni du'aa waammatu, bu'aa fiduu fi miidhaa deebisuu isaan kadhatu, ykn nama wanta inni hin dandeenye kan Rabbiin qofti danda'u kadhatu. Kun hunduu shirkii rubuubiyyaati. Akkasumas shirkii uluuhiyyaatisi. Sababni isaas bu'aa fiduu fi miidhaa deebisuu ogga nama irra barbaadanu akka isaan sana danda'an amananii jiru. Kana keessa immoo dalagaa rabbii uumamaaf kennuutu keessa jira. Kuni immoo shirkii rubuubiyyaati.

# KUTAA LAMMAFFAA
# TAWHIIDA ULUUHIYYAA

**Seensa:**

Tawhiidni uluuhiyyaa ibaadaadhaan (gabbarsuudhaan) Rabbiin kophaa baasuu dha.

Tawhiidni kun tawhiida fedhii, tawhiida gabbarsuu, tawhiida barbaachaa (xalabaa) fi KKF'n waamama.

Tawhiida kanaaf jecha Rabbiin namaa fi jinnii uume. Rabbiin akkana jedha

﴿وَمَا خَلَقْتُ ٱلْجِنَّ وَٱلْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ﴾ [الذاريات: ٥٦]

***"Jinnii fi nama ana haa gabbaranuuf male wanta biraatiif hin uumne."*** Sababa isaayyi ergamoota erge, kitaabas buuse.

Ammas Rabbi akkana jedha

﴿وَمَآ أَرْسَلْنَا مِن قَبْلِكَ مِن رَّسُولٍ إِلَّا نُوحِىٓ إِلَيْهِ أَنَّهُۥ لَآ إِلَٰهَ إِلَّآ أَنَا۠ فَٱعْبُدُونِ﴾ [الأنبياء: ٢٥]

***"yaa ergamaa keenya! siin duratti ergamaa kamiinuu wanti dhugaan gabbaramu ana malee hin jiruu anuma gabbari jennee beeksisa itti goonu male hin ergine."***

Akkuma Rabbi jedhee jiru inni calqabaa fi dhuma waamicha rasuulaati.

﴿وَلَقَدْ بَعَثْنَا فِى كُلِّ أُمَّةٍ رَّسُولًا أَنِ ٱعْبُدُوا۟ ٱللَّهَ وَٱجْتَنِبُوا۟ ٱلطَّٰغُوتَ﴾ [النحل: ٣٦]

***"Ana gabbaraa xaaguuta (waan Rabbii maletti gabbaramu) irraa fagaadhaa jechuun ergamoota ummata cufa keessatti ergine."***

Sababa isaayyi falmiin gidduu nabiyyootaatii fi ummataatti argame. Warra tawhiidaa, hordoftoota nabiyyootaa fi warra shirkii, bida'aa fi khuraafaa gidduutti ammas falmiin argame. Sababa isaa sayfiin karaa Rabbii keessaatti luqqifame. Inni jalqabaa fi dhuma diiniiti. Diiniin Islaamaa isuma. Innis gosoowwan tawhiidaa biroos of keessatti qaba.

Tawhiidni uluuhiyyaa towhiida rubuubiyyaa fi tawhiidal asmaa'i

wassifaatii of keessatti qabata. Namni Rabbiin qofa gabbare, ibaadaan Rabbiin qofaaf mala jechuu beeke, kun gooftummaa, maqaa fi amala Rabbiitti amanuu isaa akeeka. Wanti inni kana hojjetuuf sababa Rabbiin isa uumuun, nyaachisuun, haala isaa jijjiiruu fi hojjaa gooftaa kan birootiinis, isaa fi garboota hunda irratti akka Rabbiin tola oole waan amanuufi. Rabbiin maqaa gaggaarii fi amala ol-aantuu kan ibaadaan Rabbiif qofa maluu akeektutu jirti jechuu amana.

Tawhiidni kun barbaachisaa ta'uu isaa wajjin namoota hedduutu morme. Ibaadaan Rabbiif qofa maluu isaa mormanii, Rabbii wajjin waan biraa gabbarani. Beekaa Muhammad Ibnu Ismaa'iil Assan'aanii jedhamu akkana jedhe

"اعلم أن الله تعالى بعث الأنبياء عليهم السلام من أولهم إلى آخرهم يدعون العباد إلى إفراد الله تعالى بالعبادة، لا إلى إثبات أنه خلقهم ونحوه، إذ هم مقرون بذلك، كما قررناه وكررناه، ولذا قالوا: ﴿أَجِئۡتَنَا لِنَعۡبُدَ ٱللَّهَ وَحۡدَهُۥ﴾ [الأعراف: ٧٠]، أي لنفرده بالعبادة، ونخصه بها من دون آلهتنا؟ . فعبدوا مع الله غيره، وأشركوا معه سواه، واتخذوا له أندادًا".

"Beeki wanni Rabbi ergamtoota jalqabaa hanga dhumaatti ergeef namoottan Rabbiin qofa gabbaruutti akka waamanuufi malee akka rabbi isaan uume haa mirkaneessanuufi miti, akkuma deddeebinee mirkaneessine, isaanu sana mirkaneessuu irratti uumamani. Kanaafuu ***"akka nuti Rabbiin qofa gabbarruuf nutti dhuftee?."*** jedhan. Rabbii wajjin waan biraa gabbaranii waan biraa isaan qindeessani. Hiriyaa isaaf tolchani."

Tawhiida uluuhiyyaa kana kalimatut-tawhiidi "laa ilaaha illal laaha." n of keessatti qabata.

Gosa tawhiidaa kana qorannoo lama keessatti goonee irratti dubanna.

1. Ragaa "laa ilaaha illallaaha." jedhu hiika isaa, sherxii, arkaanaa fi waan isa diigu.
2. Ibaadah: hiika isaa, gosa isaa, sharxii fi arkaana isaati.

### Qorannoo duraa: Laa Ilaaha Illallaah Ragaa Bahuu

Qorannoo Kana keessa mata duree lamatu jira. Isaanis:





#### 01 Hiikaa laa ilaaha illallaah fi Sadarkaa isaa

Hiikti 'laa ilaaha illallah' akka walii galaatti gabbaramaan dhugaa Rabbiin malee hin jiru jechuu dha. Rabbiin malee wanti gabbaramuun malu hin jiru. Rabbiin malee wanti biraa waammatamuun hin ta'u. salaatuun, nazaruun qaluunii fi akkasumas gossowwan ibaadaa biraas Rabbiin malee nama biraatiif kennamuun hin ta'u.

Beekaan Yamanii Muhaammad Ibnu Ismaa'il Assan'aaniin akkana jedhe

ومعناها: إفراد الله بالعبادة والإلهية، والبراءة من كل معبود دونه.

"Hiikti ishee gabbarsuudhaan Rabbiin adda gochuu dha. Wanta Rabbii gaditti gabbramu hunda irraayyuu qulqullaa'uu dha."

'Ilaahii." jechuun gabbaramaa ittiin bulamaa jechuudha. Kan qalbiin jaallachuun, guddisuun, gadi isaa jechuun, sodaachuunii fi ibaadaa biraas hordofsiisuun isa gabbaruun dirqama ta'u jechuu dha.

Jechi guddoon kun roga (ruknii) bu'uuraa lama qabdi.

1. **Inni duraa:** "an-nafyu." innis gabaramummaa waan Rabbiin male jiru irraa dhabamsiisuu dha. Kan isa akeeku jecha "لا اله" gabbaramaan hin jiru jedhuu dha. Wanti Rabbiin male jiru ibaadaan maluufii dhabamsiifti.
2. **Inni lammaffaa:** "Al-isbaat." innis gabbaramaan Rabbiin ta'uu mirkaneessuu dha. Kan isa akeeku jecha "الا الله." Allah malee jedhuu dha. Isheen ibaadaan Rabbiif qofa akka malu mirkaneessiti. Inni uumaa, nyaachisaa, horataa, wanta hundaa jijjiiraa waan ta'eef ibaadaan isa qofaaf male. Akkuma tawhiida rubuubiyyaa keessatti tokko tokkoon dubbannee dabarsine ni'iimaa guddaa Rabbi isaanitti oolee galateeffatanii ibaadaan qophaa isa baasuun garboota hundarratti dirqama ta'a.

#### 02 Sharxii laa ilaaha illallah fi waan isa diigu

Ragaan shari'aa hedduun akka akeekutti kalimaan tawhidaa laa ilaaha illallah bu'aa hedduu fi sadarkaa guddaa qaba. Keessaa barbaachisaan immoo:

Namni isii jedhe musliima ta’uu, dhiigni, qabeenyii fi kabajni isaa eegamuu, jannata seenuu fi ibidda keessatti hafuu dhiisuu dha. Garuu nama jecha kana dubbate hundaaf bu’aan kun hin argamu. Sharxiin cufti guutamuunii fi wanti ishii diigu dhibamuun dirqama. Akkuma salaanni yoo sharxiin isii kan akka woduu, qiblaatti deebi’uu fi kan biroos guutee, wanti isii diigu kan akka haasawaa, koflaa, nyaataa, dhugaatii fi kan biroos dhibame malee hin fayyanne, akkasumas jechi kun yoo sharxiin ishee guutee wanti ishee diigu dhibame malee hin fayyadu.

ولذلك لما قيل لوهب بن منبه: أليس مفتاح الجنة: لا إله إلا الله؟ قال: بلى، ولكن ليس مفتاح إلا له أسنان، فإن جئت بمفتاح له أسنان فتح لك، وإلا لم يفتح لك. ولما قيل للحسن البصري: إن ناساً يقولون: من قال: لا إله إلا الله دخل الجنة؟ قال: من قال: لا إله إلا الله فأدى حقها وفرضها دخل الجنة.

“Kanaafuu Wahb Ibnu Munabbihiin furtuun jannataa laa ilaaha illallah mitii? Jennaan eeyyee isheedha, garuu furtuun kamuu ilkaan qaba. Yoo furtuu ilkaan qabu fudhattee dhufte siif bana yoo hin taane immoo hin banu jedhe. Hasanul Basrii biratti namoonni namni laa ilaah illallah jedhe jannata seena jedhu jedhame. Innis namni laa ilaaha illallah jedhee haqaa fi dirqama ishee guute jannata seena jedhe.”

Sababa sharxiin gariin argamu baateef jecha jechi kun cufa munaafiqootaa kan hedduun isaanii mallattoo islaamaa mul’attuu taate hojjatan iyyuu hin fayyadne. Akka walii galaatti sharxii guutuu fi waan isa diigu dhabamsiisuun dirqama ta’uu kan akeeku jecha Rasuulaa ﷺ.

«أُمرتُ أن أقاتل الناس حتى يقولوا: لا إله إلا الله، فإذا قالوا: لا إله إلا الله عصموا مني دماءهم وأموالهم إلا بحقها، وحسابهم على الله».

**“Hanga namoonni laa ilaaha illallah jedhanutti ittiin loluun ajajame. Yeroo laa ilaaha illallah jedhan dhiigaa fi qabeenya isaanii haqti ishee ituu hafuu narraa tikfataniiru.”**

Sharxii guutuunii fi waan ishee diigu irraa fagaachuun haqa ishee keessa seena.

Jechi guddoon kun sharxii (ulaagaa) torba akka qabdu ragaan shari’aa ni akeekti. Isaanis;

1. **Hiika ishee beekuu:** Ibaadaan Rabbiif malee akka wanta tokkoof hin malle beekuudha. Rabbi akkana jedha





﴿ فَٱعۡلَمۡ أَنَّهُۥ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا ٱللَّهُ ﴾ [محمد: ١٩]

***“Beeki gabbaramaan dhugaa Rabbiin malee hin jiru.”***

2. **Mirkanii shakkii dhabamsiisu:** Rabbiin malee gabbaramuu hin qabuu isa jechi kun itti akeeke iimaana murataa amanuun dirqama. Beekumsa mirkana’aa ta’e malee mamii/shakkii fi deddeebiin iimaana keessatti gahaa miti. Rabbi akkana jedha

﴿ إِنَّمَا ٱلۡمُؤۡمِنُونَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ ثُمَّ لَمۡ يَرۡتَابُواْ وَجَٰهَدُواْ بِأَمۡوَٰلِهِمۡ وَأَنفُسِهِمۡ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِۚ أُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلصَّٰدِقُونَ ﴾ [الحجرات: ١٥]

***“mu’umina jechuun isaan Rabbii fi rasuulatti amananii eegasii osoo hin shakkin karaa Rabbii irraatti qabeenyaa fi lubbuu isaaniitiin jabaatani. Warri dhugaa isaani.”*** (Al-hujuraat: 15)

Namni waan jechi kun irratti akeektu iimaana isaa keessatti murataa hin ta’in ykn kan shakku ta’e takkii irraa kan dhaabbatu ta’e jechi kun homaa isa hin fayyaddu.

3. **Qeebaltii deebisuu (diddaa) dhabamsiisu:** qalbii fi arraba isaatiin cufa waan jechi kun akeektuu qeebala. Dhugaa ta’uu fi sirrii ta’uu isaa amana. Rabbiin waa’ee mushirikaa ilaalchisee akkana jedha

﴿ إِنَّهُمۡ كَانُوٓاْ إِذَا قِيلَ لَهُمۡ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا ٱللَّهُ يَسۡتَكۡبِرُونَ ۝٣٥ وَيَقُولُونَ أَئِنَّا لَتَارِكُوٓاْ ءَالِهَتِنَا لِشَاعِرٖ مَّجۡنُونِۭ ﴾ [الصافات: ٣٥-٣٦]

***“Yeroo Rabbiin malee wanti dhugaan gabbaramu hin jiru isaaniin jedhame ni boonu. Nuti sila weellisaa maraatuuf jecha gabbaramtoota keenya dhiifnaa! jedhu.”*** (as-saaffaat: 35-36).

Namni boona, jibbaa ykn wanta biroof jecha kalimaa kana dubbatee ka’ee wanta isiin akeektu hin qeebalin jecha kana irraa homaa hin fayyadamu. Namni ibaadaan Rabbiif qofa ta’uu hin qeebalin kanuma irraayyi lakkaa’ama, boonaaf jecha seera Rabbii irra murtee barbaaduu qeebaluu dhiisuun, ykn diiniin mushirikaa kan warra taabotaa fi qabirii gabbaruu, kan yahuudaa, kiristaanaa fi kan biroos kufaa ta’uu isaa qeebaluu dhiisee amantiin isaanii sirrii dha jechuun waan jechi kun kufaa ta’uu isaa akeeke yoo qeebaluu dide Muslimaa miti.

4. **Ajajamuu kan diddaa dhabamsiisu:** Qaama isaatiin Rabbiin qofa gabbaree waan jechi kun akeekteef ni ajajama.Rabbi akkana jedhe

﴿وَمَن يُسْلِمْ وَجْهَهُۥٓ إِلَى ٱللَّهِ وَهُوَ مُحْسِنٌ فَقَدِ ٱسْتَمْسَكَ بِٱلْعُرْوَةِ ٱلْوُثْقَىٰ﴾ [لقمان:٢٢]، ومعنى ﴿وَمَن يُسْلِمْ وَجْهَهُۥٓ﴾: ينقاد. ومعنى ﴿وَهُوَ مُحْسِنٌ﴾: أي موحِّد.

***"Namni gaarii hojjataa fuula isaatiin Rabbiif ajajame dhugaatti finyoo amanamaa qabateera."*** Hiikti 'fuula isaatiin Rabbiif ajajamuu' jechuu qaama hundaan Rabbiin buluu jechuu dha. Haala gaarii hojjatuun jechuun haala Rabbiin tokkoomsuun jechuudha.

Namni jecha kana jedhee hiika isaas baree, eegas haqaa fi dirqama isaa guutuuf Rabbiin gabbaree, yoo seera Islaamaatiin ajajamee hin hojjatin, wanta fedhii isaatiin wal-simatuu fi bu'aa duuniyaa qabu qofa kan dalagu yoo ta,e jecha kana irraa homaa hin fayyadamu.

5. **Dhugoomsuu sobsiisuu dhabamsiisuu:** jecha kana qalbiin dhugoomsee jechuu qaba. Qalbiinii fi arrabni isaa tokko ta'uu dha. Rabbi akkana jedhe

﴿الٓمٓ ۝١ أَحَسِبَ ٱلنَّاسُ أَن يُتْرَكُوٓاْ أَن يَقُولُوٓاْ ءَامَنَّا وَهُمْ لَا يُفْتَنُونَ ۝٢ وَلَقَدْ فَتَنَّا ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْۖ فَلَيَعْلَمَنَّ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ صَدَقُواْ وَلَيَعْلَمَنَّ ٱلْكَٰذِبِينَ﴾ [العنكبوت: ١-٣]

***"Namoonni amanne jechuu qofaan osoo hin qoramin hafuu yaaduu? Warra isaaniin duraayyuu qorreerra. Rabbiin siichuu warra dhugaa jedhee fi warra sobe adda baasa."*** (ankabuut: 1-3).

Qalbiin isaanii wanta jechattiin akeektu waan sobsiiftuuf akkasumas sobaa fi munaafiqummaan waan dubbataniif jecha kana dubbachuu irraa homaa hin fayyadamne.

6. **Qulqulleessuu kan qindeessuu dhabamsiisu:** Niyyaa gaariidhaan hojii shirkii irraa qulqulleessuun dirqama. Rabbi akkana jedhe

﴿فَٱعْبُدِ ٱللَّهَ مُخْلِصًا لَّهُ ٱلدِّينَ﴾ [الزمر:٢]

***"Amantii Rabbiif qulqulleessii isa gabbari."*** (azzumar: 2).

Gosa ibaadaa kam keessattuu namni Rabbitti qindeesse jechi kun isa hin fayyadu.

7. **Jaalala:** Jecha kanaa fi waan isheen akeekte, akkasumas warra sharxii isii guutee ittiin hojjatu jaallachuun Muslima irratti dirqama. Waan ishee diigus ni jibba. Rabbi akkana jedhe

﴿وَمِنَ ٱلنَّاسِ مَن يَتَّخِذُ مِن دُونِ ٱللَّهِ أَندَادًا يُحِبُّونَهُمْ كَحُبِّ ٱللَّهِۖ وَٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ أَشَدُّ حُبًّا لِّلَّهِ﴾ [البقره: ١٦٥]

***"Namoota irraa kan Rabbii gaditti fakkaataa tolchatanii akka jaalala Rabbiitti isaan jaallatantu jiru. Warri amanan immoo akka cimaatti Rabbiin jaallatu."*** (Al-baqarah: 165)

Namni 'laa ilaaha illallah' jedhee, Rabbiin qofa gabbaruu isheen itti akeekte jibbe Muslimaa miti. Akka Rabbi jedhetti

﴿ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمْ كَرِهُواْ مَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ فَأَحْبَطَ أَعْمَٰلَهُمْ﴾ [محمد: ٩]

***"warri kafaran salphatanii dalagni isaanii duraa badeera. Sunis Sababa isaan waan Rabbi buuse jibbaniif dalagaa isaanii balleesse."***

Wanti 'Laa ilaaha illallah' diigu nawaaqida Islaamaa ykn nawaaqida laa ilaaha illallah jedhama. Isheenis dalaga namni Islaamummaa irraa ittiin gara galuudha. Lakkofsi ishee baay'eedha. Beektonni gariin hanga 400 geessi jedhanii dubbatani. Diigdonni Islaamaa kun immoo matoolee sadi jalatti walitti qabamu. Isaanis:

1. Shirkii guddoo: Innis gosa heddu. Yoo Rabbi fedhe ulaa lammaffaa kutaa duraa keessatti dubbatama.
2. Kufrii guddoo: Innis gosa heddu. Yoo Rabbi fedhe ulaa lammaffaa kutaa lammaffaa keessatti dubbatama.
3. Nifaaqa amantee: Yoo Rabbi fedhe ulaa lammaffaa kutaa sadaffaa keessatti dubbatama.

### Qorannoo Lammaffaa: Ibaadah

*Kana keessas mata duree lamatu jira.*

**1. Hiika ibaadaa fi wanta cufa walitti qabattuu ta'uu ishee kan ibsu**

**Ibaadaan Lugaa arabaatti:** Ibnu Sayyidaan akka jedhetti ibaadaa jechuun hundeen isaa of gadi qabuu ykn of xinneessuu jechuu dha.

Jawhariin akka jedhetti "jechi ibaadaa jedhu hundeen isaa of gadi qabuu xinnaachuu dha. Ibaadah jechuun ajajamuu dha."

**Ibaadaan akka tumaa shari'aatti:** Shaykhul Islam Ibnu Taymiyyah akkana jedhee hike

هي اسم جامع لكل ما يحبه الله ويرضاه من الأقوال والأفعال الظاهرة والباطنة

"Cufa wanta Rabbi jaallatuu haasawa irraayis ta'ee dalaga mullataas ta'ee dhokataa of keessatti qabata."

Kun immoo ibaadaan wanta cufa kan walitti qabattu ta'uu akeeka. Ibaadaan wantoota armaan gadii of keessatti qabatti.

*Ibaadaa qulqulluu*: Isheen gochaa fi haasawa ogguma karaa godhamtu ibaadaa taatee fi kan wanta biraatii kennuun haraama akka ta'e ragaan akeekeedha. Ibaadaa qulqulluu keessa kan armaan gadiitu seena.

I. **Ibaadaa qalbii:** Isheenis bakka lamatti qoodamti.

**'Haasawa qalbii':** haasawni qalbii kun amantee jedhamtee waamamti. Isheenis gooftaan Rabbiin male hin jiru, wanti gabbaramuun maluuf tokko Rabbiin male hin jiru jedhanii amanuu dha. Akkasumas maqoolee Rabbii fi sifata isaatti, malaa'ikoota, kitaabotaa fi ergamoota isaatti, guyyaa dhumaa, qadara, gaarii fi hamtuu isheetti, fi kan biraattis amanuudha.

**'Dalaga qalbii'** kun immoo ikhlaasa ykn dalaga Rabbiif qulqulleessuu, jaalala Rabbii, miindaa isaa kajeeluu, adaba isaa sofaachuu, isa irratti hirkachuu, wanta inni ajaje hojjachuu fi waan inni dhorge dhiisuu irratti obsuu fi wanta biraas of keessatti qabata.

II. **Ibaadaa haasawaa:** Kalimatu-ttawhiidiin dubbachuun, qur'aana qara'uun, subhaanallah, alhamdulillaahii fi kan birootiinis Rabbiin dubbachuun, gara Rabbiitti nama waamuun, beekumsa shari'aa nama barsiisuus ta'ee kan biroos qoodaa kana jala seena.

III. **Ibaadaa qaamaa:** salaatuun, sujuuduun, soomuun, hajja'uun, jihaadni, beekumsa shari'aa barbaaduunii fi kan biraa illeekana jala seena.

IV. **Ibaadaa qabeenyaa:** zakaan, sadaqaan, gorraasuun, horii haga ta'e baasuun, nazaruun (qodhuun) fi kan biraas ibaadaa kana keessa seena.





2. Ibaadaa qulqulluu hin taane: isheen dalagaa fi haasawa hundee ishee irraa ibaadaa hin ta'in garuu sababa niyyaan toluutiin ibaadaatti jijjiramtuu dha. Ibaadaa qulqulluu hin taane keessa kan armaan gadiitu seena.

I. Dirqamaa fi wanta jaallatamaa hundee isaatti ibaadaa hin taane dalaguu dha: Of qallabuun, niitii fi ilmaan qallabuun, liqii kaffaluun, fuudha dirqama ykn jaallatamaa fuuchuun, liqeessuun, kenni, haadhaa fi abbaatti tola ooluun, keessummaa kabajuu fi kan biraas kana jala seena. Yeroo Muslimni dirqama kana ykn waan jaallatamaa kana fuula Rabbii barbaacha dalage, FKN'f akka ajaja Rabbii irratti jabaachuuf jecha nyaachuu, ajaja Rabbiitiin buluu fi akka isaan guddatanii Rabbiin gabbaranuu jecha ilmaan nyaachisuu, fuula Rabbii barbaacha nama jaarsa cinqii deemsaa irraa haara galfachiisee maatii isaatti geessuuf farad isaatti fe'uu, fuuchuu dhaan of tiksuu niyyachuu kkf. Falmii tokko malee cufti isaatuu ibaadaa miindaa itti argatamuu dha. Ragaan kan irratti akeeku immoo jecha Rasuulli ﷺ hadiisa sa'ad keessatti jedhan.

«ولست تنفق نفقة تبتغي بها وجه الله إلا أجرت عليها، حتى ما تضعه في في امرأتك».
متفق عليه

**"kenna tokko fuula Rabbii barbaachaa jecha kennattee hin haftu yoo irratti miindaa argatte malee, wanta afaan niitii keetii keessa keessuun illee miindaa argatta."** (Bukhaarii fi Muslimtu gabaase).

Ammas jechi Rasuulli ﷺ hadiisa Abii Mas'uudal Badriyyii keesstti jedhan

«إن المسلم إذا أنفق على أهله نفقة، وهو يحتسبها كانت له صدقة». متفق عليه

I. **"Yeroo Muslimni Rabbii isaa irratti herreeggataa niitii isaa nyaachise sadaqaa isaaf taati."** (Bukhaarii fi Muslimtu gabaase).

وحديث الثلاثة أصحاب الغار، ففيه أن كلاً منهم توسل إلى الله بصالح عمله، فتوسل أحدهم إلى الله ببره بوالديه ابتغاء وجه الله، وتوسل الثاني إلى الله بإعطائه للأجير أجره بعد تنميته له ابتغاء وجه الله تعالى.

Ammas hadiisa warra holqaa sadan keessatti cufti isaaniituu dalaga gaarii qabanuunRabbitti dhihaatani. Tokkoon isaanii tola haadhaa fi abbaatti fuula Rabbii barbaacha ooleen Rabbitti dhaihaate.

II. Fuula Rabbii barbaacha haraama dhiisuu: Ribaa, hannaa fi gowwoomsuu dhiisuun kana jala seena. Yeroo muslimni miindaa Rabbii barbaacha, adaba isaa soda fi dhorgaa isaatiin buluu jecha dhiise falmii tokkoon malee ibaadaa inni irratti miindeffamu ta'u. ragaan kana akeeku hadiisa Abuu Hureyraan Nabiyyii irraa odeesse

«يقول الله تعالى: إذا أراد عبدي أن يعمل سيئة فلا تكتبوها عليه حتى يعملها، فإن عملها فاكتبوها بمثلها، وإن تركها من أجلي فاكتبوها له حسنة، وإذا أراد أن يعمل حسنة فلم يعملها فاكتبوها له حسنة، فإن عملها فاكتبوها له بعشر أمثالها إلى سبعمائة ضعف». متفق عليه

**"Rabbiin akkana jedhe, yoo garbichi koo badii dalaguu fedhe haga inni dalagutti ishee hin barreessinaa, yeroo inni dalage fakkaataadhuma ishee barreessaa, yoo anaaf jecha dhiise immoo gaarii taasisaatii barreessaafii, yoo inni gaarii dalaguu fedhee hin dalagin gaariidhuma barreessaafii, yoo inni dalage immoo fakkii ishee kudhanii hanga 700 baay'isaatii barreessaafii."** Bukhaarii fi Muslimtu gabaase

Ammas hadiisa warra olqaa sadan keesstti tokkoon isaanii fuula Rabbii barbaachaaf zinaa dhiiseeniyyi Rabbitti dhihaate.

3. Wanta eeyyamamaa fuula Rabbii barbaacha dalaguu: nyaachuu, dhuguu, gurguruu, bituu fi kan biraas gosa hojjaa kan ta'e kana keessa seena. Wantootni kunii fi kkf bu'uura isheetti eeyyamamaadha. Yeroo Muslimni kana dalaguun ajaja Rabbii irratti jabaachuu fi kkf fedhe sanumatu ibaadaa irratti miindaa argatanu ta'a. ragaan kana akeeku immoo hadiisa Sa'adii fi hadiisa Abii Mas'uud dabran lachani.

وقول معاذ ﷺ لما قال له أبو موسى الأشعري ﷺ: كيف تقرأ القرآن؟ قال: «أنام أول الليل، فأقوم وقد قضيت حزبي من النوم، فأقرأ ما كتب الله لي، فأحتسب نومتي، كما أحتسب قومتي». رواه البخاري

Ammas jechi Mu'aaz AbiiMuusal Ash'ariidhaan akkamitti qur'aana qaraata? Jennaan, Abii Muusaanis **"Ani jalqaba halkanii nan rafa, hirriba koo hangan aadeffadhe fixee ka'een qur'aana hanga Rabbi naaf barreesse qara'a. Akkuman salaata koo Rabbirratti herreeggadhun hirriba kootis rabbirratti herreeggadha."** Bukhaariiti gabaase




Kun immoo ibaadaan jireenya namaa fi amantii cufa akka inni walitti qabatu akeeka. Akkasumas ibaadaan bareechee yaachisaa ta'uu isaa akeeka. Kanaafuu, sababa ishee jinni fi ilmi namaa uumame. Rabbi akkana jedhe

﴿وَمَا خَلَقْتُ ٱلْجِنَّ وَٱلْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ﴾ [الذاريات: ٥٦]

***"Jinnii fi nama na haa gabbaranuuf male hin uumne."*** (zaariyaat: 56)

Wanti Rabbi isaan uumeef ibaadaa keessatti, ajajaan buluu keessattii fi waan dhorgaman dhiisuu keessatti isaan qoruuf uume. Rabbi akkana jedhe

﴿ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلْمَوْتَ وَٱلْحَيَوٰةَ لِيَبْلُوَكُمْ أَيُّكُمْ أَحْسَنُ عَمَلًا﴾ [الملك: ٢]

***"Rabbiin isa eenyu akka isin keessaa gaarii hojjatu isin qoruu du'aa fi jireenya uumeedha."***

Wanti sammuu qabu jinni fi nama irraa kan ta'e cuftiga'eessummaa irraa eegalee hanga du'aatti qorumsa keessa jira.

## 02 Sharxii fi bu'uura ibaadaa

Dhugaan Rabbiin gabbaruu jechuun hundeen ishee jaalala guutuu, of xiqqeessuu fi gadi jechuu guutuu wajjin taate Rabbiif kennuudha. Namni waan isaaf gadi hin jenne jaallatu garbicha isaatii miti. Akkasumas namni waan hin jaallanneef of gadi qabee xinnatuuf garbicha isaatii miti. Ibaadaan Rabbii hanga sharxii fi arkaana ishee guuttattutti qeebalamtuus mitii, jaallatamtuus hin taatu.

**Sharxii Ibaadaa:** Ibaadaan sharxii lama qaba.

A. *Ikhlaasa:* Innis garbichi ibaadaa isaa keessatti wanta biraa dhiisee fuula Rabbii qofa ittiin fedhuudha. Rabbi akkana jedhe

﴿وَمَآ أُمِرُوٓاْ إِلَّا لِيَعْبُدُواْ ٱللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَ﴾ [البينة: ٥]

***"Amantii isaaf qulqulleessanii Rabbiin gabbaruutti male isaan hin ajajamne."*** (albayyinah: 5)

Beekaan biyya Hindii imaama hadiisaa kan ta'e tokko Siddiiq Hasanul Huseynii kan jedhamu akkana jedhe

"لا خلاف في أن الإخلاص شرط لصحة العمل وقبوله".

"Hojiin fayyaa ta'ee argamuu fi qeebalamuu keessatti ikhlaasni sharxii ta'uun wal-dhabbii hin qabu."

Sharxii kana irratti hundoofnee namni ibaadaa tokko dalagee wanta fuula Rabbii male jiru kan akka faaruu namaa ykn bu'aa duniyaa ittiin barbaade , ykn dalaga isaatiin fuula Rabbii osoo hin fedhin nama biraatti hidhatee hojjate , ykn ibaadaa isaatiin nama biraatti dhihaachuu barbaade, ykn mootii takkii nama biraa sodaatee dalage irraa hin qeebalamuu miindaas irratti hin argatu. Kun immoo beektota biratti irratti walii galamaadha. Yoo ibaadaa isaatiin fuula Rabbii fedhee niyyaa isaatti riyaa'a make dalagni isaa ni bada. Kana keessattis salafa irraa wal-dhabbiin hin beekamu.

B. *Bifa Rabbiin kaa'een wal-galuudha*: Sharxiin kun ibaadattiin yeroo fi haala ishee keessatti waan qur'aanaa fi hadiisa keessatti dhufeen kan wal simattu ta'uudha. Ibaadaa keessatti, gocha ykn haasaa isaan keessatti hin dhufne itti hin dabalu. Yeroo isheettis malee hin dalagu. Akkasumas ibaadaa qur'aanaa fi hadiisa keessatti hin dhufneen Rabbiin hin gabbaru. Kun immoo murteedhuma Muhammad ergamaa Rabbiiti jedhanii raga bahuuti. Waan inni arraba ergamaa isaa irratti karaa godheen male Rabbiin hin gabbarru. Rabbi akkana jedhe

﴿وَمَآ ءَاتَىٰكُمُ ٱلرَّسُولُ فَخُذُوهُ وَمَا نَهَىٰكُمۡ عَنۡهُ فَٱنتَهُواْ﴾ [الحشر: ٧]

***"Wanta rasuulli isiniif kenne fudhaa waan inni isin dhorke dhorgamaa."*** (al-hashr: 7).

Nabiyyiin ﷺ akkana jedhan

**«من أحدث في أمرنا هذا ماليس منه فهو رد»**. متفق عليه

**"Namni ajaja keenya kana keessatti wanta isarraa hin taane haaromse inni isarratti deebifama."** (Bukhaarii fi Muslimtu gabaase).

وفي رواية لمسلم: **«من عمل عملاً ليس عليه أمرنا فهو رد»**.

Gabaasa Muslim keessatti immoo **"namni dalaga ajajni keenya itti hin jirre dalage isarratti deebifama."**

Aayatattiin Rasuula hordofuun dirqama akka ta'e agarsiifti. Hadiisni gabaafames haraamummaa ibaadaa Rasuulli hin ajajinii fi hadiisa isaanii keessatti hin argaminii mul'ifti. Sababni isaas waan ajaja ykn sunnaa isaanii irraa hin ta'iniifi.





**Bu'uura Ibaadaa:**

Ibaadaan Rabbii bu'uura sadi irratti ijaaramuun dirqama. Isaanis:

*Jaalala*

*Soda fi*

*Kajeellaa dha.*

Muslimni Rabbiin jaal'atee, adaba isaa sodaatee fi miindaa isaa kajeeleeti isa gabbara. Kanaafuu gariin salafaa akkana jedhan

"من عَبَدَ اللهَ بالحب وحده فهو زنديق، ومن عبده بالخوف وحده فهو حروري، ومن عبده بالرجاء وحده فهو مرجئ، ومن عبده بالحب والخوف والرجاء فهو مؤمن."

"Namni jaalala qofaan Rabbiin gabbare munaafiqa, namni sodaa qofaan isa gabbare khawaarijaadha, namni kajeellaa qofaan isa gabbare Murji'aadhaa, namni jaalalaan, sodaa fi kajeellaan isa gabbare mu'umina."

Beektoleen gariin bu'uura kana arkaana jedhanii waamani.

**A) Rabbiin Jaallachuu:**

Bu'uurri kun bu'uura ibaadaa hunda irra yaachisaadha. Jaalalli bu'uura ibaadaati. Rabbiin jaallachuun, ittiin ajajamuun, waan Rabbi jaal'atu cufa jaal'achuun, dilii inni jibbu cufa jibbuun, mu'umintoota warra waliyyii Rabbii, akka mata dureetti ergamoota isaa jaallachuun, kaafiraa fi munaafiqa warra xalaata (diina) Rabbii jibbuun Muslima irratti dirqama. Kun hundinuu Muslima irratti dirqama filannoo biraa hin qabneedha. Akkasumas Rabbii fi ergamaa isaa Muhammadiin lubbuu, ilmaan, qabeenya isaa fi waan cufa irra jaal'achuun dirqama. Rabbi akkana jedhe

﴿قُلۡ إِن كَانَ ءَابَآؤُكُمۡ وَأَبۡنَآؤُكُمۡ وَإِخۡوَٰنُكُمۡ وَأَزۡوَٰجُكُمۡ وَعَشِيرَتُكُمۡ وَأَمۡوَٰلٌ ٱقۡتَرَفۡتُمُوهَا وَتِجَٰرَةٞ تَخۡشَوۡنَ كَسَادَهَا وَمَسَٰكِنُ تَرۡضَوۡنَهَآ أَحَبَّ إِلَيۡكُم مِّنَ ٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ وَجِهَادٖ فِي سَبِيلِهِۦ فَتَرَبَّصُواْ حَتَّىٰ يَأۡتِيَ ٱللَّهُ بِأَمۡرِهِۦۗ وَٱللَّهُ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلۡفَٰسِقِينَ﴾ [التوبة: ٢٤]

***"Yoo abbaan keessan, ilmaan keessan, obbolaan keessan, warreen***

***keessan, firoottan keessan, qabeenyi dalagattan, daldalli ni badaa sodaattanii fi manni jaal'attanu Rabbii fi Rasuula irra akkasumas karaa isaatti loluu irra isin biratti jaal'atamaa yoo ta'e hanga ajajni Rabbii dhufutti eegaa jedhiin. Rabbiin tuuta dilaawoo hin sirreessu."*** (attawbah: 24)

Jaalalli Rabbii yeroo qalbii garbichaa keesstti cimte qaama isaa Rabbiin ajajamuu irratti kaafti. Rabbiin dileessuu irraayis ni fagaata. Hinumaayyuu hanga ibaadaa Rabbii hojjatuun gammachuu fi boqonnaa lubbuu argata. Rabbi akkana jedhe

﴿ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَتَطۡمَئِنُّ قُلُوبُهُم بِذِكۡرِ ٱللَّهِۗ أَلَا بِذِكۡرِ ٱللَّهِ تَطۡمَئِنُّ ٱلۡقُلُوبُ﴾ [الرعد: ٢٨]

***"Isaannan amananii qalbiin isaanii zikrii Rabbiitiin gadi dhaabbatte, dhagayaa zikrii Rabbiitiin qalbiin gad-dhaabbatti."*** (arra'ad: 28).

Rasuula irraa akka mirkanaa'etti

«قم يا بلال فأرحنا بالصلاة».

**"Yaa Bilaal ka'iitii Salaataan nu boqochiisi."** jedhan.

Ammas akkana jedhan

«جُعلت قرة عيني في الصلاة».

**"Gammachuun/dasiin ija kootii salaata keessa naaf taasifamte."**

Kanaafuu, namni jaallatee, isa sodaatee fi miindaa isaa kajeelee isaan ajajamu, dilii irraa fagaatuu, isa zakkaruu fi ibaadaa sunnaa baay'isuu milkeenyaa fi bal'ina qomaatiin jiraata.Rabbi akkana jedha.

﴿مَنۡ عَمِلَ صَٰلِحٗا مِّن ذَكَرٍ أَوۡ أُنثَىٰ وَهُوَ مُؤۡمِنٞ فَلَنُحۡيِيَنَّهُۥ حَيَوٰةٗ طَيِّبَةٗ﴾ [النحل:٩٧]

***"Dhiiraas ta'ee dubartiis haala mu'umina ta'een namni dalaga gaarii hojjate jiruu gaarii isa jiraachifna."*** (Al-nahl:97).

Yeroo garbichi Rabbii isaa faallesse hanguma dilii isaatiin jaalalli inni Rabbiif qabu ni hir'atti. Garbichi tokko dilii irra turuunii fi irraa toobachuu dhiisuun mallattoo jaalalli Rabbii qalbii isaa keessatti dadhabuuti. Haguma garbichi dilii baay'isuun jaalalli qalbii isaa keessaa hanga duraarra dadhabdi. Kanaafuu, namni irratti daangaa dabre jaalalli guutummaatti qalbii isaa keessaa deemnaan kufrii keessa seenuu isaatu sodaatama. Namni dilii baay'isaa jaalala rabbiin qaba jedhee falme,





falmiin isaa soba ta'a. kanaafuu aluma tuutni wahii jaalala Rabbii qabna jedhanii falmatanu aayanni kun buute

﴿قُلۡ إِن كُنتُمۡ تُحِبُّونَ ٱللَّهَ فَٱتَّبِعُونِي يُحۡبِبۡكُمُ ٱللَّهُ وَيَغۡفِرۡ لَكُمۡ ذُنُوبَكُمۡ﴾ [آل عمران:٣١]

***"Yoo Rabbiin kan jaallattan taatan na hordofaa Rabbiin isin jaallataa badii keessanis isiniif dhiisa jedhi."*** (Al-imraan: 31).

Aayatni kun aayata qorumsaa jedhamti. Namni dhugaan Rabbiin jaallatu wanta Rasuulliﷺ isaa ajaje hordofa, waan inni dhorges ni dhorgama. Beektoleen gariin akkana jedhan

«من ادعى محبة الله ولم يحفظ حدوده فهو كاذب».

**"Namni osoo daangaa Rabbii hin eegin jaalala isaan qaba jedhee falme sobaadha."**

Weellisaan akkana jedhe:

تعصي الإله وأنت تزعم حبه — هذا محال في القياس شنيع

لو كان حبك صادقاً لأطعته — إن المحب لمن يحب مطيع

***"Rabbiin wanjalaa jaalala isaa falmatta. Kun wanta fagoo dha. Akka sababaattis fokkisaa dha.***

***Osoo jaalalli kee dhugaa ta'ee isaan ajajamta. Namni nama jaallatuun ni bula."***

Sababa dilii baay'isuutiif ogga jaalalli Rabbii qalbii garbichaa keessatti dadhabde gammachuu ibaadaa ni dhaba. Hinumaayyuu shayxaanni ibaadaa isaa heddu keessatti isarratti mooheeti isa jeeqa. Yeroo tokko haala qalbiin isaa laaftee dagattee jirtuun kan inni sagadu, isa zakkaru ykn kadhatu argita. Ibaadaan isaa Rabbiin gabbaruu irra gara aadaatti dhihaatti.

Kanaafuu, namni dilaawaan qalbiin isaanii ni goggoga. Ragga'iinsaa fi boqonnaa lubbuus hin argatu. Hinumaa yero hunda dhiphina qomaatu itti dhaga'ama. Rabbi akkana jedhe

﴿وَمَنۡ أَعۡرَضَ عَن ذِكۡرِي فَإِنَّ لَهُۥ مَعِيشَةٗ ضَنكٗا وَنَحۡشُرُهُۥ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ أَعۡمَىٰ﴾ [طه: ١٢٤]

***"Namni zikrii koo irraa gara gale jiruu dhiphootu isaaf jira. Guyyaa qiyaamaas jaamaa isa oofna."*** (xaahaa: 124).

Namni zikrii Rabbii irraa gara gale jechuun qur'aana irraa deebi'ee ajaja

isaatiin hojjachuu dhiisee waan inni dhorge irraa dhorgamuu dhiisuun jiruu duniyaa kana keessattis goggoginaan Rabbi isa adaba. Kanaafuu hedduun nama dilaawaa waan rakkoo isaatii furmaata ta'u barbaada. Kanaafuu, wanta nama macheessu, sammuu jijjiiru, sigaaraa xuuxuu, footoo haraama ilaaluu ykn muuziiqaa haraama dhaggeeffachuutti dabu. Inni waan milkii argatu se'aa dhoqqeen jiidhinuma isaa dabala. Dhiphina irratti dhiphina isaaf dabala. Kana hunda irraa nageenya Rabbiin kadhanna. Kanaafuu, wanta jaalala Rabbii argamsiisuu fi jabeessu irratti garbichi arifachuun barbaachisaadha. Kunis milkii dunyaa fi aakhiraa argachuuf jecha. Wantoonni kunis:

1. Dirqama dalaguu fi haraama irraa fagaachuu.
2. Ibaadaa sunnaa baay'isuu dha. Kana keessaa barbaachisaan qur'aana Rabbii xiinxalanii dhaggeeffachuu fi qara'uu, Rabbiin dubbachuu baay'isuu, salaata sunnaa keessumaayyuu salaata halkanii baay'isuu fi Rabbiin kadhaa fi isaan maqoo baay'isuudha.
3. Maqaa fi sifata Rabbii baruu.
4. Tola Rabbiin isatti oole heddu xiinxaluu dha.

### B) Rabbiin Sodaachuu

Sodaa jechuun waan jibbu tokko ofirratti eeggachuudhaan qalbiin laalachuudha. Adaba isaa sodaatee Rabbiin gabbaruun Muslima irratti dirqama. Rabbi akkana jedhe

﴿فَلَا تَخَافُوهُمْ وَخَافُونِ إِن كُنتُم مُّؤْمِنِينَ﴾ [آل عمران: ١٧٥]

***"Isaan hin sodaatinaatii yoo mu'umina taatan ana sodaadha."*** (Aala-Imraan: 175)

Ammas Rabbiin akkana jedhe

﴿فَلَا تَخْشَوُا النَّاسَ وَاخْشَوْنِ﴾ [المائدة: ٤٤]

***"Nama hin sodaatinaatii ana sodaadha."*** (Maa'idaa: 44)

﴿وَإِيَّايَ فَارْهَبُونِ﴾ [البقرة: ٤٠]

***"Anuma qofa sodaadhaa."*** jedhe. (albaqarah: 40).

Sodaan Rabbii kan inni garbicha biratti uumamuu fi dabalu waan heddu irraayyi. Isaanis:





1. Rabbi fi amala isaa baruu dha. Namni irra caalaa Rabbiin beeku irra caalaa Rabbiin sodaata.
2. Rabbiin nama waajiba dhiisee ykn haraama dalagee dilaaweef adaba wareegeera jechuu dhugeessuu dha.
3. Nama isa dideef adabni Rabbii cimaa ta'uu beekuu dha. Garbichi adaba Rabbii baadhachuu hin danda'u. Kun immoo aayataa fi hadiisa nama sodaachisanuu fi lolanu, kan waa'ee fuuldura Rabbii fidamuu, qormaataa, adaba qabrii fi adaba ibiddaa dubbatan qu'achuun argama.
4. Umurii dabarse keessatti dilii hojjate yaadachuudhaan sodaachuudha.
5. Sababa dilii hojjachuu isaatiin akka toobata irraa hin haguugamne sodaachuu ykn akka xumuura ajaan umuriin isaa hin xumuuramne sodaachuudha.

Hanga iimaanni garbichaa, adaba Rabbii dhugeessuunii fi nama dilii hojjateen adabni isaa cimuu beekuun isaa jabaateen sodaan inni adaba Rabbii irraa qabu ni jabaata. Kanaafuu beektoleen gariin akkana jedhu

"من كان بالله أعرف كان منه أخوف".

*"Namni irra caalaa Rabbiin beeku irra caalaa Rabbiin sodaata."*

Sodaan faarfamtuun dhugaatti waan garbichaa fi dilii wal irraa haguuge.

### C) Kajeellaa (rajaa'a)

Rajaa'a jechuun miindaa fi dhiifama Rabbii kajeeluu dha. Akkasumas rahmata Rabbii kajeeluu dha.

Miindaa isaa kajeellaaf jecha Rabbiin gabbaruu fi dhiifama Rabbii barbaacha yeroo badii keessa seene toobachuun Muslima cufa irrattuu dirqama. Rabbi akkana jedhe

﴿وَادْعُوهُ خَوْفًا وَطَمَعًا﴾ [الأعراف:٥٦ ]

***"sodaataa fi kajeelaa Rabbiin waammadhaa."*** (Al-a'araaf: 56)

Ammas akkana jedha

﴿أَمَّنْ هُوَ قَانِتٌ آنَاءَ اللَّيْلِ سَاجِدًا وَقَائِمًا يَحْذَرُ الْآخِرَةَ وَيَرْجُو رَحْمَةَ رَبِّهِ﴾ [الزمر: ٩]

***"Sila namicha yeroo halkanii keessa sujuudaa fi dhaabbataa, aakhiraa sodaataa fi rahmata Rabbii kajeelaa bulutu warra kaan hin caaluu!."*** (azzumar:9).

Waa'ee nabiyyoota isaa keessatti Rabbiin akkana jedhe

﴿إِنَّهُمْ كَانُوا۟ يُسَٰرِعُونَ فِى ٱلْخَيْرَٰتِ وَيَدْعُونَنَا رَغَبًا وَرَهَبًا ۖ وَكَانُوا۟ لَنَا خَٰشِعِينَ﴾

[الأنبياء:٩٠]

***"Isaan toltuu keessatti wal dorgomu. Kajeelaa fi sodaataa nu kadhatu. Nuufis gadi jedhu (ni ajajamu)."*** (Al-ambiyaa'i: 90).

kajeellaan gosa saditti qoodama. Isaan keessaa lama faarfamaa dha, inni sadaffaa immoo jibbamaa dha.

1. Namni Rabbiin bule Rabbiin dalaga isaa qeebalee, miindaa isaaf galchuun jannataan isa milkeessee ibidda irraa nagaa isa baasuu kajeeluu dha.
2. Namni dilii dalagee eegasii toobate, Rabbiin isaa dhiisuu fi irra isaa dabruu kajeeluu dha.
3. Namichi waajiba hir'isuu keessa dheerate, haraama keessa seenee irra ture rahmata Rabbii kajeeluu dha. Kun 'gowwummaa', 'hawwii' ykn 'kajeellaa' sobaa jedhama.

Abuu Usmaan Annaadiin akkana jedhe

"من علامة السعادة أن تطيع وتخاف أن لا تقبل، ومن علامة الشقاوة أن تعصي وترجو أن تنجو".

*"Rabbiif ajajamtee narraa qeebalamuu dhabdii sodaachuun mallattoo milkiiti. Dilii dalagdee nagaa bahuu fedhuun mallattoo goggoginaati."*

Haalli namticha kajeellaa badaa kanaa haala nama osoo warra hin fuudhin ilmaan argachuu hawwuu fakkaata. Namichi gowwaa isa dhumaati. Kanaafuu Rabbiin akkana jedhe

﴿إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَٱلَّذِينَ هَاجَرُوا۟ وَجَٰهَدُوا۟ فِى سَبِيلِ ٱللَّهِ أُو۟لَٰٓئِكَ يَرْجُونَ رَحْمَتَ ٱللَّهِ ۚ وَٱللَّهُ غَفُورٌ رَّحِيمٌ﴾ [البقرة: ٢١٨]

***"Isaannan amananii, Rabbiif jecha godaananii fi karaa Rabbii keessatti jajjabaatan isaanuma kan rahmata Rabbii kajeelu. Rabbiin dhiisaa mararfataa dha."*** (Al-baqarah: 218).





Hiikti isaas isaani namni rahmata Rabbii kajeeluun malu jechuu dha. Ammas Rabbiin akkana jedha

﴿لَّيْسَ بِأَمَانِيِّكُمْ وَلَآ أَمَانِىِّ أَهْلِ ٱلْكِتَٰبِ ۗ مَن يَعْمَلْ سُوٓءًا يُجْزَ بِهِۦ﴾ [النساء: ١٢٣]

***"Hawwii keessanis ta'ee hawwii warra kitaabaatiinis miti. Namni hamtuu hojjate isumaan miindaan kaffalamaaf."*** (Annisaa'i: 123).

Akkuma walii galaatti: Rabbiin jaallatee, adaba isaa sodaatee fi miindaa isaa kajeelee Rabbiin gabbaruun Muslima irratti dirqama ta'a. Akkasumas sodaa keessatti qofa daangaa dabree rahmata Rabbii irraa garaa kutachuu hin qabu. Kajeellaa keessatti daangaa dabree dilii irra turuun rahmata Rabbii qofatti rarra'uus hin qabu. Lamaan isaaniituu walitti qabuun dirqama itti ta'a. haa ta'u malee yeroo fayyaa jiru akka inni Rabbiin ajajamuu fi dilii irraa fagaachuutti isa kaasuuf jecha gara sodaatti caalchisuun barbaachisaa dha. Ogga du'atti seene immoo akka Rabbitti yaada tolee du'uu fi Rabbiin wal ga'uun akka gammaduuf jecha gara kajeellaatti caalchisuun barbaachisaa dha. Akkuma aayata sadan dabran keessa jirutti isaan kana sadan walitti qabuun hafiinsa hin qabu.

# KUTAA SADAFFAA
# TAWHIIDA MAQOOLEE FI AMALA RABBII

**Seensa:**

Maqaan Rabbii wanta ilman namaa irraa fagoo kan inni wahyiin malee adda baasee baruu hin dandeenyee dha. Sababni isaas namni beekumsaan Rabbitti hin marsine. Rabbi akkana jedha

﴿وَلَا يُحِيطُونَ بِهِۦ عِلْمًا﴾ [طه:١١٠]

***"Beekumsaan isatti hin marsine."*** (Xaahaa : 110).

Waa'ee amala Rabbii dubbachuun damee waa'ee zaata isaa dubbachuuti.

Maqaa fi sifaata Rabbii yaaduu keessattii fi adda qoodanii baruu keessatti mirkaneessuus ta'ee dhabamsisuu irratti, sammuun namaa qobaa isaa hin mijaa'uufi. Namni kana dalage dogongoree karaa sirri irraa dabeera. Maqaa fi amala Rabbii waan ragaa shari'atiin mirkana'e mirkaneessee akkasumas waan Rabbi ofirraa dhabamsiise ykn rasuulli ﷺ isarraa dhabamsise dhabamsiisuun haasawa Rabbii fi rasuulaa bira dhaabbachuun garbicha kam irrattuu dirqama. Ragaan shari'aa heddu amala guutuu taate adda qooduun Rabbiif mirkaneessiteetti. Akka Rabbiin maluun mirkaneessuun dirqama ta'a. Ammas amala hir'uu heddu Rabbirraa dhabamsifteetti. Kanaafuu, irraa dhabamsiisanii faallaa waan dhabamsiisanii guutuu ta'e mirkaneessuun dirqama. Akka walii galaatti waa'ee maqaa Rabbii fi amala isaa keessatti kanatu dhugaa fi dirqama. Waa'ee tawhiida maqoolee fi amalaa kana adda baaseen qorannoo dhufu keessatti dubbadha.

**Qoranno duraa: Karaa warri Ahlassunnah maqoolee fi sifaata Rabbi keessatti qabanu.**

Karaa warra ahbassunnati wal jamaa'ah waa'ee amalaa fi maqaa Rabbii keessatti mata duree sadi keessatti ibsuun ni danda'ama.

**Tokkoffaa:** Adeemsa isaanii waa'ee mirkaneessuu keessatti:

Jijjiiruu fi onsuun maletti akkaataa kaa'uu fi fakkii gochuun maletti wanta Rabbiin qur'aana keessatti ykn arraba ergamaa isaa irratti ofi mirkaneesse mirkaneessuudhe. Cufti amala Rabbii kan ragaa shari'aa keessa dhufte amala dhugaa kan Rabbiin maltuu fi amala uumamaa akka hin fakkaanne ni amanu. Akkasumas cufa maqaa Rabbi ragaan mirkanaa'etti amanu.Maqaan cuftinuu amala ofkeessaa qaba jedhani amanu. Maqaan 'Al-Aziz' jedhu amala jabaa jedhamu of keessaa qaba. Maqaan 'Al-qawiyyi' jedhu amala humna jabeessa of keessaa qaba. Maqooleen biroos cuftinuu akkanuma.Amalli Rabbiif mirkanaa'e cuftinuu amala guutuu irratti faarfamuu dha.Kallattii kamiinuu hir'ina hinqabdu.Karaa irra guutuu ta'een isaa mirkanoofti.

**Lammaffaa:** Adeemsa isaanii waa'ee dhabamsiisuu keessatti: Amala hir'uu waan Rabbiin qur'aana isaa keessatti ykn arraba ergamaa isaa keessatti ofirraa dhabamsise dhabamsisuu wajjin faallaa isa inni dhabamsisee kan guutuu ta'e jiraachuutti ni amanu. Amalli Rabbiin ofirraa dhabamsiise cuftinuu amala hir'uudha. Guutummaa Rabbii isa dirqama ta'e faallessiti. Wanti Rabbi ofirraa deemsiiseef kan itti fedhame amala mormamte kana dhabamsiisanii faallaa isaa mirkaneessuu dha. Yeroo kun ifa ta'e, miidhaan waan Rabbi ofirraa dhabamsise irraayyi. Kan itti fedhame Rabbirraa miidhuu deemsisuu fi faallaa isaa guutuu ta'e immoo mirkaneessuu dha. Innis haqa dalaguudha. Ammas Rabbiin Dadhabbii ofiraa dhabamsise. Kan itti fedhame dadhabbii Rabbirraa deemsisee faallaa isaa kanguutuu ta'e, innis humna isaa, mirkaneessuudha. Wantootni biroo kan Rabbiin ofirraa mormes akkuma kana.

**Sadaffaan**: Adeemsa isaanii waa'ee wanta dhabamsiisuus ta'ee mirkaneessuun hin dhufne kan namni irratti wal falme kan akka jismii, qabee, kallattii fi kkf keessatti: Adeemsi isaanii jechicha irraa dhaabbachuu dha. Sababa inni hin dhufnee jecha hin mirkaneessanusii hin mormanu. Hiika isaa immoo adda adda babaasanii yoo inni wanta kufaa kan Rabbi irraa qulqullaa'u ta'e ni deebisu yoo wanta dhugaa kan Rabbiif malu ta'e immoo ni qeebalu.

Adeemsi kun dirqama. Isheen karaa gidduu warra maqaa fi sifata Rabbi onsuu fi, warra waan biraatti fakkeessuuti. Dirqama ta'uu ishee sammuu fi wahyiitu nu akeeka.





Akki sammuun itti nu akeeku wanta Rabbiif dirqama ta'u, dhorgamuufi malu addabaasanii dubbachuun Wahyiidhaan male hin dhaqqabamu. Sababni isaas Rabbitu wanta fagoo ilmi namaa beekumsaan itti hin marsine waan ta'eef, wahyii hordofanii waan inni mirkaneesse mirkaneessuun, kan inni morme mormuunii fi waan inni callise callisuun dirqaama ta'a.

Wahyiin immoo Ragaan isaa jecha Rabbiiti

﴿وَلِلَّهِ ٱلْأَسْمَآءُ ٱلْحُسْنَىٰ فَٱدْعُوهُ بِهَا ۖ وَذَرُوا۟ ٱلَّذِينَ يُلْحِدُونَ فِىٓ أَسْمَـٰٓئِهِۦ ۚ سَيُجْزَوْنَ مَا كَانُوا۟ يَعْمَلُونَ﴾
[الأعراف: ١٨٠]

***"Rabbi maqoolee gaggaarii qabaa ittiin isa waamaa. Warra maqaa isaa jallisummo dhiisaa siichuu miindaan waan isaan dalganii kaffalamaafii."*** (al-a'araaf: 180).

Ammas jecha Rabbiiti

﴿لَيْسَ كَمِثْلِهِۦ شَىْءٌ ۖ وَهُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلْبَصِيرُ﴾ [الشورى:١١]

***"Wanti Rabbiin fakkaatu hin jiru. Inni dhaga'aa argaadha."*** (ashuuraa: 11).

Ammas jecha Rabbii

﴿وَلَا تَقْفُ مَا لَيْسَ لَكَ بِهِۦ عِلْمٌ﴾ [الإسراء: ٣٦]

***"Wanta beekumsa isaa hin qabne hin hordofin."*** (al-israa'ai: 36)

Aayatni duraa jallisuu, onsuu fi waan biraatti fakkeessuun maletti mirkanessuun dirqama akka ta'e akeeka. Sababni isaas kun jallina. Aayanni lammaffaa immo maqaa fi amala Rabbii mirkaneessuu wajjin fakkeesssuu dhiisuun dirqama akka ta'e akeekte.Ayyanni Sadaffaa immoo akkaataa itti gochuun dhorgaa akka ta'ee fi wanta mirkaneessuuniifi mormuun hin dhufin keessatti dhaabbachuun dirqama akkata'e akeekti.Wanti asitti yaadachiisuun barbaachisu Ahlassunnaa wal-Jamaa'aan sahaabotairraa eegalee warri isaan boodaas amalliRabbii qur'aanaafi hadiisa keessatti mirkanaa'e dhugaa akka ta'e amanu male ciigoo miti.

Haafiz Ibnu Abdul Barri biyya Ondolos maalikiyyii kan bara 368 A/H tti(kitaaba isaa tamhiid jedhamu 7/145) dhalate ahlassunnaan kana irratti akka walii galan dubbateera. Namoonni duraanii heddus salafni

kana irratti walii galuu dubbataniiru.Salafoonni hiikti ifaan jecha sifa Rabbii irraa namatti mul’atu hiika dhugaa guddina Rabbiitiin malu jedhanii amanu. Hiika isa jechi sifa Rabbii qabu qur’aana ykn hadisa keessatti dhufe akeeku ni raggaasisu. Fakkenyaaf hiika jecha ‘izza’ jedhu jecha Rabbi ‘walillaahil izzatu’ jedhu keessatti dhufte niraggaasisu. Hiikti isaas dhandeettii fi injifannoodha.Akkasumas hiika jechi istawaa jedhu kan qur’aana

﴿الرَّحْمَٰنُ عَلَى الْعَرْشِ اسْتَوَىٰ﴾ [طه: ٥]

***“Rabbi arshiirratti ol tahe.”*** jedhu keessaa akeeku ni raggaasisu. Hiikti isaa ol ta’uudha. Ibsi isaa bal’inaan yeroo waa’ee Rabbi Arshii ol ta’uu dubbannu ta’a. Amallii Rabbii kan biroos akkuma kana.n Sababni isaa Rabbiin garbicha isaatiin afaan Arabaa ifaadhaan dubbate. Ergamaanis ummata isaaniitiin lugaa Arabaa ifaadhaan dubbatani. Kanaafuu hiika isaa dhugaa jechooleen qur’aanaa fi hadiisa keessa dhufan lugaa Arabaa keessatti akeekanu raggaasisuun dirqama ta’a. Haala kanatuyyi qur’aanaa fi hadiisatti amanuu fi jala butamuu dha.

Adeemsi Mufawwidaa warra sifata ragaan dhuftetti ni amanna garuu hiika inni akeeku hin raggaasifnu, gara Rabbiitti hirkifna jedhanuu kufaa ta’uun isaas kanaan beekama. Kun adeemsa jaarraa filatamtuu booda uumamte(Haafiz Azzahabii kitaaba isaa Uluwwi fuula 532 irra ilaali). Salafni kana irraa fagoodha. Salafoota irraa jechooleen heddu kan hiika sifataa raggasiftee akkaataa isaammoo gama Rabbiitti hirkiftu dhuftetti.

Wanta dabre irraa kan ifa nuu galu aqiidaan Ahlassuunaa wal jamaa’aa akka walii galaatti maqaa fi amala Rabbii keessatti.

I. Maqootaa fi sifaata Rabbiin ofii raggaasifate ykn ergamaan isaa mirkaneesseef cufatti amanuu dha. haala guddina isaatiin maluun isaa raggaasisuu fi sana keessaa waan tokko illee jijjiiruu, onsuu, akkaataa itti kaa’uu fi fakkii gochuufi dhisuudhaani.

II. waan Rabbiin ofiraa dhabamsiise ykn ergamaan isaairraa morme irraa dhabamsiisuudha. Faallaa isaa isaa guutuu ta’e amanuudha. Ammas amalli Rabbii amala dhugaa kan uumamaatin wal-hin fakkaanne jedhani amanuu dha.

*Tahriifni (jijjiiruun*): jecha tokko ragaadhaan maletti hiika dafee namatti mul’atu irraa jijjiiruudha (sookoo irraa soorgootti jijjiiruu dha).



Fkn: harka Rabbii lachan gara dandeettii ykn tola ooluutti jijjiiruu, ol ta’e kan jedhu gara mo’ate jedhutti jijjiiruu, hiika kolfaa gara mindaatti jijjiiruu fi kkf. Ashaa’iraanii fi kan biroos kana dalagaa turani. Kun maqaa fi aayata Rabbii jallisuu dha. Ragoolee amala Rabbii dhubbatan hiika biraatti hiiku. Hiika isaa filatamaa irraa ragaan malee gara hiika dadhabaatti jijjiiru. Ragaan isaanii yaada namaatii fi wal fakkaattuu sammuun kaasu malee hin jiru. Dhugaa ishee yoo ilaalle dubbii wal fakkaataa afaanii kan filooshoofi Giriikii irratti hundoofteedha.Inni isaan ragoolee amala Rabbii dubbatanu dhugaa isaa irraa kaasan haasawuma Rabbii fi ergamaa isaa jijjiiruu dha.

*Hiikti ta’axiilaa (onsuu):* maqaa fi amala Rabbii kan dirqama ta’u cufa ykn garii isaa mormuu dha. Innis bakka lamatti qoodama.

1. Guutummaatti mormuu: kan akka jahmiyyootaa maqaa fi amala Rabbii cufa mormani.
2. Gartokkee mormuu: Warri akka Ashaa’iraa immoo garii amala Rabbii mormani akka isaanii ta’etti hiiku garii immoo ni raggaasisu.

Ummata kana keessaa namni jalqaba ta’axiilaan beekameJa’ad Ibnu Dirhami. Warri booda isaa dhufanii mormuun beekaman cufttinuu cufa waan inni fidee ykn garii isaa keessatti isa hordofaniiti.

*Hiikti takyiifa (akkaataa ibsuu)*: Akkataa amala isaa ibsuudha. Akka namichi harki Rabbii akkataan isaa akkana, akki inni samii dhuniyaatti bu’u akkana jechuu ti . Ala tokko tokko qobaa godhani yeroo biraammoo fakkidhaan walitti qindeessu. . Fkn bu’uinsi Rabbi akkaataan isaa akka roobni bu’u. Rabbin kana irraa olta’eera. Akkaataa fi fakkii walitti qabe.

*Hiikni fakkii gochuu*: waan tokkoof fakkaataa isaa raggaasisuu dha. Fkn harki Rabbii akka harka namaati jedha. Rabbiin kana irraa qulqullaa’eera.

**Qorannoo lammaffaa: Fakkeenya sifata Rabbii tokko tokko kan qur’aanaa fi hadiisa keessatti mirkanaa’e:**

Sifata Rabbii garbichi lakkaa’uu hin danda’u. Sababni isaas maqaan Rabbii cuftinuu sifata isaa qabdi. Garbichi immoo maqaa Rabbii

lakkaa'ee fixuu hin danda'u. Sababni isaas wanta Rabbiin filatee of biratti beekumsa gafoo kaa'etu jira. Sifatni Rabbii heddu qur'aanaa fi hadiisa keessatti dubbatameera. Ahlassunnaa wal jamaa'aan, sahaabonni rasuulaa fi ﷺ warri booda isaanii haala guddina isaatiif maluun raggaasisuu irratti waliigalaniiru. Sifaata Rabbii kana keessaa:

### 01 Ol ta'uu isaa:

Innis bakka lamatti qoodama: zaataan olta'uu fi amala isaatiin ol ta'uu dha.

Amala isaatiin ol ta'uu jechuun cufa amala guutuu irraa isa irra caalaa fi gararraa qaba jechuudha.

zaata isaatiin ol ta'uu jechuun immooRabbiin zaata isaatiin uumama cufaa oli jechuudha.

Ragaan kana akeeku immo qur'aana, hadiisa, waligaltee beektotaa fi haaluma uumamaati. Qur'aannii fi hadiisni ragaa Rabbiin uumama isaa cufaa ol ta'uu mirkaneessanuun guutamaniiru. Bifa heddunnis wanta kana akeekaniiru. Isaanis:

1. Uumaa isaa gararraa ta'uu ibsuun: 'min' kan afaan Arabaatti zaataan gararraa ta'uu akeektutti qindooftee dhufte. Rabbi akkana jedhe

﴿يَخَافُونَ رَبَّهُم مِّن فَوْقِهِمْ وَيَفْعَلُونَ مَا يُؤْمَرُونَ﴾ [النحل: ٥٠]

***"Gooftaa isaanii gararraa isaaniitti sodaatu."*** (annahl :15)

2. Ol ta'iinsa walii galaa kan sadarkaa olta'insaa cufa caaluun Rabbiin ibsan. Innis zaataan, sadarkaanis a'ee kabajaan ta'uu agarsisa. Rabbiin akkana jedhe

﴿وَهُوَ ٱلْعَلِيُّ ٱلْعَظِيمُ﴾ [البقرة: ٢٥٥]

***"Rabbiin ol ta'aa guddaa dha."*** (al-baqarah: 255).

Hadiisa keessatti akka ragga'eeti garbichi ogga sujuuda bu'ee qaamaisaa kabajamaa ta'e (fuula) Rabbiif jecha gadi qabee lafarra kaa'ee jedhu 'Rabbiin koo inni ol ta'aan qulqullaa'e' jechuutu isaaf karaa godhame. Rabbii ol ta'aafi guddaadhaa of xiqqessuu jecha osoo gadi jedheeqaama isaa gadi gombisee jiruu Rabbii isaa ol ta'iinsaan ibsa.





3. Samii keessa ta'uu isaa ibse. Samiitti kan fedhame gara oliiti. Rabbi Akkana jedhe:

﴿ءَأَمِنتُم مَّن فِي ٱلسَّمَآءِ﴾ [الملك: ١٦]

***"isa samii keessaa sila ni amantanii."*** (tabaaraka: 16).

Rasuullis ﷺ akkana jedan

«**ألا تأمنوني وأنا أمين من في السماء**». رواه البخاري ومسلم

**"maaloo isin na hin amantanuu anootii isa samii keessaa biratti amanamaadhaa?"** Bukhaarii fi muslimtu gabaase.

4. Wantootni gara isaatti olkoruu ibse. Rabbi akkana jedhe

﴿تَعْرُجُ ٱلْمَلَـٰٓئِكَةُ وَٱلرُّوحُ إِلَيْهِ﴾ [المعارج:٤]

***"malaa'ikaanii fi Jibriil gama isaatti olkoru."*** (al- ma'aarij: 4).

Ammas akkana jedhe

﴿إِلَيْهِ يَصْعَدُ ٱلْكَلِمُ ٱلطَّيِّبُ﴾ [فاطر: ١٠]

***"jechi gaariin gama isaatti kora."*** (faaxir: 10).

Ammas hadiisa mi'iraajii isa kallattii hedduun dhufe keessa jira. Hadiisicha keessa akkka jirutti rasuulaan ﷺ samii duuniyaatti koramee ammas sami lammaffaatti ol ba'e. Haaluma kanaan sidratul muntahaa samii torbaa ol jirtu dhaqqabe. Rabbiin isaan dubbatee salaata shantama dirqama itti godhe. Gara Muusaa samii jachaaffaa keessa jiruutti gadi bu'e. Akka inni gara Rabbiitti deebi'ee isaalaaffisuu gaafatu akeeke.Akka Rabbiin Isaaf laaffisu barbaacha gama isaa kore. Eeganaa Rabbion gara afurtamaatti laaffise. Oso isaan akkuma kana jidduu Rabbii fi Muusaa deddeebi'anu Rabbiin isaanii salphisee salaata shan taasise.

5. Kitaabonni isa biraa bubu'uu ibse.Ammas Jibril qur'aana fuudhee isa biraa bu'uu ibse. Bu'iitiin nama cufa birattuu kan beekamu gubbaadhaa gadi. Rabbi akkana jedhe

﴿وَٱلَّذِينَ يُؤْمِنُونَ بِمَآ أُنزِلَ إِلَيْكَ وَمَآ أُنزِلَ مِن قَبْلِكَ وَبِٱلْـَٔاخِرَةِ هُمْ يُوقِنُونَ﴾ [البقرة:٤]

***"Isaannan waan sirratti buufameefi waan siin dura buufametti amanan."*** (al-baqarah:4).

Ammas Rabbi akkana jedhe

﴿ قُلْ نَزَّلَهُ رُوحُ الْقُدُسِ مِن رَّبِّكَ ﴾ [النحل:١٠٢]

***"Afuura qulqulluutu Rabbii kee biraa isa buuse jedhi."*** (annahl: 102)

6. Halkan cufa akka Rabbiin gara samii duuniyaatti bu'u ibse. Sahiiha lachanii fi kan biraa keessatti akka sabatetti nabiyyii irraa ﷺ gabaasanii akkana jedhan

فقد ثبت في الصحيحين وغيرهما عن النبي ﷺ أنه قال: «**ينزل ربنا تبارك وتعالى كل ليلة إلى السماء الدنيا حين يبقى ثلث الليل الآخر، فيقول: من يدعوني فأستجيب له، من يسألني فأعطيه، من يستغفرني فأغفر له، حتى يطلع الفجر**». وهو حديث متواتر عنه ﷺ.

**"Rabbiin keenya qulqullaa'ee ol ta'e halkan cufa ogga tokko sadaffaan dhuma halkanii hafu hanga fajriin bahutti gara samii duuniyaatti bu'ee eenyu na waamnaan isaa owwaadha, eenyutu na kadhannaan Isaaf kenna, eenyutu dhiifama narra barbaadnaan Isaaf dhiisa jedha."** Haddiisni kun kallattii hedduun dhufe. Garii isaa keessammoo dhumatti.

«**ثم يصعد**».

**"Eeganaa ol kora."** jechuu qaba.

7. Jecha eessa jedhuun mul'isuu. Irra beekaan namaa kan namaaf hundarra gaarii yaadu hiika sirrii ta'e eenyurrayyuu ibsuu kan danda'anu rasuulli ﷺ garbittiidhaan

«**أين الله؟**» قالت: في السماء. قال ﷺ لسيدها معاوية بن الحكم: «**أعتقها، فإنها مؤمنة**». رواه مسلم

**"Rabbi eessa?"** jedhan. Isheenis Rabbi samii keessa jette. Rasuullisﷺ gooftaa ishee Mu'aawiyaa Ibnul Hakamiin **"Bilisoomsi. Isheen mu'uminaa."** jedhan. Muslimtu gabaase.

8. Qaama miiraatiin ol ta'uu isaa akeekan.Muslim sahiiha isaa keessatti Jaabir Ibnu Ablallah irraa akka gabaasetti rasuulli ﷺ:

قال في آخر خطبته يوم عرفة مخاطبا لجموع المسلمين: «**أنتم تسألون عني، فما أنتم قائلون؟**»، قالوا: نشهد أنك قد بلغت وأديت ونصحت. فقال بأصبعه السبابة يرفعها إلى السماء وينكتها إلى الناس: «**اللهم اشهد، اللهم اشهد**». ثلاث مرات.

dhuma khuxbaa isaanii guyyaa arafaa keessatti muslima cufaan dubbataa akkana jedhan **"Isin waa'ee koorraa gaafatamtuu maal jettanii deebiftu?** Jedhan. Sahaabonnis Ati ergaas




dhaqqabsiifteetta, ummataafis tola yaaddeetta jenna jedhan. Quba isaanii ishee abbudduutti aantu gara samii ol fuudhanii eegasii gara namaatti gadi qabanii **"yaa Rabbi ragaa ba'i, yaa Rabbi ragaa ba'ii."** yeroo sadi dedhan.

9. Rabbiin samii torbanii ol ta'uu ibsu. Akkuma Rasuulli ﷺ Sa'ad Ibnu Mu'aaziin ogga inni Banii Qurayzaa irratti namni lolaan haa ajjeefamu qabeenyii fi ilmaan isaanii immoo haa qoodamu jedhee murteessu

«**لقد حكمتَ فيهم بحكم الله الذي حكم به منفوق سبع سماوات**».

**"Dhugaatti murtee Rabbiin samii torban gubbaadhaa murteesee isaan keessatti murteessiteetta."** jedhan.

Gariin gurguddoo waa'ila imaamu shaafi'ii akka dubbatanitti ragaan Rabbiin zaata isaatiin uumama isaatii ol ta'uu akeeku ragaa kuma caala jedhan.

Ragooleeen shari'aa adda addaa kallattii hedduun kan dhufanii fi Rabbiin zaata isaatiin uumama isaatii ol ta'uu ifatti akeekan heddu dhufuu wajjin mu'axxiloonni kan akka mu'utazilaa fi hedduun ashaa'iraa amala kana Rabbiif hin mirkaneessine. Wal fakkaattota sammuun kaasu kan filoosoofii warra filoosoofara Giriikii irraa fudhatan ragaa shari'aa irra dursiisan.Sammuu namaayyi kan qur'aanaafi hadiisa irratti murteessitu taasisan. Kun jallina ifa galaadha. Imaamu shaafi'iin ogga akkana jedhu dhugaa dubbate

«ما أحد ارتدى بالكلام فأفلح».

*"Namni tokko ille filoosoofiidhaan gadi konkolaatee hin milkoofne."*

*Ragaan ijmaa'aa immoo*: sahaabonnii fi warri haala gaariitti isaan hordofan kan akka durabu'oota ahlassusnnaa Rabbiin zaata isaatiin uumamaa ol ta'uu fi gubbaa arshii ta'uu irratti walii galaniiru. Dubbiin isaanii kana keessatti heddu beekamaadha. Abbu Abdallahil Qurxubiin Rabbiin kallattii olii ta'uu isaa irratti walii gala salafaa himeera. Taabi'iin gaariin ImaamulAwzaa'iin akkana jedhe

"كنا والتابعون متوافرون نقول: إن الله تعالى ذكره فوق عرشه، ونؤمن بما جاءت به السنة من صفاته عز وجل".

*"Nutii fi taabi'oonni guutuun akkana jennature. Rabbiin guddaaan arshii oli amala isaa kan hadiisni dubbatetti ni amanna."*

Salafni tokkolle Rabbin samii keessa hin jiru, inni zaataan bakka cufa jira, bakki cufti isa biratti walqixa hin jenne.

*Ragaan uumamaa (fixraa) immoo*: namni cufti uumamuma isaarraa oggaa du'aa'ii fedhe harka isaa olfuudhee qalbiin isaas gara oliitti maxxanti. Rabbiin qalbii garbeeyyanii ogga du'aa'ii gara oliitti deebi'uu irratti uume. Kun immoo Rabbiin zaata isaatiin uumama isaa hundaa ol ta'uu agarsisa. (Sharhii Xahaawiyyaa fuula 390-392, Alibaanah kan Abil hasanil Ash'arii 2/107 fi Alhujjatu kan Asbihaanii 2/117)

## 02 Dubbachuu Rabbii

Rabbiin fedhii isaatiin waan fedhee fi akka itti fedhetti haasawa dhugaa ni dubbata. Sagalee fi jechaan dubbatee uumama isaa irraa abbaa fedhe ni dhageessisa. Dubbiin isaa kan dhugaa fi isaan maltuu dha. Ragaan kanaa immoo jecha Rabbiiti

﴿وَكَلَّمَ ٱللَّهُ مُوسَىٰ تَكۡلِيمًا﴾ [النساء:١٦٤]

***"Rabbiin Muusaadhaan dubbate dubbachuu."*** (annisaa'a:164)

Ammas jechi Rabbii

﴿تِلۡكَ ٱلرُّسُلُ فَضَّلۡنَا بَعۡضَهُمۡ عَلَىٰ بَعۡضٖۘ مِّنۡهُم مَّن كَلَّمَ ٱللَّهُۖ وَرَفَعَ بَعۡضَهُمۡ دَرَجَٰتٖ﴾ [البقرة: ٢٥٣]

***"Ergamoota kana garii isaanii garii irra ni caalchifne. Isaan keessaa nama Rabbin dubbateentu jira. Garii isaanii immoo sadarkaa olkaase"*** (al-baqarah:253)

Ammas jecha Rabbiitu ragaadha

﴿قُل لَّوۡ كَانَ ٱلۡبَحۡرُ مِدَادٗا لِّكَلِمَٰتِ رَبِّي لَنَفِدَ ٱلۡبَحۡرُ قَبۡلَ أَن تَنفَدَ كَلِمَٰتُ رَبِّي وَلَوۡ جِئۡنَا بِمِثۡلِهِۦ مَدَدٗا﴾ [الكهف:١٠٩]

***"Osoo garbi haasawa Rabbitiif qalama ta'ee, osoo haasaan Rabbii hin dhumin garbi dhuma. Ammas Osoo garba fakkii isaa finneeyis hinuma dhuma"*** (al-kahf:109)

Ragaan kanaa hadiisa irraa waan Abuu sa'idal khudriyyiin rasuula irraa ﷺ gabaasee akkana jedhe





«يقول الله عز وجل يوم القيامة: «يا آدم». فيقول: لبيك ربنا وسعديك. فينادِي بصوت: «إنَّ الله يأمرك أنْتخرج من ذريتك بعثا إلى النار». قال: يا رب وما بعث النار؟ قال: «منَ كل ألف تسعمائة وتسعة وتسعين». فحينئذ تضع الحامل حملها ويشيب الوليد وترى الناس سكارى، وما هم بسكارى، ولكن عذاب الله شديد. فشق ذلك على الناس حتى تغيرت وجوههم، وقالوا: أينا ذلك الواحد .. الحديث». رواه البخاري في صحيحه

***"Rabbiin guyyaa qiyaamaa yaa Aadam jedha. Aadamis Yaa Rabbi siif owwaadhee milkuunis keeti jedha. Rabbiin Sagaleen lallabee 'ilman kee irraa waan gara ibiddaa ergamu baasuu Rabbiin si ajaja' jedha. Yaa Rabbi wanti gara ibiddaa ergamu maali? Jedha. Rabbis kuma irraa dhibba sagalii fi sagaltamii sagal" jedha. Ogguu sana ulfiulfa ishee gatattee ijoolleen harrooftee namootni machaahanii argita.Isaan hin machoofnee garuu adaba Rabbiitu jabaadha". Dubbiin kuni namoota (sahaabota) irratti jabaannaan fuulli isaanii jijjiiramee eenyuu keenyatu tokkoon sanaree? rasuulaan Jedhani. Rasuullis ﷺ "Dhibbi sagalii fi sagaltamii sagal ya'ajuujii fi ma'ajuuji isintu tokkoon sana."*** jedhan. Bukhaariitu gabaase

Ammas kan Jaabir AbdallahIbnu Unays irraa gara rasuulaa dhaqqabsiisee odeesse keessatti

«يحشر الله العباد عُرَاةً غُرْلاً بُهْمَاً -أي ليس معهم شيء- فيناديهم بصوت يسمعه من بعد، كما يسمعه من قرب: أنا الملك أنا الديان».

***"Rabbiin garboota qullaa, kan dhagna hinmuratinii fi duwwaa taasisee kaasa. Sagalee namni fagoo jiru akka nama dhihoo jiruutti dhaga'uutiin itti lallabee mootiin ana jedha".***

Haasaa Rabbii keessaa tokko qur'aana. Innis amala Rabbii kan inni dubbateedha. Jibriiltu irraa dhaga'ee gara Muhammaditti ﷺ buuse. Inni Rabbiin biraa buufamaadha malee uumamaa miti. Ragaan qur'aanaa, hadisaa fi ijmaa'ii (Walii galteen beektootaa) kana akeeka.

Ragaan qur'aanaa jecha Rabbiiti

﴿فَأَجِرۡهُ حَتَّىٰ يَسۡمَعَ كَلَٰمَ ٱللَّهِ﴾ [التوبة: ٦]

***"hanga inni haasawa Rabbii dhaga'utti nagaa isa godhi"*** (attawbah:6)

Ammas jecha Rabbii

﴿الٓمٓ ١ تَنزِيلُ ٱلۡكِتَٰبِ لَا رَيۡبَ فِيهِ مِن رَّبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ﴾ [السجدة:١-٢]

***"Buufaminsi kitaabaa mamii tokko malee gooftaa aalaama biraayyi"*** (assajadah:2).

Ragaan hadiisaa immoo: Jaabir gabaasee akkana jedhe

«هل من رجلٍ يحملني إلى قومه، فإن قريشاً قد منعوني أن أبلّغ كلام ربي».

**"ergamaan Rabbii ﷺ bakka dhaabbii arafaatti namarra of fidee akkana jedha ture"** Namni gara tuuta isaatti nageessu hin jiruu. Qureyshiin haasaa Rabbii namatti dhaqqabsiisuu na dhorganiiruu".

Ijmaa'iin immoo: Taabi'in kabajamaan Amri Ibnu Diinaar akkana jedhee

أدركت أصحاب النبي ﷺ فمن دونهم منذ سبعين سنة، يقولون: القرآن كلام الله، منه خرج وإليه يعود.

*"Sahaabota Rasuulaa fi ﷺ warra isaan duubaa kan hanga waggaa torbaatamaa cufaa kan isaan qur'aanni haasaa Rabbiiti isarraa ba'ee garuma isaatti deebi'a jedhanun dhaqqabee dhaga'e."*

Ammas Haafiz Abuu Nasri Assajaziin kan bara 444A.H tti du'e qur'aanni sagalee fi jechaan haasaa Rabbii ta'uu irratti walii gala salafaa himeera. Abul Hasanil Ash'ariin qur'aanni haasaa Rabbiitimalee uumama miti jechun kana irratti walii galtee warra hadisaafi sunnaa dubbateera. (kitaaba isaa Maqaalaatil Islaamiyyiin 1/354 ilaali). Shakhul islaam Ibnu Taymiyaan akkana jedhe

"وليس في الأئمة والسلف من قال: إن الله لا يتكلم بصوت.

***"Dura bu'ootaa fi salafa keessa namni Rabbi sagaleen hin dubbatu jedhe hin jiru".***

Qur'aanni dhugaatti sagalee fi hiikti isaa haasaa Rabbiiti. Yeroo namni haasaa Rabbii kana dubbisu sagaleen namichaa uumama, garuu inni qara'amaaru (haasaan Rabbii) uumamaa miti. Akkasumas sagalee namticha qara'uu kannu dhageenyu uumama, garuu inni dhaga'amaa jiru immoo uumamaa miti. Ammas namichi oggaa haasaa Rabbii barrreessu barreeffamni uumama, garuu inni barreeffame immoo uumamaa miti.



## 03 Rabbiin Arshii ol ta'uu isaa

Jechi 'istawaa' jedhu yeroo booda isaatii 'alaa'n dhufe lugaa Arabaa keessatti hiikti isaa waan tokkoo ol ta'uu fi irratti ragga'uudha. Akkuma Rabbiin jedhee jiru

﴿وَٱلَّذِى خَلَقَ ٱلْأَزْوَٰجَ كُلَّهَا وَجَعَلَ لَكُم مِّنَ ٱلْفُلْكِ وَٱلْأَنْعَٰمِ مَا تَرْكَبُونَ ۝١٢ لِتَسْتَوُۥا۟ عَلَىٰ ظُهُورِهِۦ ثُمَّ تَذْكُرُوا۟ نِعْمَةَ رَبِّكُمْ إِذَا ٱسْتَوَيْتُمْ عَلَيْهِ﴾ [الزخرف: ١٢-١٣]

***"Rabbiin isa wantoota cimdii cufa uume. Doonii fi beeylada irraa immoo waan isin yaabbattanu isinii tolche. Akka isin dugda isaa irratti oltaatani eeganaa oggaa raggaatan tola Rabbii dubbattanuufi."*** (azzukhruuf: 13).

Hiikti istawaa qur'aanicha keesaati ol ta'uufi ragga'uudha. Ammas Rabbiin waa'ee doonii Nuuhii irratti akkana jedhe

﴿وَٱسْتَوَتْ عَلَى ٱلْجُودِىِّ﴾ [هود: ٤٤]

***"Dambaliidhaa ol taate."*** (huud:44).

Hiikti isaa tabba dambalii irratti raggaate jechuudha. Ammas jecha Rabbii keessatti

﴿فَإِذَا ٱسْتَوَيْتَ أَنتَ وَمَن مَّعَكَ عَلَى ٱلْفُلْكِ﴾ [المؤمنون: ٢٨]

***"Atii fi namni sii wajjin jiru oggaa doonii irratti ol taatanii."*** (al-mu'uminuun:28)

oggaa irratti raggaate jechuudha.

Arshii jechuun akka lugaatti siree mootiiti. Rabbiin waa'ee Bilqiis irratti akkana jedhe

﴿وَلَهَا عَرْشٌ عَظِيمٌ﴾ [النمل: ٢٣]

***"Isheen siree guddaa qabdi"*** (annaml:23).

Arshii ol ta'uun Rabbii kun olta'iinsaa fi ragga'iinsa dhugaa Rabbiin maluu dha. Ol ta'insi Rabbii kun ol ta'iinsaa uumamaa hin fakkatu. Rabbin Arshii ol ta'uun isaa amala isaa kan dalagaa ishee qur'aanni, hadisnii fi walii galteen salafaa akeekteedha. Ragaan qur'aanaa jecha Rabbiiti

﴿إِنَّ رَبَّكُمُ ٱللَّهُ ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ فِى سِتَّةِ أَيَّامٍ ثُمَّ ٱسْتَوَىٰ عَلَى ٱلْعَرْشِ﴾ [الأعراف: ٥٤]

***"Gooftaan keessan Allaahii isa samii fi dachii uumee eeganaa arshii ol ta'e."*** (al-a'araaf :54)

Ammas ragaan jecha Rabbiiti

﴿ٱلرَّحۡمَٰنُ عَلَى ٱلۡعَرۡشِ ٱسۡتَوَىٰ﴾ [طه: ٥]

***"Rahmaan arshii ol ta'e"*** (Xaahaa :5).

Ragaan hadiisaa immoo:

1. Hadiisa Ibnu Abbaas ﷺ nabiyyii irraa gabaase keessatti rasuulli ﷺ waa'ee qiyaamaa dubbatee akkana jedhe

   «فآتي باب الجنة فيفتح لي، فآتي ربي تبارك وتعالى وهو على كرسيه أو سريره، فأخر له ساجداً».

   **"Balbala jannataa dhufnaan naa banama. Rabbii kootii kursiyyii ykn Arshii isaa irra jiruun gara isaa dhufa. Sujuudan isaaf bu'a."**

2. Ammas kan Abuu Hureyraan Rasuula irraa ﷺ gabaase keessatti akkana jedhan

   «إن الله تعالى خلق السموات والأرضين وما بينهما في ستة أيام، ثم استوى على العرش».

   **"Rabbiin sami, dachiiwaanii fi waan gidduu lamaani guyyaa ja'a keesatti uume eeganaa arshii ol ta'e."**

3. Hadiisa Jubeyr Ibnu Mux'im keessatti Rasuulli ﷺ waa'ee Rabbii isaanii dubbatanii

   « إنه لفوق عرشه على سماواته».

**"Rabbin gubbaa arshii isaa samidhaa ol jira"** jedhan.

Haafizni Usmaan Ibnu Abii Shaybah kan bara 297 A.H tti du'e akkana jedhe

"تواترت الأخبار أن الله تعالى خلق العرش فاستوى عليه بذاته".

***"oduun kallattii hedduun nutti dhufte Rabbiin arshii uumee zaata isaatin isaa ol tahe kan jedhuu dha".***

Salafoonni ummata kanaa sahaabaa dhaa eegalee warri booda isaaniis Rabbin arshi ol ta'uu irratti walii galaniiru. Salafni tokko illee Rabbiin arshii olii miti hin jenne. Wali galtee salafaa fi cufa ahlasunnaa kan Rabbiin arshii ol ta'uu irratti isaan walii galan heddun namoota durii fi boodaas himaniiru.





## 04 Fuula Rabbii

Fuulli sifata Rabbii kan zaataati. Qur'aana, hadisaafi walii galtee salafaatiin kan mirkanaa'eedha. Rabbin akkana jedha

﴿كُلُّ مَنۡ عَلَيۡهَا فَانٍ ٢٦ وَيَبۡقَىٰ وَجۡهُ رَبِّكَ ذُو ٱلۡجَلَٰلِ وَٱلۡإِكۡرَامِ﴾ [الرحمن:٢٦-٢٧]

***"cufti nama isheerraa (duuniyaarraa) dhumaadha. Fuulli gooftaa keetii abbaa guddinaa fi kabajaa ni hafa."*** (arrahamaan: 26-27).

Rasuulli ﷺ waa'ee Rabbii keessatti akkana jedhan

«حجابه النور، لو كشفه لأحرقت سبحات وجهه ما انتهى إليه بصره من خلقه». رواه مسلم

**"Haguuggiin isaa ifa. Osoo isa saaqee ifti fuula isaa uumama isaa waan ijjisaa itti dhaqqabe hunda ni gubdi"** Muslimtu gabase.

Hadisa Haarisal Ash'arii keessatti rasuula ﷺ dhaqqabsiisee

«وإذا قمتم إلى الصلاة فلا تلتفتوا، فإن الله يقبل بوجهه إلى وجه عبده».

***"ogga salaataaf dhaabbattan hin mil'atinaa Rabbiin fuula isaatiin gara fuula garbicha isaatti gara gala".***

Salafoonni cufti akka Rabbi fuula qabu irratti walii galaniiru. Isheenis amala dhugaa kan guddina Rabbiitiin maltuudha. Amala uumamaa hin fakkaattu. Imaamu Abuu Haniifaan fiqhal akbar keessatti akkana jedhe

"له يد ووجه ونفس، كما ذكر تعالى في القرآن من ذكر اليد والوجه والنفس، فهو له صفات بلا كيف".

*"Rabbiin harka, fuulaa fi Nafsii qaba. Akkuma Rabbiin qur'aana keessatti waa'ee harkaa, fuulaa fi nafsii dubbate isaan amala Rabbiiti. Akkaataan isaanii immoo hin beekamu"*

## 05 Harka Rabbii lachan

Adeemsi Ahlassunnaa wal jamaa'aa Rabbiin harka lama qaba jechuudha. Harka dhugaa ta'e guddina Rabbiitiin malu, Kan uumamaatiin wal hin fakkaanne dha jedhanii amanu. Harki sifata Rabbii zaataa ta'ee kan qur'aana, hadisaa fi ijmaa'a salafaatiin mirkanaa'eedha. Rabbiin shayxaana rahmata irraa fageeffameen dubbatee akkana jedhe

﴿مَا مَنَعَكَ أَن تَسۡجُدَ لِمَا خَلَقۡتُ بِيَدَيَّ﴾ [ص:٧٥]

***"maaltu waan an harka kiyya lachaniin uumeef sujuuduu si dhorge"*** (Saad:75).

Abdallah Ibnu Mas'uud irraa akka gabaafametti ni jedhe

عن عبدالله بن مسعود ﵁ قال: جاء حبر إلى النبي ﷺ فقال: يا محمد! أو يا أبا القاسم! إن الله تعالى يمسك السماوات يوم القيامة على إصبع، والأرضين على إصبع، والماء والثرى على إصبع، وسائر الخلق على إصبع، ثم يهزهن فيقول: أنا الملك، فضحك رسول الله ﷺ تعجبا مما قال الحبر، تصديقا له، ثم قرأ: ﴿وَمَا قَدَرُوا۟ ٱللَّهَ حَقَّ قَدْرِهِۦ وَٱلْأَرْضُ جَمِيعًا قَبْضَتُهُۥ يَوْمَ ٱلْقِيَـٰمَةِ وَٱلسَّمَـٰوَٰتُ مَطْوِيَّـٰتٌۢ بِيَمِينِهِۦ ۚ سُبْحَـٰنَهُۥ وَتَعَـٰلَىٰ عَمَّا يُشْرِكُونَ﴾ [الزمر: ٦٧]. رواه البخاري ومسلم

"Qeesiin yahuudaa tokko gara nabiyyii ﷺ dhufee yaa Muhammad ykn yaa Abal qaasim jedhe. Rabbiin guyyaa qiyaamaa samii quba irratti dachii qubairratti, bishaaniifi biyyoo quba irratti, uumama biraa quba irratti qabee eegasii isaan urgufee mootiin ana jedha. Waan qeeshichi jedhe dinqifatanii fi dhugumeessanii ergamaan Rabbii ni kolfan. Eegas aayata kana qara'e ***"Dhugaa guddina isaa Rabbiin hin guddifne. Dachiin cufti guyyaa qiyaamaa qabaa isa keessa. Samiiwwan mirga isaatiin maramtuudha. Wanta isaan qindeessanu irraa Rabbin qulqullaa'ee ol ta'eera."*** (azzuumar: 67)**.**" Bukhaarii fi mushimtu gabaase.

عن عبدالله بن مقسم أنه نظر إلى عبدالله بن عمر كيف يحكي رسول الله ﷺ، قال: قال رسول الله ﷺ: «**يأخذ الله عز وجل سماواته وأرضيه بيديه، فيقول: «أنا الله»، ويقبض أصابعه ويبسطها؛ «أنا الملك»**. حتى نظرت إلى المنبر يتحرك من أسفل شيء منه، حتى إني لأقول: أساقط هو برسول الله ﷺ. رواه مسلم.

Abdallah Ibnu Muqsix irraa akka odeeffametti Abdallah Ibnu Umar kan inni rasuula Rabbii ﷺ himun ilaale jedha. Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhan: **"Rabbiin samiiwwanii fi dachiiwwan isaa harka isaa lamaaniin qabee gabbaramaan ana jedha" Qubbeetii isaani haboottatanii deebisanii diriirsan 'Animootii dha' jedha."** jedhan. Mimbariin jaleen isaa kan inni ergamaa Rabbiitiin socho'u argee maal ergamaa Rabbiitiin jigaa jira hanga an jedhu tokko socho'e. Muslimtu gabaase.

Salafni ummata kanaa akka Rabbiin harka haqiiqaalama kan harka uumamaa hin faakkaanne qabu walii galaniiru.

## 06 Jaalala.

Jaalalli amala Rabbii qur'aana, hadisaafi ijmaa'a salafaatin isaa mirkanoofteedha. Rabbiin akkana jedha





﴿فَسَوْفَ يَأْتِى ٱللَّهُ بِقَوْمٍ يُحِبُّهُمْ وَيُحِبُّونَهُۥٓ﴾ [المائدة:٥٤]

***"siichuu Rabbiin tuuta isaan jaallatuu fi isaanis isa jaallatanu fida"*** (al-maa'idaa: 54)

Rasuulli ﷺ akkana jedhan

«**إذا أحب اللهُ العبدَ نادى جبريل: إن الله يحب فلاناً فأحببه، فيحبه جبريل، فينادي جبريل في أهل السماء: إن الله يحب فلانا فأحبوه، فيحبه أهل السماء، ثم يوضع له القبول في الأرض، وإذاأبغض الله عبداً...**». رواه البخاري ومسلم

**"Rabbiin ogga garbicha tokko jaallate Jibriilitti lallabee Rabbiin abuluun jaallataa atis isa jaalaadhu jedha. Jibriilis isa jaallata. Warra samii keessatti lallaba. Rabbiin abaluun ni jaallataa isinis jaalladhaa jedhaan. Warri samiis isa jaallata. Eeganaa dachii keessa qeebaltiin isaaf kaayamti."** Bukhaarii fi muslimti gabaase.

Ammas isaanumalachan keessatti ergamaan Rabbii ﷺ guyyaa khaybar akkana jedhan

وفي الصحيحين أيضاً عن النبي ﷺ أنه قال يوم خيبر: «**لأُعطيَنَّ الراية غداً لرجل يحب الله ورسوله، ويحبه الله ورسوله**».

**"Guyyaa borii alaabaa namticha Rabbii fi rasuula jallatuufi, Rabbii fi rasuullis isa jaallatanuufanin kenna."** jedhan.

Akka Rabbiin amala jaallachuu qabuu fi amalli kun haqiiqaa kan taate amala ummamaa hin fakkaanne, Rabbiin uumama isaarraa abbaa fedhe ni jaallata jechuu irratti salafonni walii galaniru. Amaloonni heddu kan nuti hin dubbatin qur'anaa fi hadisaan ykn tokkoon isaanitii fi ijmaa'a salafaatiin mirkanaa'ee isheefi ragaa ishee dubbachuu keessatti kan dheeratutu jira. Isaanis: uumuu, nyaachisuu, jaalala, kolfa dallansuu, jabina, beekumsa, haqa, yeelloo (qaanfii), bareeduma, dilaawoo irraa haaloo bahachuu, bu'uu, diina isaatti maluu, nama isa gowwoomse gowwoomsuu, ija, qubbeetii, koomee, mu'umintootni guyyaa qiyaamaa isaa arguufi kan biroollee heddutu jiru.

## Qorannoo sadaffaa: Bu'aa maqaa fi sifaata Rabbiitti amanuun qabu:

Garbichi maqaa Rabbii fi sifaata isaa beekuun, hiikaawwan isaanii beekuun, isheen amala dhugaa guddina Rabbiitiin maltu kan amala uumamaa hin fakkaanne jedhee amanuun milkuu duniyaa fi akhiraa isaaf argamsiisa.

Namni isheetti hin amanin ykn akka isaa ta'utti hiikee hiika isaa isa dhugaa irraa jijjiire, milkuu dhabe. Garbichi maqaa fi amala Rabbiitti amanuun bu'aa heddu qaba. Isaan keessaa harka guddaa kan barbaachisan:-

1. Bu'aan guddaan maqaa fi sifaata Rabbiitti amanuun qabu:- Amala hir'uu fi fokkattuu irraa Rabbiin qulqulleessuu, amala guutuu Rabbiin maltuun isaa ibsuu, amala uumama dadhabaatiin wal fakkeenya ishee dhabamsisuu fi maqaa gaggaarii Rabbiif mirkaneessuudha.
2. Namni 'irra darbaa', 'dhiisaanii' fi 'mararfataan' maqaa Rabbii ta'uu baree akkasumas warra dilaa'oo dhisuun, mararfachuunii fi irra darbuun amala isaa ta'uu bare akka inni rahmata Rabbii irraa garaa hin murree fi akka qomti isaa rahmataa fi dhiifama Rabbii isaa kajeeluuf bal'atu taasisa.
3. Namni 'adabni jabaan, yeroo daangaan isaa diigamte inaafuunii fi dallansuun amala Rabbii ta'uu bare Rabbiin nama isa dide irraa haaloo ba'ataa beeke, wanti kun Rabbiin sodaachuutti isa kaasee dilii irraa isa fageessa.
4. mu'uminni yeroo al-qawiyyi (jabaa), 'al-qadiir' (danda'aa) fi 'al-aziiz' injfataan maqaa Rabbii ta'uu bare Rabbiin mu'umintoota ni tiksa, ni gargaara jechuu beekee akka inni Rabbitti hirkatu isa godha. Gargaarsa isaatti amanata, diinaisaarraa hinsodaatu, ijji isaa itti tolee tika, jabeessuu fi gargaarsa Rabbiitti amanee jiraata.
5. Namni qalbii isaa keessatti 'al-basiir' argaa'n maqaa Rabbii ta'uun ragga'ee ammas Rabbiin mixii gurraattii halkan dukkana keessa dhagaa gurraacha irra deemtu arga jechuu baree, akkasumas raqiibii fi atiid (qeexaa fi beekaan) maqaa Rabbii ta'uu beeke, Rabbiin niyyaa garbichaa fi shakkii lubbuu isaanii beeka jechuu bare wanti kun badii irraa fagaachuu, akka Rabbiin bakka isa dhorgutti isa hin argine, waan hojjatuu fidhiisu keessatti Rabbiin ofirratti qeexuutti isa kaasa.
6. Namni amala Rabbii baree itti majanfate waan inni sodaatu irraa Rabbiin isa eega.
7. Namni maqaa fi amala Rabbii baree isaan gara Rabbiitti dhihaate Rabbiin du'aa'ii isaa qeebala.Waan barbaachisaa haajomu argatee, wanti inni sodaatu isarraa deebi'a. Bu'aan maqaafi amala Rabbiitti amanuu an fide kun bahrii keessaa copha tokko.





# ULAA SADAFFAA
# WANTOOTA TAWHIIDA DIIGANU

*Kutaa saditu kana keessa jira.*

**Kutaa duraa: Shirkii Guddaa**

Kutaan kun Qorannoo lama of keessaa qaba.

**Qorannoo duraa: Hiikaa fi hukmii isaa**

Osoo hiika shirkii hin dubbatin dura garaa garummaa diigdota tawhiidaa fi hir'istoota isaaniin dubbadha.

Diigdonni tawhiidaa wantoota yeroo nama biratti argaman namichi cufumatti amantii keessaa bahu. Sababa isheetiin kaafira ykn nama diinii Islaamaa irraa deebi'e ta'a.Isheen kun gosa heddu. Garuu shirkii guddaa, kufrii guddaa fi nifaaqa guddaa (qalbii) keessaatti walitti qabamti. Hir'iftoonni tawhiidaa immoo wantoota guutuu ta'uu isaa dhorganii guutummaa guutuutti immoo hin dhabamsiifneedha. Yeroo Muslima biratti argamte tawhiida isaa balleessitee iimaana isaa hir'ifti. Amantii Islaamaa irraa hin ba'u.

Wantootni kun dilii warra sadarkaa shirkii guddaa,kufrii guddaa fi nifaaqa guddaa hin dhaqqabneedha. Matootiin isaanii wantoota shirkii guddaatti dhaqqabsiisanu,shirkii xiqqaa, kufrii xiqqaa ,nifaaqa xiqqaa fi bida'aadha.

**Hiika shirkii guddaa:** shirkiin akka lugaa Arabaatti walitti qindeessuu akeekti. Wanti tokko nama lamaaf qixxee ta'ee,namni tokko ittiin kophaa bahuu dadhabuudha.

**Tumaa shari'aa keessatti immoo:** namni tokko Rabbiif qindii tolchee, rubuubiyyaa, uluuhiyyaa fi, maqaa fi amala isaa keessatti itti qixxeessuudha.

**Hukmii isaa:** Shirkiin waan hunda irra dilii guddaa kan Rabbi ittiin dileeffamuudha. Dilii hunda irra guddaadha. Zulmii hundaa ni

caala. Sababni isaas shirkiin haqa Rabbii qulqulluu ta'e waan biraatiif kennuudha. ykn amala kan Rabbii qofa ta'een waan biraa ibsuudha. Rabbi akkana jedha

﴿إِنَّ ٱلشِّرْكَ لَظُلْمٌ عَظِيمٌ﴾ [لقمان: ١٣]

***"Shirkiin miidhaa guddaadha."*** (luqmaan:13)

kanaafuu shari'aan adaba heddu irratti murteesse. Isaanis:

1. yoo namichi osoo hin toobatin du'e Rabbi isaa hin dhiisu. Rabbi akkana jedha

   ﴿إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَغْفِرُ أَن يُشْرَكَ بِهِۦ وَيَغْفِرُ مَا دُونَ ذَٰلِكَ لِمَن يَشَآءُ﴾ [النساء: ٤٨، ١١٦]

   ***"Rabbiin isatti qindeessuu hin dhiisu, waan isaa gadii immoo abbaa fedheenidhiisa."*** (annisaa'i:116)

2. Namni isa hojjatu karaa Islaamaa irraa bahaadha. Dhiignii fi qabeenyi isaas eeyyamamaadha. Rabbi akkana jedha

   ﴿فَإِذَا ٱنسَلَخَ ٱلْأَشْهُرُ ٱلْحُرُمُ فَٱقْتُلُوا۟ ٱلْمُشْرِكِينَ حَيْثُ وَجَدتُّمُوهُمْ وَخُذُوهُمْ وَٱحْصُرُوهُمْ﴾ [التوبة: ٥]

   ***"Yeroo jiini kabajaa qabu ba'e mushrikoota bakkuma argitanitti ajjeesaa. Isaan qabaatii irra marsaa."*** (attawbah:5)

3. Rabbiin mushrika irraa hojii hin qeebalu. Wanti inni duraan dalage immoo dhukkee faca'aa ta'a. Rabbiin waa'ee mushrikaa irratti akkana jedha

   ﴿وَقَدِمْنَآ إِلَىٰ مَا عَمِلُوا۟ مِنْ عَمَلٍ فَجَعَلْنَٰهُ هَبَآءً مَّنثُورًا﴾ [الفرقان: ٢٣]

   ***"Garawanta isaan dalaganii dhufneedhukkee facaafamaa taasifne."*** (alfurqaan:23).

Ammas Rabbi akkana jedha

﴿لَئِنْ أَشْرَكْتَ لَيَحْبَطَنَّ عَمَلُكَ وَلَتَكُونَنَّ مِنَ ٱلْخَٰسِرِينَ﴾ [الزمر: ٦٥]

***"Yoo ati Rabbitti qindeessite dalagni kee ni badaa atis warra hongaa'u irraa taata."*** (azzumar:65).

1. Muslimni mushrika fuuchuun dhorgaadha,akkasumas muslimtittiin mushrikatti heerumuun hin t'u. Rabbiin akkana jedha

   ﴿وَلَا تَنكِحُوا۟ ٱلْمُشْرِكَٰتِ حَتَّىٰ يُؤْمِنَّ ۚ وَلَأَمَةٌ مُّؤْمِنَةٌ خَيْرٌ مِّن مُّشْرِكَةٍ وَلَوْ أَعْجَبَتْكُمْ ۗ وَلَا تُنكِحُوا۟





ٱلْمُشْرِكِينَ حَتَّىٰ يُؤْمِنُوا۟ ۚ وَلَعَبْدٌ مُّؤْمِنٌ خَيْرٌ مِّن مُّشْرِكٍ وَلَوْ أَعْجَبَكُمْ﴾ [البقرة: ٢٢١]

***"Hanga isaan amananutti mushirika hin fuudhinaa. Osoma isheen isin mararteeyyuu garbittii Rabbitti amantetu caalti. Haga isaan amananutti mushirika hin fuusisinaa. Osoma isin marareeyyuu garbicha mu'iminatu caala."*** (al-baqarah:221)

2. Mushirikni ogga du'e hin dhiqamu,hin kafanamu, irratti hin sagadamu, qabrii muslimaa keessattis hin qabaramu. Boolla nama irraa fagootu qoonfaramee akka nama hin rakkifneef keessa awwaalama.

3. Jannata seenuun isa irratti dhorgaadha. Ibidda gubaa keessatti hafa. Kanarraa Rabbiin nageenya kadhanna. Rabbiin akkana jedha

   ﴿إِنَّهُۥ مَن يُشْرِكْ بِٱللَّهِ فَقَدْ حَرَّمَ ٱللَّهُ عَلَيْهِ ٱلْجَنَّةَ وَمَأْوَىٰهُ ٱلنَّارُ ۖ وَمَا لِلظَّٰلِمِينَ مِنْ أَنصَارٍ﴾
   [المائدة: ٧٢]

   ***"Namni Rabbitti qindeesse Rabbiin jennata isarratti dhorgaa godheera.Qubsumni isaa ibidda warra lubbuu ofii miidhan namni tumsu hin jiru."*** (al-ma'idah:72)

**Qorannoo lammaffaa: qoodaa shirkii guddaa.**

Shirkii guddaan bakka gurguddoo saditti qoodama. Isaanis:

**Qodaa duraa:** *shirkii rubuubiyyaa:*

Innis waan Rabbiin malee jiruuf mootummaa, wantoota jijjiruu, uumuu fi nyaachisuu of danda'e Rabbii wajjin kennuudhaafi.

*Gosa shirkii qoodaa kana keessa jiru:*

1. Shirkii kiristaanotaa warra Rabbiin sadeessituu sadiiti jedhanuuti. Ammas shirkii majuusaa warra waan gaarii uumamu ifatti hirkisanu. Ifti isaan biratti gooftaa faarfamaadha. Waan hamtuu ta'e immoo dukkanatti hirkisu.

2. Shirkii qadariyyootaa warra namni dalagaa isaa ofiif uummata jedhanu.

3. Shirkii heddu kan suufiyyootaa fi Raafidaa warra daangaa dabree qabrii gabbaruu lubbuun nama du'ee eega du'aatii sosochootee

haajaa baafti,rakkoo furti ykn gariin sheekolee isaanii tokko tokko uumama kana jijijjiruu ykn osoma fagoo jiraatee nama isa birmachiifateef ni birmatu jedhanii amanu.

4. Urjii irra rooba barbaaduu: kunis kan ta'u urjiitu burqaa bishaaniiti,ykn fedhii Rabbiitiin malee Rooba buufti jedhanii amanuudha. Kan sana caalu immoo uumama kana uumuun, nyaachisuun,jiraachisuun, ajjeesuun, fayyisuun, dhukkubsuun, bu'aan yknyaatamsiisuun garagaggalchiti jedhanii amanuudha. Kun hundinuu shirkii guddaadha. Rabbi akkana jedhe

﴿وَتَجۡعَلُونَ رِزۡقَكُمۡ أَنَّكُمۡ تُكَذِّبُونَ﴾ [الواقعة: ٨٢]

***"galata rizqii keessanii (urjiif) taasiftanii tola Rabbii sobsiiftani."*** (al-waaqi'ah:82)

Hikti isaa galata Rabbiin rooba isiinii kenne urjiif taasiftu jechuu dha. Ni sobsiiftu jechuun gara biraatti hirkiftu jechuudha.Rasuulli ﷺ akkana jedhan

«أربع في أمتي من أمر الجاهلية لا يتركونهن: الفخر في الأحساب، والطعن في الأنساب، والاستسقاء بالنجوم، والنياحة». رواه مسلم

**"wanti afur ummata koo keessa jiru gocha wallaalooti.Garuu isaan hin dhiisanu. Sadarkaan dhaaddachuu,gosaan wal xureessuu,urjiirra rooba barbaaduu fi (du'aa irratti) iyyuudha."** muslimtu gabaase.

**Qoodaa lammaffaa:** *shirkii maqaa fi amala Rabbii keessatti argamu.*

Innis maqaa fi amala isaa keessatti Rabbiif fakkii gochuudha. ykn amala uumamaatiin Rabbiin ibsuudha. Namni maqaa Rabbiitiin waan biraa moggaasee wanti kun waan maqaan kun akeeke, sifata dhuunfaa Rabbii ta'een ni wassafama jechuu yoo amane, ykn amala Rabbii kan dhuunfaa isaa ta'een isa ibse namichi kun maqaa fi amala keessatti Rabbitti qindeesseera. Ammas namni amala uumamaatiin Rabbiin ibse amala Rabbii keessatti itti shaarrakeera.

Bifa shirkii kanaa:

Fagoo (gaybii)'n beeka jechuun ykn namni Rabbiin male jiru tokko




gaybii beeka jechuun Rabbitti qindeessuudha. Wanti uumamni hundi itti hin dhaqqabiin qaama miiraa shanaan keessaa waan tokkon beekuu hin dandeenye beekumsa fagoo (gaybii) ti. Rabbiin guddate akkana jedhe

﴿وَعِندَهُۥ مَفَاتِحُ ٱلۡغَيۡبِ لَا يَعۡلَمُهَآ إِلَّا هُوَ﴾ [الأنعام: ٥٩]

***"Bantuun (furtuun) fagoo isa qofa bira. Isa malee eenyunuu ishee hin beeku."*** (al-an'aam:59).

Nabiyyii isaatiin akkana jedhe

﴿قُل لَّآ أَمۡلِكُ لِنَفۡسِي نَفۡعٗا وَلَا ضَرًّا إِلَّا مَا شَآءَ ٱللَّهُۚ وَلَوۡ كُنتُ أَعۡلَمُ ٱلۡغَيۡبَ لَٱسۡتَكۡثَرۡتُ مِنَ ٱلۡخَيۡرِ وَمَا مَسَّنِيَ ٱلسُّوٓءُ﴾ [الأعراف: ١٨٨]

***"Ani yoo Rabbiin fedhe malee lubbuu kootii bu'aa fimiidhaa hin qabu jedhi. Osoon fagoo beekee silaa toltuun baay'ifadha hamtuun nahin tuqxu."*** (al-a'araaf:188).

Ammas nabiyyii isaatiin akkana jedhe

﴿قُل لَّآ أَقُولُ لَكُمۡ عِندِي خَزَآئِنُ ٱللَّهِ وَلَآ أَعۡلَمُ ٱلۡغَيۡبَ﴾ [الأنعام: ٥٠]

***"Manni kuusaa Rabbii ana bira isiniin hin jedhu fagoos illee hin beeku jedhi."*** (al-an'aam:50).

Namni uuumamni tokko fagoo beeka jedhe shirkii guddaa karaa Islaamaa irraa baasu keessa seeneera. Sababni isaas beekumsa fagoo isa amala Rabbii dhuunfaa ta'e keessatti waa isaan qixxaata waan jedheefi.

*Fakkeenya shirkii beekumsa fagoo himachuun argamu*:

A) Nabiyyoonni ykn waliyyiinii fi saalihoonni tokko tokko fagoo beeku jedhanii amanuu dha.Amanteen kun Raafidaa warra achi fagaatee fi suufiyyoota achi fagaatan tokko tokko keessatti argama. kanaafuu nabiyyootaa fi saalihoota du'an qabrii isaanii irraa fagoo taa'anii kan isaan birmachiifatanu argita.Namoota fayyaa tokko tokkos kan isaan irraa fagoo jiranu wammatu. Cufti isaaniituu haala keenya beeku dubbii keenya dhaga'u jedhanii amanu. Kun cuftinuu shirkii guddaa amantii Islaamaa irraa baasuu dha.

*B) Qaalluu bu'uu*: qaalluun namtichawaan fagoon beeka jedhee himatu. Kan isa fakkaatu ykn itti dhihaatu 'arraafa' (waa himtuu), warra cirracha funaanuu fi kkf.Namni waan isarraa fagoo ta'e osoo wanti tokko itti hin himin nan beeka jedhe, waan siichi uumamu osoo

hin uumamin nan beeka jedhe inni mushirika shirkii guddaa qabu. Wanta kana kallattii cirachaan tattaraarsuutiin, sagalee abaajaad'n, dachii irra mummuruun, harka irraa dubbisuun,finjillaata ykn siinii keessa ilaaluun ykn gara biraatiiniis namni nan beeka jedhe cuftinuu shirkii guddaa keessa seeneera. Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhan "namni hixaa badaa ilaallate ykn isaaf ilaalame, qaalluu bu'eykn isaaf bu'ame,falfala falfalate ykn isaa falfalamecufti nurraayyii miti.Namni gama qaalluu dhaqee waan inni jedhu dhugoomse waan Muhammad irratti ﷺ buufametti kafareera."

C) *Falfaltoonnii fi qaalluun ghaybii beekti jedhanii walaallonni tokko tokko ni amanu, ykn waan siichi uumamu beekna jennaan dhugoomsu*: Namni kana amane ykn nama himatu dhugoomse kufrii fi shirkii karaa irraa baasu keessa seeneera. Rasuula irraaﷺ akka ragga'etti akkana jedhan

«ليس منا من تَطيَّر أو تُطيِّر له، أو تَكهَّن أو تُكُهِّن له، أو سَحَر أو سُحِرَ له، ومن أتى كاهناً فصدَّقه بما يقول فقد كفر بما أُنزل على محمد ﷺ».

**"namni qaalluu ykn waa himtuu bira dhaqee waan inni jedhu dhugoomse waan Muhammad irratti bu'etti kafareera."**

D) *Urjii bu'uu:* Haala Orbitii ilaalee waan gara fulduraatti lafa irratti uumamuuf ragaa godhachuudha. Kunis kan ta'u namichi kun urjii ilaaleeti waan fulduratti dachii irratti uumamu, tumsamuu ummata tokkoo,cabuu kan biroo, namni tokko nyaatamuu, kan biraa buufachuu fi kkf himachuudha. Kun immoo mamii tokko malee ghaybii beeka jechuudha. Innis Rabbitti qindeessuudha. Wanta warri nama gowwoomsuufi kijibdoonni hojjatanu keessaa urjii cuftinuu nama dhalate tokko irratti ga'ee of danda'aa qaba jedhu. Fkn Ebaluun buruuja akkasiitiin dhalate ni milkaa'aa Ebaluun buruuja akkasiitiin dhalate immoosalphataa dha jedhu. Kun cuuftinuu kijiba. Wallaalaafi gowwaa male namni kana dhugoomsu hin jiru.Sheykni Ibnu Useymin akkana jedhan

«فهذا اتخذ تعلُّم النجوم وسيلةً لادّعاء علم الغيب،ودعوى علم الغيب كفر مخرج من الملة».

**"namichi kun urjii barachuudhayyii waan ittiin beekumsa fagoo falmatanu taasise. Beekumsa fagoo himachuu immoo kufrii islaamummaa irraa nama baasu."**





**Qoodaa Sadaffaa:**

*Shirkii uluuhiyyaa (gabbarsuu) keesssaa.*

Innis Rabbiin malee namni biraa gabaramuun ni mala jedhanii amanuu ykn gosa ibaadaa keessa tokko waan biraatiif dabarsuudha. Kunis gosa sadi qaba: Isaanis:

**Tokkoffaa:** gabbarsuu keessatti Rabbiin shariika qaba jedhanii amanuudha. Wanti Rabbiin male jiru ibaadaan ni malaaf ykn gosumti ibaadaa tokko isaaf dabarfamuun ni ta'a jedhee namni amane uluuhiyyaa keessatti Rabbitti qindeesseera.Namni maqaa waan Rabbiin malee jiruuf garbichummaa akeekuun ilma ofii moggaasu ykn ofii moggaafatu, nama akka 'Abdurrasuul', garbicha ergamaa, 'Abdul huseeyin' fi kkf moggafatu cufti kana keessa seena. Namni maqoolee umamaaaf garbichoomuu ofkeessaa qabdu kanaan ilmoo moggaasee ykn ofii mogaafatee uumamni kun gabbaramuun nita'a jedhe Rabbitti qindeesseera.

**Lammaffaa:** Ibaadaa qulqulluu taate waan Rabbiin male jiruuf kennuudha. Ibaadaa qulqulluun gosti ishee hunduu kan akka qalbii, jechaa, dalagaa fi qabeenyaas haqa Rabbiiti. Akkuma ibsamee dabarfame waan biraatiif dabarsuun hin ta'u. Namni wanta tokko irraa waan biraatiif kenne shirkii guddaa keessa seeneera.Gosa ibaadaa wanta biraatii kennuudhaan shirkiin dalagamu bifa heddu qaba. Kan armaan gadii lachaan keessatti walitti qabuun ni mala.

**Inni duraa:** shirkii du'aa'ii kadhaa keessaa.

Du'aa'ii jechuun garbichi Rabbirraa waan bu'aa qabu isaa kennuun waan miidhaa qabu isarraa deebisuu kadhachuudha. Wantootni du'aa'ii keessa seenanu gargaarsa barbaaduu, mageenfachuu, birmachiifachuu fi nageenyaa barbaaduudha. Khaxxaabiin Rabbi isa haamararfatu akkana jedhe

"ومعنى الدعاء: استدعاء العبد ربه -عز وجل- العناية، واستمداده إياه المعونة. وحقيقته: إظهار الافتقار إليه، والتبرؤ من الحول والقوة. وهو سمة العبودية، واستشعار الذلة البشرية، وفيه معنى الثناء على الله -عز وجل- وإضافة الجود والكرم إليه".

*"Hiikti du'aa'ii:Bololliin Rabbiin waamachuu fi gargaarsa isarra dabalachuudha. Dhugaan isaa Hiyyummaa Rabbitti mul'ifachuudha.*

*Malaafi humna irraa qulqullaa'uudha.Innis malattoo garbichummaati. Xinneenya ofii amanuudha. Akkasumas Rabbiin faarsuufi Arjummaa gara isaatti hirkisuu of keessaa qaba."*

Du'aa'iin gosa ibaadaa barbaachisaa dha.Rabbiif qofa kennuun dirqama ta'a. Nama tokko waamachuun abbaa fedhe haata'uu hin eeyyamamu. Rabbiin akkana jedha

﴿وَقَالَ رَبُّكُمُ ٱدۡعُونِيٓ أَسۡتَجِبۡ لَكُمۡۚ إِنَّ ٱلَّذِينَ يَسۡتَكۡبِرُونَ عَنۡ عِبَادَتِي سَيَدۡخُلُونَ جَهَنَّمَ دَاخِرِينَ﴾
[غافر: ٦٠]

***"Goftaan keessan nawaammadhaa isiniifan owwaadhaa jedha. Warri ana gabbaruuraa kooran siichi xiqqaatanii jahannama seenu."*** (gaafir:60).

Ammas Rabbi akkana jedha

﴿وَأَنَّ ٱلۡمَسَٰجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدۡعُواْ مَعَ ٱللَّهِ أَحَدٗا﴾ [الجن: ١٨]

***"Masjidoowwan kan Rabbiitii Rabbii wajjiin waabiraa hin waammatinaa."*** (al-jinni:18).

Rasuula irraaﷺ akka mir'kanaa'eetti akkana jedhan

"الدعاء هو العبادة"

*"Ibaaduma jechuundu'aa'iidha."*

yeroo Ibnu Abbaasiif dhaamanu akkana jedhan

«إذا سألت فاسأل الله، وإذا استعنت فاستعن بالله».

**"yeroo kadhachuu feete Rabbiin kadhu. Yeroo gargaarsifachuu feete Rabbiin gargaarsifadhu."**

Namni waan Rabbiin male jiru waammate shirkii guddaa keessa seeneera.

**Fakkeenyowwaan shirkii kan du'aa'ii kadhachuu keessatti argaman:**

**A) waan uumaan qofti danda'u uumama irra barbaaduudha.**

Uumamni kun fayyaas ta'ee du'aa, nabiyyii, waliyyii, maleykaa, jinni ykn kan biros ta'u waluma qixa. Fkn dhukkubsataa fayyisuu, diina irratti gargaaruu ykn rakkoo saaquu irra barbaaduu, ykn birmachiifachuu, itti maganfachuu fi wanta biro waan Rabbii qofti danda'u irra barbaaduudha. Kun cufti akka walii gala muslimaatti shirkii guddaa Islaamummaa keessaa nama baasu. Sababni isaas waan Rabbiin male jiru waammachuubirmachiifachuu fi itti maganfachuudha. Kun cufti ibaadaadha waan ta'eef ijimaa'a islaamaatiin waan biraatii kennuun hin ta'u. waan biraatiif kennuun shirkiidha. Akkasumas waan Rabbi qofti danda'u uumani kunis nidanda'a jechuu amane.





**B) waan du'e waammachuu.**

**C) waan fagoo jiru waamachuu**

Namni waan fagoo jiru waammate ykn qabrii isaarraa fagoo taa'ee waammate namichi waamamu kun haasaa koo dhaga'a ykn haala koo beeka jedhee yoo amane shirkii guddaa keessa seeneera.Namichi waamamu kun nabiyyii,waliyyii, garbicha gaariis ta'eewaan biraas,nama kanarra waan Rabbi qofti danda'u barbaades haata'uu ykn akka Rabbiin kadhatuu fi isaa jaarsomu yoo barbaades kun cuftinuu walqixa shirkii guddaa Islaamummaa keessaa baasu. Sababni isaas waan Rabbiin malee jiru waammachuu of keessaa qaba, uumamni fagoo beeka jechuu amana ,dhageettiin isaa sagalee cufa waliin ga'a jechuu amanuu waan of keessaa qabuufi. Kun cufti amala Rabbiin waan ittii qophaa ba'e. waan biraa keessatti argama jedhanii amanuun shirkii karaa Islaamummaa irraa nama baasu.

**D) Du'aa'ii keessatti jidduu isaatii fi Rabbii waan dhaqqabsiisu tolchuudha.**

Rabbiin ofii isaatii du'aa'ii nama isa kadhatee hin owwaatu jidduu Rabbiitii fi namaa wanti du'aa'ii dhaqqabsiisuu jiraachuun dirqama jechuu amanuu. Kun cuuftinuu shafaa'ah shirkii Islaamummaa keessaa baaftu.Dhaqqabsiisuu fi jaarsa godhachuun bu'uura shirkii Arabaati. Taabotni kun footoo namoota gaggaariiti jedhu. Gara isaanii siqanii shafa'aa irra barbaadu. Rabbiin akkana jedha.

﴿أَلَا لِلَّهِ ٱلدِّينُ ٱلۡخَالِصُۚ وَٱلَّذِينَ ٱتَّخَذُواْ مِن دُونِهِۦٓ أَوۡلِيَآءَ مَا نَعۡبُدُهُمۡ إِلَّا لِيُقَرِّبُونَآ إِلَى ٱللَّهِ زُلۡفَىٰٓ﴾
[الزمر: ٣]

***"Dhaga'aa amantiin qulqulluun kan Rabbiiti. Warri Rabbii gaditti waliyyoota tolchatan gama Rabbiitti xaqqoo ta'anii nuhaa dhiheessanuuf male isaan hin gabbarru (jedhu)."*** (azzumar:3)

**Inni lammaffaa**: ***Shirkii du'aa'ii ibaadaa***

Du'aa'ii ibaadaa jechuun gosowwan ibaadaa kan qalbii, jechaa fi gochaa kan akka jaalalaa, soda kajeellaa sagadaa sooma gorraasuu, qur'aana qara'uu, Rabbiin zakkaruu fi kan birootiinis isa gabbaruudha.sababni inni du'aa'ii moggaafame namichi ibaadaa kanaan Rabbiin gabaraa jiru waan rabbitti isa buuftu waan barbaadaa jiruuf.wanti inni ibaadaa kana wajjatuuf mindaa isaa barbaadee adaba isaa sodaateeti. Osoma illee kadhaanii fibarbaachi keessa dhibamee namicha hojii isaatiin Rabbiin kadhataa jira malee arrabaanii miti.

Fakkeenyowwaan shirkiin gosa kana keessatti argamanu:

**A) shirkii niyyaa fi fedhii**

shirkii kun kan inni mul'atu namicha nifaaqa guddaa qabu irraayyi. Keessaan osoo hin dhugoomsin irrakeessatti mul'ifata.Nama hundee Imaanaa qabu ta'ee mul'ata.Rabbiin akkana jedha.

﴿وَإِذَا لَقُوا۟ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ قَالُوٓا۟ ءَامَنَّا﴾ [البقرة:١٤]

***"yeroo warra amanan qunnaman amanneerra jedhu."*** (al-baqarah:14)

Akkuma Rabbiin waa'ee mu'aafiqaa himee jiru ibaadaa garii kan akka salaataa namatti ni mul'ifatu.

﴿وَإِذَا قَامُوٓا۟ إِلَى ٱلصَّلَوٰةِ قَامُوا۟ كُسَالَىٰ يُرَآءُونَ ٱلنَّاسَ وَلَا يَذْكُرُونَ ٱللَّهَ إِلَّا قَلِيلًا﴾ [النساء:١٤٢]

***"yeroo salaataaf dhaabbatan taatiyaahaa nama agarsiifachuuf dhaabbatu xiqqoo male Rabbiin hin yaadatanu."*** (annisaa'i:142)

Shirkii fi nifaaqa walitti qabatani.

**B) shirkii sodaa keessaatti uumamu.**

Bu'uuruma isaarraa sodaan bakka saditti qodama.Isaanis:

1. Rabbiin sodaachuu ykn sodaa keessoos nijedhama. Inni kun sodaa jaalalaa, kabajaa fi of xinneessuudhaan walitti qindaa'e. Inni kun sodaa dirqama.Bu'uura ibaadaati.
2. Sodaa uumamaani: Akka diina irraa sodaachuu, bineensa aloolu irraa sodaachuu fi kkf.Inni kun yeroo sababni argame eeyyamamaadha. Waa'ee nabiyyii isaa Muusaa ilaalchisee Rabbiin akkana jedhe

﴿فَخَرَجَ مِنْهَا خَآئِفًا يَتَرَقَّبُ﴾ [القصص: ٢١]

***"sodaatee ofirratti qeexaa biyyattii irraa ba'e."*** (al-qasas:21)

3. sodaa shirkii:- soda guddisuu, of xinneessuu fi jaalalaan qindaa'e uumama sodaachuudha.Taabota ykn du'aa, sodaa kabajaa fi jaalalaan makate sodaachuun kana keessa seena. Fedhii fi dandeettii isaatiin akka inni waan badaa isatti hin dhaqqabsiifne sodaata.Fkn dhukkuba ykn balaa qabeenyaa isaa irratti dhaqqabsiisuu sodaata. Kun shirkii guddaadha.sababni isaas ibaadaa kan soda figuddisuu waan biraatii waan kenneefi. Akkasumas wanti Rabbiin male jiru fayyaduufi miidhuu danda'a jedhanii amanuu waan of keesssaa qabuufi.Rabbiin akkana jedha.

﴿إِنَّمَا يَعْمُرُ مَسَٰجِدَ ٱللَّهِ مَنْ ءَامَنَ بِٱللَّهِ وَٱلْيَوْمِ ٱلْءَاخِرِ وَأَقَامَ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتَى ٱلزَّكَوٰةَ وَلَمْ يَخْشَ إِلَّا ٱللَّهَ فَعَسَىٰٓ أُو۟لَٰٓئِكَ أَن يَكُونُوا۟ مِنَ ٱلْمُهْتَدِينَ﴾ [التوبة: ١٨]

***"Namni masjiida Rabbii jiraachisu nama Rabbii fi guyyaa dhumaatti amanee salaata dhaabee ,zakaa kennee Rabbiin malee hin sodaanne. Warri kun qajeeloo ta'uun dhugaadha."*** (attawba:18)

Ibnu Axiyyah Al-maalikiyyil ondolosiyyiin kan bara 481A.Htti dhalate tafsiira isaa keessatti oggaa aayaticha fassaru akkana jedhe "يريد خشية التعظيم والعبادة والطاعة".

*"sodaa isaa guddisuu gabbaruu fi ittiin buluu of keessaa qabutti fedhe."*

Akkasumas sodaan shirkii qabu waan Rabbi qofti danda'u keessatti uumama sodaachuudha. Fkn uumamni tokko fedhii fidandeettii isaatiin dhukkuba naqabsiisa jedhee sodaachuudha.

4. Sodaa isa waajiba dhiisuu ykn haraama dalaguutti nama kaasu:

Inni kun soda dhorgamaadha.Fkn namni fayyaan tokko qabeenyaafi qaama koo miidha jedhee sodaata. Sodaan kun mamiidha malee dhugaa miti. Sodaa kana keessatti wanti dalagaan argamus al tokko tokko nijiraata.Garuu xiqqoo waan

taateef ishee jecha waajiba dhiisuun haraama dalaguun hin ta'u. Rabbiin akkana jedha

﴿إِنَّمَا ذَٰلِكُمُ الشَّيْطَانُ يُخَوِّفُ أَوْلِيَاءَهُ فَلَا تَخَافُوهُمْ وَخَافُونِ إِن كُنتُم مُّؤْمِنِينَ﴾ [آل عمران: ١٧٥]

***"shayxaanni sun jaalalloota isaa qofa sodaachisu. Yoo mu'umina taatan isaan hin sodaatinaati anasodaadhaa."*** (al-Imraan:175)

Rasuula irraa ﷺ akka ragga'etti akkana jedhan

«لا يمنعنَّ أحدَكم مخافةُ الناس أن يتكلم بالحق إذا رآه أو علمه».

**"Haqa ogga arge ykn beeke dubbachuu irraa sodaan namaa isa hin dhorgin."**

**C) Shirkii jaalalaa**

Jaalalli bu'uura irraa bakka saditti qoodama.

1. Jaalala dirqamaa. Innis jaalala Rabbii, kan Rasuulaa fi jaalala waan Rabbiin jaallatu kan akka ibaadaa fi kkf.
2. Jaalala uumamaa eeyyamamaa: Akka abbaan ilma jaallachuuti, akka namni hiriyaa, qabeenya isaa fi kkf jaallachuuti. Jaalala kanatti of xiqqeessuuniif, gadi jechuu fi guddisuun itti makachuu hin qabu.yoo kun itti seene qooda sadaffaa ta'a.Akkasumas jaalala Rabbii fiRasuulaatti qixxaachuu hin qabu.yoo ittii qixxaate ykn irra dabale jaalala dhorgamaadha.Rabbiin akkana jedha

﴿قُلْ إِن كَانَ آبَاؤُكُمْ وَأَبْنَاؤُكُمْ وَإِخْوَانُكُمْ وَأَزْوَاجُكُمْ وَعَشِيرَتُكُمْ وَأَمْوَالٌ اقْتَرَفْتُمُوهَا وَتِجَارَةٌ تَخْشَوْنَ كَسَادَهَا وَمَسَاكِنُ تَرْضَوْنَهَا أَحَبَّ إِلَيْكُم مِّنَ اللَّهِ وَرَسُولِهِ وَجِهَادٍ فِي سَبِيلِهِ فَتَرَبَّصُوا حَتَّىٰ يَأْتِيَ اللَّهُ بِأَمْرِهِ ۗ وَاللَّهُ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الْفَاسِقِينَ﴾ [التوبة: ٢٤]

***"yoo Abbaan keessan,ilmaan keessan obbolaan keessan, warren keessan, firri keessan, qabeenyi dalagattan,daldalli baduu ishee sodaattanii fi manni jaallatanu Rabbii fi Rasuula irra karaa isaatti jajjabaachuu irra jaallatu ta'e hanga ajajni Rabbii dhufutti eegaa.Rabbi uummata dilaa'oo hin jaallatu."*** (attawubah:24)

3. Jaalala shirkii: Jaalala ofxinneessuufi kabaja qabu uumama jaallachuudha. Kun jaalala ibaadaa ishee Rabbiif male hin taane, namni waan biraatii dabarse shirkii guddaa keessa seeneera. Rabbiin akkana jedhe





﴿وَمِنَ النَّاسِ مَن يَتَّخِذُ مِن دُونِ اللَّهِ أَندَادًا يُحِبُّونَهُمْ كَحُبِّ اللَّهِ﴾ [البقرة:١٦٥]

***"Namarraa kan shariika gabbaramu Rabbii gaditti tolchee akka jaalala Rabbiitti isaan jaallatantu jiru."*** (al-baqarah:165)

**D) shirkii kajeellaa:**

Innis uumama irra waan Rabbi qofti danda'u kajeeluudha.Fkn uumama irra ilmoo barbaaduu,ykn fedhii fi dandeettii isaatiin isa fayyisuu irraa kajeeluudha.kun shirkii guddaa Islaamummaa irraa baasu.

**E) shirkii salaata, sujuuda fi rukuu'a keessatti argamu:**

Namni salaate, sujuude, rukuu'a bu'e ykn uumama jaallatee of xiqqeessee fi gara isaatti siqachuuf gadi jedheef akka waliigala beektota Islaamaatti shirkii guddaa keessa seeneera.Rabbiin akkana jedha

﴿لَا تَسْجُدُوا لِلشَّمْسِ وَلَا لِلْقَمَرِ وَاسْجُدُوا لِلَّهِ الَّذِي خَلَقَهُنَّ إِن كُنتُمْ إِيَّاهُ تَعْبُدُونَ﴾ [فصلت: ٣٧]

***"Biiftuu fi ji'aa hin sujuudinaa, yoo kan Rabbiin qofa gabbartan taatan Rabbii isa jara uumee sujuudaa."*** (fussilat:37)

Rabbiin akkana jedhe

﴿قُلْ إِنَّ صَلَاتِي وَنُسُكِي وَمَحْيَايَ وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ﴾ [الأنعام: ١٦٢]

***"salaatni, gorraasuun, jiruu fi duuti kooKan Rabbii gooftaa aalamaati jedhi.Inni shariika hin qabu."*** (al-an'aam:162-163)

Ala mu'aaz Rasuulaaf sujuudu akkana jedhaniin

قال النبي ﷺ لمعاذ لما سجد له: «لا تفعل، فإني لو كنت آمراً أحداً أن يسجد لغير الله لأمرت المرأة أن تسجد لزوجها».

**"Hin dalagin osoon nama tokko waan Rabbiin male jiruuf sujuuduu kan ajaju ta'ee warran abbaa manaatii sujuuduu ajaja."**

Akkasumas Rasuulli akkana jedhan

«ما ينبغي لأحدٍ أن يسجد لأحد».

**“namni tokko nama tokkoof sujuuduun hin barbbaachisu.”**

namni kana hojjate ibaadaa waan Rabbiin male jiruuf kenneera.Ibaadaa waan biraatii kennuun walii gala ulamaatiin shirkiidha.

### F) Shirkii gorraasuu keessatti argamu:

Gorraasuun hundee dhuma isaatii bakka afuritti qoodama.Isaanis

1. Bineensa foon isaa nyaatamu Rabbitti dhiyaachuu fi isa guddisuuf jecha gorra’uudha.Fkn uduuhiyyaa, hadiyyaa, nama hajji keessatti tamattu’aa fi qiiraana hojjatuu, foon hiyyeessa irratti saddaqachuuf gorra’uufi kkf.Inni kun eeyyamamaadha. kun ibaadaa keessatti ramadaana.
2. Beeylada nyaatamu keessummaaf, qophii cidhaafi kkf’f gorra’uudha. Inni kun haala waajibummaa ykn sunnaatiin ajajamaadha.
3. Beeylada foon isaa nyaatamu daldalaaf, nyaataaf, gammachuu yeroo manatti galuu fikkf tanuuf jecha goorra’uun bu’uurri isaa eeyyamamaadha. Wanti inni itti dhaqqabsiisu ilaalamee yeroo tokko tokko jaallatamaa ykn dhorgamaa ta’a.
4. Uumamatti dhiyaachuuf, isa kabajanii guddisuufi isaaf gadi jechuuf gorra’uudha.Akkuma darbee jiru kun ibaadaadha. Gara Rabbii malee waan biraatti ittiin dhiyaachuun hin ta’u. Namni uumamatti dhiyaachuuf jecha isa guddisuuf jecha gorra’e shirkii guddaa keessa seeneera. Gorraasuun isaas haraama.Nyaachuun isaa hin eeyyamamu.Uumamni kun jinnii,nama,malaa’ikaa, qabrii ykn kan biroos ta’ullee waluma qixa. Nizaamuddiin ashaafi’iyyii annaysaabuuriyyii kan bara 406 A.H tti du’e kana irratti waligaltee beektotaa himeera.(Imaamu-nnawawiinis sherhii Muslim 13/141 keessatti dalagni kun dhorgaa ta’uu himeera). Rabbiin akkana jedha

﴿قُلۡ إِنَّ صَلَاتِي وَنُسُكِي وَمَحۡيَايَ وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ﴾ [الأنعام: ١٦٢]

***“salaanni,gorraasuun, jireenyii fiduuti koo kan Rabbi gooftaa aalamaa isa sharika hin qabneeti jedhi.”(al-an’aam:162-163)***

Akkasumaas Rabbiin akkana jedhe

﴿فَصَلِّ لِرَبِّكَ وَٱنۡحَرۡ﴾ [الكوثر: ٢]

***“Gooftaa keetiif sagadii isaaqali.”*** (al-kawsar:2).

Aliyyi Ibnu Abi xaalib irraa akka odeeffametti ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhan

«**لعن الله من ذبح لغير الله**». رواه مسلم

**“nama waan Rabbiin male jiruuf gorraú Rabbiin abaareera.”** muslimtu gabaase.

### G) shirkii qodhaa (nazrii),

zakaa fi sadaqaa keessatti argamu. Nazrii jechuun namni ga’eessa ta’ee filmaata qabu tokko ibaadaa bu’uurri isaa waajiba hin taane of dirqisiisuudha.Fkn akkana dalaguun nazrii Rabbii narra jiru,Rabbiif jecha sagaduun,waan akkanaa soomuun, waan akkanaa saddaqachuun yknwanta kana fakkatutu narra jira jechuudha. Qodhaan ibaadaa waan ta’eef waan Rabbiin male jiruuf kennuun hin ta’u. Namni uumamaaf nazire ykn guyyaa tokko soomuun ebaluuf nazira,waan akkanaa sadaqachuun qabrii ebaluuf nazira, yoo dhukkubsataan koo fayyeykn firri koo fagoo jiru dhufe waan akkanaa ebaluuf saddaqadha jedhe naziriin isaa dhorgamaa kufaa ta’uu fi namni kana dalage waan ibaadaa nazirii waan Rabbiin male jiruu kenneefii du’aan ni fayyada ni miidha jedhee waan amanuuf shirkii guddaa karaa Islaamummaa irraa baasu qindeessuu irratti walii galaniiru. (kashaaful qannaa’i6/276). Akkasumaas kan kana fakkaatu zakaa qabeenyaa baasuu, kennaafi sadaqaa qabrii du’aatti kennanii itti dhiyaachuu, ykn du’aatti dhihaachuuf jecha warra qabrii eegutti dhiheessuu, ykn hiyyeessa warra gara qabrii deemanutti dhihaachuuf yoo ta’e kun cuftinuu shirkii karaa Islaamummaa irraa nama baasu. Sababni isaas waan Rabbiin male jiru gabbaruu of keessaa qaba, du’aan kun Rabbii gaditti fayyaduu ykn miidhuu danda’a jedhanii amanuu waan of keessaa qabuufi.Sheykni Qaasimal Hanafiin akkana jedhe

”ما يؤخذ من الدراهم والشمع والزيت وغيرها وينقل إلى ضرائح الأموات تقرباً إليهم حرام

بإجماع المسلمين“.

*“wanti akka farankaa,shaamaa, zaytaa fi kan biraas fuudhamee ijaarsa qabrii irra jirutti geeffamu cuftinuu walii galtee muslimaatiin haraama.” (Albahru-rraa’iq 2/320 sheek qaasim ibniquxluubigal Hanafii irraa fuudhe).*

Namni zakaa kenne ykn saddaqatediiniidhaaf jedhee, waan Rabbiin male jirutti dhihaachuuf jedhe shirkii guddaa keessa seeneera.

**H) Shirkii soomaafi hajji keessatti argamu.**

Soomaa fi hajjiin walii gala ulamaatiin ibaadaa waan Rabbiin male jiruu kennuun hin taane. Namni waan Rabbiin male jiruuf ittiin gabroome shirkii guddaa keessa seeneera. Sun immoo akka namni waliyyiitti, du’aatti,ykn waan isaan lachan male jirutti dhihaachuu jedhee soomuu ykn gara ka’aabaatti hajja’uuti.Akkasumas akka nama isa keessa jirutti dhihaachuu jedhee gama qabriitti hajja’uuti.Namichi kana dalagus ykn ni ta’a jedhee amanus kun cufti shirkii guddaa karaa Islaamaa irraa baasu.

**I) Shirkii xawaafa keessatti argamu.**

Xawaafni ibaadaa qaamaa waan ta’eef waan Rabbiin male jiruu kennuun hin taatu.Ka’aabaa kabajamaa maletti xawaafuun (naanna’uun) hin ta’u.kana cufa irrattuu beektonni Islaamaa walii galaniiru.Namni qabrii nabiyyiitti, garbicha gaariitti,ykn bakka beekamaa wahiitti hinumaayyuu ka’abaatti yoo waan Rabbiin male jirutti dhihaachuuf xawaafe waliigala muslimaatiin shirkii guddaa keessa seeneera. Ibaadaan biroos kan akka hirkachuu, barakaa barbaaduu, kabaja honga ga’ee, gadi jechuufii, qur’aana qara’uu,zikrii, azaana, toobaa fi gama Rabbii deebi’uun akkuma kana.kun cufti ibaadaa waan ta’eef waan Rabbiin male jiruuf kennuun dhorgaadha.Namni waan kana waan Rabbiin male jiruuf kenne shirkii guddaa keessa seeneera. YooRabbiin fedhe shirkiin ibaadaa kana tokko tokko keessatti argamuu fi ibaadaa asitti hin dubbatamin tokko tokko kessatti argamu yeroo waa’een shirkii xiqqoo dubbatamuufi wantootni shirkiitti dhaqqabsiisan dubbatamanu adda baafnee dubbanna.





**Gosti shirkii sadaffaa** kan uluuhiyyaa keessatti argamu, shirkii murtee fi ittiin ajajamuuti.

Bifti shirkii gosa kana keessatti argamuu:-

1. namni tokko murteen kan Rabbii male jiru murtee Rabbii irra caala ykn wal-qixxeedha jedhee amanuudha. Kun shirkii guddaa karaa Islaamummaa irraa baasu. Sababni isaas isatu qur’aana sobsiise. Jecha Rabbii akkana jedhu sobsiise

   ﴿أَفَحُكۡمَ ٱلۡجَٰهِلِيَّةِ يَبۡغُونَۚ وَمَنۡ أَحۡسَنُ مِنَ ٱللَّهِ حُكۡمٗا لِّقَوۡمٖ يُوقِنُونَ﴾ [المائدة: ٥٠]

   ***“sila isaan murtee wallaalaa barbaaduu! Namni Rabbirra murtee tolchu hin jiru.”*** (al-maa’idah:5o)

   Akkasumas jecha Rabbii

   ﴿أَلَيۡسَ ٱللَّهُ بِأَحۡكَمِ ٱلۡحَٰكِمِينَ﴾ [التين: ٨]

   ***“maali sila Rabbiin warra murteessu cufa irra kan murteessu hin taanee!.”*** (attawubah:8) jedhu sobsiise,

   kun gaaffii waan kana mirkaneessuuti.Hiiktiisaa Rabbiin warra murteessu cufa caalaa murteessaadha.murteen waan isa malee jiruu tokko murtee isaa hin caalu, ittis hin fakkaatu.

2. Namni tokko waan Rabbi buuseen maletti murteen ni eeyyamama jechuu amanuudha. Kun shirkii guddaadha. Sababni isaas faallaa waan ragaan murteessituu taate kan qur’aanaa fi hadiisaa akeekte waan amaneef ammas haraamummaa waan Rabbi buuseen male murteessuu ijmaa’iin muslimaa murtaahaa ta’e akeeke faallaa isaa waan amaneefi.
3. Seeraa fi heera waan qur’aanaa fi hadiisa keessa jiru faallessu tolchee ittiin murteessaa seera kanaan murteessuun ni ta’a jedhanii amanuudha ykn seerri kuni murtee Rabbii caala ykn isaan qixa jedhanii amanuudha. Kuni shirkii karaa Islaamaa irraa baasuudha.
4. Nama aadaa abbootii,akaakilee fi ganda isaa osoo isheen murtee Rabbii faallessuu beekuu murtee Rabbii caalti, ykn tokkuma ykn ittiin murteessuun ni ta’a jedhee ittiin murteessuudha. Kun shirkii guddaa karaa Islaamummaa irraa baasuudha.

5. Nama waan Rabbiin karaa hin godhiniin murteessu jaallatee,haasaa isaanii shari'aa dursiisee, murtee Rabbii jibbee, ykn waan biraatiin murteessuun ni ta'a jedhee,ykn seerri ykn heerri kun seera Rabbii irra caala ykn ittiin qixa jedhee ittiin buluudha.Akkasumas kan kanaan wal fakkaatu nama seera dura bu'aa naannoo ishee murtee Rabbii faallessitu,faallessuu ishee beekuu wajjiin, ittiin murteessuun ni ta'a ykn shari'aa Rabbii caalti takkaa ittiin qixxeedha jedhee yoo hordofe ykn ittiin murteeffateedha. Kun cufti shirkii guddaa Islaamummaa irraa nama baasuudha.kun cufti shirkii ta'uu irratti ragaan jecha Rabbiiti

﴿وَمَن لَّمۡ يَحۡكُم بِمَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ فَأُوْلَـٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡكَـٰفِرُونَ﴾ [المائدة: ٤٤]

***"Namni waan Rabbi buuseen hin murteessin jama'aan kun kaafira."*** (al-maa'idah:44)

Akkasumas jecha Rabbiitu ragaadha

﴿ٱتَّخَذُوٓاْ أَحۡبَارَهُمۡ وَرُهۡبَـٰنَهُمۡ أَرۡبَابٗا مِّن دُونِ ٱللَّهِ وَٱلۡمَسِيحَ ٱبۡنَ مَرۡيَمَ وَمَآ أُمِرُوٓاْ إِلَّا لِيَعۡبُدُوٓاْ إِلَٰهٗا وَٰحِدٗاۖ لَّآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۚ سُبۡحَـٰنَهُۥ عَمَّا يُشۡرِكُونَ﴾
[التوبة: ٣١]

***"Beektota isaanii warra Rabbiin gabbaruu fi Masiihu Ibnu Maryamiin Rabbii gaditti gabbaramaa taasifatan. Gabbaramaa tokkicha gabbaruutti male immoo hin ajajamne.Gabbaramaan dhugaa isa male hin ajiru.waan isaan itti qindeessan irraa qulqullaa'eera."*** (attawubah:31)

وروي عن عدي بن حاتم ﵁ قال: سمعت النبي ﷺ يقرأ: ﴿ٱتَّخَذُوٓاْ أَحۡبَارَهُمۡ وَرُهۡبَـٰنَهُمۡ أَرۡبَابٗا مِّن دُونِ ٱللَّهِ﴾، فقلت: إنا لسنا نعبدهم؟ فقال ﷺ: «**أليس يحرِّمون ما أحلَّ الله، فتُحرِّمونه، ويُحِلُّون ما حرَّم الله، فتحلُّونه؟**»، قال: قلت: بلى. فقال ﷺ: «**فتلك عبادتهم**».

Adiyyi Ibnu Haatim irraa akka odeeffametti (R.A) ergamaa Rabbiitii. ***"Beektota isaaniitii fiwarra Rabbiin gabbaran Rabbii gaditti gabbaramaa godhatan."*** quráana jedhu qara'anuun dhaga'e jedhe. Achumaan nuti isaan hin gabbarrun jedhe.Rasuullis ﷺ akkana jedhan. **"sila isaan waan Rabbiindhorge eeyyamnaan isin eeyyamamaa taasisaa hin turree, akkasumas waan Rabbi eeyyame dhorginaan isin dhorgamaa taasisaa hin turre."** jedhan. Eeyyeen jedhe. Rasuullis ﷺ. **"kanumatu ibaadaa isaaniiti."** jedhan.





Hadiisni kun waan shari'aa faallessu keessatti isaan buluun isaan gabbaruu akka ta'e dubbate.Dhuma aayataa keessattis shirkii ta'uu isaa dubbate. Akkasumas namni shari'aa Rabbii jibbe kafareera. Rabbiin akkana jedha

﴿ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمۡ كَرِهُواْ مَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ فَأَحۡبَطَ أَعۡمَـٰلَهُمۡ﴾ [محمد: ٩]

***"sunis sababa isaan waan Rabbi buuse jibbaniif dalagaa isaanii balleesse."*** ( muhaammad: 9)

6. Namni shari'aan murteeffachuu dhiisuutti nama waamu, Islaama diina godhatee fi jibbee seera namni kaa'een murteeffachuutti nama waamu. Fkn warra dubartoonni qophaa imaluutti waamanu, Akkasumas mana barumsaa fi bakka hojiitti dhiira ormaa walitti makamuutti kan waamu, Ribaa (dhalaan) hojjachuutti,warra heddummeeffachuu dhorguuttii fi kan biroos wanta shari'aa diina godhachuu of keessaa qabutti nama waamuudha.Namni osoo wanti inni itti waamaaru jibbamaa fi shari'aa Rabbii diina godhachuudha jechuu beekuu kanatti waame kan haala isaarraa ifu sababni itti waamaa jiruuf waan qalbii isaa keessa kaafirtootaafi seera isaanii jaallachuun seenee fi, shari'aa Rabbii caalti jedhee amanuutu waan qalbii seeneef. Akkasumas jibbaan amantee Islaamaa fi seera isaa waan qalbii isaa seeneef ta'uutu mul'ata. Kun cufti shirkii fi kufrii karaa Islaamaa irraa nama baasu. Namni haalli isaa dhugaa kana ta'e shirkii guddaa keessa seeneera. Ragoolee kutaa dabre keessatti dubbatamteef jecha osoma Islaamummaa mul'ifateeyyuu munaafiqa ta'a. Hinumaayyuu ragaan kun asitti caala. Sababni isaas wanta hamaatti waamuutu hordofuu irra hamaadha

# KUTAA LAMMAFFAA
# KUFRII GUDDAA

## Qorannoo duraa: hiikaa fi hukmii isaa

Kufriin akka tumaatti amantee, jecha, gocha ykn dhiisuu iimaana diigu cufa.

Kufriin guddaan amantiidhaan ni argama. Akkasumas osuma amantiin bira hin jirree illee jechaa fi gochaan ni argama.

Hukmiin kufrii guddaa kanuma shirkii guddaa ibsamee dabreeti. Muslimni tokko yeroo kufrii ykn shirkii keessa seenee kafaruun isaa murtaa'e namichi murtaddee (nama amantii irraa deebi'e) ta'aa murteen murtaddootaa guutuun isaaf kennama. Murteen kunis yoo toobatee gara Islaamaa hin deebi'in ni ajjeefama. Ragaan kanaa jecha Rasuulaati ﷺ.

«**من بدّل دينه فاقتلوه**». رواه البخاري

**"nama amantii isaa jijjiire ajjeesaa."** Bukhaarii tu gabaase. Ammas akkana jedhani

«**لا يحل دم امرىء مسلم إلا بإحدى ثلاث: الثيب الزاني، والنفس بالنفس، والتارك لدينه المفارق للجماعة**». رواه البخاري ومسلم

**"Dhiigni nama muslimaa waa sadan tokkoon male hin eeyyamamu: jaarsa gumna dalage, lubbuun lubbuudhaan, ammas nama amantii isaa dhiisee tuuta irraa adda ba'e." jedhani. Bukhaarii fi muslimtu gabaase.**

## Qorannoo lammaffaa : Gosa kufrii

Kufriin gosa heddu qaba. Isaanis:

### 01 Kufrii mormuu fi sobsiisuu

Innis namichi ga'eessa ta'e tokko wanta bu'uura amantee ta'e ykn ahkaama isaa ykn oduu mirkanaa'e tokko mormuudha. Kun immoo qalbii ykn arraba isaatiin bu'uura diinii, ahkaama isaa ykn oduu amantee

islaamaa irraa dirqamatti baramu kan ragaan ifaan qur'aana irraa itti dhufe ykn hadiisni kallattii hedduun dhufuun isaa beekamee warri beekumsaa irratti walii galan mormuudha. Ykn waan inni ofii isaatii amantii Islaamaa irraa ta'uu beeku tokko mormuudha. Kan arrabaa fi qalbiin mormuu dhaan wal fakkaatu waan amantee kana mormuu isaatti akeeku dalaguudha. Nama kufrii kana keessa seene kafaruu isaa irratti beektonni walii galaniiru. Sababni isaas waan inni haasawa Rabbii fi ergamaa isaa ﷺ sobsiisee fi lachan isaanii deebisee akkasumas walii galtee ummata muslimaa murtaa'aa ta'e waan deebiseefi.

Fakkeenya gosa kufrii kanaa kan kufrii guddaa irraa ta'e:

A. Arkaanul iimaanii irraa gosa tokko ykn bu'uuruma diinii kan biraa mormuudha. Ykn waan Rabbiin qur'aana keessatti dubbate ykn waa'ee isaa keessatti hadiisni heddu dhufee fi waan warri beekumsa qaban irratti walii galanii murteessan mormuudha. Fkn gooftummaa Rabbii mormuu, gabbaramaa ta'uu isaa diduu, maqaa ykn amala Rabbii kan irratti walii galamee murtaa'e mormuu, fkn beekumsa Rabbii mormuu, ykn malaa'ikaa beekamaa fi irratti walii galamaa kan akka jibriilii fi miikaa'iil (A.S) mormuu ykn kitaaba Rabbii irratti walii galamaa ta'e kan akka zabuur, tawraat ykn furqaan mormuu, ykn nabiyyummaa tokkoon nabiyyoota irratti walii galamaa irraa ta'ee kan akka ergamummaa nuuh, Ibrihiim ykn huud mormuu, qaamni ykn lubbuun kaafamuu mormuu, qormaata, jannata ykn ibidda mormuu, ni'iimaa ykn adaba qabrii mormuu, ykn wanti tokko osoo hin argamin dura murteessuu Rabbii (qadara) mormuudha.

Amantii kaafiraa kan akka Yahuudaa, nasaaraa fi kkf sirriidha jechuun, ykn isaan kafarsiisuu dhiisuun, ykn isaan ibadda keessatti hin hafanu jechuun kana keessatti ramadama. Wanta amantee Islaamaatiin ala jirutti of hirkisuun ykn sahaabaa ta'uu Abuu Bakrii mormuun ykn sahaabaan hundi ykn hedduun isaanii amantii irraa deebi'aniiru jechuun, ykn cufti isaaniitu faasiqa jechuun, jinniin jiraachuu mormuun ykn ummanni Nuuh bishaaniin gaarraqamuu mormuun kana keessa seena.

A. Haraama mullataa ifaa haraamummaan isaa irratti walii galame kan akka hannaa, khamrii dhuguu, zinaa, dubartoonni qullaa (uffata gabaabduu laphii uffatanii) deemuu, dhiiraa fi dubarri walitti laaqamuu fi kkf haraamummaa isaa mormuudha. Ykn nama tokkoof shari'aa Muhammad irraa ﷺ bahuun ni eeyyamama, ahkaama ishee qabachuun isarratti dirqamaamiti, waajiba dhiisuun haraama dalaguun isaaf eeyyamama jedhee amanuu, ykn namni tokko waan shari'aa Rabbiitiin male jirutti murteeffachuun ykn ittiin murteessuun ni eeyyamamaaf jedhee amanuudha.

B. Halaala mullattuu eeyyamamuu ishee irratti walii galame kan akka foon beeyladaa nyaachuu, warra hanga afurii fuuchuu, biddeena nyaachuu fi kkf halaalummaa isaa mormuudha.

C. Dirqama waajibummaa isaa irratti murtaa'ee walii galame fkn waajibummaa arkaanul islaam keessaa tokko, ykn hundee dhuma dirqamummaa jihaadaa, bu'uurumatti gaariitti ajajuu fi hamtuu irraa dhorguun dirqama ta'uu isaa mormuudha.

Ykn sunnaa jaallatamaa ta'uu isaa irratti walii galame kan akka sunna salaata hordoftuu, ykn jaallatamuu sooma sunnaa, hajjii sunnaa, sadaqaa sunnaa fi kkf sunnummaa isaanii mormuudha.

### 02 Kufrii shakkii fi mamii

Kufriin kun muslimni tokko amantii bu'uura diinii irratti walii galamaa ta'e irraa qabu keessatti shakkuudha. Ykn oduu fi seera mirkanaa'aa dirqamatti amantee irraa baramu tokko dhugeessuu keessatti murteeffachuu dhiisuudha. Namni arkaana iimaanaa ykn bu'uura diinii kan biroo waan dirqamaan amantee kana irraa baramu kan ragaa hedduun mirkanoofte shakke ykn dhugoomsuu fi itti amanuu keessatti murteessuu dhiise, ykn murtee ykn oduu ragaa hedduun mirkanaa'ee amantii irraa dirqama baramu shakke walii gala beektotaatiin kufrii Islaamummaa irraa baasu keessa seeneera. Sababni isaas iimaanni dhugeessuu murtaa'e kan shakkiinii fi keessa deddeebiin itti hin dhufne ta'uun dirqama. Namni iimaana isaa keessa deddeebi'e muslimaa miti. Rabbiin waa'ee namticha ooyruu qabuu nutti himee akka inni oyruun koo kun yoomuu hin badu jechuu shakkee akkasumas qiyaamaan dhaabachuu shakkuu qofaan kafare nutti hime.

Akkana jedhe

﴿مَآ أَظُنُّ أَن تَبِيدَ هَٰذِهِۦٓ أَبَدًا﴾ [الكهف:٣٥]

***"kun yoomuu hin bada jedhee hin yaadu."*** ooyruu isaatti fedheeti.

Ammas

﴿وَمَآ أَظُنُّ ٱلسَّاعَةَ قَآئِمَةً﴾ [الكهف:٣٦]

***"qiyaamaan ni dhaabbatti jechuu hin yaadu." jedhe.***

Achumaan hiriyaan isaa kan mu'umina ta'e akkana jedheen

﴿أَكَفَرْتَ بِٱلَّذِى خَلَقَكَ مِن تُرَابٍ ثُمَّ مِن نُّطْفَةٍ ثُمَّ سَوَّىٰكَ رَجُلًا﴾ [الكهف:٣٨]

***"Rabbii isa biyyoo irraa eegasii coba maniyyii irraa si uume eeganaa nama guutuu sitaasisetti kafartaa."*** (al-kahf: 35-37)

Fakkeenyowwan gosa kufrii kanaa:

Qur'aanni sirrii ta'uu shakkuu, adabni qabrii jiraachuu shakkuu, jibrii (A.S) malaa'ikaa Rabbii irraa ta'uu shakkuu, khamriin haraama ta'uu ykn zakaan dirqama ta'uu shakkuu, yahuudaan ykn nasaaraan kaafira ta'uu isaanii shakkuu, sunni salaata hordoftu sunnaa ta'uu ishee shakkuu, Rabbiin fir'awniin bishaaniin gaarraqee balleessuu isaa shakkuu, ykn Qaaruun tuuta Muusaa irraa ta'uu isaa shakkuu fi kan biroos bu'uura diinii, ahkaama fi oduu mirkanooftuu kan dirqamatti amantii Islaamaa irraa beekamtu kan fakkeenyi heddu dubbatamee darbe shakkuudha.

### 03 Kufrii Diduu fi irraa boonuu

Kufriin kun bu'uuraa fi ahkaama Islaamaa qalbii fi arrabaan dhugoomsee garuu boonaaf jecha murtee isaatiif qaamaan ajajamuu dida.

Namni boonaa jecha murtee Islaamaa tokko dide kafaruu isaa irratti beektoleen walii galaniiru. Sababni isaas waan murtee Rabbii dura dhaabbateef. Inni kun gooftummaa Rabbii xureessuudha. Amala Rabbii kan qur'aanaa fi hadiisaan isaa mirkanaa'e mormudha. Amalli kunis "al-hikmah." ogeessummaa dha.

Fakkeenyi ifaan gosa kufrii kanaa, isa Ibliis ajaja Rabbiin Aadamiif sujuudi jedhe didee dalaga Rabbiin isa ajaje kana irraa boone. Ani Aadamiin nin caala isaaf hin sujuudu jechuun faallesse.





Akkana jedhe

﴿قَالَ أَنَا۠ خَيْرٌ مِّنْهُ خَلَقْتَنِى مِن نَّارٍ وَخَلَقْتَهُۥ مِن طِينٍ﴾ [الأعراف: ١٢]

***"Ani isa nin caala. Ana ibidda irraa uumtee isammoo dhoqqee irraa uumte."*** (al-a'araaf : 12).

Ammas ni jedhe

﴿قَالَ ءَأَسْجُدُ لِمَنْ خَلَقْتَ طِينًا﴾ [الإسراء: ٦١]

***"nama ati dhoqqee irraa uumteefan sujuudaa."*** (al-israa'i:61)

Ogummaa Rabbii faallessee sababa kana ittiin ajajamuu dide.

Ammas fakkeenyi kufrii kanaa namni tokko salaata jama'aa didee irraa boonuu dha. Sababni inni boonuuf isaa fi nama biraa wal qixxeessiti jechuun. Ammas fakkeenyi isaa uffata iyyeessaati naan hin malu jedhee uffata hajjiin ittiin harramatamu uffachuu diduu fi kkf.

### 04 Kufrii Arrabaan xureessuu fi itti qoosuu

Kufriin kun muslimni tokko waan diinii Rabbii ta'uun isaa dirqamatti beekamu ykn ofii isaatii diinii ta'uu beekutti qoosuu ykn arrabsuu dha.

Kun immoo jechaan ykn gochaan Rabbitti, ykn maqaa isaatti ykn amala isaa irratti walii galamaa ta'etti qoosuudha. Amala hir'uudhaan Rabbiin ibsuu, Rabbiin arrabsuu yikn diinii isaa arrabsuudha. Fkn Diiniidhuma kana abaaruu ykn amantii nama muslimaa tokko abaaruu ykn amantiin kun wal dhabaa, boodatti hafaa bara kana wajjin hin deemne jechuudha. Ykn malaa'ikoota Rabbiitti qoosa, ykn tokkoon isaaniitti qoosa. Fkn maleykaa du'aa, ykn isa ibidda eegu arrabsuudha. Kitaaba Rabbiitti qoosuu ykn arrabsuu dha. Fkn qur'aana arrabsa ykn itti qoosa ykn aayata isaatti jechaan ykn gochaan bakka xurii keessatti gatuudhaan itti qoosuu fi kkf dha. Ykn nabiyyoota warra nabiyyii ta'uu irratti walii galamaa ta'e tokko arrabsuu ykn itti qoosuu dha. Fkn nabiyyii keenyatti ﷺ qoosuudha. Ykn wanta qur'aanaa fi hadisa keessatti mirkanaa'e waajiba ykn sunnaatti qoosa. Fkn salaata, siwaaka (rigaa), hareeda dheereffechuu ykn uffata hanga walakkaa ejjaatti gabaabsachuutti qoosa. Kun cuftinuu diinii Rabbii irraa ta'uu beekaa itti qoosa. Ykn namichi tokko sababa inni waajiba ykn sunnaa mirkanaa'aa ragga'uu isaa fi diinii Rabbii irraa ta'uu beekutti dalageef itti qoosa. Wantoota

kana cufatti sababni inni itti qoosuuf waan namichi murtee shari’aa kanatti hojjateef ta’uu qaba. Haalaa fi bifa namichaatti qoosuun kana keessa hin seenu.

Namtichi wanta diinii ta’uun isaa ragga’e qoosaaf, taphaaf, kaafira ofitti qabuufis ykn kan birootiifis haa ta’uu, falmii keessatti, yeroo dallansuus haa ta’uu akka fedhetti arrabse ykn itti qoose kafaruu isaa irratti beektonni walii galaniiru.

Sababni isaas Rabbitu warra Rabbitti, aayata isaa fi ergamaa isaa Muhammaditti qoose osuma isaan taphaa fi karaa ittiin gabaabsachuufi jedhanuu kufrii isaanii murteesse.

Rabbi akkana jedhe

﴿ وَلَئِن سَأَلْتَهُمْ لَيَقُولُنَّ إِنَّمَا كُنَّا نَخُوضُ وَنَلْعَبُ ۚ قُلْ أَبِاللَّهِ وَآيَاتِهِ وَرَسُولِهِ كُنتُمْ تَسْتَهْزِئُونَ ﴿٦٥﴾ لَا تَعْتَذِرُوا قَدْ كَفَرْتُم بَعْدَ إِيمَانِكُمْ ﴾ [التوبة: ٦٥-٦٦]

***“Osoo isaan (warra munaafiqaa) gaafattee qoosaa keessa seenneetuma taphanna jedhu. Sila Rabbimoo aayata isaa ykn ergamaa isaatti qoostu jedhiin. Rakkina hin diiggatinaa eega amantanii kafartanii jirtuu.”*** (attawbah:65-66)

Ammas namtichi kana dalage Rabbii fi ergaa isaa tuffateera. Akkasumas wlii gala diinii Rabbii tuftateera, kabajaa hin jiru. Kun immoo iimaanaa fi islaama ni dhabamsiisa.

## 05 Kufrii jibbaa

Innis diinal Islaamiin jibbuudha. Namni diinii Rabbii jibbe kafaruu irratti warri beekumsaa walii galaniiru. Sababni isaas Rabbitu akkana jedha

﴿ ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمْ كَرِهُوا مَا أَنزَلَ اللَّهُ فَأَحْبَطَ أَعْمَالَهُمْ ﴾ [محمد: ٩]

**“Warri kafaran salphatanii dalagni isaanii jalaa badeera. sunis waan isaan wanta Rabbi buuse jibbaniif dalaga isaanii duraa balleesse.”** (Muhammad:9).

Ammas oggaa sana namichi kun diinii kana hin kabaju. Hinumaayyuu qalbii isaa keessa jibbaatu jira. Kun cuftinuu immoo kufrii dha.





## 06 Kufrii amantii irraa gara galuu

Waa’een amantii irraa gara galuu qur’aana keessatti aayata heddu keessatti dubbatameera. Gara galuu jechuun waan tokko irraa deebi’uu giroo (dhimma) godhachuu dhiisuudha. Amantii Rabbii irraa gara galuun bakka lamatti qoodama.

**Qoodaan duraa:** Gara galuu kafarsiisu:

Innis namni tokko amanti Rabbii dhiisee qalbii, arrabaa fi qaama isaatiin irraa gara galuu dha. Ykn qalbiin dhugoomsee shahaadaa lachan dubbatee ka’ee qaamaan dalaguu dhiisuudha.

Qoodaan kun bifa sadi of keessaa qaba. Isaanis:

A) Ajaja Rabbii dhaggeeffachuu irraa gara galuudha. Kun haala kaafira warra amantaa isaanii jijjiiramaa irratti hafan ykn amantii hin qabne, ragaan irratti dhaabbachuu wajjin amantii dhugaa warra hin qoranneeti. Amantii isa namni ittiin muslima ta’u barachuu irraa gara galani. Dhugaa baranii irra deemuun isaanii mijaa’uu wajjin gara isaa hin mil’anne mataa isaaniis ol hin fuuneef.

B) Eega dhaggeeffatanii baranii booda amantii dhugaa fi ajaja Rabbii jala butamuu irraa gara galuu dha. Kun immoo eega qeebalee ka’ee wanta iimaanni argamuuf sharxii ta’u dhiisuu dha. Kun immoo haala kaafirtoota warra nabiyyoonnii fi namni biraa gara amantii dhugaatti isaan waamnaan ykn ofii isaaniitii amantii dhugaa baranii Ka’anii muslima ta’uu didanii kufrii isaanii irratti hafaniiti. Rabbiin akkana jedhe

﴿ وَالَّذِينَ كَفَرُوا عَمَّا أُنذِرُوا مُعْرِضُونَ ﴾ [الأحقاف:٣]

***“warri kafaran wanta sodaachifaman irraa garagalu.”*** (al-qaaf : 3)

C) Eega qalbii isaatiin arkaana iimaanaa dhugoomsee shahaadaa dubbatee ahkaama Islaamaa fi dirqama isaatiin hojjachuu dhiisee duuba deebi’uudha. Namni ahkaama islaamaatti dalaguu dhiise, waajiba tokko illee hin dalagne, salaanni, soomni, zakaan, hajjiinii fi kan biroos hin dalagne walii gala salafaatiin namichi kaafira kufrii guddaati.

Rabbiin akkana jedha

﴿قُلْ أَطِيعُوا اللَّهَ وَالرَّسُولَ ۖ فَإِن تَوَلَّوْا فَإِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ الْكَافِرِينَ﴾ [آل عمران:٣٢]

***"Rabbii fi ergamaa dhaan bulaa jedhi. Yoo isaan gara galan Rabbiin warra kafare hin jaallatu."*** (aala Imraan :32)

Ammas Rabbiin akkana jedha

﴿وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّن ذُكِّرَ بِآيَاتِ رَبِّهِ ثُمَّ أَعْرَضَ عَنْهَا ۚ إِنَّا مِنَ الْمُجْرِمِينَ مُنتَقِمُونَ﴾ [السجدة:٢٢]

***"Nama aayata Rabbiitiin gorfamee eeganaa irraa gara gale irra namni of miidhe hin jiru. Nuti warra dilaawoo haaloo ni bahanna."*** (assajadah:22)

Ammas aayatoonni biraas namni diinii irraa gara gale kafaruu kan agarsiisu heddu. Akkasumas dalaga mul'ataa cufa dhiisuun isaa keessi isaa amantaa dhugoomsuu irraa qullaa ta'uu isaa agarsiisa.

**Qoodaa lammaffaa:** ***Amantii irraa garagaluu hin kafarsiifne.***

Innis muslimni tokko waajiba waan salaata malee jiru tokko tokko dhiisee garii isaanii dalaguu dha.

## 07 Kufrii nifaaqaa

Innis iimaana mul'ifatee kufrii dhokfachuu dha. Nifaaqni ofii isaatii kufrii dha. Garuu Islaamummaa mul'ifachuun Kufrii irratti dabalata. Gosti kun kutaa sadaffaa keessatti yoo Rabbiin fedhe adda baafamee ni dubbatama.

## 08 Kaafira jaallachuudhaan kafaruu

Kaafira jaallachuun bakka lamatti qoodama.

1. Jaalala kufrii fi.
2. Jaalala kufrii hin taane.

Qoodaan kun lachan mata duree of danda'aa walaa'aa fi baraa'aa keessatti yoo Rabbi fedhe ni dubbatama.

## Mata gala kutaa kufrii guddaa

Eegan hiika, hukmii fi gosa kufrii guddaa ibsee booda gaaffii yaachiftuu taate tokko yaadachiisuun fedhe. Innis: Namni muslima ta'e tokko kufrii





guddaa ykn shirkii guddaa kan ulamaan 'namni ishee dalage kafare' jedhan tokko tokko dalaguun isaa ni mala. Haa ta'u malee namticha kanatti kufriin murteeffamuu ni dhiisa. Kunis sababa sharxiin kufrii itti murteessuu waan hin guutiniif ykn Wanti murteessisuu dhorgu kan akka wallaalumaa waan jiruufi. Fkn waa'ee namticha ilmaan isaatiin oggan du'ee na gubaatii daaraa koo guyyaa qilleensi jabaan jiru bahrii irratti facaasaa jedhee ajajeeti. Akkana jedhe

"والله لئن قدر الله عليَّ ليعذبني عذاباً ما عذب به أحداً."، فغفر الله له.

"Rabbittin kakadhaa Rabbiin yoo na adabuu murteesseera ta'e adaba nama tokko ittiin hin adabin na adaba." Rabbiin isaaf dhiise jedha. Bukhaarii fi muslimtu gabaase.

Namichi kun Rabbiin danda'ee uumama isaa kana hin deebisu jechuu shakkeera. Hinumaayyuu hin deebifamu jechuu amane. Kun immoo walii gala muslimaatti kufrii dha. Kanumaa wajjiin sababa wallaaluma isaa fi Rabbiin sodaateef Rabbiin isaa dhiise.

Nama dhuunfaa murtaa'aa tokko kafarsiisuu kan nu dhorgu tokko ammas: Ta'awiila (akka itti fakkaatetti hiikuu)

Innis muslimni tokko dogongoraan waan kufrii ta'e tokko ragaa sirriidha jedhee yaaduun ni eeyyamama ykn rakkoon koo kun uzrii (sababa) naaf ta'ee eeyyamsiisa jedhee dalaguudha.

Fkn muslimni tokko yeroo wanta dirqamatti diinii irraa baramu tokko morme ykn mormuu isaa waan akeeku dalagee garuu rakkoo ta'awiilaa of biraa qabaate, ta'awiilli kun akka lugaa Arabaatti hin fudhatama ta'ee garuu Ilmiittis yoo deebifnu kallattii wahii yoo qabaate osoma ta'awiilattiin dadhabduu taateeyyuu namicha irraa rakkoon ni fudhatama malee hin katarsiifamu. Kun immoo warra sunnaa biratti wal dhabbii tokko hin qabu.

Akkuma walii galaatti ta'awiilli sababa bal'aa nama dhuunfaa kafarsiisuu dhorguu dha. Kanaafuu beektoleen gariin akka dubbatanitti yeroo ragaan wanta inni diinii faallesse keessatti namticha hiikkatetti dhaqqabee, gaaffiin kun dogongorri uumamuun kan malu ta'ee, akkasumas sababa shubhaan (wanti wal fafakkaataan) kun keessatti kaateef jecha ykn wanta murtaa'aa sanatu harkatti wal makate ta'ee namichi irraa deebi'uu dide kufriin isatti

hin murteeffamu. Rabbiinis akkana jedha

﴿وَلَيۡسَ عَلَيۡكُمۡ جُنَاحٞ فِيمَآ أَخۡطَأۡتُم بِهِۦ وَلَٰكِن مَّا تَعَمَّدَتۡ قُلُوبُكُمۡ﴾ [الأحزاب:٥]

***“wanta isin dogongortan keessatti diliin isin irra hin jiru. Haa ta’u malee wanta qalbiin keessan beektee hojjatte (keessatti badiin isinirra jira).”*** (al-ahzaab:5)

Kanaaf jecha beektoleen tokko tokko nama dhuunfaa jahmiyyootaa warra amala Rabbii keessatti wanta kufrii ta’e amananu hin kafarsiifne.

Ammas sababa dhorgaa ta’awiilaatiif jecha namoonni tokko tokko warra waa’ee nama du’ee keessatti daangaa dabranii shafaa’aa (jaarsummaa) Rabbiin birattii isaan kadhatan hin kafarsiifne.

Akkasumas sababa dhorgaa ta’awiilaatiif jecha sahaabonni khawaarijaa warra isaan irratti bahee ittiin lole kan waan baay’ee sahaabonni irratti waliif galan keessatti isaan faallessan kafarsiisuu dhiisani.

Akka walii galaatti gaaffiin waa’ee nama dhuunfaa kafarsiisuu gaaffii guddaa kan keessatti yaadni beektota tokko tokkoo wal dhabuudha. Beektonni adda addaa qoodanii ibsa heddu itti kennaniiru. Kun garuu bakka itti bal’isanii ibsa heddu itti kennanuu miti.

Kanaafuu, muslimni tokko namaa fi jama’aa dhuunfaa irratti kufrii murteessuu kessatti hanga sharxiin hundi guutuu fi mawaani’iin(wanti kafarsiisuu dhargu) hundi dhibamutti jarjaruu hin qabu. Kun immoo gaaffii nama dhuunfaa kafarsiisuu kana gaaffii ijtihaadaa (kan beektonni jajjabinaan itti dhaqqabanu) taasisa. Kanaafuu nama dhuunfaa, ykn jamaa’aa dhuunfaa beekamaa ta’e tokkotti warra beekumsaa keessa seenee beeku male namni biraa hin murteessu.

Sababni isaas kallattii lamaan ijtihaadatti haajoma.

1. Jechi ykn gochi namicha ga’eessa kana irraa argame waan kufrii guddaa keessa seenumoo hin seennee beekuu.
2. Murtee sirrii namicha ga’eessa kanarratti murteeffamu beekuudha. Sila sababni kufrii irratti murteessisu hundi argamemoo hin argamne. Wanta kafarsiisuun hin malle tokko kafarsiisuun dilii guddaa dha. Sababni isaas karaa islaamaa irraa akka inni baheefi, dhiigniifi qabeenyi isaa eeyyamamaa akka ta’e itti murteesse. Ammas yoo sana irratti du’e ibidda keessatti hafuutu itti murtaa’e. kanaafuu, namicha muslima tokkotti utuu inni kaafira hin ta’in itti murteessuu keessatti dinniina guddaatu dhufe.





Abii Zarrii irraa akka sabatetti ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhan

”لا يرمي رجل رجلاً بالفسوق ولا يرميه بالكفر إلا ارتدت عليه إن لم يكن صاحبه كذلك“.

*“namni tokko nama wahii faasiqummaan xureessee ykn kufrii dhaan xureessee yoo namichi immoo akkas ta’uu dhabe isarratti deebi’u malee hin hafu.”*

Kanaafuu, muslima lubbuu ofii ibidda irraa tiksuu barbaaduuf murtee kufrii ykn shirkii muslima tokko irratti argamsiisuu keessatti jarjaruu irraa of eeguun barbaachisaa dha.

Ammas wallaalaa fi barattoota xixiqqoo irratti muslima ykn jamaa’aa tokko irratti kufrii murteessuun dhorgaadha. Ammas muslimoota beekamoo maz-haba beekamaatti hirkatanu osoo beektotatti hin deebi’in kafarsiisuun dhorgaadha.

Akkasumas muslima tokko irratti warra waa’ee kafarsiisuu osoo inni isaan irratti sababa beekumsi isaanii xiqqaatteef dhorgaa ta’uu, didanii dubbatanuu wajjin taa’uu irraa fagaachuun dirqama. Sababni isaas isaan waa’ee gaaffii kanaa dubbachuun aayata Rabbii keessa akka hin malleen seenuu dha.

Rabbiin immoo akkana jedha

﴿وَإِذَا رَأَيۡتَ ٱلَّذِينَ يَخُوضُونَ فِيٓ ءَايَٰتِنَا فَأَعۡرِضۡ عَنۡهُمۡ حَتَّىٰ يَخُوضُواْ فِي حَدِيثٍ غَيۡرِهِۦۚ وَإِمَّا يُنسِيَنَّكَ ٱلشَّيۡطَٰنُ فَلَا تَقۡعُدۡ بَعۡدَ ٱلذِّكۡرَىٰ مَعَ ٱلۡقَوۡمِ ٱلظَّٰلِمِينَ﴾ [الأنعام:٦٨]

***“ogga warra aayatoota keenya keessa seenanu argite hanga isaan oduu biraa keessa seenanutti irraa gara gali. Yoo shayxaanni si dagachiise immoo booda yaadattee tuuta lubbuu ofii miidhanii wajjin hin taa’in.”*** (al-a’araaf:68)

# KUTAA SADAFFAA
# NIFAAQA GUDDAA (KAN AMANTII)

Kutaan kun qorannoo sadi of keessaa qaba.

### Qorannoo duraa: Hikaa fi hukmi isaa

Nifaaqa jechuun lugaa Arabaatti waan tokko dhoksuudha.

Tumaa shari'aa keessatti immoo Namtichi irra keessaan Rabbiin, malaa'ikoota, kitaabaa fi ergamoota isaa fi guyyaa dhumaatti amanee keessaan waan kana diigu ykn garii isaa diigu dhokfachuu dha.

Kun immoo fuuldura namaatti Islaamummaa mul'ifatee himachuuudhaan ta'a. Ani muslima jechuu isaa ni mul'isa. Yeroo tokko tokko fuuldura namaatti ibaadaa garii kan akka salaataa, soomaa, hajjii fi kan biroos ni dalga. Garuu Rabbitti majenfanna qalbiin is uluuhiyyaa fi rubuubiyyaa hin amanu. Guutuu ergaa Rasuulaa ykn garii isaatti hin amanu. Ykn kitaaba Rabbii buufametti hin amanu. Adaba qabrii fi kaafamuu qiyaamaatti hin amanu ykn diiniin kiristaana, kan yahuudaa ykn kan kaafirtoota biroo dhugaa dha ykn Islaamummaa irra caala jedhee amana ykn Islaamumman diinii hir'uudha, bara ammaa kana keesaa hojjachuuf hin ta'u, garee hawaasaa irraa tokko midheera, miidhaa dubartii of keessaa qaba, shari'aan isaa gariin miidhaa of keessaa qaba ykn bu'aa garbootaa hin ilaaluu, fi amantii kan biroos kan karaa Islaamummaa irraa baasuun ishee shirkal akabari fi kufral akbriin keessatti dubbatamee darbe amana.

Hukmiin munaafiqaa hukmiidhuma mushrika shirkii guddaa qabuu fi kaafira kufrii guddaa qabu dubbatamee dabree dha. Munaafiqni dhugaa isaanii yoo ilaaltan kaafira. Garuu haalli isaanii kaafiroota irra badaa dha. Sababni isaas isaantu kufrii irratti sobaa fi gowwoomsaa dabalatani. Miidhaan isaan muslima irraan ga'anu cimaadha. Nuti muslima irraayyi jedhanii mul'ifatanii gidduu muslimaa xureessu. Maqaa gaaromsuutiin Islaamaan lolu. kanaafuu isaan guyyaa qiyaama

adabni isaanii kaafiroota biraa irra jabaa dha. Rabbi akkana jedha

﴿إِنَّ ٱلْمُنَٰفِقِينَ فِى ٱلدَّرْكِ ٱلْأَسْفَلِ مِنَ ٱلنَّارِ﴾ [النساء:١٤٥]

***"Munaafiqoonni sadarkaa ibiddaa isa gadii keessatti ta'u"*** (al-nisaa'a: 145)

### Qoronnoo lammaffaa: dalaga munaafiqaa kan kufrii taate:

Munaafiqoonni dalaga kufrii kan ittiin kufriin isaan dhoksan mul'atu qabu. Wantoota kana Rabbiin suuraa tawbaa kan 'fadiihaa' (kan badii nama dirree baafte) jedhamtee moggaafamte keessatti ibseera. Sababni isaas Rabbitu suuraa kana keesatti akkuma suuraa biraa keessattis ifa baase dalagaa munaafiqaa ishee kufrii taate mul'isee isaan fokkisiise. Dalagaan kunis:

1. Rabbitti, ergamaa isaa fi qur'aanatti qoosuu dha. Rabbi akkana jedhe

   ﴿وَلَئِن سَأَلْتَهُمْ لَيَقُولُنَّ إِنَّمَا كُنَّا نَخُوضُ وَنَلْعَبُ ۚ قُلْ أَبِٱللَّهِ وَءَايَٰتِهِۦ وَرَسُولِهِۦ كُنتُمْ تَسْتَهْزِءُونَ ﴿٦٥﴾ لَا تَعْتَذِرُوا۟ قَدْ كَفَرْتُم بَعْدَ إِيمَٰنِكُمْ﴾ [التوبة:٦٥-٦٦]

   ***"Osoo isaan gaafattee nuti dubbii keessa seennee taphnna jedhu. Sila Rabbimoo, aayata isaatimoo ergamaa isaattiyyi qoostu? Jedhiin. Rakkoo hin himatinaa eega amantanii kafartaniittu jedhi."*** (attawbah: 65-66).

   Ammas Rabbiin akkana jedhe

   ﴿وَإِذَا خَلَوْا۟ إِلَىٰ شَيَٰطِينِهِمْ قَالُوٓا۟ إِنَّا مَعَكُمْ إِنَّمَا نَحْنُ مُسْتَهْزِءُونَ﴾ [البقرة: ١٤]

   ***"yeroo shayxaana isaaniitii wajjin kophaa bahan nuti isnii wajjinii isaanitti qoosaa jirra malee jedhu."*** (al-baqarah:14).

2. Rabbiin arrabsuu, ergamaa isaa arrabsuu ykn isaan lachan sobsiisuu dha. Rabbi akkana jedha

   ﴿وَمِنْهُم مَّن يَلْمِزُكَ فِى ٱلصَّدَقَٰتِ﴾ [التوبة: ٥٨]

   ***"Isaan irraa nama waa'ee sadaqaa keessatti si arrabsutu jira"*** (attawbah:58)

   Hiikti isaa munaafiqa irraa nama qoodaa sadaqaa keessatti si xureessee haqa hin hojjanne jedhanii si shakkan tu jiru jechuu dha.





3. Amantii Islaamaa irraa gara galuu, xureessuu, nama irraa fageessuuf ta'aabuu fi akka namni isa hin murteessisiifanne gochuu dha. Rabbiin akkana jedhe

   ﴿وَإِذَا قِيلَ لَهُمْ تَعَالَوْا۟ إِلَىٰ مَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ وَإِلَى ٱلرَّسُولِ رَأَيْتَ ٱلْمُنَٰفِقِينَ يَصُدُّونَ عَنكَ صُدُودًا﴾ [النساء: ٦١]

   ***"yeroo gama wanta Rabbi buusee fi gama rasuulaatti kottaa isaanin jedhame kan munaafiqoonni sirraa deebi'anu argita"*** (al-nisaa'a:61).

4. Kaafiroota irra murtee barbaaduu, seera isaanii murtee Rabbii irra caalchisani hojii irra oolchuuf bololuu dha. Rabbiin akkana jedhe

   ﴿أَلَمْ تَرَ إِلَى ٱلَّذِينَ يَزْعُمُونَ أَنَّهُمْ ءَامَنُوا۟ بِمَآ أُنزِلَ إِلَيْكَ وَمَآ أُنزِلَ مِن قَبْلِكَ يُرِيدُونَ أَن يَتَحَاكَمُوٓا۟ إِلَى ٱلطَّٰغُوتِ وَقَدْ أُمِرُوٓا۟ أَن يَكْفُرُوا۟ بِهِۦ وَيُرِيدُ ٱلشَّيْطَٰنُ أَن يُضِلَّهُمْ ضَلَٰلًۢا بَعِيدًا﴾ [النساء:٦٠]

   ***"Ati sila isaan wanta sitti buufamee fi waan siin dura buufametti amannee jirra jedhaa, xaaghuutatti kafaruutti osoo ajajamanii jiranuu isarra murtee barbaadanuu hin arginee! Shayxanni jallina ifaa isaan jallisuu fedha"***. (annisaa'a: 60)

5. Adeemsa Islaamummaa diiguuf deemtu maalummaa ishee beekaa sirrii ta'uu ishee amanuu fi itti waamuu dha. Deemsi kun kan bara kana keessa haaromfamte dhugaan ishee Islaamummaan loluu, qajeeluma Islaamummaan ala jiru seera godhatanii itti walii galuu dha. Wanti kun kan akka gosummaa, biyyummaa fi hedduun munaafiqoota yeroo hammaa kan 'sekulaarizimi, 'ammayyummaa' ykn gosumma hordofanii ittin moggaafaman maalummaa ishee ni beeku. Walitti dhufeenya wallaalaa Kanaan tokko ta'uutti nama waamu. Walitti dhuffenya iimaanaa fi Islaamaa isa Rabbiin dubbate dhiisuutti waamu. Rabbi akkana jedhe

   ﴿إِنَّمَا ٱلْمُؤْمِنُونَ إِخْوَةٌ﴾ [الحجرات: ١٠]

   ***"mu'uminni obbolaadha"*** (al-hujuraat:10)

6. Kaafirtoota tumsuu fi muslima Irratti gargaaruu dha. Sababa dhugaan isaanii kaafira ta'eef obboleewwan isaanii warra kaafirayyi muslima Irratti gargaaru. Rabbi akkana jedhe

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَا تَتَّخِذُواْ ٱلۡيَهُودَ وَٱلنَّصَٰرَىٰٓ أَوۡلِيَآءَۘ بَعۡضُهُمۡ أَوۡلِيَآءُ بَعۡضٖۚ وَمَن يَتَوَلَّهُم مِّنكُمۡ فَإِنَّهُۥ مِنۡهُمۡۗ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَهۡدِي ٱلۡقَوۡمَ ٱلظَّٰلِمِينَ ٥١ فَتَرَى ٱلَّذِينَ فِي قُلُوبِهِم مَّرَضٞ يُسَٰرِعُونَ فِيهِمۡ يَقُولُونَ نَخۡشَىٰٓ أَن تُصِيبَنَا دَآئِرَةٞۚ فَعَسَى ٱللَّهُ أَن يَأۡتِيَ بِٱلۡفَتۡحِ أَوۡ أَمۡرٖ مِّنۡ عِندِهِۦ فَيُصۡبِحُواْ عَلَىٰ مَآ أَسَرُّواْ فِيٓ أَنفُسِهِمۡ نَٰدِمِينَ﴾ [المائدة: ٥١-٥٢]

***"yaa warri amantan yahuudaa fi kiristaana jaalalloo hin godhatinaa. Gariin isaanii jaalalloo gariiti. Namni isin keessa isaan jaallate isaanumatti ramadama. Rabbiin tuuta zaalimaa kana hin qajeelchu. Warra qalbii isaanii keessa dhukkubni jiru kan isaan gara jaraatti daddafanii naannoo wahiitu nu tuqaa sodaanna jedhanu argita. Rabbiin banamiinsa ykn ajaja isa biraa ta'e fidnaan waan of keessaa dhokfatanitti kan gaabban ta'u"*** (al-maa'idah: 51-52)

7. Yeroo kaafiroonni gargaaramanii fi muslimoonni caban ykn rakkoon wahii itti dhaqqabe gammachuu mulifachuudha. Rabbi akkana jedha

﴿هَٰٓأَنتُمۡ أُوْلَآءِ تُحِبُّونَهُمۡ وَلَا يُحِبُّونَكُمۡ وَتُؤۡمِنُونَ بِٱلۡكِتَٰبِ كُلِّهِۦ وَإِذَا لَقُوكُمۡ قَالُوٓاْ ءَامَنَّا وَإِذَا خَلَوۡاْ عَضُّواْ عَلَيۡكُمُ ٱلۡأَنَامِلَ مِنَ ٱلۡغَيۡظِۚ قُلۡ مُوتُواْ بِغَيۡظِكُمۡۗ إِنَّ ٱللَّهَ عَلِيمُۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ١١٩ إِن تَمۡسَسۡكُمۡ حَسَنَةٞ تَسُؤۡهُمۡ وَإِن تُصِبۡكُمۡ سَيِّئَةٞ يَفۡرَحُواْ بِهَاۖ وَإِن تَصۡبِرُواْ وَتَتَّقُواْ لَا يَضُرُّكُمۡ كَيۡدُهُمۡ شَيۡـًٔاۗ إِنَّ ٱللَّهَ بِمَا يَعۡمَلُونَ مُحِيطٞ﴾ [آل عمران: ١١٩-١٢٠]

***"Isin warri muslimaa isaan jaallattuu isaani immoo isin hin jaallatanu. Isin Kitaaba cutattis ni amantu isaan immoo yeroo isin qunnaman amanne jedhu. Yeroo isin biraa bahan immoo dallansuu irraa kan ka'e quba ofii isinirratti ciniinu. Dallansuu keesaniin du'aa jedhi. Rabbiin waan qoma keessaa beekaa dha. Yoo wanti gaariin isin tuqe ni na'u, yoo hamtuun isin tuqe immoo ni gammadu. Yoo obsitanii Rabbiin sodaattan malli isaanii homaa isin hin miidhu. Rabbiin waan isaan dalagdan marsaa dha."*** (al-Imraan :119-120).

Kanaafuu yeroo ammaa kana hedduun isaanii rakkoo muslima tuqeef hin gaddanu. Hinumaayyuu sababa muslimni kun arabaa miti ykn biyya keenyaa miti jedhuun kan isaan gargaarsa muslima eessaayyuu dhorganu ykn rakkoo isaaniitiif wajjiniin ka'uu dhorganu irraa dhageessa. Ykn dubbii garii isaanii xalayaa ykn gaazexaa keessatti dubbifta. Gosaa fi biyya irratti hundaa'anii ummata qooduutti waamu. Walitti hidhaa Islaamaatiif mata olhin qabanu ittiin lolu malee.

8. Ulamoota, nama gaarii dalaguu fi cufa mu'umina dhugaa ta'e jibbaa isaaniitii, waamichaa fi diini isaaniitii jecha isaan arrabsuu fi maqaa xureessuudha. Rabbiin waa'ee isaanii akkana jedhee dubbate

﴿وَإِذَا قِيلَ لَهُمۡ ءَامِنُواْ كَمَآ ءَامَنَ ٱلنَّاسُ قَالُوٓاْ أَنُؤۡمِنُ كَمَآ ءَامَنَ ٱلسُّفَهَآءُۗ﴾ [البقرة: ١٣]

***"yeroo akka namoonni amananitti amanaa isaanin jedhame akka warri gowwaan amananitti amannaa jedhu."*** (al-baqarah:13)

Rabbi akkana jedhe

﴿ٱلَّذِينَ يَلۡمِزُونَ ٱلۡمُطَّوِّعِينَ مِنَ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ فِي ٱلصَّدَقَٰتِ وَٱلَّذِينَ لَا يَجِدُونَ إِلَّا جُهۡدَهُمۡ فَيَسۡخَرُونَ مِنۡهُمۡ سَخِرَ ٱللَّهُ مِنۡهُمۡ وَلَهُمۡ عَذَابٌ أَلِيمٌ﴾ [التوبة: ٧٩]

***"warri mu'umintoota sadaqaa keessatti Rabbiin bulanii fi warra jabina isaanii male waa hin qabne maqaa xureessan isaanitti qoosu. Rabbis warra kanatti ni qoosa jaraaf adaba laalessaatu jira."*** (attawbah: 79).

Kanaaf yeroo ammaa hedduu isaanii kan isaan beektotaa fi nama gaarii xureessanu, warra karaa Rabbiitti waamuu fi wantoota Islaamummaa beeksisu keessatti nama jabaate kan isaan maqaa xureessanu argita.

9. Kaafiroota faarsuu, yaada isaanii jajuu, yaada isaanii kan Islaamummaa faalessitu facaasuudha. Rabbi akkana jedhe

﴿أَلَمۡ تَرَ إِلَى ٱلَّذِينَ تَوَلَّوۡاْ قَوۡمًا غَضِبَ ٱللَّهُ عَلَيۡهِم مَّا هُم مِّنكُمۡ وَلَا مِنۡهُمۡ وَيَحۡلِفُونَ عَلَى ٱلۡكَذِبِ وَهُمۡ يَعۡلَمُونَ﴾ [المجادلة: ١٤]

***"warra tuuta Rabbi itti dallane jaalatu hin arginee? Jarri isinirraayis isaanirrayis miti. Osuma beekanuu soba irratti kakatu"*** (al-mujaadalah: 14).

Kanaafuu yeroo amma kana nama warra jallataa duraanii fi hammaa kan akka Abil Araa'il Ma'arii, 'hallaj', 'Farwiid' fi kan biroos faarsu argita.

### Qorannoo sadaffa: Amala munaafiqootaa

Munaafiqoonni amala heddu kan Rabbiin qur'aana keessatti dubbatee fi Rasuulli ﷺ hadiisa garii keessatti dubbatan qabu. Isaanis:

1. Toltuu xiqqaachuu fi yeroo ibaadaa waajiba gageessanu mataan itti ulfaachuu fi taatiyaahuu dha. Rabbiin ol ta'e akkana jedha

﴿إِنَّ ٱلْمُنَٰفِقِينَ يُخَٰدِعُونَ ٱللَّهَ وَهُوَ خَٰدِعُهُمْ وَإِذَا قَامُوٓا۟ إِلَى ٱلصَّلَوٰةِ قَامُوا۟ كُسَالَىٰ يُرَآءُونَ ٱلنَّاسَ وَلَا يَذْكُرُونَ ٱللَّهَ إِلَّا قَلِيلًا﴾ [النساء:١٤٢]

***"Munaafiqoonni Rabbiin ganuu Rabbis isaan gana. yeroo salaataaf dhaabbatan taatiyaahaa nama agarsifannaaf dhaabbatu. xiqqoo malee Rabbin hin yaadatanu."*** (annisaa'a:142)

2. Luqnummaa fi sodaatu itti jabaata. Sababni guddaan kan akka isaan kufrii dhoksani islaamumaa mul'ifatan taasise kana. Innis sababa kufrii isaanii akka hin ajjeefamnee fi qabeenyi isaanii hin fudhatamne sodaatu. Jagnummaa qabaatanii kaafiraa wajjin hin lolanu gara nifaaqaatti deebi'u . Rabbi akkana jedha

﴿وَإِذَا رَأَيْتَهُمْ تُعْجِبُكَ أَجْسَامُهُمْ وَإِن يَقُولُوا۟ تَسْمَعْ لِقَوْلِهِمْ كَأَنَّهُمْ خُشُبٌ مُّسَنَّدَةٌ يَحْسَبُونَ كُلَّ صَيْحَةٍ عَلَيْهِمْ هُمُ ٱلْعَدُوُّ فَٱحْذَرْهُمْ قَٰتَلَهُمُ ٱللَّهُ أَنَّىٰ يُؤْفَكُونَ﴾ [المنافقون: ٤]

***"ogga isaan argite qaamni isaanii si ajaa'iba. Yoo dubbatan dubbii isaanii ni dhageessa. Isaan akka muka hirkifameeti. Iyya hunda nutti iyyame jedhanii yaadu, isaan xalaataa irraa eeggadhu. Rabbi rahmata irraa isaan haa fageessuu akkamuma gara galu"*** (al-munaafiq: 4)

Haguma iyya wahii dhaga'anuun waan xalaatni isaanirratti seennaan namnii isaan sodachisu se'u. Ammas Rabbi akkana jedhe

﴿وَيَحْلِفُونَ بِٱللَّهِ إِنَّهُمْ لَمِنكُمْ وَمَا هُم مِّنكُمْ وَلَٰكِنَّهُمْ قَوْمٌ يَفْرَقُونَ ﴿٥٦﴾ لَوْ يَجِدُونَ مَلْجَـًٔا أَوْ مَغَٰرَٰتٍ أَوْ مُدَّخَلًا لَّوَلَّوْا۟ إِلَيْهِ وَهُمْ يَجْمَحُونَ﴾ [التوبة:٥٦-٥٧]

***"Nuti isinuma iraayyi jedhanii Rabbitti kakatu. Isaanimmo isnirrayyi miti garuu isaan tuuta sodaattuudha. Osoo waan itti dabanu, holqa waan irra qubatanu ykn seensa argatanii dafani gara sanatti deebi'uu."*** (attawbah: 56-57)





sodaadhaan beekamu. Osoo yeroo lolaa jogola ykn holqa tabbaa takkiin boolla lafaa argatanii keessa seenani dhokachuuf isaanii mijaa'ee dafani gara sana deemu.

3. Gowwumman, yaada dadhabuu fi sammuu xiqqaachuu dha. Rabbi akkana jedha

﴿وَإِذَا قِيلَ لَهُمْ ءَامِنُوا۟ كَمَآ ءَامَنَ ٱلنَّاسُ قَالُوٓا۟ أَنُؤْمِنُ كَمَآ ءَامَنَ ٱلسُّفَهَآءُ أَلَآ إِنَّهُمْ هُمُ ٱلسُّفَهَآءُ وَلَٰكِن لَّا يَعْلَمُونَ﴾ [البقرة: ١٣]

***"yeroo akka namni amane amanaa isaanin jedhame akka warri gowwaan amanan amannaa jedhu, dhaga'aa gowwaan isaanumaa hin beekanu malee"*** (al-baqarah:13).

Gowwummaan isaanii kan armaan gadi keessatti mul'ata.

A. Duniyaa dhumtuu aakhiraa irra filatu, toltuu dalaguu isa milkuu duuniyaa fi aakhiraatii sababa ta'u irra meeshaa duniyaatti bololu. Sahiiha bukhaarii keessatti waa'ee munaafiqaa warra sagada jama'aa irraa hafuu ilaalchisee akkana jedhan

" لو يعلم أحدهم أنه يجد عظماً سميناً أو مرماتين حسنتين. لشهد العشاء والفجر ".

*"Tokkoon isaanii osoo lafee gabbataa ykn manyee gaggaarii lama argannaa beekanii ishaa'aa fi subii ni dhufu"*

waan milkuun isaanii keessa jiruu irraa gara galu. Waan xiqqoo qofa irraa fayyadamanutti daddafu. Wanta kana Duuba isaaniitti dhiisani deemuu adaba Rabbii wama tokko isaan irraa hin deebisu. Waa'ee munaafiqaa keesatti Rabbiin akkana jedha.

﴿لَّن تُغْنِىَ عَنْهُمْ أَمْوَٰلُهُمْ وَلَآ أَوْلَٰدُهُم مِّنَ ٱللَّهِ شَيْـًٔا أُو۟لَٰٓئِكَ أَصْحَٰبُ ٱلنَّارِ هُمْ فِيهَا خَٰلِدُونَ﴾ [المجادلة:١٧]

***"Qabeenyii fi ilmaan isaanii waan tokko isaan hin duroomsu. Isaan warra ibiddaati. Achi keesaatti hafoodha"*** (al-mujaadalah:17)

B. Hedduun isaanii amantaa islaamaa amantaa dhugaa fi hukmiin isaa cufti haqaa fi toltuu akka ta'e itti of ga'u. Garuu sababa kaafirtootaa wajjin taa'anuu fi meeshaa warra dhihaatiin waan gowwoomanuuf, ykn nama ittiin gowwoome kan akka secularizm,

ammayyummaa fi gosummaaf falmu wajjin waan taa'aniif ammas dubbii isaaniitii fi wantoota walfakkaattuu isaan faallaa shari'aa kaasanu waan dhaga'anuuf qalbii isaanii keessa jibbaan amantaa kanaa seena. Asumaan kaafirtootatti hidhachuu, seera isaaniitin murteeffachuu fi shari'aa gooftaa isaatiin loluu fi xureessuu egaale. kun immo gowwummaa dhumaati. sila akkam wanta dhugaa ta'uu isaa beeku xureessee ittiin lola.

C. Wanta isaan balleessuu fi adaba yeroon isaa hin dhumne keessa seensisutti shayxaanni isaaniin taphachudha. Waa'ee munaafiqaa keessatti Rabbi akkana jedha.

﴿اسْتَحْوَذَ عَلَيْهِمُ الشَّيْطَانُ فَأَنسَاهُمْ ذِكْرَ اللَّهِ ۚ أُولَٰئِكَ حِزْبُ الشَّيْطَانِ ۚ أَلَا إِنَّ حِزْبَ الشَّيْطَانِ هُمُ الْخَاسِرُونَ﴾
[المجادلة: ١٩]

***"shayxaanni isaan Irratti moo'ee yaadannaa Rabbii isaan dagachiise. warri kun jama'aa shayxaanati hongaa'an jamaa'aa shayxaanati"*** (al-mujaadalah:19)

D. Munaafiqni Rabbii isa keessaa fi irra isaa beeku gowwoomsa. Booda isaa osoo hin yaadin shari'a Rabbiitiin lola. Bor Qabrii fi kaafamani walitti qabamuu kessatti qabaa maleykaa jabaa ta'eetu jira. Fuuldura isaa adaba qabritu jira. Yoo munaafiqummaa isaa Irratti du'e adaba ibiddaatu jira jechuu hin yaadu. Ammas munaafiqoonni isaan duraa waggaa kudhanii ykn dhibbaatama heddu turan kan akka Ibnu Abii saluul, Abil Alaa'il ma'arii, Jamal Abdunnasir fi xaaha huseen kan akka warra baaxiniyyaah (keessa dhokfatuu) ismaailiyyah, duruuzaafi nisiriyyootaa maalitti akka deebi'an osoo hin yaadin Rabbii isaa gana. Ammas wanta hedduun dura bu'oota raafidaa fi kan biroos munaafiqoota warra munaafiqummaa Irratti du'ee fi laalaa adabaa kan namni qabrii keessatti baachuu hin dandeenye kan isaan keessa jiranuu fi adaba isaan boolla jahannamaa keessaattis qunnamuu deemuu hin yaadanuu.

4. Asii fi achi jijjjiiramu, bifa bifa ta'uu dha. Isaan akka gaararraa bifti isheen haga gubaa biiftuutiin jijjiiramtuuti. Jalqaba guyyaa bifa tokko, walakkaa guyyaa bifa tokko, dhuma isaammo bifa biraa qabdi. Isaan akka korbeessa gooddoo gidduu busaa'ee lamaati. kam akka hordofu wallaalee dhama'uudha. Yeroo tokko kana al tokko kana hordofa. munaafiiqni dhama'adha. Yoo kufrii mul'ifate muslimni isaan loluu fi bu'aan isaa miidhamuu sodaata. Kaafiroonni mo'achuus isa ajjeesu ykn miidhaatu irra ga'a jedhee sodaata. Islaamummaa mul'ifatee kaafiraa fi munaafiqa akka isaa immoo hasaassiin dubbatee nuti sinii wajjini jedha. Rabbi akkana jedhe.

﴿وَإِذَا لَقُوا الَّذِينَ آمَنُوا قَالُوا آمَنَّا وَإِذَا خَلَوْا إِلَىٰ شَيَاطِينِهِمْ قَالُوا إِنَّا مَعَكُمْ إِنَّمَا نَحْنُ مُسْتَهْزِئُونَ﴾
[البقرة: ١٤]

***"yeroo warra amanan qunnaman nuti amanne jedhu. yeroo shayxaana isaanii qofaa wajjin kophaa bahan immoo nuti isinii wajjin jirra isaanitti qoosaarra malee jedhu."*** (al-baqarah:14)

Ammas waa'ee isaanii keessatti Rabbi akkana jedhe.

﴿مُّذَبْذَبِينَ بَيْنَ ذَٰلِكَ لَا إِلَىٰ هَٰؤُلَاءِ وَلَا إِلَىٰ هَٰؤُلَاءِ ۚ وَمَن يُضْلِلِ اللَّهُ فَلَن تَجِدَ لَهُ سَبِيلًا﴾ [النساء: ١٤٣]

***"Jidduu sana deemoodha. Garaa warra kanaatis miti warra kanasmiti. nama Rabbi jallise qajeeluma Isaa hin argitu."*** (annisaa'a:143)

5. Xiqqaachuu, of tuffachuu fi xalaata fuula duratti hir'inni itti dhaga'amuu dha. Kaafiroonni hundi isaa fi warra isaa wajjin jiru caalu jechuutu itti dhaga'ama. keessummayyuu yeroo ammaa kan kaafiroonni meeshaan caalan kana keessatti waan hundaanuu isaan hordofa. Waan hin fayyanne kessattis isaanuma hordofa. Hinumaayyuu wanta isa miidhuu beekuyyuu isaan hordofa. Inni akka gaala mataan isaa eegee gaala biraatti hidhameeti. Duuba isaa deema, bakka inni ejjatu irra ejjata, mataa isaarratti boola'a. kun immo jallina isa dhumaati.

6. Yeelloo xiqqaachuu fi arrabaan namatti moohuu dha. Rabbi akkana jedha.

﴿قَدْ يَعْلَمُ اللَّهُ الْمُعَوِّقِينَ مِنكُمْ وَالْقَائِلِينَ لِإِخْوَانِهِمْ هَلُمَّ إِلَيْنَا ۖ وَلَا يَأْتُونَ الْبَأْسَ إِلَّا قَلِيلًا ﴿١٨﴾ أَشِحَّةً عَلَيْكُمْ ۖ فَإِذَا جَاءَ الْخَوْفُ رَأَيْتَهُمْ يَنظُرُونَ إِلَيْكَ تَدُورُ أَعْيُنُهُمْ كَالَّذِي يُغْشَىٰ عَلَيْهِ مِنَ الْمَوْتِ ۖ فَإِذَا ذَهَبَ الْخَوْفُ سَلَقُوكُم بِأَلْسِنَةٍ حِدَادٍ أَشِحَّةً عَلَى الْخَيْرِ ۚ أُولَٰئِكَ لَمْ يُؤْمِنُوا﴾ [الأحزاب: ١٨- ١٩]

***"Rabbiin warra lola irraa nama hambisee fi kan warra dhaqeen***

***gama keenya kottaa jedhanu ni beeka. Isaan xiqqoo male gara lolaa hin dhufanu. Isin Irratti doqna. Yeroo sodaan wahii dhufe akka namicha duuti isa haguugdee ija mammarsanii kan isaan si ilaalanu argita. Yeroo sodaan deeme immoo arraba qarfamtuu dhaan siniin dubbatu. Horii Irratti doqna. Warri kun hin amanne”*** (al-ahzab: 18-19)



# ULAA SADAFFAA WANTOOTA TAWHIIDA HIR’ISANU

## Kutaa duraa Wantoota gara Shirkii guddaatti Dhaqqabsiisanu

Shirkii guddaan waan dilii irra guddaa Rabbi ittiin wanjalamu ta’eef, Rabbii fi rasuulli isaa ﷺ dalaga ykn dubbii itti nama dhaqqabsiisu hunda dhorkani. Ykn wanta Muslima isa keessa seensisuuf sababa ta’an hunda harramsani.

Rasuulli ﷺ ummata isaanii sirreessuu fi waan ishee halaakuuf sababa ta’u hunda irraa nagaa taasisuuf bololaa turan. Rabbi akkana jedha.

﴿لَقَدْ جَآءَكُمْ رَسُولٌ مِّنْ أَنفُسِكُمْ عَزِيزٌ عَلَيْهِ مَا عَنِتُّمْ حَرِيصٌ عَلَيْكُم
بِٱلْمُؤْمِنِينَ رَءُوفٌ رَّحِيمٌ﴾ [التوبة: ١٢٨]

***“Ergamaan isin irraa ta’e kan wanti isin rakkattan isatti jabaatu isiniif bololaa fi mu’umintoota irratti gara laafaa mararfataa kan ta’e isinitti dhufeera”*** (attawba:128)

Abuu Zarriin akkana jedhe

تركنا رسول الله ﷺ وما طائر يقلب جناحيه في الهواء إلا وهو يذكرنا منه علماً.

“Rasuula Rabbii irraa kan dhiifnee adda baane haala isaan allaattii samii keessa barrisu irraallee beekumsa nuuf himuu hin dhiifneeni.”

Ammas rasuulli ﷺ akkana jedhaniiru jedhe

**«ما بقي شيء يقرّب من الجنة ويباعد من النار إلا بين لكم».**

**“wanti jannatatti isin dhiheessuu fi ibidda irraa isin fageessa utuu hin ibsamin kan hafe hin jiru.”**

Rasuula irraa ﷺ akka mirkanaa’etti akkana jedhan

**«إنما مثلي ومثل الناس كمثل رجل استوقد ناراً، فلما أضاءت ما حوله جعل الفراش وهذه الدواب التي تقع في النار يقعن فيها، فجعل الرجل يحجزهن، ويغلبنه، فيقتحمن فيها، فأنا آخذ بحجزكم عن النار: هلم عن النار، هلم عن النار، فتغلبوني، تقحّمون فيها».** رواه البخاري ومسلم

**“Fakkiin kootii fi fakkiin namootaa, akka fakkii namicha ibidda qabsiifateeti. Aluma isheen wanta naannoo isaa ibsitu billaachinii fi ilbiisattiin ibidda seentu kun seenuu eegalte. Namtichi isaan dhowwuu eegale. Isa mo’atanii ibidda seenu. Ani qabattoo keessan qabeen ibidda irraa deebi’aa jedhaa na mo’attani ibidda seentu.”** Bukhaarii fi muslimtu gabaase.

Rasuulli daangaa tawhiidaa waan isa diiguu fi hiri’su irraa eegumsa ogeessaa eegan. Utumallee fagoo ta’ee karaa gama shirkiitti geessu hunda cufan. Sababni isaas namni karaa irra deeme waan itti dhaqqabuuf.

Shayxaanni dalaga hamtuu namaaf bareecha. Sadarkaadhaan isa hamtuu irraa kan caalutti deemuun yoo danda’e cufatti naannaa Islaamaa keessaa isa baasa. Namni isaan bulee tarkaanfii isaa hordofe duunyaa fi aakiraatti bada. Kanaafuu aluma muslimni hedduun nabiyyii isaanitiin buluu didanii wanta inni dhorgee sodaachise dalaganii tarkaanfii shayxaanaa hordofanu, shayxaanni soba isaaniif gaaromsee itti isaan waame. Hanga isaan haqarra jirra jedhanu osoo ifaan rasuula ﷺ faallessanuu. Kun immoo shirkii guddaa karaa islaamummaa irraa nama baasutti isaan seensise.

Yoo Rabbi fedhe wantoota sadi kan shirkiitti dhaqqabsiisanuu fi muslima shirki keessa buusanu kan rasuulli irraa dhorkan qorannoowwan itti aananu keessattin ibsa.

**Qoranno duraa: Namoottan gaarii keessatti daangaa dabruu.**

Akkuma walii galaatti daangaa dabruu irraa rasuulli ﷺ dhowwaniiru. Akkana jedhan

«إياكم والغلو، فإنما أهلك من كان قبلكم الغلو».

***“Daangaa dabruu irraa of eegaa. Daangaa dabruun warra isiniin duraayyuu ni ballesse.”***

Gaggaarii keessatti daangaa dabruutu sababa jalqabaa fi guddaa kan ilmaan Aadam shirkii guddaa keessa buuse ta’uun mirkanaa’eera. Bukhaariin Abdallah Ibnu Abbaas irraa akka gabaasetti waa’ee taabota qawmii Nuuhii Araba keessa jirtu dubbatee akkana jedhe.

”أسماء رجال صالحين من قوم نوح، فلما هلكوا أوحى الشيطان إلى قومهم أن انصبوا إلى





مجالسهم التي كانوا يجلسون أنصاباً وسموها بأسمائهم، ففعلوا، فلم تعبد، حتى إذا هلك أولئك، ونُسخ العلم، عُبدت.“

*“Maqaa namoottan gaggaarii qawmii Nuuhiiti. Ala isaan dhumanu shayxaanni tuuta isaaniitti bakka isaan eegasii taa’anutti waa dhaabaatii maqaa isaaniitiin moggaasaa jedhee beeksise. Ni dalagani hin gabbaramne. Alawarri kun ka’anu beekumsi ka’ee ni gabbaramte.”*

Kanaafuu nama isa argu, itti hidhatu ykn booda isaa dhufu akka shirkii guddaa keessa buusuutti hin dhaqaabsifneef jecha muslimaaf ulaa kana keessatti laaffisuu irraa fagaachuu isa barbachisa. Gosti waa’ee gaggaarii keessatti daangaa dabruu dhorkamaa ta’ee gama shirkiitti nama dhaqqabsisu:

**Inni duraa:** Faaruu isaanii keessatti daangaa dabruudha. Hedduun warra raafidaa baay’inaan kana dalagu. Suufiyyoonni warri daangaarra kutanis isaan hordofani. Daangaa dabruun hedduu isaanii dhumarratti shirkii guddaa kan rubuubiyyaa keessa seensise. Kunis waliyyoonni tokko tokko uumama kana jijjiiruu danda’u, dubbii nama isaan waamee osoma fagoorraa ta’eellee ni dhaga’u, du’aa’ii isaas ni oowwaatu, ni fayyadu, ni miidhu, fagoo beeku jedhani amanuudha. Ragaa tokko kana keessatti kan qabatanu hin qabanu. Ragaan isaanii hadisa soba, laaftuu fi abjuudha. ykn sobumaan nutti mul’ifame kan jedhanu ykn shayxaanni isaaniin taphannaani. Daangaa taruun kun gabbarsuu keessattis shirkiitti isaan galche. Rabbii gaditti reefka waammatani, ni biramachifatani. Shirkii guddoo irraa Rabbitti majenfanna.

Faaruu isaanii keessatti daangaa dabruu irraa rasuulli ﷺ dhorganiiru. Akkana jedhan

«لا تطروني كما أطرت النصارى المسيح بن مريم، فإنما أنا عبد فقولوا: عبد الله ورسوله». رواه البخاري

**“Akka kiristaanni Masiihu Ibnu Maryam keessatti daangaa darbite daangaa na hin dabarsinaa. Ani garbichaa, garbicha Rabbii fi ergamaa isaa naan jedhaa.”** Bukhariitu gabaase.

Kun waa’ee Rasuulaa keessatti yoo ta’u faaruun kan nama biraa dabalamuu dhiisuun ulaa duraati. Namni faaruu rasuulaa ykn kan nama biraa irratti dabale dilii dalageera. Namni kanatti waamee, eega dhorgaa

rasuulaa baree irra ture sunnaa rauulaa deebise, akkanamni Rasuula hin hordofne, akka namni yahuudaa fi kiristaana jallinaa fi daangaa dabruu isaanii isa Rabbi dhorge keessati isaan hordofutti nama waameera.

Rasuulli ﷺ Sadarkoolee (kabajaa) heddu kan qur'aana Rabbii fi hadiisa rasuulaa keessatti mirkanoofte qabu. Rasuulli ﷺ namni sadarkaa soba isaanii uumuutti hin haajomanu.

**Lammaffaan:** Footoo woliyyootaa fi nama gaggaarii kaasuudha. Shirkiin jalqaba lafa irratti argame sababani isaa footoo kaasuu fi namoota gaggaarii keessatti daangaa dabruudha. Kun immoo ummata Nuuhii keessati argame.J echi Ibnu Abbaas jalqaba qorannoo kanaa keessatti dabreera.

Sababa rakkoo footootii fi diliin nama isa dalagee guddachuutiin ragaan shari'aa kan nama footoo kaasu irratti jabeessitu heddutu dhufte. Akkasumas wanta lubbuu qabu bifaa fi haala hundaanuu kaasuun haraama akka ta'e akeekti. Ragaa kana keessatti dhufe keessaa tokko jecha rasuulli ﷺ

«**إنّ أشدَّ الناس عذاباً يوم القيامة المصورون**». رواه البخاري ومسلم

**"guyyaa qiyaamaa irra jabaan namaa gama adabaatiin warra footoo kaasu."** Bukhaarii fi Muslimtu gabaase.

وروى البخاري ومسلم أيضاً عن ابن عباس ؓ أنه أتاه رجل فقال: إني رجلٌ أصوّر هذه الصور، فأفتني فيها، فقال له: سمعت رسول الله ﷺ يقول: «**كل مصور في النار، يجعل له بكل صورة صورها نفساً فتعذبه في جهنم**». وقال: «**إن كنت لا بد فاعلاً فاصنع الشجر وما لا نفس له**».

Ammas Bukhaarii fi Muslim kan gabaasan keessatti namtichi tokko Ibnu Abbaasitti dhufee **"ani nama suuraa kana kaasuu mee naa ibse."** jedhe. Ibnu Abbaasis Ergamaa Rabbiitii akkana jedhanuun dhaga'e jedhe **"Namni footoo kaasu hundi ibidda keessa, suuraa inni kaase cufaan lubbuun godhameefii ittiin jahannama keessatti adabama."** yoo hojjachuu irraa hafiinsa hin qabne mukaa fi wanta lubbuu hin qabne dalagi.

وثبت عن الخليفة الراشد علي بن أبي طالب ؓ أنه قال لأبي الهياج الأسدي: "ألا أبعثك على ما بعثني عليه رسول الله ﷺ؟ ألا تدع صورة إلا طمستها، ولا قبراً مشرفاً إلا سويته". رواه مسلم.

Khaliifaa sirraawoo Aliyyi Ibnu AbiiXaalib irraa akka mirkanaa'etti Abil hayyaajil Asadiyyiin akkana jedhe *"mee wanta ergamaan Rabbii ﷺ na erganitti si erguu? Suuraa kamuu ija ishee utuu hin balleessin, qabrii ol fuudhamaa osoo hin qixxeessin akka hin dhiifne."* Muslimtu gabaase.





Kanaafuu muslimni waa'ee suuraa cufa keessattuu wanta qaama qabu kan akka siidaa fi kan biraas haa ta'uu kan gaaddidduu qabu, inni haraamumman isa cimaadhaa, diliin isaas gudaadha ykn kan waraqata, mana, uffata ykn kan biraa irratti ka'u laaffisuun hin barbachisu. Rakkoon footoo kan inni gudatu yoo namni kaafamu kun warra beekumsaa gurgudaa irraa ta'e ykn nama qalbii namaa keessatti sadarkaa guddaa qabu yoo ta'e dha.

Manguddoon Saalih Ibnu Fawzaanil fawzaan akkana jedhe

"التصوير معناه نقل شكل الشيء وهيئته بواسطة الرسم أو الالتقاط بالآلة أو النحت، وإثبات هذا الشكل على لوحة أو ورقة أو تمثال، وكان العلماء يتعرضون للتصوير في مواضيع العقيدة؛ لأن التصوير وسيلة من وسائل الشرك، وادعاء المشاركة لله بالخلق أو المحاولة لذلك، وأول شرك حدث في الأرض كان بسبب التصوير ... فالتصوير هو منشأ الوثنية؛ لأن تصوير المخلوق تعظيم له، وتعلق به في الغالب، خصوصاً إذا كان المصوّر له شأن من سلطة أو علم أو صلاح، وخصوصاً إذا عُظمت الصورة بنصبها على حائط أو إقامتها في شارع أو ميدان، فإن ذلك يؤدي إلى التعلق بها من الجهال وأهل الضلال ولو بعد حين، ثم هذا فيه أيضاً فتح باب لنصب الأصنام والتماثيل التي تعبد من دون الله."

*"suuraa kaasuu jechuun bifaafi haala wanta tokkoo barreeffaman, meeshaa kaameeraan ykn soquun fuudhanii muka, waraqata ykn hawiltii (siidaa) irratti raggaasisuu dha. Sababni beektoleen ulaa aqiidaa keessatti waa'ee suuraa dubbatanuuf suuraatu wanta shirkiitti nama dhaqqabsisu irraayyi, uumuun ykn uumuuf yaaluun Rabbitti qixxeenya falmachuu dha.Shirkiin jalqaba lafa kana irratti argame sababa suuraati waan ta'eef suuraa bakka umama taabotaati.Suuraa nama tokkoo kaasuun isa guddisuudha. Yeroo baay'ees qalbiin itti rarra'uudha. Keessumayyuu namichi kaafamu kun yoo mootummaan, beekumsa ykn gaarummaa wahii qabate, keessumaayyuu ogga suurrattiin guddifamtee dallaarratti, karaa keessaa fi bakkee irratti dhaabamte warri wallaalaani fi jallataan yeroo boodallee ta'a malee qalbiin isaanii ittirarra'a. Ammas wanti kun taabotaa fi sidaa Rabbii gaditti gabbaramuuf karaa bana."*

**Sadaffaan:** Namoota gaggaarii irra barakaa barbaaduu dhorgamaa. Yeroo tabarruka dhorgamaa qorannoo itti aanu keessatti dubbanu waa'ee kanas yoo Rabbi fedhe ni dubbanna.

**Qoranno lammaffaa: Barakaa barbaaduu dhorgamaa.**

Tabarruka jechuun barakaa barbaaduu dha. Barakaa jechun kahyrii baay'ifachuu, dabalachuu fi tursisuudha.

Tabarrukni hukmii isaa ilaallee bakka lamatti qoodama.

A) Tabarruka eeyyamamaa: Inni kun Muslimni miindaa isaa barbaaduu ibaadaa karaa godhame hojjachuudha. Sana keessaa tokko qura'ana qara'ee itti hojjatee barakaa isaa barbaaduu dha. Barakaa isaa barbaaduu jedhuun waan muslimni qara'ee murtee isaatti hojjatee mindaa irra barbaadu. Ammas masjiida haram irra barakaa barbaaduun itti salaatanii saganni dachaa hedduun baay'ifmnaan argachuu dha. Kuni barakaa masjida Harami

A) Tabarruka dhorgamaa: Hukmii isaa ilaallee bakka lamatti qoodama.

1. Tabarruka shirkii:- Innis namtichi barakaa barbaadu isarra barbaadu (uumamicha) tu barakaa ofumaan kenna jedhee amanuu dha. Ofuma isaatiin wantootatti barakaa godha jechudha. Barakaa kan argamsiisus ta'ee kan kennus Rabbiin qofa sahiiha bukhaarii keessatti akka mirkanaa'eeti rasuulli ﷺ akkana jedhan «البركة من الله».

**"Barakaan Rabbiin biraayyi."**

Nama biraa irra barbaaduun ykn nama biraatu kenna jedhanii amanuun shirkii dha.

2. Tabarruka bida'aa: Innis wanta ragaan shari'aa barakaa irra barbaduun ni ta'a hin jedhin irra barakaa barbaadaa Rabbitu barakaa keessa kaa'e jedhanii amanuu dha ykn wantuma barakaa irra barbaduun shari'aan argame haala shari'aa irraa hin dhufeenirra barbaaduudha.Mamii tokko male kun dhorgaadha. Sababni isaas ibaadaa ragaa qur'anaafi hadiisaa hin qabne uumudha.Wanta sababa hin taane sababa taasisuudha. Kuni shirki xiqqoodha. Ammas wanti kun shirki guddaatti nama seensisa.

   Tabarrukni bida'aa kun bakka saditti qoodama.

**Gosti duraa:** Waliyyootaa fi nama gaggaarii irra barakaa barbaaduu dhorgamaa dha. Qaamaa fi faana rasuulaa irra kan akka rifeensaa, dafqa, uffataa fi kan biroo irras barakaa barbaaduun akka danda'amu ragaan heddu dhufteetti. Nama nabiyyii male jiru woliyyootaa fi saalihoota immoo ragaan sirrii ifaa ta'e tokko kan qaama isaa fi waan inni dhiisee deeme irra barakaa barbaaduun ni eeyyamama jedhu hin dhufne. Kanaafuu, qaama ykn haftee salihootaatiin barakaa barbaaduun sahaabaas ta'ee taabi'a tokko irrayyuu hindhufne.




Caalaa ummata kanaa kan nabbiyyii sheetti aanu Abuu Bakri-ssiddiiqiin, kan biraa warraa kurnan jannataan gammachifamanis ta'ee tokkon warra maatii rasuulaa irraas ta'ee kan biroorra barakaa hin barbaanne. Waan bolollii cimaa gosa toltuu hunda irratti qabanuuf, osoo kun khayrii ta'e itti un dursu. Qaamaa fi haftee saalihootaa irra barakaa barbaaduu dhiisuu irratti wali galuun isaanii dhorgamuu isaarratti ragaa ifaadha. Kana irratti hundoofnee namni qaama ykn haftee saalihoota nabiyyii male jiruurra barakaa barbade Rabbii fi ergamaa isaa wonjaleera. Haala Rabbiin dhuunfaatti nabiyyii isaatiif kenne namoota biraatiif kennuun rasuulaan qixxeesseera. Woliyyootaa fi saalihoota cufa caalaa ilma namaa dura bu'aa ilmaan aadamiin qixxeesseera. Kun haqa rasuulaa hir'isuu of keessaa qaba. Jaalalli rasuulaa ﷺ qalbii namicha kanaa keessatti hir'achuu akeeka. (Hasan siddiiq khaan Diinul Khaalisiin 2/250 akka dubbatetti namni biraa rasuulaan madaalamuu hin qabu).

Gosowwan barakaa saaliha irra barbaadanuu dhorgaa kan ta'e

A) Isaanitti rigachuu, uffata isaanii uffachuu, barakaa barbachaaf booda isaan dhuganii dhuguu dha (Haafiz Ibnu Rajab Al-Hambaliin kitaaba Al-hukmul jadiiraa fuula56 keessatti Imaamu Ahmadiin irraa kana dubbateera).

B) Qabri isaani dhungachu, itti rigachuu, barakaa barbaachaaf biyyoo ishee fudhachuu dha. (Izzuddiin Ibnu Jamaa'aan Hidaayatu-ssaalik fuula 1390 keessatti sahaabota irraa dubbateera) Warri beekumsaa heddu wanti kun dhorgamaa ta'uu irratti wali galtee beektotaa himaniiru (Imaamu-nnawawii mansakii isaa fuula453 keessatti qabri Rasuulaatti xawaafuun dhorgaa akka ta'e dubbateera). Abuu Haamidal Gazaalii Ashaafi'iyyiin kan waggaa 505 A.H tti du'ee fi beektoleen biroos kan shaafi'iyyaa fi Hanafiyyaa aadaan kun gocha kiristaanaati jedhan. Gariin beektolee shaafi'iyyaa fi hanafiyyaa

barakaa barbaachaaf qabrii dhungachuun dilii guddaa irrayyi jedhanii dubbatan.

C) Barakaa barbaachaaf qabrii isaanii biratti Rabbiin gabbaruudha. Kun immoo yoo ishee biratti Rabbiin gabbaruun caalaadha, ibaadaan kun qeebalamuuf sababa taati, du'aa'iin qeebalamuuf sababa jedhee amanee dha.Qorannoo dhuunfaa keessatti dubbiin gosa kana irrati yoo Rabbifedhe bal'inaan ni dhufa.

**Gosti lammaffaan:** Bara, bakkaa fi wantoota barakaa irra barbaaduun shari'aan hin dhufin irra barakaa barbaaduu dha.

Fakkenya wantoota Kanaa:

1. Bakka Rasuulli ﷺ irra darbe ykn keessatti Rabbiin gabbare mataa ishee osoo hin barbaadin irra bu'iidhaan kan taatee dha. Yeroo Rabbiin gabbaru bakka sana jira malee ragaan shari'aa tokko illee caalina ishee kan akeeku hin dhufne. Bakkoota kana keessaa gaara sawrii, gaara hiraa'aa, gaara arafaat, bakkoota rasuulli yeroo imalaa irra dabre, masjiida torban khandaqitti dhihoo jiran, bakka rasuulli ﷺ Keessati dlalatan jedhamu (Bakki isaan itti dhalatan wal dhabbii guddaa qaba) fi bakka nabiyyiin ykn woliyyiin wahii itti dhalate ykn keessa jiraate jedhamu fi kkf garuu hedduun isaa ragaan hin mirkanoofne. Bakka kana sagantaan dubbisanii sagada, du'aa'ii fi kan birootinis isa birattis ta'ee gubbaa isaatti Rabbiin gubbaruun muslimaaf hin eeyyamamu. Guyyaa hajjiis ta'ee kan biraas gaara kana koruun hin eegamamu. Gaaruma arafaat iyyuu guyyaa arafaas ta'ee kan biroos ol koruun hin ta'u. Tu'oo gubbaa isaa jirutti rigachuunis hin eeyyamamu. Kan eeyyamamu yoo mijaa'e dhagoota isatti dhihoo jiranu bira dhaabbachuudha, yoo hin taane bakkee arafaa iddoo mijaa'eef irra dhaabbata.

Kanaafuu sahaabaa tokko irraa bakka kana dhungatani, tuqani ykn waan biraatiin barakaa irra barbaaduuf niyyatani jechuun tokkoyyuu hin mirkannofne, tokkoon isaaniis achi keessatti Rabbiin gabbaruu niyyataniiruun hin jiru. (ibnu waddaah kitaaba maa jaa'a fil bida'i fuula 91 imaamu Maalikii fi beektota Madiinaa irraa kana dubbateera)

Nabiyyii irraa akka mirkaana'etti akkana jedhan





«لا تُشَدُّ الرِّحَالُ إلا إلى ثلاثة مساجد: مسجدي هذا، ومسجد الحرام، ومسجد الأقصى».

رواه البخاري ومسلم

**"fe'annaan gara masjiida sadihiitti male hin jabeeffatamtu: masjiida koo kana, masjiida haramii fi masjiida aqsaati."** Bukhaarii fi muslimtu gabaasan.

Umar Ibnul khaxxaab lammaffa khaliifota sirraawoo kan karaa isaanii hordoofuutti ajajamne hajjii deebi'aa kan namoonni masjiida tokko bira qubatanii itti sagadanu argee waa'ee isaanii gaafate. Masjiida rasuulli itti sagadan jedhan. Akkana jedhe

"إنما هلك من كان قبلكم أنهم اتخذوا آثار أنبيائهم بيَعاً، من مر بشيء من هذه المساجد فحضرت الصلاة فليصل، وإلا فليمض."

***"Warra isiniin duraa wanti isaan balleesse isaantu faana nabiyyootaa bakka ibaadaa godhatu turan. Namni oggaa inni masjiida kana bira ga'u yeroon salaataa itti ga'ee haa sagadu yoo hin geenye haa deemu."***

Jechi kun khaliifaa sirraawaa Umar Ibnul Khaxxaab isa Nabiin ﷺ wa'ee isaa keessatti

«إن الله جعل الحق على لسان عمر وقلبه».

**"Rabbiin dhugaa arrabaa fi qalbii umar irra godhe."** jedhan tu dubbate.

Isaafi Abii bakri dhaan rasuulii ﷺ akkana jedhan

«اقتدوا باللذين من بعدي أبي بكر وعمر».

**"Warra na boodaa lachan Abuu bakri fi umar itti hidhadhaa."**

Jechi umar darbe kun bakka Rasuulli osoo hin barbaadin keessa darbe ykn itti Rabbiin gabbare irra barakaa barbaduun dhorgamaa akka ta'e agarsiisa. Bakka kana ibaadaaf niyyachuun dhorgaa ta'uu agarsisa. Salafni ummata kanaafi warri karaa isaanii irra deeme hundinuu kanairratti walii galani.Ammas wanti kun haarawa ragaa hin qabneedha.

2. Mukkeen, dhagoota, tu'oo, eelaa fi laga adda addaa kan wallaalaa gariin sababa nabiyyii fi woliyyii wahiiti dhagicha irra dhaabbate jedhani yaadanu nabiyyi wohiitu muka kana jala rafe jechuu amananu,

Abjuudhaan tokkoon isaani mukti ykn dhagaan kun barakaa qaba jechuu argee, nabiyyi wahii eela ykn laga kana keessatti dhiqate jedhanii waan amananuuf ykn namni wahii keessatti dhiqatee fayyee fi kkf sadarkaa qabdi jedhanii waan yaadanuuf irra barakaa barbaaduu dha. Ishee keessa daangaa darbuun barakaa irra barbaadu, mukaa fi dhagaatti rigatuu, barakaa barbaachaaf bishaan eelaa ykn laga kanaatti dhiqatuu, carqii, mismaaraafi uffata muka irratti fannisuu, ala tokko tokko daangaa taruun isaanii dhumurratti wantoota kana gabbaruun isaan ga'a.Wanti kun ofuma isheetiif Rabbii gaditdti fayyadee miiti jechuu amanu. Mamii tokko male gosa barakaa kamu itti rigachuu, dhungachuu, dhiqachuu ykn kan biroo dubbatamee dabres ta'ee muka, dhagaa, lagaafi kan biraa irras baraka barbaaduun wali galtee beektotaatini dhorgaadha. Sababni isas ibaadaa bu'uura shariaa keessa hin jirre uummuufi sababa guddoo shirkii guddaa keessa nama seensisu waan ta'eefi. Abuu Waaqidul laysin akka odeessetti ni jedhe

ولما روى أبو واقد الليثي قال: خرجنا مع رسول الله ﷺ قبل حنين، ونحن حديثو عهد بكفر، وللمشركين سدرة يعكفون حولها وينوطون بها أسلحتهم وأمتعتهم، يقال لها ذات أنواط، فمررنا بسدرة، فقلنا: يا رسول الله، اجعل لنا ذات أنواط كما لهم ذات أنواط، فقال ﷺ: " الله أكبر، هذا كما قالت بنو إسرائيل: ﴿ٱجْعَل لَّنَآ إِلَـٰهًا كَمَا لَهُمْ ءَالِهَةٌ﴾ [الأعراف: ١٣٨]، ثم قال: «إنكم قوم تجهلون، لتركبن سنن من كان قبلكم».

**"ergamaa Rabbiitii wajjin ﷺ gara hunaynii baane. Nuti barri keenya kufriitti dhihoodha. Mushrikoonni muka qurquraa jala taa'ani meeshaa isaanii itti fannifatanu kan abbaa fannoo jedhamtu qabu. qurqurqq bira dabrinee yaa ergamaa Rabbii muka abbaa fannoo kanuma akka isaan qabanuu nuuf tolchi jenne. Ergamaan Rabbiis ﷺ akkana jedhan "Rabbiin wanta hundarra guddate. Kuni akka Baniin Israa'iil Muusaadhaan "*Akkuma isaan waan gabbaranu qabanu nuufis waan gabbaranu tolchi."* jedhan** (al-a'araaf:138)**. Eegas akkana jedhan "Isin tuuta wallaalaa karaa warra isiniin duraa hordofuudha."**

Ala sahaabonni warri barri isaan Islaamummaatti seenan dhihoo ta'e mushrika hordofanii mukarra barakaa barbaaduu Rasuula gaafatanu isaan harkatti morme. Gaaffiin isaanii kun gaaffii Banii Israa'iil mushrika bara isaanii hordofanii waan gabbaramu





Muusaa gaafatan akka fakkaatu itti hime. Osoma wanni sahaabonni barbaadan kun shirkii xinnoo ta'uyyuu gaaffiin isaanii kallattii mushrikatti fakkachuutiin gaaffiiBanii Israa'iiliin tokko. Dirqamatti wanti amantii Islaamaa irraa baramu dhagaan ykn wanti biraa kan barakaa barbaachaaf haxaa'atamu ykn dhungatamu tokkollee hin jiru. Maqaamni Ibraahiim utuma inni irra dhaabbatee faanni isaa mallattoo irratti baaseeyyuu walumaa galatti dhungachuun isaa hin eeyyamamu. Kana cufa irratti beektonni wali galaniiru.Ogga xawaafaa hajarul aswadiin haxaa'uunii fi dhungachuun akkasumas ruknal yamaanii haxaa'uun ittiin Rabbiin gabbaruu fi karaa Rasuulaa ﷺ hordofuufi. Kanaafuu umar Ibnul khaxxaab ogga hajarul aswadiin dhungatu akkana jedhe

"إني لأعلم أنك حجر لا تضر ولا تنفع، ولولا أني رأيت رسول الله ﷺ يقبلك ما قبلتك."رواه البخاري ومسلم.

**"Ani nin beekaa. Ati dhagaa hin miine hin fayyanne, osoon rasuula Rabbiitii ﷺ si dhungatanuu arguu baadhee si hin dhungadhu."** Bukhaariifi Muslimtu babaase.

Akkasumas muruun mukkeenii, diguun eelaa fi lagaa, deemsisuun dhagaa namni wallaalaan barakaa irra barbaaduu dirqama. Kun immoo ulaa shirkii cufuufi.Akkuma Umar Ibnul khaxxaab muka bay'aturridwaan muruun kana raawwate.

3. Halkanii fi guyyoota tokko tokko kan wanta guddaatu keessa uumame jedhamu irra barakaa barbaaduu dha. Fakkeenyaaf halkan Rasuulli ﷺ Israa'ii fi mi'iraajii (makkarraa baytal maqdisiin achii immoo gara samii koran) deeman jedhamuu fi kkf waa'ee kanaa irratti yoo Rabbi fedhe adda babaafnee kutaa shanaffaa ulaa kanaa yeroo waa'ee bida'aa dubbannu ibsina.

**Gosti Sadafaan:** Bakkaa fi wantoota sadarkaa qabu irra barakaa barbaaduu. Bakki heddu kan akka ka'abaa kabajamaa, masjiidota sadanii fi yeroon heddu kan akka halkan laylatul qadrii fi guyyaa arafaa, wantootni biraa heddus kan akka bishaan zamzamaa, nama soomuuf suhuurii nyaachuu, ganamaan rizqii barbaaduu fi kkf caalina fi barakaa akka qaban kan akeeku ragaan heddu dhufeera. Wantoota kana irra barakaa barbaaduun kan ta'u ibaadaa fi wanta biraa kan shari'aan

caalina isaa keessatti hime duwwaadhaani. Wanta hin dhufiniin barakaa barbaaduun hin ta’u.

Kana irratti hundoofnee namni yeroo, bakka ykn wantoota shari’aan caalinaa fi sadarkaa isaa dubbate ibaadaa ykn tabarruka shari’aan achitti hin fidiniin kophaa baase shari’aa faallesseera. Bid’aa shari’aa keessatti bu’uura hin qabne uumeera. Kun immoo kan akka laylatul qadrii umraan kophaa baasuu, akka namni duppoo ka’abaa dhungachuu fi haxaa’uun barkaa irra barbaaduu, maqaama Ibraahiimitti rigachuu, godoo kan godoo Ismaa’iil jedhamtutti rigachuu, waan ka’abaa haguuge, dadaa (duppoo) masjiida haramaatti ykn masjida rasuulaa fi tu’oo isaatti fi kkf itti rigachuudha. Kun hundinuu dhorgaadha. bida’aa uumamtuudha. Akkasumas dhagaa ykn biyyoo bakka sadarkaa qabu irra gangalachuu fi walitti qabanii eeguun barakaa irra barbaaduun kana keessatti ramadama.

Ammas ragaan wantoota sadarkaa qaban irra waan shari’aa keessatti dhufeen male barakaa irra barbaaduun akka hintaane akeeku wanta Umar Ibnul khxxaab lammaffaan khulafoota warra nuti hordofuutti ajajamnee, kan rasuulli ﷺ waa’ee isaa keessatti

«إن الله جعل الحق على قلب عمر ولسانه»

**“Rabbin dhugaa arrabaa fi qalbi Umar irra taasiseera.”**

jedhanii fi ammas waa’ee isaa fi Abuu Bakrii keessatti

«اقتدوا باللذين من بعدي أبي بكر وعمر»

**“warra na boodaa lachan Abuu Bakrii fi Umaritti hidhadhaa.”** jedhan,

oggaa hajarul Aswadiin dhungatu

**«إني لأعلم أنك حجر لا تضر ولا تنفع، ولولا أني رأيت النبي ﷺ يقبلك ما قبلتك»**. رواه البخاري ومسلم.

**“Ani nin beeka, ati dhagaa hin miine hin fayyanne. Osoon Rasuulaa si dhungatanuu arguu baadhee si hin dhungadhu.”** jedhe. (Bukhaarii fi Muslimtu gabaase).

Jechi Umar kun kan inni ibsu Hajarul Aswad kan dhungatamuuf Rasuula hordofuufi. Muslimni Rabbiin ittiin gabbaruuf dalaga. Ammas caalaa ilma namaa kan ta’e hordofuufi malee barakaa irra barbaaduun hin jiru. Kun yeroo waa’ee Hajarul Aswad isa qaama ka’abaa keessaa caalaa irratti ta’u, bakkii fi wantootni biraa immoo kana caalaa dhorgama. Muslimni wama shari’aa keessatti dhufeen achitti Rabbiin gabbara malee homaa itti hin dabalu. Ammas haraamummaa wanta kanaa kan akeeku beekaan ummata kanaa, kan qur’aana hiikuu fi ilma wasiila Rasuulaa kan ta’e Abdallah Ibnu Abbaas ؓ irraa kan dhufeedha. Abdallaan nama ruknii ka’abaa arfan dhungate ni dhorge. Sababni isaas Rasuulatu hajaral aswadii fi ruknii yamaanii male hin dhunganne (Bukhaariitu gabaase). Ammas sahaabticha guddaa Abdallah Ibnuzzubeer irraa mormiin warra Maqaama Ibraahimitti rigateetu kana akeeka. Dhuma dubbii mata duree kanaa(tabarruka bida’aa) irratti akkanan jedha. Gosti tabarrukaa kun sababa guddoo ishee gara shirkii Islaamummaa irraa nama baaftutti geessituuti. Kanaafuu, ala muslimoonni heddu tabarruka bida’aa kana hojjachuun Rabbiin wanjalanu hedduu isaanii shirkii guddaa keessa seensise. Kun immoo tabarruka shirkii ykn gosa shirkii guddaa kan biraa keessa seensisuu dhaani.

Ibnu Is-haaq abbaan Magaazii fi namni biroos ragaa kan wanti Araba shirkii keessa seensise dhagaa harama Makkaa kabajuu fi barakaa irra barbaaduu akka ta’e akeeku nuu fideera. Hinumaayyuu Imaamu Abuu Is-haaq Ashaaxibiyyil Maalikiyyiin yeroo waa’ee tabarrukaa dubbatu akkana jedhe

” العامة لا تقتصر في ذلك على حد، بل تتجاوز فيه الحدود، وتبالغ في جهلها في التماس البركة، حتى يداخلها للمتبرك به تعظيم يخرج به عن الحد، فربما اعتقد في المتبرك به ما ليس فيه، وهذا التبرك هو أصل العبادة، ولأجله قطع عمر ؓ الشجرة التي بويع تحتها النبي ﷺ، بل هو كان أصل عبادة الأوثان في الأمم الخالية حسبما ذكره أهل السير.“

*“wallaalonni kana keessatti daangaa irratti hin gabaabbatanu. Daangaa irra taru. Wallaaluma daangaa dabruun barakaa barbaaduun namicha barbaadu keessa wanta sana guddisuu daangaa dabretu seena. Yeroo tokko tokko wantuma inni hin qabne qaba jedhanii amanu. Tabarrukni akkanaa immoo bu’uura ibaadaati. Kanaafuu, Umar mukattii ishee ummanni jalatti Rasuulaaf ﷺ waadaa seene jigse. Wanti kun akka warri seenaa dubbatetti ummata dabre keessatti sababni bu’uuraa kan taabota isaan gabbarsiise kana.”* (al i’itisaam 2-9)

Ammas ragaan kun tabarrukni hin dhufin hundinuu haraama ta'uu isaa akeeka.

**Qorannoo Sadaffaa: Qabrii Olkaasuu, nooraa dibuu, ibsaa galchuu, fooqii irratti ijaaruu, masjiida irratti ijaaruu fi biratti Rabbiin gabbaruu dha.**

Hadiisni heddu kan wantoota kana cufa dhorgitu dhufteetti. Isaanis:

ما رواه جندب بن عبدالله ﷺ قال: سمعت رسول الله ﷺ قبل أن يموت بخمس وهو يقول: «**ألا وإن من كان قبلكم كانوا يتخذون قبور أنبيائهم وصالحيهم مساجد، إني أنهاكم عن ذلك**». رواه مسلم

1. Wanta Jundub Ibnu Abdallah ﷺ odeesse. Osoo hin du'in guyyaa shaniin dura ergamaa Rabbiitii akkana jedhanuun dhaga'e jadha **"dhaga'aa warri isiniin dura turan qabrii nabiyyootaa fi namoota gaggaarii masjiida godhatu. Ani kana irraa isinin dhorka."** (Muslimtu gabaase).

ما رواه ابن مسعود ﷺ عن النبي ﷺ قال: «**إن من شرار الناس من تدركه الساعة وهم أحياء، ومن يتخذ القبور مساجد**».

2. Waan Ibnu Mas'uud Ergamaa Rabbii irraa gabaase keessatti akkana jedhan **"irra hamaan namaa, nama isaa lubbuun jiruu qiyaamaan itti dhaqqabdee fi nama qabrii masjiida taasifate."**

ما روته أم المؤمنين عائشة وابن عباس ﷺ قالا: لما نزل برسول الله ﷺ طفق يطرح خميصة له على وجهه، فإذا اغتم بها كشفها عن وجهه، فقال وهو كذلك: «**لعنة الله على اليهود والنصارى، اتخذوا قبور أنبيائهم مساجد**»، يحذر مثل ما صنعوا. قالت عائشة ﷺ: «**ولولا ذلك لأبرز قبره، غير أنه خشي، أن يتخذ مسجداً**». رواه البخاري ومسلم

3. Waan haati mu'uminaa Aa'ishaanii fi Ibnu Abbaas ﷺ gabaasan keessatti **"Ala Ergamaa Rabbiirra duuti qubatu ansoolaa isaanii fuularra buufachuu eegalani. Yeroo isaan ukkaamse fuula irraa saaqu. Haala kana keessa utuu jiranuu akkana jedhan 'abaarsi Rabbii yahuudaa fi Nasaaraa irra haa jiraatu. Qabrii Ergamaa isaanii masjiida taasisani'. Wanta isaan dalagan kana sodaachise."** Rabbi isheerraa haa jaallatuu Aa'ishaan ni jette **"osoo kun hin taanee qabriin isaanii bakkee ba'a ture. Haa ta'u malee masjiida taasifamaatu sodaatame."** (Bukhaarii fi Muslimtu gabaase).




ما رواه أبو الهياج الأسدي –رحمه الله– قال: قال لي علي بن أبي طالب ﷺ: "ألا أبعثك على ما بعثني عليه رسول الله ﷺ؟ أنْ لا تدع تمثالاً إلا طمسته، ولا قبراً مشرفاً إلا سويته". رواه مسلم.

4. Wanta Abul Hayyaajil Asadii ﷺ gabaase. Aliyyi Ibnu Abii Xaalib akkan naan jedhe "*Wanta Rasuulli Rabbii na erganitti mee si erguu? Jedhe. Footoo tokko illee hanga ija isaa jaamsitutti, qabrii ol fuudhamaa hanga qixxeessitutti hin dhiisin.*" (Muslimtu gabaase).

ما رواه جابر بن عبدالله ﷺ قال: نهى رسول الله ﷺ أن يجصص القبر، وأن يقعد عليه، وأن يبنى عليه. رواه مسلم

5. Wanti Jaabir Ibnu Abdallah ﷺ gabaase keessatti **"Ergamaan Rabbii ﷺ qabriin dibamuu, irra taa'amuu fi irratti ijaaramuu dhorgan."** jedha.

Hadiisowwan kanaaf ragaan heddu kan sahaabaa hunda irraa dhufee sadarkaa tawaaturaa gahetu jira. (Shaykhul Islaam Ibnu Taymiyah Iqtidaa'i 672, Suyuuxii kitaaba Al-amr bil ittibaa'i fuula 9, Barkawii al -Hanafii Ziyaaratul-qubuuriin fuula 6 fi abuu Abdallaahil kannaanii nazmii mutanaasir fuula 109 keessatti dubbatani)

**Hiikti qabrii masjiida taasisuu:** masjiida irratti ijaaruu dha. Ammas utuma irratti ykn gidduutti hin ijaaramneellee bakka salaataa godhachuunis kana keessa seena. Innimmoo qabrii irratti salaatuu ykn itti gara galanii qiblaa nama salaatuu taasisanii itti sagaduu fi du'aa'ii fi zikrii biratti gochuudhaaf niyyachuun kana keessatti ramadama.

Hadiisowwan ragaa wantoota kana kopha kophaatti dhorkaa of keessaa qabanus dhufaniiru. Isaanis:

ما رواه أبو مرثد الغنوي ﷺ عن النبي ﷺ أنه قال: «**لا تصلوا إلى القبور. ولا تجلسوا عليها**». رواه مسلم

1. Abuu MarsadilGanawiin Rasuula Irraa akka gabaasetti akkaana jedhan **"Gara qabriiti hin salaatinaa, irras hin taa'inaa."** (Muslimtu gabaase).

ما رواه أبو سعيد الخدري ﷺ أن رسول الله ﷺ نهى أن يبنى على القبور، أو يقعد عليها، أو يصلى عليها.

2. Abuu Sa'iidal Khudriin akka gabaasetti Ergamaan Rabbii ﷺ qabrii irratti ijaaruu, irra taa'uu ykn irratti sagaduu dhorkaniiru jedha.

ما رواه ابن عباس مرفوعاً: «**لا تصلوا إلى قبر، ولا تصلوا على قبر**».

3. Ibnu Abbaas Rasuulatti dhaqqabsiisee akka gabaasetti **“Gara qabriitti hin sagadinaa, qabrii irrattis hin sagadinaa.”** jedhan.

Hadiisa keessatti qabrii isaanii Iidii godhachuu irraa kan dhorgu dhufeera. Bakka iidii godhachuun immoo itti wal ga’uu fi ibaadaadhaaf wal jijijjiiruudha. Ammas kan Abuu Hureyraan Rasuula irraa ﷺ gabaase akkana jedha

**«لا تجعلوا بيوتكم قبوراً، ولا تجعلوا قبري عيداً، وصلوا علي، فإن صلاتكم تبلغني حيث كنتم».**

**“Mana keessan qabrii hin taasisinaa, qabrii koo ayyaana hin taasisinaa, idduma isin jirtanu irraa na dhaqqabaa rahmata natti buusaa.”**

Qabriin isaanii kan qabrii lafa irra jiru cufa caalu akkana yoo ta’e qabriin nama biraa immoo akkam ta’a?

Hadiisni kun sahiihaa fi Rasuula iraa tawaatura waan ta’ee fi sodaachisni achi keessatti dhufe waan heddummaateef beektonni, sahaabaa Rasuulaa irraa eegalee warra booda kanaa salafa ummata kanaa fi warra karaa isaanii irra deeme dabalatee masjiida, mana ykn godoo qabrii irratti ykn keessatti ijaaruun haraama akka ta’e walii galaniiru. Akkasumas qabrii ol kaasuun haraama akka ta’e walii galaniiru. Olkaasuun kun biyyoo taakkuu irra ol fuudhamaa ta’e itti naquun haa ta’uu, cinaa qabrii dhoqqee, dhagaa ykn wanta biraatiin ol fuuchuun haraama. Ibsaa achitti qabsiisuunis dhorgaa akka ta’e walii galaniiru. (Shawkaaniin Sharhi-ssudiir fuula 17 keessatti dubbate)

Akkasumas masjiida qabrii irratti ijaarame keessatti sagaduun dhorgaa akka ta’e walii galan. Hedduun beektotaa waan dhorgameef jecha salaatichi ni bada jedan. Masjiida keessatti nama qabaruun hin eeyyamamu. Masjiida qabrii irratti ijaarame kaasuun ykn footoo qabrii masjiida irraa deemsisuun dirqama ta’uu irratti walii galaniiru. Hedduun isaanii akka ibsanitti wanta qabrii irratti ijaarame ykn ol ka’e cufa kaasuun dirqama.

Ammas Rabbiin gabbaruuf jecha gama qabrii deemuun, gara isaatti garagalanii salaatuun, biratti qaluun, Rabbiin biratti kadhachuunii fi kan biraas biratti geggeessuudhaa dhaquun vida’aa dhorgamaa akka





ta’e walii galaniiru. Akkasumas Rabbitti dhihaachuuf ukn wanta biraatti dhihaachuuf jecha qabriitti xawaafuun haraama akka ta’e walii galaniiru. Gariin beektolee shaafi’iyyaa fi hanafiyyaa akka dubbatanitti wantootni kun cufti dilii guddaa irraa lakkaa’amti. Gariin beektolee Hanafiyyaa fi kan birooillee qabrii dubbisuuf jecha imaluun akka hin jaallatamne walii galtee beektotaa himaniiru.

Akkumas salafoonni ummata kanaa Rasuulatti hidhatanii waan isaan dhorgan dhiisuun irraa fagaatan hunda Muslima nageenya ofiif yaadu hunda irratti vida’aa Rasuulli ﷺ namni hojjate badii guddaa akka qabu ibse irraa fagaachuun dirqama. Kana irratti hundoofnee, namni wantoota dhorkamtuu kana dalaguu irra ture ykn hojjachuutti waame adaba duniyaa fi aakhiraatiif of saaxileera. Wantoota Nabiyyiin keenya dhorkan irraa fagaachuun mallattoo isaan jaallachuuti. Ishee dalaguun immoo isaan jibbuu, karaa isaanii faallessuu fi deebisuu dha.

Akkasumas namni wantoota sunnaa keessatti dhorkamaa ta’an kana hoojate jechoota sheekolee fi, aadaa abbaa fi akaakayyuu karaa Rasuulaa irra caalchiseera. Wanta Rasuulli ﷺ cimsee jibbus dalageera. Kanaafuu, Rasuulli ﷺ yeroo duniyaa gadi dhiisan bareechanii waa’ee kanaa sodaachisanii nama dalage irratti adaba furdisaniiru. Namni Rasuulli ﷺ dhorkuu eega baree, nama kana dalage abaaruus beekee, waan isaan ummataaf wanta jara irraa fageessuuf jecha bolollii guddaa qabanuuf, wanta dalagee irra ture kuni mallattoo sunnaa Rasuulaa xiqqeeffachuu fi ishee faallessuus dhimma dhabuu isaati. Jaalalli inni Rasuulaaf qabu hir’achuu irratti ragaa guddaadha.

Akkasumas wanta kana dalaguun sababa isa guddaa shirkii guddaatti nama seensisuu dha. Kun immoo warra qabrii keessatti daangaa dabruu fi qalbiin itti rarra’u shirkii isa guddaa karaa Isalaamaa irraa baasutti dhaqqabsiise.wanti kun qabriidhuma taabota Rabbii gaditti gabbaramu taasisa. Kanaafuu, aluma Ubeydiyyoonni warri shii’aatti hirkatanu masjiida, godoo fi wal ga’ii qabrii irratti ijaaruun Misraa fi biyya biroo keesstti sunnaa badaa karaa godhanu, isaan jalqaba nama waan kana Yahuudaa fi Nasaaraa hordofee biyya Islaamaa keessatti karaa godheetii, babal’atee qabrii keessatti daangaa dabruun heddummaate. Ala Muslimoonni heddu qabrii ijaaruu keessatti Ubeydiyyoota kana

hordofanii qabrii bakka salaataa fi du'aa'ii taasisanu, wanti kun Rabbiin dhiisanii warra qabrii gabbaruudhaan isaan ga'e. Birmachiifachuu, rakkoo irraa saaquu fi bu'aa fiduufii barbaaduu, itti dhihaachuuf qabrii isaaniitti xawaafuu fi biratti qaluu eegalan. Kun cuftinuu shirkii guddaa karaa Islaamummaa irraa nama baasu. Hinumaayyuu haalli kun sababa qabrii keessatti daangaa dabruutiin, maqaa sadaqaa fi waan ittiin itti dhihaatanu isaaniif kennuutiin hedduun warra nyaata barbaaduu fi kijibdoonni wal ga'ii hin jirre uumani. Garii qabrii irrattis masjiida ijaarani. Kijibumaan qabriin kun kan nabiyyiiti ykn kan sahaabaa fi Rasuulaati jedhani. Hinumaayyuu dharrii fi kijibni baay'atee Huseyn Ibnu Aliyyiitii qabrii sadi tolchan. Beektoleen warri seenaa fi kan biroo illee qabriin maqaa isaa dhahate kun sirrii akka hin taane walii galaniiru. Qabriin Jeylaanii immoo adduniyaa Islaamaa irratti hanga dhibba tokkoo olii ta'eera.

Egaa kun cuftinuu badii wanta Rasuulli dhorkan laaffisuun qabu akeeka. Akkasumas sunnaa Rasuulaa qabachuun barbaachisaa akka ta'e, ijtihaada, yaada namaa fi wanta lubbuun isaanii itti dabu cufarra ishee dursuun dirqama akka ta'e ibsa. Walumaa galatti namni gara qabrii keessatti daangaa dabruutti nama waame gara faallaa waan Rasuulli itti waameetti, gara faallaa waan cufti nabiyyootaa fi waliyyootaa ittai waamaniitti nama waameera. Ammas gara waan Rasuula jibbisiisuu fi cufti waliyyoota Rabbii jibbanuu, shirkii fi kufriitti, waameera. Shirkii fi kufriin kun isa Rabbiin isaan loluudhaaf ergamoota cufa ergee dha. Hinumaayyuu namni gama qabrii keessatti daangaa dabruutti nama waame Eargamaa Rabbiitii fi waliyyoota Rabbii cufaaf diina ta'uu fi karaa isaaniin loluutti nama waameera. Garuu isaan ni jaallataarra jedhanii yaadu.

Muslima lubbuu ofiitiif adaba Rabbii irraa nagaa ta'uu barbaaduuf karaa warra waamicha isaanii faallessanii gaarii hojjataarra of se'anuu dhiisanii karaa nabiyyootaa fi waliyyootaa deemuun dirqama.

Kana hubadhu. Wantootni shirkii guddaatti dhaqqabsiisanu sadan kana malees ni niru. Gariin isaanii kutaa shanaffaa ulaa kanaa keessatti yeroo waa'ee bida'aa dubbannu yoo rabbi fedhe ni dubbanna.




# KUTAA LAMMAFFAA SHIRKII XIQQOO

*Qorrannoo lama of keessaa qaba*

**Qorannoo tokko : Hiikaafi hukmii isaa.**

Hiikti shirkii kan lugaa Arabaa yeroo shirkii guddoo dubbannu darbe.

**Tumaa shari'aa keessatti:** waan gosti shirkii keessatti argamee sadarkaa shirkii guddaatti hin dhaqqabin cufa.

**Hukmiin isaammoo** kanaa gaditti ibsama .

1. Dilii guddaa irraayyi. Hinumaayyu dilii guddaa waan tawhiida diigutti aanuudha.
2. Shirkiin kun guddatee nama isa dalagu shirkii guddaa karaa islaamaa irraa baasu ni dhaqqabsiisa. Abbaan shirkii kana dalagu rakkoo guddaa kan shirkii xinnoo irraa gara islaamummaa keessaa baasuutti geessu keessa jira.
3. Yeroo hojii gaariitti makate hojicha ni balleessa. Kunis kan argamu riyaa'ii fi hojii isaatiin duniyaa qofa fedhuu keessatti. Ragaan kanaa jecha rasuulli ﷺ Rabbi irraa odeessan " Ani warra walin shariikomu hunda irraa dureessa. Namni dalaga tokko dalagee isa keessatti waan biraa natti qindeesse isas ta'ee qindeessuu isaas nandhiisa." jedha. muslimtu gabaase.

**Qorannoo lammaffaa: Gosowwan shirkii xiqqoo**

shirkiin xiqqoon gosa heddu. Beekamaan isaa:

**Gosa duraa: shirkii xiqqoo kan ibaadaa qalbii keessatti argamu**

**Fkn-01)**

**Riyaa'ii**

Riyaa'iin tumaa shari'aatti : dalaga gaarii nama biraatiif mullisuu,

biratti tolchee dalaguu ykn akka isaan faarsanii isa guddisanuuf bifa jaallatamaan isaanitti mul'achuudha. Namni fuula Rabbiitii fi agarsiifannaa (riyaa'ii) walitti fedhe Ibaadaa kana keessatti waan biraa Rabbitti qindeesseera. Yoo silumatti ogga ibaadaa dalagu faaruu namaa male fedhi tokko hin qabaanne abbichi rakkoo guddaa keessa jira. Beektonni gariin akka jedhanitti namtichi munaafiqummaa fi shirkii Islaamummaa irraa nama baasu keessa seeneera.

Riyaa'iin bifa heddu qaba. Isaanis:

1. *Hojii agarsifannaa*: kun immoo akka namtichi salaatu rukuu'ii fi sujuudii dheeressuun nama agarsifachuuti.
2. *Dubbii (haasawa nama) agarsiifachuu*: kunism akka baay'ina beekumsaa agarsifatee beekaadha jedhamuf jecha ragaa walirra oofuuti.
3. *Haalaa fi faaya agarsiifachuu*: Akka mallattoo sujuudaa namatti agarsisuufachuu jecha addarratti hambifachuuti. Agarsifannaan (riyaa'iin) dhorgaa akka ta'e, guddina adaba nama kana dalageefi dalagaitti makate akka balleessu ragaan heddu dhufeera. Sana keessaa tokko hadiisa Mahmuud Ibnu Labiid Rasuula dhaqqabsisee gabaase

«**إن أخوف ما أخاف عليكم الشرك الأصغر**»، قالوا: وما الشرك الأصغر يا رسول الله؟ قال: «**الرياء، يقول الله عزوجل لهم يوم القيامة إذا جزي الناس بأعمالهم: اذهبوا إلى الذين كنتم تراؤون في الدنيا، هل تجدون عندهم جزاءً؟**» .

**"irra sodaatamaan waanan isinii sodaadhuu shirkii xinnoodha."** Sahaabonnis shirkiin xinnoon maali yaa ergamaa Rabbii? jedhan. Rasuullis ﷺ **"Riyaa'iidha." jedhan. Rabbin guyyaa qiyaamaa ogga namaaf dalaga isaaniitiin miindaa galcheef akkana isaaniin jedha. ' Gara warra duniyaatti itti agarsifataa turtanii deemaa, mee isaan biraa miindaa argattuu laata?"** Jedha.

Hadiisni mahmuud ibnu labiid kan biroo immoo akkana jedha. Rasuulli bahanii akkana jedhan

خرج النبي ﷺ فقال: «**أيها الناس! إياكم وشرك السرائر**»، قالوا: يا رسول الله، وما شرك السرائر؟. قال: «**يقوم الرجل فيصلي فيزين صلاته جاهداً لما يرى من نظر الناس إليه، فذلك شرك السرائر**».





**"shirkii keessoo (iccitii) of eeggadha."** jedhan. Yaa ergamaa Rabbii shirkiin iccitii maali? Jedhan. Rasuullis **"Namichi dhaabbatee sagadu tokko waan namni isa ilaaluu argaaruuf jecha cinqamee sagada isaa bareechee sagaduutu shirkii iccitiiti."** jedhan.

Ammas hadiisni Abii hurayrah waa'ee jara sadan jalqaba ibiddi irraa qabatuus ragaa kanaa ta'a.

«وهم رجل قاتل في الجهاد حتى قتل، ليقال: جرئ، ورجل تعلّم العلم وعلّمه أو قرأ القرآن ليقال: عالم أو قارئ، ورجل تصدَّق ليُقال: جواد». رواه مسلم

***Isaanis:*** *Namticha jagna jedhamuuf hanga du'utti jihaada keessatti lole, beekaa ykn qara'aadha akka jedhamuuf nama beekumsa barate ykn qara'ee fi arjaadha jedhamuuf nama saddaqatee dha.* Muslimtu gabaase.

Kanaafuu riyaa'ii irraa fagaachuunii fi keessa seenuu irraa of eeguun muslimaaf barbaachisaadha.

**Wantootni Riyaa'ii irraa fagaachuuf gargaaranus kunooti. Sana keessaa yaachisaan ishee:**

1. Iimaana qalbii keessatti jabeessuu dha. Kun immoo kajeellaan garbichi Rabbirraa qabu akka guddatuu fi nama biraarraa akka garagaluuf gargaara. Akkasumas iimaaniin qalbii keessatti jabaachun sababa guddaa Rabbiin ittiin jeequmsa shayxaanaa irraa nama tiksuu fi fedhii lubbuuf butamuu irraa nama eeguu dha.
2. Beekumsa shari'aa keessumaayyuu beekumsa aqiidaa Islaamaa galaa godhachuu dha. kun immoo eeyyama Rabbiiitiin mokkoroo shayxaanaa irraa isa tiksa. Guddina Rabbii akkasumas dadhabinaa fi hiyyummaa namootaa isa beeksisa. Kun cuftinuu riyaa'ii jibbuu, tuffachuu fi irraa fagaachuutti nama kaasa. Ammas seensa shayxaanaa fi gowwomsaa isaa baree irraa eeggachuuf gargaara.
3. Rabbirratti hirkannaa fi akka Rabbiin sharrii isaa, sharri shayxaanaafi gowwoomsaa isaa akkasumas waan hojjatuu fi dhiisu keessatti akka Rabbiin ikhlaasa isaaf kennu du'aa'ii baay'isuudha. Zikroowwan shari'aa kan hamfuu lubbuutii fi shayxaanaatii dallaa taatu baay'isuudha.

4. Adaba aakhiraa guddoo ishee nama riyaa’ii qabuirratti argamtu yaadachuudha. Kana keessaa inni guddaan jalqaba nama ibiddi irraa qabatuu ta’uudha.
5. Xinneenya nama riyaa’ii qabuu ilaaluudha. Inni nama gowwaa fi gadi aantuudha. Sababni isaas isatu dalaga isaa kan jennataan milkaa’uuf, adaba qabrii, jabina qiyaamaa fi adaba ibiddaa irraa qulqullaa’uuf sababa ta’u faaruu namaafi sadarkaa nama biratti ittiin argachuu jedhee waan balleesseef. Rabbin buluu dhisee dilii hojjachuun jaalala namaa barbaada.

ولهذا لما سُئل الإمام مالك رحمه الله: مَنِ السَّفَلة؟ قال: ”من أكل بدينه“.

Kanaafuu Imaamu maalik “gadi aanaan namaa eenyu?.” jedhamanii ogga gaafataman “ nama amanti isaatin nyaate.” jedhan

6. Waan riyaa’ii keessa seenuu irraa sababa ta’ee nama dhorku hundarratti arifachuudha. Kun immoo ibaadaa jaallatamaa dhoksuu irratti bololuu, ogga qalbiitti dhaga’amu riyaa’ii ofirraa deebisuu, taa’icha warra nama faarsuu fi riyaa’ii irraa fagaachuu fi kkf.

Dhuma waa’ee riyaa’aa keessatti wanti irratti dammaqsuun barbaachisu muslimni tokko muslima biraa riyaa’a qabda jedhee tuquun hin eeyyamamu kan jedhuudha. Riyaa’iin dalaga qalbiiti. Rabbiin male wanti isa beeku hin jiru. Riyaa’iin muslima shakkuun hoji munaafiqaati. Bu’uurri muslimaa nagaata’uudhda.kan inni barbaadus fuula Rabbiiti.

Garuuyeroo tokko tokko hojii isaa namatti mul’isuun muslima irraani jaallatama. Kun immoo yeroo riyaa’ii irraa of amaneefi yeroo namni toltuukeessatti isatti haa hidhatuu fedhe. Namni dalaga isaa namatti agarsiisuuf daddafe hundi riyaa’ii qaba hin jedhamu.

**Fkn-02)** Fakkeenyi shirkii Xinnoo kan ibaadaa qalbii keessatti argamtu:

**Namni dalaga isaatiin duniyaa fedhuu dha.**

Gosa kanatti kan fedhame: Namni tokko ibaadaa qulqulluu ta’e tokko sirriidhumaan bu’aa duniyaatti dhaqqabuuf jecha dalaguu dha. Dalaga isaatiin duuniyaa fedhuun kun bu’uuruma isaarraa bakka heddutti qoodama.





Isaanis:

1. Ibaadaadhaan duuniyaa male waan biraa fedhuu dhiisuu dha. Fkn horii fudhachuf jecha nama hajja’u, nama boojuu qofaaf jecha loluu fi nama waraqaa ragaa fi gahee hojii qofaa jecha beekumsa shari’aa baratu kana cufaanuu aluma tokko fuula Rabbi hin fedhu sammuudhuma isaa irrayyuu mindaa Rabbitti herreeggachuun hin dhufne. Qoodaan inni kun haraama. Dilii guddoo irraa ramadama. Shirkii xiqqoo irraayyi. Dalaga itti makates ni balleessa. Qoodaan kun dhorgamaa ta’uu fi hojii itti makates ni balleessa jechuu irratti ragaan:

A) Jecha Rabbii

﴿مَن كَانَ يُرِيدُ ٱلْحَيَوٰةَ ٱلدُّنْيَا وَزِينَتَهَا نُوَفِّ إِلَيْهِمْ أَعْمَٰلَهُمْ فِيهَا وَهُمْ فِيهَا لَا يُبْخَسُونَ ﴿١٥﴾ أُوْلَٰٓئِكَ
ٱلَّذِينَ لَيْسَ لَهُمْ فِي ٱلْأٓخِرَةِ إِلَّا ٱلنَّارُ ۖ وَحَبِطَ مَا صَنَعُواْ فِيهَا وَبَٰطِلٌ مَّا كَانُواْ يَعْمَلُونَ﴾
[هود: ١٥-١٦]

***“Namni (dalaga isaatin) jiruu duniyaa fi faaya ishee (qofa) fedhe miindaa dalaga isaanii ishee dhuma keessatti guunnaafiif. Isaan achi keessatti hin hir’ifamanu. Isaan kun aakhiraatti ibidda male warra homaa hin qabne. wanni isaan duniyaatti dalagan ni bade. Wanti isaan dalagaa turan siluma kufaadha.”*** (Huud:15-16)

B) Hadiisa umar kan Rasuula irraa fuudhe keessatti

**«إنما الأعمال بالنيات، وإنما لكل امرئ ما نوى، فمن كانت هجرته إلى الله ورسوله فهجرته إلى الله ورسوله، ومن كانت هجرته إلى دنيا يصيبها أو امرأة ينكحها فهجرته إلى ما هاجر إليه»**. رواه البخاري ومسلم

**“dalagaan kamuu (kan fayyaa ta’ee argamu) niyyaadhaani. Cufa namaatiifuu wanta inni niyyatetu jira. Namni godaansi isaa gama Rabbiitii fi rasuulaa ta’e (mindaan) godaansa isaa gamuma Rabbii fi rasuulaati. Namni godaansi isaa duniyaa argachuuf ykn niitii fuuchuuf ta’e (mindaan) godaansa isaa garuma waan itti godaaneeti.” Bukhaarii fimuslimtu gabaase.”**

C) Hadiisa Abii Hureeyraa isa rasuula irraa fuudhe keessatti

**«من تعلم علماً مما يبتغى به وجه الله لا يتعلمه إلا ليصيب به عرضاً من الدنيا لم يجد عرف الجنة»**. يعني ريحها.

**“namni barumsa ittiin fuulli rabbii barbaadamu bu’aa duniyaa qofa ittiin argachuu jedhee barate foolii jannataa hin argu.”**

2. Ibaadaadhaan fuula Rabbiitii fi duniyaa walitti fedhuu dha. Akka nama fuula Rabbii barbaachaa fi daldalaa jechuu hajja’uu, nama fuula rabbii barbaachaa fi duniyaadhaaf lolu ,nama fuula rabbii barbaachaa fi yaala fayyaatiif soomu,nama salaataa fi qabbaneeffannaadhaa wada’atu akkasumas nama fuula rabbiibarbaachaa fi gahee argachuu barumsa baratuuti.

Inni kun irra caalaatti halaala. Sodaachisni kan dhufe nama ibaadaadhaan duuniyaa qofa fedhe irratti. Akkasumas ibaadaa heddu irratti Rabbin bu’aa duuniyaa heddu kaffaleera. Rabbi akkana jedha

﴿وَمَن يَتَّقِ ٱللَّهَ يَجۡعَل لَّهُۥ مَخۡرَجٗا ٢ وَيَرۡزُقۡهُ مِنۡ حَيۡثُ لَا يَحۡتَسِبُ﴾ [الطلاق: ٢-٣]

***“Nama Rabbiin Sodaate qaawwa bahinsaa isaa godha. Bakka inni itti hin yaadne irraan isa nyaachisa.”*** (al-Xalaaq:2-3).

Ammas jecha Rabbii keessatti

﴿فَقُلۡتُ ٱسۡتَغۡفِرُواْ رَبَّكُمۡ إِنَّهُۥ كَانَ غَفَّارٗا ١٠ يُرۡسِلِ ٱلسَّمَآءَ عَلَيۡكُم مِّدۡرَارٗا ١١ وَيُمۡدِدۡكُم بِأَمۡوَٰلٖ وَبَنِينَ وَيَجۡعَل لَّكُمۡ جَنَّٰتٖ وَيَجۡعَل لَّكُمۡ أَنۡهَٰرٗا﴾ [نوح: ١٠-١٢]

***“Rabbii keessan irra dhiifama barbaadaa, inni dhiisaadha. Deddeebisee samii irraa (rooba) isinii ergaa. Qabeenyaa fi ilmaanis isiniif dabala. Akkasumas ooyruu fi laga illee isiniif taasisa.”*** (Nuuh: 10-12).

Ragaan hiika kanaan walgalu heddu. Ragaan kun ibaadaadhaan fuula Rabbii fi bu’aa duniyaa kanaa walitti fedhuun akka danda’amu akeekti. Sababni isaas bu’aan kun kan isheen dubbatamte haala ibaadaa irratti nama kaasuutiini. Qoodaan kun dalaga isa itti makate hin balleessu. Haata’u malee hanga fedhiin duniyaa niyyaa isaa gaariitti makateen mindaa ibaadaa kanaa irraa ni hir’ata.

**Fkn-03)** fakkeenyi sadaffaan kan shirkii xiqqoo dalaga qalbi keessatti argamtuu**:**

**Sababa irratti hirkachuu dha.**

Sababa jechuun tumaa shari’aatti: wantoota namni wantiinni fedhu jaallatamaan akka isaaf argamuufi wanti jibbamaan inni sodaatu akka isarraa deebi’u duniyaafis ta’ee aakhiraadhaaf kan inni dalaguudha.



**Sababa wantoota duniyaa keessatti barbaachisan:** gurgurtaa, bittaa ykn qobeenya argachuuf gahee isaarra hojachuudha. Akka adabni duniyaa irraa deebi’uuf, akka miidhaa irraa deebisuuf jkn faayidaan duuniyaa kan akka gahee, qabeenyaa ykn kan biroos isaa argamuuf jecha nama kabaja qabuun araara mootii irra barbaaduun kana keessa seena. Ammas gara nama dhukkuba irraa isa yaaluu fi kkf’n deemuun kana jala seena.

**Sababa wantoota aakhiraa:** miindaa Rabbii kajeeluu fi adaba isaa jalaa nagaa ba’uuf jecha ibaadaa dalaguu dha. Jannataan akka milkaa’uu fi ibiddarraa nagaa akka ta’u du’aa’ii isaaf gochuu namarra barbaaduu fi kkf.

Ulaa kana keessatti wanti muslima irraa barbaadamu sababoota shari’aa kan bu’aan ishee shari’aan ykn yaalii sirriin mirkanaa’e fayyadamaa rabbiitti hirkachuu ,wantootni kun sababuma qofa jedhanii amanuu fi fedhii rabbiitiin malee wanta tokko uumuu hin dandeessu, Rabbiiin yoo fedhe sababa kanaan ni fayyada fedhus ni balleessa jedhanii amanuu dha.

Namni yoo sababatti hirkate shirkii keessa seeneera. Garuu yoo hirkannaa guutuu itti hirkachuu wajjin wanti kun rabbii gaditti fayyada jedhe shirkii guddaa keessa seeneera.yoo sababa irratti hirkachuu waliin fayyadaa fi miidhaan rabbuma jedhe shirkii xiqqoo keessa seeneera. Mu’uminni rabbitti hirkachuu wajjin sababa dalaguutti ajajamaa dha.

Kanarratti hundoofnee sababa dhiisanii, shari’aan dhiisuu ajaje hin fayyaddu jechuun shari’aa irra soba kaa’uudha. Wanta rabbi itti ajajee fi warri beekumsaa irratti walii gale faallessuudha. Wanta aqliin murteessus faallessuudha. Kanaafuu beektoleen gariin akkas jedhan

”الالتفات إلى الأسباب شرك في التوحيد، ومحو الأسباب أن تكون أسباباً نقص في العقل، والإعراض عن الأسباب بالكلية قدحٌ في الشرع، وإنما التوكل والرجاء معنى يتألف من موجب التوحيد والعقل والشرع.“

*“Tawhiida keessatti gara sababaa mil’achuun shirkiidha. Sababni sababa ta’uu isaa haquun immoo sammuun hir’achuudha. Cufaa cufatti*

*sababa irraa garagaluun immoo shari'aa fokkisiisuu dha. Hirkannaa fi kajeellaan walitti dirqama tawhiida, aqlii fi shari'aa irraa argamuu dha."*

**Shirkii sababa keessatti argamu:** Wanta sababa hin taane sababa gochuu. Yoo wantuma kanatu fedhii rabbii male ofdanda'ee dalaga jedhe shirkii guddaa dha. FKN warri taabotaa fiqabrii gabbaran ofuma dandeessee fayyaddi ykn miiti jedhanii amanu. Rabbiin sababa isa gochuu dhiisuu wajjin Rabbi sababa taasiseera jedhanii amanuun shirkii xinnoodha. Sababni isaas Rabbiin sababa taasisuu dhabuu wajjin sababummaa wanta kanaa murteessuu keessatti namichi Rabbiin of qixxeesse.

**Fkn -04)** fakkenyi shirkii xiqqoo kan dalaga qalbii keessatti argamtu:

**Taxayyura (hixaa ajaa ilaallachuu) dha.**

Taxayyurri tumaa shari'aa keessatti: wanta argamu, dhaga'amu ykn kan birootiin hixaa ajaa ilaallachuu dha. Hiikti kanaa: Namni tokko waanta'e dalaguuf murteeffatee osoo jiruu wanta hin jaallanne argee ykn dhaga'ee wanta dalaguuf fedhu sana dhisuudha.

Faallaan hixaa badaa ilaallachuus murteen isaa kanumatti dhaqqaba. Innis wanta itti gammadan tokko arguun ykn dhaga'uun waan dalaguuf hin murteeffatin hojjachuutti isa kaasuudha.

Fakkeenya hixaa badaa ilaallachuu:

wantootni wallaallaan durii ogga imala fedhan hojjatan simbirroo oofuu ykn kaasuu dha. yoo sinbirri kun gara mirgaa gore hixaa gaarii ilaallatu . Imala deemuufis ni murteeffatu. Yoo inni gara bitaa gore hixaa badaa ilaallata, imala kanas nidhiisa. Wallaaltonni durii dubbii kana keessatti baay'inaan waan allaattii fayyadamanuuf nama hixaa badaa ilaallate cufaan 'taxayyura' ('allaattii ilaallate') jedhameen. Ammas Fkn hixaa badaa keessaa tokko: jecha hin jaallanne kan akka "yaa salphataa." jedhu dhaga'uu, jaartii huqqattuu foon fixatte argu, Arraagessa , urunguu ykn namticha aafaatin itti bu'e jalqaba imalaatti argee ykn jalqaba guyyaatti argee imala kana dhiisa ykn gurgurtaa fi bittaa guyyaa kanaadhiisa. Ammas ji'a akka safari ilaallachuun, lakkoofsa garii kan akka kudha





sadihii akkuma warri hoteelaa, fooqiifi kan biroos bara kana keessa dalaganu ilaallachuunis fakkeenya kanaati. Gariin isaanii lakkoofsa kana sadarkaa fooqi, waan ittin olkoramuu, taa'icha geejjiba qilleensaa (air plane) fi kkf irratti hixaa badaa waan ilaallataniif hin barreessanu.

Hixaa badaa ilaallachuun dhorkaadha shirki xiqqoodhas. Akkasumas Dalagni namni waan isa gammachiisu arguun ykn dhaga'uun dalagu ykn dalaguuf murteeffatu kana keessa seena. Kana keessaa kan hafu hixaa gaarii (fa'ali) ilaallachuudha. Innis namni hoji tokko hojjachuuf eega murteeffatee booda wanta gaarii tokko barbaaduun argee ykn dhaga'ee ittin gammada kun immoo wanti inni hojjachuf murteeffate eeyyama Rabbitiin toltuu fi barakaa qabaata jechuun xuma'aniinaa (gadi dhaabbachuu) isaaf dabala. Hixaa kanarratti hirkachuudhaan maletti kajeellaan inni wanta kana argamsisuu keessatti Rabbirraa qubu ni dabala. Inni kun gaaridha. Fa'ali jechuun yaada Rabbitti toluu, isa kajeeluu, isaan of gargaarsifachuu isarratti hirkachuu, lubbuu gammachisuu fi qoma ballisuutti kan nama kaasuudha.

Bakka sodaa Rabbiitti, Niyyaa gaariitti nama keesa. Xiyaraan faallaa kanaati. Isheen Rabbitti yaada baduudha. Wanta biraatti hirkachuudha. Kajeellaa kutuudha. Balaa eeggachudha. Keyriirraa lubbuu garaa mursiisuudha. Inni kun shari'aanis ta'ee sammuunamaatin jibbamaa kufaadha.

Ragooleen heddu kan taxayyurri (hixaan badaan) dhorkaa fi kufaa ta'uu akeektu dhufteetti. Isaan kessaa hadiisa Abdallah Ibnu Mas'uud irraa akka mirkanaa'eetti Rasuulli Rabbii ﷺ

**«الطيرة شرك»**

**"hooddanaan shirkii dha."** jedhaniiru jedha.

Ammas ragaan xiyaraan haraama ta'uufi fa'aliin eeyyamamuu akeeku: wanta Urwaa Ibnu Aamir gabaase akkana jedha

ذكرت الطيرة عند رسول الله ﷺ، فقال: **«أحسنها الفأل، ولا ترد مسلماً، فإذا رأى أحدكم ما يكره فليقل: اللهم: لا يأتِ بالحسنات إلا أنت ، ولا يدفع السيئات إلا أنت، ولا حول ولا قوة إلا بك»**

Rasuula Rabbii ﷺ biratti hooddannaan dubbatamte. Rasuullis ﷺ **"Isheen gaariin fa'ali dha. Muslima hin deebiftu. Tokkoon keessan yeroo waan isa jibbisiisu arge akkana haajedhu 'yaa Rabbi wanni toltuu fidu si male hin jiru, kan hamtuu deebisus si male hin jiru. Mallii fi humnis kee male hin jiru."** *jedhan.*

Ammas akkana jedhan

«**لا عدوى، ولا طيرة، ويعجبني الفأل الحسن**». قالوا: وما الفأل؟ قال: «**الكلمة الصالحة يسمعها أحدكم**». رواه البخاري ومسلم

**"Dhukkubni eeyyama Rabbitiin male hin darbu. hooddannaan hin jiru fa'alii (hixaa gaarii) immoo nan jaalladha."** (Sahaabonnis) fa'aliin maali jedhan. Rasuullis ﷺ **"fa'alin jecha gaarii isin dhageessanu."** jedhan. Bukhaari fi muslimtu gabaase.

Haafiz Ibnu Rajab bitaa ilaallachuun sammuu fi shari'aan kufaa ta'uu eega ibsee booda akkana jedhe

"وفي الجملة فلا شؤم إلا المعاصي والذنوب فإنها تسخط الله عز وجل، فإذا سخط على عبده شقي في الدنيا والآخرة، كما أنه إذا رضي عن عبده سعد في الدنيا والآخرة، فالشؤم في الحقيقة هو معصية الله، واليُمن هو طاعة الله وتقواه كما قيل: إنَّ رأياً دعا إلى طَاعةِ اللهِ.. لَرَأيٌ مُبارَكٌ مَيمُونُ والعدوى التي تهلك من قاربها هي المعاصي، فمن قاربها وخالطها وأصر عليها هلك، وكذلك مخالطة أهل المعاصي ومن يحسِّن المعصية ويزيِّنها ويدعو إليها من شياطين الإنس، وهم أضر من شياطين الجن، قال بعض السلف: شيطان الجن تستعيذ بالله منه فينصرف، وشيطان الإنس لا يبرح حتى يوقعك في المعصية، وفي الحديث: «المرء على دين خليله، فلينظر أحدكم من يخالل»، وفي حديث آخر: «لا تصحب إلا مؤمناً، ولا يأكل طعامك إلا تقي»، فالعاصي مشؤوم على نفسه وعلى غيره فإنه لا يؤمن أن ينزل عليه عذاب فيعم الناس، خصوصاً من لم ينكر عليه عمله فالبعد عنه متعين، فإذا كثر الخبث هلك الناس عموماً."

*"Bitaattiin badii fi dilii male hin jiru. Badiin Rabbin dallansiifti. Yeroo garbichatti dallane immoo duniyaa fi aakhiraatti salphata. Akkasumas yeroo irraa jaallate duuniyaafi akhiraatti milkaa'a. Bitaattiin maalummaan ishee diliidha. Mirgaa'aa jechuun immoo Rabbiin buluu fi isa sodaachuudha. Akkana jedhame."*

إنَّ رأياً دعا إلى طَاعةِ اللهِ    لَرَأيٌ مُبارَكٌ مَيمُونُ

***"Yaadni Rabbiin buluutti waame. yaada barakaa'aa mirgaa'aa dha."***

Daddarbituun nama isheetti dhihaate balleessitu dilidha. Namni isheetti dlihaatee itti makatee irra ture ni bada.

Akkasumas nama badiitii fi badii gaaromsee bareechee itti nama waamu, kanshayxaana namaa ta'etti makachuun nama balleessa shayxaanni namaa kun shayxaana jinnii irra miidha. Salafni gariin akkana jedhe





***"Shayxaana jinnii irraa Rabbitti majaenfattaa sirraa gara gala. Shayxaanni namaa immoo hanga badii keessa si seensisutti hin deebi'u."***

Hadisa keessatti

" المرء على دين خليله، فلينظر أحدكم من يخالل "

***"Namtichi amantii jaalalloo isaahordofa. Tokkoon keessan nama jaallatu haailaalu."***

Hadisa biroo keessatti

«**لا تصحب إلا مؤمناً، ولا يأكل طعامك إلا تقي**»

**"mu'uminaan male hin hiriyoomin . nama Rabbiin sodaatu male nyaata kee hin nyaatin."**

Namni dilii dalagu lubbuu isaatiifis ta'ee nama biraatiifis bitaattii dha. Adabni isarratti bu'ee nama hunda walitti qabuun hin amanamu. Keessummaayyuu namni isarratti hin mormin irraa fagaachuun isatti murtaa'aa dha. Gaafa ajaan danate namni cuftuu ni halaakama."

Jechi Haafiz Ibnu Rajab asitti ga'e.

**Gosti lammaffaan gosa shirki xiqqoo :kan shirkii dalagaa ti.**

Fakkeenya gosa kanaa.

**Fkn -01)**

**Qara'uun dawaa godhachuu (ruqaa) shirkii taate dha.**

Ruqaan tumaa shari'aa keessatti: wanta balaa kaasuuf ykn deebisuuf ittti majenfatamuu dha.

Ruqiyaaan shar'aa zikroowwan qur'aana irraa taate,du'aa'iifi majenfannaa hadiisaan mirkanoofte, du'aa'ii shari'aa kan namni ofirratti qara'u ykn namni biraa irratti qara'u akka rabbiin gosa hamtuu hundaa isatiksu, dhukkubaafi hamtuu uumama hundaa kan akka bineensaa, beeyladaa, jinnii, namaafi kan biroos akka Rabbi isa tiksuufi.

Rabbiin osoo isheen hin argamin akka isheen hin tuqne deebisuun ykn eega isheen buutee irraa kaasee deemsisee isa eega. Baay'inaan zikrii

kana qara’uu wajjin inni qara’u tufuutu barbaachisa. Akkasumas ruqiyaan qara’anii qaama nama godhamuufitti tufuun ykn harka isaatti tufani qaama isaa ittin haxaawuun yoo argameef bakka laalatu haxaawuun ni ta’a. yeroo tokko tokko bishaan keessatti qara’uun ni obaafama ykn itti naqama. Namni garin kitaaba qalama diimaan ykn kan birootiin waraqaa irratti ykn qodaa keessatti barreessuun, eegasi dhiqanii dhukkubsataa obaasu.

Ruqaan namni dalagu gosa lamatti qoodamti.

**Gosti duraa:** *Ruqaa shari’aati.*

Isheen ruqaa dubbatamtee dabritee dha. Akka walii galaatti eeyyamamuu ishee irratti beektonni walii galaniiru. Sharxiin ruqaa kanaa namichi dawaa godhuufi godhamuuf ruqattiin ofiin jijirama akka hinfinne amanuu qabu. Namni dawaan godhamuuf qalbi isaatin itti hirkachuu hin qabu. Bu’aan Rabbirraayyi, Ruqiyaan kun sababa shari’aati jedhee amanuu qaba. Ruqiyaan kun falfalaa irraa ykn nama falfalaan shakkamu irraa ta’uu hin qabu. Yeroo sharxiindarban kun walitti qabame hukmiin ruqiyaa kanaa jaallatamtuudha. Dhukkuba irraa fayyuudhaaf sababa guddoodha.

Ragaan ruqiyaan nama dawaa godhamuuf sunnaa ta’uu akeeku waan Bukhaarin Aa’ishaa irraa gabaase Rasuulli ﷺ

كان رسول الله ﷺ إذا أوى إلى فراشه نفث في كفيه بـ: قل هو الله أحد، وبالمعوذتين جميعاً، ثم يمسح بهما وجهه وما بلغت يداه من جسده. قالت عائشة: فلما اشتكى كان يأمرني أن أفعل ذلك به

**akkana turani jette. yeroo firaashi irra maxxanan (ciisan) mu’awwazataynii lachaniin ganaa isaanii afuufanii eegasii fuula fi qaama isaanii kan harki isaanii dhaqqabde cufa haxaawu. Ala dhukkubsatanu akkan dalaguuf naajajan jette.**

Ragaan ruqiyyaan nama dawaa godhuuf sunnaa ta’uu akeeku immoo waan muslim Jaabir Ibnu Abdallaah irraa gabaase.

كان لي خال يرقي من العقرب، فنهى رسول الله ﷺ عن الرقى، قال: فأتاه فقال: يا رسول الله، إنك نهيت عن الرقى، وأنا أرقي من العقرب؟ فقال: «**من استطاع منكم أن ينفع أخاه فليفعل**»

Eessuma qaajjibbuu irraa namaaf dawaa godhun qaba jedhe. Rasuulli ﷺ ruqiyaa irraa dhorke. Rasuulatti dhufeeti yaa ergamaa rabbii ati ruqiyyaa ni dhowwite animoo qaajibboo irraan dawaa godhaa akkam ta’a? jedhe. **“Namni obboleessa isaa fayyaduu danda’e haa fayyadu.”** jedhan.

**Gosti lammaffaan:** *Ruqaa dhorgamtuudha* .

Ruqaan shirkii qabdugosa kana keessa seenti. Kan isheen shirkii taatu yoo inni dawaa godhu ykn godhamuuf ruqiyyaa irratti hirkateedha. Yoo isheen sababa, qobaa ishee jijjiirama hin fiddu jedhee amanaa itti hirkate shirkii xiqqoodha. Yoo Rabbii gaditti fayyaddi jedhee ykn Ibaadaa kan akka du’aa’ii wanta Rabbi qofti danda’u irratti uumamaan majenfachuu fi wanta biraatif dabarsani kennuu yoo of keessaa qabaate shirkii guddoo karaa Islaamummaa irraa nama baasuudha.

Ragaan ruqaan shirkii hundi dhorkaa ta’uu akeeku jecha Rasuulli ﷺ akkana jedhan

«**إن الرقى والتمائم والتولة شرك**»

**“Ruqaan, irziinii fi wal jaallachiftuun jaarsaa fi niitii shirkiidha.”**

Ammas Awf Ibnu Maalikal Ashja’iin akka gabaasetti akkana jedhe

كنا نرقي في الجاهلية، فقلنا: يا رسول الله، كيف ترى في ذلك؟ فقال: «**أعرضوا عليَّ رُقاكم، لا بأس بالرقى، ما لم يكن فيه شرك**». رواه مسلم

yeroo wallaalaa durii ruqaa goona turree kana akkamitti ilaalta yaa ergamaa Rabbii? jenne. Rasuullis ﷺ **“mee ruqaa keessan narra fidaa. Yoo shirkiin keessa hin jiraanne ruqaan rakkoo hinqabu.”** jedhan. Muslimtu gabaase.

Ammas ruqaan dhorkamtuun irziin keessa kaa’amuudha. Ykn himni hin beekamne keessa jiraachuudha. Baay’inaan isheen kun ruqaa shirkii ti. Keessumaayyuu yero nama gaarummaan , diinii irra gadi dhaabbachuun hin beekamne irraa ta’ee ykn kaafira warra kitaabaa ykn kan biraa irraata’e shirkii ifaa dha.

**Fkn -02)**

**Gosa shirkii xiqqoo dalagaa irrraa kanta’e: Irzii shirkii (Tamaa’ima).**

**Tamaa’ima** jechuun lugaa Arabaa keessatti lakkoofsa hedduu tamiimaati. Isheen immoo kirrii ijooleetti rarraafamtee ittiin ijaa fi KKf’n

eeggatanuu dha. Wanti Arabni akkanatti moggaasaniif qorichaa fi fayyaa guutuu waan irra barbaadanuufi fakkaata.

**Tumaa shari'aatti:** Wantoota eegdota dhukkubsataa, ijoollee, beeyladaafi kan biraattis balaa deebisuuf ykn kaasuuf fannifamuudha.

**Gosowwan Irzii:** kan ija eegduu fi ruqaa ishee warri nama gowwoomsu barreesse irzii fi barreeffama hiikti isaa hin hubatamne kan hedduunsaa shirkii ta'ee fi shayxaana birmachiifachuu of keessaa qabuudha. Ijoollee, beeylada, meeshaa gariitti ykn balbala manaa irratti fannisanii ija namaa deebifti, nama ykn bineensa dhukkubsate fayyifti jedhu.

Ammas wanta miilatti hidhamtu wahii wallaalaan tokko tokko du'a irraa tiksiti jedhani ijoollee isaanitti hidhu. Barakaa barbaaduuf jecha namni amartii birrii keeyyatus kana keessa seena. Amartii ijoo beekamtu ofirraa qabdu uffatani jinnii irraa tiksiti jedhanii amanu. Kirrii maqaan nama murtaa'aa ta'e tokkoo kana akka ' muhammad' jedhu keessatti barreeffame dhukkuba irraa yaaluuf jecha uffachuu ykn ofitti rarraasuun kanatti ramadama. Ammas irziin, gogaan horii fi funyoon, balbala manaa fi kkf irratti fannifamuun ija, dhukkuba ykn jinnii deebifti jedhu. Ykn dhukkuba irraa fayyuuf sababa jedhu.

Tamaa'imni kun cuftinuu haraama. Shirkii irraayyi. Rasuulli ﷺ akkana jedhan

«إن الرقى والتمائم والتولة شرك»

**"ruqaanii fi jaallachiftuun shirkiidha."**

Ammas akkana jedhan

«من علق تميمة فقد أشرك»

**"Namni irzii rarraafate Rabbitti qindeesseera."**

Isheen shirki irraayyi. Sababni isaas jaratu Rabbiin male wanti biraa fayyaa keessatti jijjijirama fiduu danda'a jechuu yaadani. Rabbiin male wanti balaa deebisu dhibamuu wajjin waan biraarra barbaadani.

Haa ta'u malee yoo namtichi irzii kana godhate ofumaaf Rabbii gaditti fayyaddi jedhee amane shirkii guddaadha. Garuu yoo Rabbumaan qofatu fayyada jechuu amanee, qalbii isaatiin miidhaa deebisuu deessatti itti rarra'e, waan sababarratti hirkatee, wanta sababa hin taane sababa taasiseef jecha shirkii xiqqoodha. Irziiwwan dubbatamee dabre hundinuu kallattii kamiinuu bu'aa hinqabu. Oduu hundee hinqabne kan wallaalaa, falfalaanii fi gowwoomsitoonni babal'isanuu dha. Ishee kanaan wallaalaa irratti seenanii gowwoomsu. Akkasumas aayatni qur'aanaa ykn zikriin shari'aa waraqaa irratti barreeffamee gogaa ykn waan biraa keessa godhamee eegasi ijoollee ykn nama dhukkubsatetti fannifamuunis irzii kana keessa seena. Eeyyamamuu isaa keessatti beektonni wal-dhabanii jiru. sababa hedduuf jecha dhorgamuu isheetu caala. Sababoonni kunis:

1. Hadiisonni dhufan walumaa galatti irzii irraa dhowwani. Hadiisni tokko illee kan kana keessaa baasu hin dhufne.
2. Irzii qur'aanaa ykn zikrii shari'aa irraa ta'e rarraafachuun gosa majenfannaa fi du'aa'iiti. Haala kanarratti yoo hundoofne ibaadaa ta'a. bifa kanaan immoo qur'aanaa fi hadisa keessatti hin dhufne. Ibaadaan bu'uuruma isaarraa qur'aanaa fi hadiisa irratti hundaa'a. Ibaadaa ragaa hin qabne tolchuun hin eeyyamamu.
3. Rarraafachuun kun qur'aana, haasawa Rabbii fi zikrii shari'aa xiqqeessuu of keessaa qaba. Irziin kun mana booli seenuutu mala. Ijoollonnii fi namni biroos irra rafuutu mala. najasni tokko tokkos isa ni tuqa. Fannifachuu dhowwuun qur'aanaa fi zikrii Rabbii xinneessuu irraa tiksuu of keessaa qaba.
4. Karaa cufuuf. Irzii kana fannifachuun Rabbiin dhiisanii isheetti qalbiin rarra'uutti nama geessa. Ammas irzii biraa kan shari'aan haraama ta'uu murteesse irzii shirki qabduu fi hin qabnettille nama dhaqqabsisa. Kun immoo muslima heddu biratti argameera.

**Gosti sadaffaan: Shirkii xiqqoo haasawa keessatti argamu.**

Fakkeenya gosa shirkii kanaa:

**Fkn -01)**

**Wanta Rabbiin male jiruun kakachuudha.**

Kakaan bu'uurri isaa sagalee kakuutiin dursanii waan kabajamu dubbachuun waa jabeesuudha.

**Tumaa keessatti:** Sagalee kakuutiin dursani maqaa ykn amala Rabbii dubbachuun waa jabeessuu dha.

Akka warri beekumsaa walii galetti kakaan eeyyamamaan jecha wallaahi, billaahi ykn tallaahi jedhu. kan biroo keesatti wal-dhabamaa dha. kakuun ibaadaa waan ta'eef waan biraatiif dabarsuun hin ta'u. Rabbiin male waan jiruun kakachuun haraama ta'a. Rasuulli ﷺ akkana jedhan

«ألا إن الله ينهاكم أن تحلفوا بآبائكم، من كان حالفاً فليحلف بالله، وإلا فليصمت». متفق عليه

**"Dhaga'aa Rabbiin abbaa keessanin kakachuu isin dhorga. Namni kakatu Rabbiin haa kakatu. Ykn haa callisu."** Bukhaarii fi Muslimtu gabaase.

Namni waan Rabbiin male jiruun kakate, fedhu nabiyii, waliyyii, ka'abaa ykn kan biroos haa ta'uu dilii guddaa dalageera. Shirkii keessas seeneera. Rasuulli ﷺ akkana jedhu

«من حلف بغير الله فقد كفر أو أشرك».

**"namni waan Rabbiin male jiruun kakate kafare ykn shaarrake."**

kakuun waan ittiin kakatamu guddisuu of keessaa qaba. Namni waan biraatiin kakate abbaa fedheyyuu haa ta'uu kabaja Rabbiif qofaa malu isaa kennuun Rabbitti qindeesseera. Yoonamichi sagalee kakuu keessatti qofa qindeesse ta'e shirkii xiqqodha. Yoo namichi kakatu isa ittiin kakatu akka suufiyyoonni heddu warri waliyyii ykn sheekii jaraa ykn du'aatti kakatanu godhanu akka rabbiitti kabajuu fedhe, hinumaa kabajaan isaanii sadarkaa yoo ittiin kakatan sobuun hin taanee fi yoo Rabbitti kakatan immoo sobuun jara ga'e, kun shirkii guddaa karaa islaamaa irraa nama baasu. Sababni isaas inni ittiin kakatamaa jiru kun isaan biratti Rabbirra guddufamee waan kabajamaaruufi.

**Fkn-02)**

kan shirki xiqqoo dubbi keessatti argamuu :

**Rabbii fi uumama isaa biraa sagalee 'fi' jedhuun wal-qixxeessu dha.**



'Fi' dhaan walitti dabaluun wantoota sana walitti qixxeessuu of keessaa qaba. kanaafuu, 'Fi' kanaan Rabbiifi wanta biraa walitti dubbachuun wanta namni itti seenuu danda'u cufa keessatti haraama. Fkn "fedhii Rabbii fi keetiin." jechuu, "kun barakaa keetii fi rabbiiti " jechuu, " sii fi Rabbiin malee homaa hin qabu." jechuu ykn " Rabbii fi sin kajeela." jechuudha. Namni jechoota kanaa fi kkf dubbate shirkii keessa seeneera. Ragaan jecha Rabbii

﴿فَلَا تَجۡعَلُواْ لِلَّهِ أَندَادٗا وَأَنتُمۡ تَعۡلَمُونَ﴾ [البقرة:٢٢]

***"Utuu beektanuu Rabbiif fakkaataa hin godhinaa."*** jedhuudha (al-baqarah:22)

Ibnu Abbaas akkana jedhe

الأنداد هو الشرك، أخفى من دبيب النمل على صفاة سوداء في ظلمة الليل، وهو أن يقول: «والله وحياتك يا فلانة، وحياتي، ويقول: لولا كلبة هذا لأتانا اللصوص، ولولا البط في الدار لأتى اللصوص، وقول الرجل لصاحبه: ما شاء الله وشئت، وقول الرجل: لولا الله وفلان، لا تجعل فيها فلان»، فإن هذا كله به شرك.

"Fakkiin shirkiidha. Mixii halkan dukkana keessa dhagaa gurraacha irra deemtu irra dhokattuudha. Akkana jechuu fa'iRabbii fi jiruu keettin kakadha, jiruu koottin kakadha. Ammas akkana jechuudha osoo sareen kun hin jirree hattuun nutti dhufti, osoo allaattiin mana keessa hin jirree hattuun nutti dhufti, akkanamichi hiriyaa isaatin waan Rabbii fi ati feete jechuuti, akka namichi Rabbii fi abalu osoo hin jirree jechuuti , abaluun keessa hinseensisin. Kun cuftinuu Rabbitti qindeessuudha."

Akka quteylaa binti safiyyi odeessitetti رضي الله عنه yahuudaan tokko Rasuulatti dhufee ﷺ akkana jedhe

أن يهودياً أتى النبي ﷺ، فقال: إنكم تندِّدون، وإنكم تشركون، تقولون: ما شاء الله وشئت، وتقولون: والكعبة، فأمرهم النبي ﷺ إذا أرادوا أن يحلفوا أن يقولوا: ورب الكعبة، ويقولوا: ما شاء الله ثم شئت.

"Isin Rabbitti qixxeessitu, isatti qindeessitu, waan rabbii fi ati feete jettu ka'abaattin kakadha jettu." Rasuullis ﷺ ogga kakachuu fedhan "Rabbii kaabaattin kakadha." akka jedhanu isaan ajaje**.**

Ammas waan Rabbiin fedhe eeganaa ati feete jechuuda. Haala kanaan walitti dabaluu kana shirkii jechuu yahuudicha rasuulli ﷺ ni mirkaneessani. Kana irratti hundoofnee, namichi hana dubbate kun wanti

inni gara uumamaatti hirkisee 'fii' dhaan maqaa Rabbiitti rarraase wantichi of danda'aa akka hin taane ni amana. Garuu kan inni itti hirkiseef wanta inni itti aanuu fi male waan biraatiifii miti. Rabbitu uumee murteesse jechuu wajjin kun shirkii xiqqoo dha. Sababni isaas waan jechicha keessa shirkiin jiruufi. Yoo uumamni kun of danda'eetuma Rabbiin qindaa'a jedhee kan amanu ta'e kana keessatti waa raawwachuun isaa fedhi Rabbiitiinii mitikan jedhu yoo ta'e kun shirkii guddaadha.

**Fkn-03)** *shirkiin xiqqoon dubbii keessatti argamuu*:

**Urjii irra rooba barbaaduu dha.**

Anwaa'i jechuun urjii dha. Waggaa biiftuu keessa urjii digdamii Saddeettu jira. Kunis Kan akka suriyyaa fi huuti fa'i. Urjiin dhugaatii barbaaduu jechuun rooba buusuu urjiirra barbaaduu dha. Akkasumas akka wallaalonni tkko tokko godhanu rooba roobe tokko urjiitti hirkisuunis kana keessa seena. Yoo roobni yeroo urjii beekamaa keessa bu'e roobicha urjii sanatti hirkisu. Urjii akkanaatin roobsanne jedhu. Kun rooba wasmaati ykn kun rooba suryaati jedhu. Urjiitu rooba kana buuse jedhu.

Urjiirra rooba barbaaduun bakka lamatti qoodama.

**Qoodaa duraa:** fedhii Rabbiitiin maletti urjiidhumti buuse jedhee amane yoo rooba gara urjiitti hirkise inni kun shirkii guddaa dha.

**Qoodaa lammataa:** Rabbitu urjii kana sababa godhe jedhee Rooba gara isaatti yoo hirkise shirkii xiqqoo dha. Waan Rabbiin sababa hin godhin sababa taasise, Rabbin urjii kamuu sababa bokkaa hin taasifne, kallattii kamiinuuroobaan walitti hin hiine. Rabbiin akka aadaatti rooba yeroo urjii beekamaa wahii roobsa malee urjiin walitti hin hiine.

Ragooleen heddu kan urjiirra rooba barbaaduun haraama ta'uu akeektu dhufteetti

Isaanis:

ما رواه مسلم في صحيحه عن ابن عباس ﵄ قال: مُطر الناس على عهد رسول الله ﷺ، فقال النبي ﷺ: «**أصبح من الناس شاكر، ومنهم كافر. قالوا: هذه رحمة الله، وقال بعضهم: لقد صدق نوء كذا وكذا**». قال: فنزلت هذه الآية: ﴿فَلَآ أُقۡسِمُ بِمَوَٰقِعِ ٱلنُّجُومِ﴾ [الواقعة:٧٥]، حتى بلغ: ﴿وَتَجۡعَلُونَ رِزۡقَكُمۡ أَنَّكُمۡ تُكَذِّبُونَ﴾ [الواقعة:٨٢].





Muslim sahiiha isaa keessatti Ibnu Abbaas irraa akka odeessetti ni jedhe **"Zabana Rasuulaa keessa roobni namaaf roobe. Rasuullis ﷺ akkana jedhan 'nama irraa gariin Rabbiin galateeffatee gariin immoo kafaree bule. Kuni tola Rabbiiti jedhan. Gariin immoo urjiin akkanaa akkanaa dhugaa jedhe jedhan."** Aayatni ***"Dubbiin akkaisaan jedhanii miti. Seensa urjiitiinin kakadhaa."*** (al-waaqi'a:75) hanga ***"Rizqii keessan(galata urjiif) taasiftu. Isin (tola Rabbii) ni sobsiiftu."*** jedhu ga'utti buute.

Hiikti aayata dhumaa kun: Galata tola Rabbiin roobaan isinitti oolee taasiftu ni sobsiftu. Kun immoo rooba robe waan biraatti hirkisuudhaani.

ما رواه البخاري ومسلم عن زيد بن خالد الجهني ﵁ قال: صلّى بنا رسول الله ﷺ صلاة الصبح بالحديبية في إثر سماء كانت من الليل، فلما انصرف أقبل على الناس، فقال: «**هل تدرون ماذا قال ربكم؟**»، قالوا: الله ورسوله أعلم. قال: «**أصبح من عبادي مؤمنٌ بي وكافر، فأما من قال: مطرنا بفضل الله ورحمته فذلك مؤمن بي كافر بالكوكب، وأما من قال: مُطرنا بنوء كذا وكذا، فذلك كافرٌ بي مؤمن بالكوكب**».

Wanta Bukhaarii fi Muslim Zayd Ibni Khaalid al suhanii irraa gabaasan keessatti ﷺ akkana jedhe. Halkan tokko bokkaadhaa roobee duuba rasuulli ﷺ salaata subhii nu sagachiisani. Ala sagada fixan namatti gara galanii akkana jedhan **"wanta Rabbin keessan jedhe beektuu?."** jedhan. Sahaabonnis Rabbii fi Rasuulatu beeka jedhan. Rabbi akkana jedhe **"Garbeeyyan koo kaan amananii gariin immoo natti kafaranii bulan. Namni tola Rabbii fi Rahmata isaatin Roobsanne jedhe natti amanee urjiitti kafareera. Namni immoo urjii akkanaatiin roobsanne jedhe natti kafaree urjiitti amaneera."**

Hadiisni kun qoodaa lachan dabre ni qabata. Jechi kun kufriidha. **"Garuu yoo fedhi Rabbiitiin malee dha jedhee Rooba urjiitti hirkise kufrii guddaadha. yoo immoo sababummaadhaan ittihirkise kufrii ni'imaatii, shirkii xiqqoodha."**

ما رواه مسلم عن أبي مالك الأشعري مرفوعاً: «**أربعٌ في أمّتي من أمر الجاهلية لا يتركونهن: الفخر في الأحساب، والطعن في الأنساب، والاستسقاء بالنجوم، والنياحة**».

Waan muslim Abi maalikal Ash'ari irraa Rasuulatti dhaqqabsise gabaase keessatti **"wantoonni afur ummata koo keessatti argamtu dalaga wallaalaati.Isaan ishee hin dhiisanu. sadarkaadhaan**

**dhaaddachuu, gosaan wal xureessuu, urjiirra rooba barbaaduufi reefka irratti iyyuudha."**

Kana hubadhu. Yeroo muslimni "waan akkanaa akkanaatin roobsanne." Jedhu fedhiin isaa Rabbitu yeroo urjii akkanaa keessa rooba buuse jechuudha. Yoo qalbii keessatti urjiin kun jijjiirama xiqqoo of danda'ees ta'ee sababummaan fiduu hin danda'u jedhee kan amanu yoo ta'e beektonni jecha kana keessatti wal dhabaniiru. Haraamas, jibbamaadhas, eeyyamamaadhas jedhameera. Jecha kana dhiisuun barbaachisaa akka ta'e mami kamuu wal dhabbii hinqabu. Jecha ishee shakkii tokko illee hin qabne kan akka 'Tola Rabbii fi rahmata isaatiin roobsanne' ykn ' kun rahmata rabbiiti' jedhuun bakka buusuun barbaachisaadha. Akkuma ragaa keessatti dabre isa kana inni faarfame. Isatu kan biroorras caala. ykn akkana jechuudha "kuni rooba Rabbiin yeroo urjii akkanaa nuuf roobse." ykn "yeroo urjii akkanaa keessa nuuroobe." fi kkf jecha iftuu walfakkeenyi keessa hin jirreedha. Jechi "Urjii akkanaatiin roobsanne' jedhu sadarkaan isaa xiqqoon jibbamuu isaati. Jecha haraama jedhutu irra jabaa dha. Sababni isaas:

1. Hadiisal qudsiin akkuma wali galaatti nama jecha kana jedhu ajina isaa hime. Jecha isaa ilaalchisee immoo Rabbitti kafaran urjiitti amanan jedhe.

2. Jechi kun amantee shirkii keessa seenuuf karaa bana. Namoonni bara tokko keessa kana aadeffachuun wallaalota ykn nama booda isaani dhufu urjiirra rooba barbaaduu shirkii taate keessa naquu danada'a.

3. Jechichumti amantee badaa nama mamsisa.

4. Jecha shari'aan filatee of keessaa qabu, innis " Tola Rabbiitii fi rahmata isaatiin nuu roobe." jedhu jecha mushrikaatiin jijiirrachuu dha. Kana keessa immoo sunnaa dhiisanii mushrikatti fakkaachuutu jira. Isaanitti fakkaachuu immoo dhorgamneerra.

Jechi "urjii akkanaa akkanaatin nuu roobe." jedhuutti dhihaatee isa fakkaatu "kuni rooba wasmiiti " fi kkf dha. (wasmiin maqaa urjiiti).

Fakkeenyowwan biraa kan shirkii xiqqoo heddutu jiru. Ni dheerata jechuu sodaan dhiise. Isaanis:





Maqaa kabajaa Rabbiin qofaaf malu of keessaa qabu kan akka mooti mootowwani, murteersa murteessitootaa fi kkf moggaafachuu dha. Maqaa Rabbii moggaafachuu, maqaa rabbiin male waan biraatiif gabroomuu of keessaa qabu moggaafachuu, kan akka Abdirrassuul, Abdul huseyniifi kkf kana keessa seena. Ammas footoon kan barakaan bida'aa taate irra barbaadamu fikan wantoota lubbuu qabanuu guddisuun, bara arrabsuunii fi waan Rabbi hin buusiniin murteessuun yoo keessa jiraate, keessumaayyuu yeroo murtee tokko keessatti ta'e, kana keessa seena.

# KUTAA SADAFFAA
# KUFRI XIQQOO

Qorannoo lama of keessaa qaba.

**Qorannoo duraa: Hiikaa fi hukmii isaa**

Kufriin Xiqqoon dilii shari'aa keessatti kufrii jedhamee moggaafamee gara sadarkaa kufrii guddaa kan karaa Islaamaarraa nama baasuutti hin dhaqqabin cufa.

Diliin shari'aa keessatti kufriidha ykn namni ishee dalage kafare jedhamtee sadarkaa kufrii guddaa islaamummaa irraa nama baasuu hin dhaqqabin hundi kufrii xiqqoo dha. Beektoleen gariin maqaa kufrii kufrii gadii jedhu itti moggaasan. Gariin immoo kufrii ni'imaa jechuun moggaasan. Inni kun fakkeenya isaa beekamaa ta'een moggaasuu dha.

**Hukmiin kufrii kanaa:** haraama, Dilii guddaa dha. Dalaga kaafiraa kan shari'aan dhorke. Haa ta'u male namni ishee dalage karaa Islaamummaa keessaa hin ba'u.

**Qorannoo lammaffaa: Fakkeenyowwan isaa:**

Kufriin xiqqoon fakkeenya heddu qaba. Isaanis:

1. Tolaa fi haqatti kafaruu: Innis tola rabbiin itti oole ofirratti beekuu dhiisuu dha. Akkasumas waan gaarii namni ittioole mormuu dha. Ragaan ifaan fakkeenya kanaa waan Bukhaarii fi muslim Abdallah Ibnu Abbaas irraa waa'ee kusuufaa keessatti gabaasani. Hadisicha keessatti rasuulli ﷺ akkana jedhan

«**وأُريت النار، فلم أرَ منظراً كاليوم قط أفظع، ورأيت أكثر أهلها النساء**»، قالوا: بم يا رسول الله؟ قال: «**بكفرهن**»، قيل: يكفرن بالله؟ قال: «**يكفرن العشير، ويكفرن الإحسان، لو أحسنت إلى إحداهن الدهر كله، ثم رأت منك شيئاً، قالت: ما رأيت منك خيراً قط**».

**"Ibiddan agarsiifame. Ilaalcha nama sodaachisu akka har'aa takkaa hin argine. Hedduu warra ibiddaa dubartootan arge."** jedhan. Sahaabonnis maaliif yaa ergamaa Rabbii? Jedhan. Rasuullis ﷺ **"ni kafaru."** jedhan. Rabbitti kafarumoo? Jedhame **"Jaarsatti**

**kafaru. Tolatti kafaru. Osoo waggaa guutuu tola itti ooltee eegasii wanta tokko sirratti argitee, toluma tokko takkaa sirraa hin argine jetti.”** jedhan.

2. Muslimni obboleessa isaa Muslimaan loluu dha. Bukhaarii fi Muslim keessatti Abdallah Ibnu Mas’uud Rasuula Rabbii ﷺ dhaqqabsiisee akka gabaasetti

«سباب المسلم فسوق، وقتاله كفر».

**“Muslima arrabsuun faasiqummaa dha. Ajjeesuun immoo kufriidha.”** jedhan.

3. Gosa nama biraa xureessuu fi reefka du’e irratti iyyuu dha. Sahiiha Muslim keessatti Abuu Hureyraan Rasuula Rabbii dhaqqabsisee akkana jedhan

«اثنتان في الناس هما بهم كفر: الطعن في النسب والنياحة على الميت».

**“Wanti lama ummata koo keessa jiru Nama keessa jiranutti kufrii dha. Innis gosaan wal xureessuu fi reefka irratti iyyuudha.”**

4. Garbichi baduu (baqachuu dha). Sahiha muslim keessatti Jariir irraa gabaafamee akkana jedha

«أيما عبد أبق من مواليه فقد كفر حتى يرجع إليهم».

**“Garbichi gooftaa isaa jalaa bade kamuu hanga deebi’utti kafareera.”**

5. Abbaa isaa dhiisee nama biraatti of hirkisuudha. Bukhaari fi muslim keessatti Abiizarri Rasuula ﷺ dhaqqasisee akkana jedhan

«ليس من رجل ادّعى لغير أبيه وهو يعلمه إلا كفر».

**“Namni osoo beekuu nama abbaasaa male jiru himate osoo hin kafarin hin hafu.”**




# KUTAA AFRAFFAA NIFAAQA XIQQOO

*Kutaan kun Qorannoo lama of keessaa qaba*

### Qorannoo duraa: Hiikaa fi hukmii isaa

Nifaaqni xiqqoon namni wanta eeyyamaman mul’ifataa wanta haraama waan inni mul’ifate faallessu dhokfachuu dha.

Namni jecha karaa godhamaa, waajiba, sunnaa ykn halaala garuu faallaa waan mul’ifatee garaa keessa dhokfate qooda nifaaqa xiqqoo tokko dalageera.Gariin beektotaa sababa inni dalaga qofatti rarra’ee aqiidaa keessa hin jirreef jecha nifaaqa dalagaa jedhani moggaasan. Gariin beektotaa immoo nifaaqa nifaaqaa gadii jechuun dubbatan.

Hukmiin isaammoo haraama ,dilii guddoodha. Namni qoodaa kana keessaa tokko dalage munaafiqatti fakkaateera. Garuu wali galtee beektotaatin karaa Isalaamummaa irraa hin baane.

### Qorannoo lammaffaa: qoodamaa fi fakkeenya isaa:

Nifaaqni xiqqoon qoodama heddu qaba. Isaanis:

1. Beekaatuma haala namni haasawa isaa dhaga’u dhugeessaa jiruun dubbii keessatti sobuudha.
2. Ogguma waadaa seenu niyyaa guutuu haala hinqabneen waadaaseenuudha. Eeganaa immoo waadaa kanatti hojjachuf jecha hin guutu.
3. Nama biraatiin ogga falmu falmii isaa keessatti ni jallata. Beekaatuma dhugaarraa gara sobaatti jal’ata. Ni falma. Soba ragaa godhata. Ittiin waan fudhachuun hin eeyyamamne fudhata.
4. Nama biraatiif ni woreega. Ogga woreegu niyyaa isaa keessatti guutuu hin qabu. Eegasis woreega kanatti dalagee hinguutu.

Qoodaawwan arfan kun nifaaqa xiqqoo ta'uudhaaf ragaan hadisa Bukhaarii fi Muslim Abdallah Ibnu Amr irraa odeeysan Nabiyyii Rabbiirraa fuudhee akkana jedhe

«أربعٌ من كنَّ فيه كان منافقاً خالصاً، وإن كانت فيه خصلة منهن كانت فيه خصلة من النفاق حتى يدعها: إذا حدث كذب، وإذا عاهد غدر، وإذا وعد أخلف، وإذا خاصم فجر»

**"Namni waa afur isa keessa jiru munaafiqa qulqulluu ta'a. Namni qoodaan kanaa tokko keessa jirus hanga ishee dhiisutti qoodni nifaaqaa isa keessa jira. ogga dubbate ni soba. Ogga woreege ni diiga ogga waadaa seenes ni faallessa. Ogga falme ni jallata."**

5. Amaanaa ganuu: kun immoo amaanaa ogga fuudhuuniyyaa ganuutiin fuudhe eegas abbaatti hin deebisu. Bukhaariifi Muslim akka odeessanitti Abii Hureyraan nabiyyi rabbiirraa fuudhani akkana jedhan

«آية المنافق ثلاث، إذا حدث كذب، وإذا وعد أخلف، وإذا ائتمن خان»

**"Mallatoon munaafiqa sadi. Oggaa dubbate ni soba, oggaa waada seene ni faallessa ,oggaa amaanaan itti kenname ni gana."**

6. Dalagaa gaarii keessatti nama agarsiifachuu(riyaa'ii): Nabiyyiirraa ﷺ akka mirkanaa'etti akkana jedhan

«أكثر منافقي أمّتي قراؤها»

***"Hedduun munaafiqa ummata kootii warra qara'e."***

Nifaaqa warra qara'eetti kan fedhame riyaa'iidha.

7. Jihaada irraa gara galuudha. Lubbuu ofiitti odeessuu dhiisuu dha. Muslim rasuula irraa ﷺ akka gabaasetti akkana jedhan

«من مات ولم يغز ولم يحدِّث به نفسه مات على شعبة من نفاق»

**"Namni osoo hin lolinii fi lubbuu ofiitti lola hin odeessin du'e damee nifaaqaa irratti du'e."**

8. Jibban namaa garaa keessa dhokfatanii ykn bakka inni hin jirretti waan inni hin jaallanne dubbachuu wajjin jaalala isaa mul'ifachu fi waan inni jaallatuun itti dhihaachuudha. Bukhaariin Muhadmmad Ibnu zayd Ibnu Abdallaa irraa akka gabaasetti namoonni Abdallah Ibnu Umariin akkana jedhan





قال أناس لابن عمر: إنا ندخل على سلطاننا، فنقول لهم بخلاف ما نتكلم إذا خرجنا من عندهم، قال: كنا نَعُدُّ هذا نفاقاً

*"Nuti mootolee keenya irra seennee Oggaa dubannu faallaa oggaa waan achii baane dubbannuu haasofna. Abdallaanis zabana rasuulaa ﷺ Kana nifaaqatti lakkoofna." jedhe.*

9. Ansaarota (warra madinaa ykn namuma diinii gargaaru) jibbuu. Bukhaarii fi muslim Anas Ibnu maalik irraa akka gabaasanitti Rasuulli ﷺ akkana jedhan

«آية المنافق بغضُ الأنصار، وآية المؤمن حبُّ الأنصار»

**"mallattoon munaafiqaa Ansaara jibbuudha. Mallattoon mu'uminaa Ansaara jaallachuudha."**

10. Khaliifaa sirraawaa Aliyyi Ibnu Abii Xaalib jibbuu:

Bukhaarii fi Muslim Aliyyi Ibnu Abii Xaalib irraa gabaasanii akkana jedhe

والذي فلَقَ الحبّةَ وبَرَأَ النسمة إنه لعهد النبيِّ الأميِّ ﷺ إليَّ: «أن لا يحبني إلا مؤمن، ولا يبغضني إلا منافق»

**"Isa callaa (firii) dhoosee, lubbuu uumeenan kakadhaa, Nabiyyiin ummata wallaalaaf ergaman 'Mu'umina male akka na hin jaallanne, munaafiqa male akka na hin jibbine' naaf himaniiru."**

Fakkeenyi nifaaqa kanaa heddutu jira. Akkuma walii galaatti, namni qoodaan heddu keessatti argamee ishee dhuma irra ture rakkoo guddaarra jira. Nifaaqa gudddaa keessa seenuu isaatu sodaatama. Kanaafuu sahaabonni rasuulaa ﷺ kan akka Umar, Hanzalaa fi kan biroos ofirratti sodaatan. Salafoonni gaggaariin nifaaqa xiqqoo keessa seenuu lubbuu ofitiif sodaatu.

# KUTAA SHANAFFAA BIDA'AA

## Hiika Bida'aa

***Bada'a*** jechuun lugaa Arabaa keessatti waan haaraa tokko jalqabanii fakkii duraan darbeen maletti hojjachuudha. waan duraan uumamee fi dubbatamee hin jirre haaraa uumuudha.

**Bida'aan lugaa Arabaa keessatti** faallaa sunnaati. Wanta haaraa diinii fi kan biroo keessatti uumamee dha.

**Tumaa shari'aa keessatti** bida'aan wantoota shari'aa keessa hin jirre cufaan kan akka waan tokko amanuu, dubbachuu, hojjachuu ykn hojjachuu dhiisuutiin Rabbiin gabbaruudha.

## Qoodaa Bida'aa

Bida'aan wanta inni itti rarra'u ilaalchisee bakka saditti qoodama.

### 01 Bida'aa amantaa:-

Faallaa waan Rabbii fi Rasuulli himanii Amanuu dha.

**Fakkeenyowwan bida'aa kanaa:** bida'aa Rabbiin uumamatti fakkeessuu , Sifata Rabbii fi maqaa isaa mormuu, bida'aa qadara (murtee Rabbii darbe) mormuu, bida'aa jabariyyaa (Namni wanta hundaa dirqamaan hojjata male filannaa hin qabu jechuu), bida'aa filoosoofii fi sammuu namaa irratti qofa hirkachuu, waliyyoonni uumama kana keessatti waa dalaguu danda'u jedhanii amanuu fi kan biroos kana keessa seena.

### 02 Bida'aa dalagaa:

Innis Waan Rabbi karaa hin godhiniin isa gabbaruudha. Kun immoo ibaadaa Rabbi karaa hin godhin tolchuudhaani ykn kan karaa godhame irratti ida'uufi irraa hir'isuudhaan, ykn ibaadaa bifa haarawaan hojjachuu, Ragaaan shari'aa yeroo murtaa'aa keessattti

akka dalagamu murteesse dhibamuu wajjin ibaadaa karaa godhamaa yeroo murtaa'aa kana keessatti qofa dalaguurra turuu dha.

**Fakkeenyowwan bida'aa kanaa:** Qabrii irratti ijaaruu, du'aa'ii biratti godhuu, masjida irratti ijaaruu, ayyaanaa fi walga'ii haarawa kan ittiin Rabbi gabbaramuu fi kan biroos uumuu dha.

### 03 Bida'aa waa dalaguu dhiisuu:

wanta halaala ykn wanta hojjachuun barbachisu ibaadaaf jecha dhiisuu dha.

**Fakkeenyowwan bida'aa kanaa:** Ibaadaaf jecha foon nyaachuu fi niitii fuuchuu dhiisuu dha.

## Hukmii Bida'aa

Ragooleen heddu kan bida'aan haraama ta'uu akeektuu fi namni isa tolchee fi dalage dilii guddaa akka qabu kan akeektu dhufteetti. san keessaa barbaachisaan jecha Rabbii

﴿أَمۡ لَهُمۡ شُرَكَـٰٓؤُاْ شَرَعُواْ لَهُم مِّنَ ٱلدِّينِ مَا لَمۡ يَأۡذَنۢ بِهِ ٱللَّهُ﴾ [الشورى:٢١]

***"sila isaan qindii waan Rabbi hin ajajin isaaniif karaa godhu qabu moo?"*** jedhuudha.

Hadiisa Jaabir Ibnu Abdallaa odeesse keesatti rasuulli khuxbaa isaanii keessatti akkana jedhan

**«أما بعد، فإن خير الحديث كتاب الله، وخير الهدي هدي محمد ﷺ، وشر الأمور محدثاتها، وكل بدعة ضلالة»**. رواه مسلم

**"Kana booda, caalaan dubbii kitaaba Rabbiiti, caalaan qajeelumaa qajeeluma muhammadi, dubbiin hamtuun waan haaraa uumamte, bida'aan hunduu jallina."** jedhu. muslimtu gabaase

Hadiisa Irbaad Ibnu Saariyaah Nabiyyii irraa odeesse keessatti nabiyyiin ﷺ

**«عليكم بسنتي وسنة الخلفاء الراشدين المهديين، عضوا عليها بالنواجذ، وإياكم ومحدثات الأمور، فإن كل محدثة بدعة، وكل بدعة ضلالة»**.

**"karaa kootii fi kan khulafoota sirraawoo qajeeloo ta'anii qabadhaa. Qarriffaan ciniinaa, dubbii haaraa (diinii keessatti uumamu) fagaadhaa, dubbiin haaraan (diinii keessatti uumamu) hunduu bida'aadha. Bida'aan hunduu jallina."** Jedhani.





Haati mu'uminaa Aa'ishaan akka odeessitetti Nabiyyiin ﷺ akkana jedhan

**«من أحدث في أمرنا هذا ما ليس منه فهو رد»**. رواه البخاري ومسلم

**"Ajaja keenya keessatti namni waan isarraa hin taane haaromse isarratti deebifama."** (Bukhaarii fi muslimtu odeesse).

Gabaasa muslim keessatti immoo

**«من عمل عملاً ليس عليه أمرنا فهو رد»**.

**"Namni waan nuti hin ajajin dalage irratti deebifama."**

ما رواه أنس بن مالك رضي الله عنه في قصة الثلاثة الذين أرادوا أن يزيدوا على عبادة النبي ﷺ، فقال أحدهم: أما أنا فأصلي الليل أبداً، وقال آخر: أنا أصوم الدهر ولا أفطر، وقال آخر: أنا أعتزل النساء فلا أتزوج أبداً، فقال رسول الله ﷺ: **«أنتم الذين قلتم كذا وكذا؟ أما والله إني لأخشاكم لله وأتقاكم له، لكني أصوم وأفطر، وأصلي وأرقد، وأتزوج النساء، فمن رغب عن سنتي فليس مني»**. رواه البخاري ومسلم

Hadiisa Anas Ilma Maalik odeesse keessatti oduu warra sadan ibaadaa Rasuulaa ﷺ irratti dabaluu fedhanii keessatti tokkoon isaanii akkana jedhe "Ani yoomuu halkan guutuun sagada." kan biroo immoo "Ani waggaa guutuun soomaa hin hiiku." jedhe kaan immoo **"Ani dubartii irraan fagaadha hin fuudhu." jedhe. Rasuullis ﷺ "Isin warra akkana akkana jedhe mitii? Rabbittin kakadhaa ani isin caalaan Rabbiin sodaadha, ajaja isaas eeggadha. Haata'u malee nan sooma nin hiikas, nan salaataa nan rafas, dubartiis nanfuudha. Namni karaa koo jibbe narraayyii miti."** jedhan. Bukhaarii fi muslimtu gabaase.

Sagaleewwan walitti qabduun ragoolee dabran keessatti dhufte bida'aan kan namni haaromsee ittiin Rabbiin gabbaru kan hundee shari'aa keessaa hin qabne cuftinuu haraama ykn dhorgamaa ta'uu akeekti. Bida'aan gaariin tokkollee hin jiru. Sagaloonni walitti qabattuu taate : "Wanta." qur'aanaafi hadiisa darbe keessatti "wanti haarawni hunduu bida'aadha.", "bida'aan hunduu jallina." fi "dalaga kamuu." jechoowwan jedhan kun cuftuu walitti qabattuudha. Bida'aan hundinuu haraamaa fi dhorgamaa ta'uu mul'ifti.

Jecha nama fedheetiin jecha rasuulaa ﷺ faallessuun muslimaaf hin eeyyamamu. Jecha nama biraatiin kan rasuulaa faallessuun hidhannoon inni rasuulattii qabu dadhabaa ta'uuf ragaadha. Akkasumas jaalalli inni rasuulaa ﷺ qabu dadhabaa ta'uu akeeka. Sababni isaas jecha nama biraatii fi fedhii lubbuu isaa karaa rasuulaa ﷺ waan caalchiseef. Imaamu maalik irraa akka odeeffametti akkana jedhan

«من ابتدع في الإسلام بدعة يراها حسنة فقد زعم أن محمداً ﷺ خان الرسالة؛ لأن الله يقول: ﴿ٱلۡيَوۡمَ أَكۡمَلۡتُ لَكُمۡ دِينَكُمۡ﴾ فما لم يكن يومئذ ديناً فلا يكون اليوم ديناً».

**"Namni Islaamummaa keessatti bida'aa haaraa kangaariidha jedhee yaadu tolche, dhugaatti Muhammad ﷺ ergaa Rabbii gananiiru jechuu isaati. Rabbiin *"Amantii keessan har'a isinii guuteera."* jedha wantootni guyyaa san amantii hin ta'in har'a amantaa hin ta'u."**

yeroo garaa garaa keessatti bida'aa irraa dhorguun sahaabota irraa mirkanaa'ee jira.

Imaamu Abuu Is-haaq Ashaaxibiyyi Al-maalikiyyiin, bida'aan badaa fi fokkataa ta'uu isaa irratti walii galtee sahaabotaa, taabi'ootaa fi kan warra booda dhufees gabaseera. Kuni walii galtee citaa miti sirriidha. Sahaabota tokko irraayis ta'ee taabi'oota irraa bida'aa wayii geessisan ykn waa'ee isaa laaffisan jechuun hin mirkanoofne. Hinumaayyuu kan Abdalla Ilma umarirraa mirkanaa'e

«كل بدعة ضلالة، وإنرآها الناس حسنة».

**"Osoma namni gaarii se'eeyyuu bida'aan cuftuu jallina."** jedhe.

Bida'aan cuftinuu haraamaa badaadhasi. Kan sadarkaa shirkii fi kufrii dhaqqabus haa ta'uu kan hin dhaqqabinis badiin isaa guddaa dha. Bida'aan shirkii fi kufriitti hin dhaqqabin illee sababa shirkii fi kufriitti nama seensisu ta'a. Namni diinii keessatti balbala bida'aa ofitti bane, ykn gosa bida'aa wahii gaariidha jedhe, innii fi namni isa hordofu illee, yeroo baay'ee daangaa itti dhaabbatu shirkii guddoo ykn kufrii guddoo malee homaa hin qabu.

Bida'oonni heddu. Heddus dubbannee dabarsineerra.

Bida'aa dalagaa gurguddoo sadi kan baay'inaa argamtu adda adda baaseen dubbadha. Bida'aan isheen kun sadarkaa shirkii guddoo hin dhaqqabdu. Haata'u malee bida'aa kana dalaguunii fi waa'ee isaa laaffisuun shirkii guddaa keessa nama seensisa.





### 01 Bida'aan duraa: Tawassula bida'aa taate.

Tawassulli lugaa Arabaa keessatti waan tokkoon wanta birootti dhihaachuu dha. Namni dalaga murtaa'aan, kennaa beekamaan, firoomaan ykn wanta biraatiin namatti dhihaatee waan barbaade argatuun kana irraa ramadama. Tawassulli seera shari'aa keessatti hiika lama qaba.

Hiika ulaa du'aa'ii qofaan wal ilaalu: Innis namni Rabbiin waammatu wanta du'aa'iin isaa qeebalamuuf sababa ta'u dubbachuu isaati ykn namni gaariin du'aa'ii akka isaaf godhu barbaaduudha.

Tawassulli bu'uura isaarraa bakka lamatti qoodama.

### 02 Qoodaan duraa: Tawassula karaa godhame

Qoodaan kun gosa heddu of keessatti qabata. Akka armaan gadiitti walitti qabuun ni mijaa'a.

1. Maqaa fi sifata / amala isaatiin Rabbitti dhihaachuu dha. Rabbi akkana jedhe

﴿وَلِلَّهِ ٱلۡأَسۡمَآءُ ٱلۡحُسۡنَىٰ فَٱدۡعُوهُ بِهَا﴾ [الأعراف: ١٨٠]

***"Rabbi maqoolee gaggaarii qabaa ittiin isa kadhaa."***

Kun immoo maqaa Rabbii cufaan isa kadhachuu dha. Fakkeenyaaf yaa Rabbi akka naaf dhiiftun maqoolee kee gaggaariin sikadha. Ykn maqaa Rabbii beekamaa ta'e kan wanta inni kadhatuu walitti dhefeenya qabuun kadhata. Yaa Rabbiin mararfataa taate na mararfadhu akka jechuuti. Takkii yaa Rabbiin marartataa gara laafaa taate akka namararfattun sikadha jechuudha. Ykn immoo sifata isaa cufaan Rabbiin waammachuudha. Yaa Rabbi akka nyaata halaala naa kennitu amala kee olaanaa dhaan si kadhadha jechuudha. Takkiin sifata Rabbii wanta inni kadhataaruun walitti dhufuun isa kadhata. Yaa Rabbi ati irra dabraa, irra dabruu jaallattuu (badii irra) irra naa dabri jechuu faadha. Ykn akkana jedha yaa Rabbi ati jabaa

injifataadhaa ummata kaafiraa kana irratti nu gargaari.

2. Jalqaba du'aa'ii keessatti Rabbiin faarsee Nabiyyii ﷺ irratti Rahmata buusa.

Hadiisa Fadaalah Ibnu Ubaydi keessatti akka mirkanaa'etti Nabiyyiin Rabbii ﷺ namticha Osoo Rabbiin faarsee nabiyyii irratti Rahmata hin buusin du'aa'ii kadhatu dhaga'anii

**«عجل هذا»، ثم دعاه فقال له: «إذا صلى أحدكم فليبدأ بتحميد الله والثناء عليه، ثم ليصل على النبي ﷺ، ثم ليدع بما شاء».**

**"inni kun ni arifate."** jedhan. Eegasii namicha waamanii akkas jedhaniin **"Tokkoon keessan yeroo sagadu Rabbiin faarsuu fi isa jajuun haa eegalu. Eegas Nabiyyii irratti Rahmata haa buusu. Kana booda waan fedhe haa kadhatu."**

وسمع رسول الله ﷺ رجلاً يصلي فمجَّد الله وحمده، وصلى على نبيه محمد ﷺ، فقال عليه السلام: **«ادع تجب، وسل تعط»**.

Ergamaan Rabbii namticha salaata kassa Rabbiin guddisee isa faarsee, nabiyyii irratti Rahmata buuse dhaga'anii **"waammadhu siif owwaatamaa, kadhadhu siif kennamaa."** Jedhani.

Kalimaa tawhiidaa 'Laa ilaaha illallah' jedhuun Rabbiin jajuun kana irraayyi ramadama. Isheen faaruu caaltuu ittin Rabbin faarsanuudha. Nabi yuunus garaa qurxummii keessa taa'ee isiidhaan Rabbitti dhihaate. Kana booda akkana jechuun nabiyyi irratti Rahmate buusa "gabbaramaan dhugaa Rabbiin male hin jiru, yaa Rabbi Muhammad irratti Rahmata buusi, yaa Rabbi naa dhiisi." Suuraan faatihaa illee faaruu dhuma kana irraa lakkaa'amti. walakkaan duraa Rabbiin faarsiti, dhumti ishee du'aa'ii dha.

3. Wareega isa dubbachuun isatti dhihaachuudha. Akkuma qur'aana keessa jiru

﴿رَبَّنَا وَءَاتِنَا مَا وَعَدتَّنَا عَلَىٰ رُسُلِكَ﴾ [آل عمران: ١٩٤]

***"yaa Rabbi waan ergamaa kee irratti nuuf baallamte nuuf kenni."***

'Yaa Rabbi nama si waameef owwaachuu baallamtee naa owwaadhu' jechunis isuma irraayyi ramadama.



4. Dalaguma Rabbiitiin isatti dhihaachu: Akkana jechuufaan 'yaa Rabbiin guyyaa badrii Muhammadiin ﷺ tumsite kaafira irratti nu tumsi'.

5. Ibaadaa isaa kan qalbii, qaamaa fi arrabaatiin Rabbitti dhihaachuudha. Rabbi akkana jedha

﴿إِنَّهُۥ كَانَ فَرِيقٌ مِّنْ عِبَادِى يَقُولُونَ رَبَّنَآ ءَامَنَّا فَٱغْفِرْ لَنَا وَٱرْحَمْنَا وَأَنتَ خَيْرُ ٱلرَّٰحِمِينَ﴾ [المؤمنون: ١٠٩]

***"Qoodaan tokko garboota koo irraa yaa Rabbi nuti amannee (badii) keenya nuu dhiisi numararfadhu jedhu."***

Akkuma seenaa warra olqaa sadan keessa jirutti tokkoon isaanii tola haadhaa fi Abbaadhaa ooleen Rabbitti dhihaate kan lammataa immoo miindaa hojjataa eega dabaleefii guutee kennuu dhaan Rabbitti dhihaate. Kan sadaffaa immoo badii dhiiseen Rabbitti dhihaate. Cufti isaaniituu dhuma du'aa'ii isaanii kassatti "yaa Rabbi yoon kana fuula kee barbaacha dalageef waan nuti keessa jirru nurraa saaqi." jedhan.

Yaa Rabbi jaalala ani sii qabu, kan nabiyyii keetii, ergamoota kee cufaa fi waliyyoota keetii qabuunan ibidda irraa akka bilisa na baaftu sikadha jechuun kana irraa lakkaa wama. Ykn yaa Rabbi ani fuula kee barbaachan raamadaana soomee milkuu duniyaa fi aakhiraa naa kenni jechuu fa'i.

6. Haala keessa jiruu, fi rahmata Rabbii fi gargaarsa isaa akka barbaadu dubbachuun Rabbitti dhihaata. Du'aa'ii Muusaa keessa akka jirutti

﴿رَبِّ إِنِّى لِمَآ أَنزَلْتَ إِلَىَّ مِنْ خَيْرٍ فَقِيرٌ﴾ [القصص: ٢٤]

***"yaa Rabbi tola ati natti buufte ani haajomaadha."***

tola akka haajomu dubbachuun gama Rabbiitti dhihaate. Namni du'aa kadhatus akkana jechuun isuma irraa lakkaa'ama 'yaa Rabbi ani dadhabaadhaa, azaaba qabrii fi azaaba jahannamaa danda'ee hin baadhuu irraa na qulqulleessi'. Ykn yaa Rabbi dhukkubni na laalessee irraa na fayyisi jedha. Badii ofiitti amanuunii fi Rahmata Rabbii fi dhiifama isaa akka haajomu mul'isuun kana keessa seena. Akka jecha Rabbii keessa jirutti

﴿رَبَّنَا ظَلَمۡنَآ أَنفُسَنَا وَإِن لَّمۡ تَغۡفِرۡ لَنَا وَتَرۡحَمۡنَا لَنَكُونَنَّ مِنَ ٱلۡخَٰسِرِينَ﴾ [الأعراف: ٢٣]

***"yaa Rabbi of miineerraa, yoo ati nuu dhiiftee nun mararfanne warra badu irraa taana."*** (a'araaf: 23)

7. Waan Rabbiin isaanii qeebaluun kajeelamuuf jecha du'aa'ii namoottan gerggaariitiin Rabbitti dhihaachuudha. Kun immoo muslima fayyaa jiru irra barbaaduudhaani. Akkuma ilmaan ya'aqoob abbaa isaaniitiin

﴿قَالُواْ يَٰٓأَبَانَا ٱسۡتَغۡفِرۡ لَنَا ذُنُوبَنَآ إِنَّا كُنَّا خَٰطِـِٔينَ﴾ [يوسف: ٩٧]

***"yaa abbaa keenya badii keenyaaf dhiifama nuu barbaadi nuti dogongorreerraa."*** *jedhan.*

Akkuma namichi baadiyyaa du'aa'ii roobaa rasuula irra barbaadnaan kadhatan, akkuma dubartii tokko qaamni ishee akka hin saaqamne du'aa'ii kadhachuu rasuula irra barbaadde. Akkuma jabana umar keessa umarii fi sahaabonni isaa wajjin turan akka Rabbi bokkaa buusee isaan obaasu Rabbiin kadhachuu Abbaas irra barbaadan. Sababa ragaa keessatti karaa godhamuu isaa wanti akeeku dhufee fi warri beekumsaas irratti walii galanii jecha tawassuloonni kun hunduu sirridha.

### 03 Qoodaa lammaffaa: Tawassula dhorgamaa

Tawassulli qaama du'aa'ii keessaa tokko. Du'aa'iin immoo akkuma hadiisa keessatti dhufetti

"الدعاء هو العبادة"

*"Du'aa'iin ibaadaadha."* jedhame ibaadaa irraayyi.

Ibaadaa ragaa shari'aa keessetti hin dhufne uumuun haraama akka ta'e ragooleen sirrii fi iftuu taate dhufteetti. Tawassulli ragaa shari'aatin hin dhufin cuftinuu bida'aa fi haraama.

Fakkeenya tawassula dhorgamtuu

1. Qaama nabiyyii, gabricha gaarii, ka'abaa ykn kan biroo wanta sadarkaa qabuutiin Rabbitti dhihaachuudha. "yaa Rabbi akka na mararfattun qaama abbaa keenya Aadamin si kadhadha." jechuu faadha.
2. Haqa nabiyyii, gabricha gaari, ka'abaa ykn kan birootiin Rabbitti dhihaachuudha.
3. Kabajaa nabiyyii ykn gabricha gaariitiin ykn barakaa isaatiin ykn haqa qabrii isaatin Rabbitti dhihaachuudha.

Tawassuloota kanaan Rabbiin kadhachuun muslimaf hin eeyyamamu. Kanaafuu sahaabaan tokko ykn taabi'iin tokko tawassula kanaan Rabbitti dhihaate jechun gabaasa nagaa mul'attuu taate keessatti hin mirkanoofne. Osoo gaarii ta'e gara isaatti nu dursu turan. Du'aa'iin heddu isaan irraa fuudhamteetti, garuu tawassulli kun keessa hin jiru. Kun immoo walii galtee sahaabotaa fi taabi'ootaa kan tawassulli kun cuftinuu karaa godhamaa miti jedhu agarsiisa. Kunimmoo kallatti kamiinuu sadarkaan ykn kabajaan nabiyyootaa ykn namoota gaggaarii hir'achuu hin agarsiisu. Namni kana yaade dogongoreera. Sadarkaan nabiyyootaa fi saalihootaa guddoodha. Kabajni isaanis cimaadha. Haa ta'u malee kabajaan isaanii sadarkaa mataa isaaii qofa. Jiruu isaanii keessatti duniyaa fi aakhiraatti abbaa fedhaniif jaarsaummaa dhaabbatu. Namni biraa qaamaa fi kabaja isaaniitiin Rabbitti dhihaachuu akka qabu wanti akeeku hin jiru. Akkasumas du'aa'ii keessatti uumamaan Rabbi irratti kakachuun nama tokkoofuu hin eeyyamamu.

Rabbiin malee kakachuun silumaa hin eeyyamamu. Wanta biraatiin Rabbi irratti kakachuun immoo akkam ta'a! Ammas haqa ebeluutiin Rabbiin kadhachuun eenyuufuu hin eeyyamamu. Haqni Rabbii garbicha irra jira. Haqni garbichi Rabbi irraa qabu kan inni ofitti dirqama: godha mu'umina tumsuu, warra isa qofa gabbare adabuu dhiisuu, du'aa'ii owwaachuu fi mindaa kaffaluufii dha. Rabbitti ittin dhihaachuun kan eeyyamamu jaalala nabiyyootaa, waliyyootaa fi saalihootaaf qabuuni. Wanta biroo kan kana fakkaatuun illee Rabbitti dhihaachuun ni danda'ama.

Warri tawassula bida'aa eeyyaman ragaa irratti hirkatan tokkoyyuu hin qabanu. Hadiisaa fi oduulee kan kabaja nabiyyi keenyaa tii fi kan birootiin Rabbitti dhihaachuutti kakaaftu ragaa godhatani. Garuu cufti isiituu tolfamtuu dha ykn laaftuudha. Irratti hin hirkatamu. Akkasumas hadiisa Abii sa'iid isa haqqii warra isa kadhatuu fi masjiida deemuutiin

Rabbitti dhihaachuun keessa jiru ragaa godhatan. Inni immoo hadisa dadhabaadha. Osoma sahiiha ta'eeyyuu haqqiin warra Rabbiin kadhatuu isaaniif owwaachuu dha. Akkasumas kan warra masjiida deemuu miindaa kaffaluudha. Owwaachuuni fi mindaa kafaluun sifata ykn amala Rabbiiti. Sifata Rabbiitiin isatti dhihaachuun akkuma dubbannee dabarsinetti tawassula eeyyamamadha. Akkasumas hadiisa sahiiha kan tawassulli dhorgomaan isaan niyyatan ni ta'a jechuu hin akeekne ragaa godhatan. Hinumaayyuu hadiisni isaan ragaa godhatan tawassulli gosti kun dhorgaa ta'uu akeeka. Innis tawassula umarii fi sahaabonni Abbaasiin Rabbitti dhihaatani. Erga hedduun muslimaa tawassula rasuulli karaa godhan irraa garagalanii tawassula bida'aa ishee dursiisanii , tawassula dhorgamaa kan Rabbi karaa hin godhiniin isa kadhatanii, gariin isaanii gama qabrii deemani kabajaa fi qanama abbaa qabriitii Rabbitti dhihaatanii, dalagni kun hedduu isaaniitii fi nama isaan hordofee dalaga isaaniitin gowwoomfame hunda tawassula shirkii kan karaa Islaamummaa irraa baasu keessa seensie. Du'aa/reefka kadhachu eegalani. Wanta gaarii fiduu fi waan hamaa deebisu irra barbaadan. Ykn Rabbiin biratti akka jaarsummaa isaanii dhaabbatanu du'aa irra barbaadani.

Kanaafuu tawassula bida'aa kan ragaan sirriin itti hin dhufin kana irraa fagaachuun muslima cufaaf barbaachisa. Tawassulattii kana sahaabonnii fi taabi'oonni cufti irraa gara galaniiru. Hedduun salafaa fi khalafaa haraamummaa ishee murteessaniiru. Warra ishee laaffisu birattuu sadarkaan ishee xiqqoon walfakkaattuu (shubahaa) dha. Akkuma rasuulli odeessanitti ﷺ Namni wanta walfakkaattuu irraa fagaate diiniisaa qulqulleesseera. Muslimni du'aa'iiwwan heddu kan qur'aanaa fi hadiisa keessatti dhufan, akkasumas sahaabota irraa mirkanaa'an ishee kana irra dursa. Tawassula bida'aa kana kan rasuulaa dura buusee ittii hin dhiphisu. Owwaatamuun osoo hafuu nageenyumti tawassula akkanaa dhiisuu keessa jira.

Hadiisa keessatti akka mirkanaa'etti du'aa'in qeebalamuuf sababa heddutu jira. Akkasumas diliin dhiifamuuf sababni heddu akka jiru qur'aannii fi hadiisni ni mirkeneessa. Wanti ilma namaa yaachise kan argamuuf, wanta barbaachisaa kajeelu kan ittiin mirkaneeffatu, wanta inni sodaatu kan irraa deebisu sababa heddutu jira. Sababa kana keessaa





inni guddaan Rabbiin sodaachuu fi rasula ﷺ irratti rahmata buusuudha. Tawassula bida'aa irra kana dursuun muslimaaf ni barbaachisa.

### 04 Bida'aa lammaffaa: Ayyaanaa fi walga'ii bida'aa tolchuu

Rabbiin warra Islaamaatiif iidii lama kan isaan tola Rabbiin isaanitti oolee ibaadaa caalaadhaan isaan dhaqqabsiise akka gammadanuuf karaa godheera. Isaanis iidal fixrii fi iiidal ad-haadha. Akkasumas iida 3[ffaa] kan torbee keessa deddeebi'u guyyaa juma'aa karaa godhe. Guyyaa kanatti muslimoonni salaata juma'aa fi gorsa khuxbaa dhaggeeffachuuf walitti qabamu. Innis iida sadhaataa (comparative) ti. Ayyaanaa fi walga'ii biroo kan guyyaa ykn ji'a takkii waggaa keessa deddeebi'u uumanii ittiin Rabbiin gabbaruun muslimaaf hin eeyyamamu.

Yeroo tokkollee kan akka halkanii, guyyootaa, ji'ootaa ykn waggootaa, yeroon kun caalaa (filatamaa) ta'es ta'uu baatee, ibaadaa murtaa'aa kan shari'aan yeroo kanaan hin qophxeessiniin kophaa baasuun hin eeyyamamu. Kuni bida'aa tolfamtee dha. Kanaafuu sahaabaa ykn salafa ummata kanaa beekamaa ta'e tokko irraa namni halkan murtaa'aa ta'e tokko ibaadaa beekamaa wahiitiin kophaa baase hin jiru. Kun immoo akka inni karaa hin godhaminitti walii galuu isaanii agrsiisa. Hinumaayyuu garii sahaabotaa irraa namoottan ji'a garii ibaadaan kophaa baase irratti mormiin dhufeera. Bara isaanii keessa namni isaan faallesse hin beekamne. Muslimoonni heddu bara boodaa keessa ayyaana, wal-ga'ii fi ibaadaa yeroo heddu keessatti kan ragaan sirri ta'e karaa godhamuu isaa akeeku hin jirre uumaniiru. Yeroon kun bakka saditti qoodama.

1. Guyyaa shari'aan isa hin kabajin. Guyyaa kana keessa uumamni dubbii beekamaa qabu hin uumamne . Fkn jalqaba khamisaa ji'a rajabaa irraa, halkan juma'aa itti aanuu. Halkanii fi guyyaa kana wallalonni gariin guyyaa khamisaa sana soomani, halkan itti aanu dhaabbatanii salaata raghaa'iba jedhamtu salaatuun ishee kabaju. Kun cuftuu ragaa hin qabu, bida'aa dhorgamtuudha. Bida'aan kun kan isheen uumamte waggaa dhibba afur booda. Gariin isaani hadisa sadarkaa ishee dubbattu kaa'ani. Kun immoo walii gala beektotaatiin hadiisa tolfamtuudha. Akkasumas hadiisni sadarkaa sooma rajabaa dubbattu dhufteetti. Ammas hadiisni sadarkaa salaata garii guyyaa ykn halkan rajabaa dubbattus dhufteetti. Hadiisni

kun cuftuu da'iifa ykn kan namni tolcheedha. Soomaan ykn waan biraatiin rajaba kabajuu irraa dhorgaan ykn jibbaan sahaabota garii irraa mirkanaa'eera. Garii isaanii irraa akka mirkanaa'etti immoo ji'a rajabaa kabajuun hojii jaahiliyyati. Namni isa kabaje jaahiliyyaatti hidhateera.

2. Guyyootaa fi halkan shari'aan sadarkaa isaanii kaase: kan akka guyyaa Arafaa, iida lachan, muharramiin kurnaffaa (aashuuraa'a), laylatul qadrii, halkan walakkaa sha'abaanaati. Yeroowwan kana keessa ibaadaan shari'aan jiraatti akeeke hojjatamuun ni jaallatama. Ibaadaa shari'aa keessatti hundee hin qabne uumuun hin eeyyamamu. Kan akka salaata alfiyyaah (kumaa) halkan walakkaa sha'abaanaa keessatti sagadamu hijraa irraa jaarraa shanaffaa keessatti uumamte. Guyyaa arafaa magaalaa keessa deemanii wal-baruun, guyyaa ashuuraa'aa ayyaaneffachuunis kana keessatti ramadama. Akkasumas ibaadaa haga yeroon kabajamaan kun dhufuun deddeebi'u kan ragaan shari'aa hin akeekin akka laylatul qadrii umraan ykn zikrii addaatiin takkii salaata adda ta'e kan waggaa cufa keessa deddeebi'uun adda baasuun hin eeyyamamu.

3. Guyyaa fi halkan uumamni barbaachisaan keessa uumamee, garuu wanti sadarkaa ishee akeeku ykn guyyaa saniin Rabbiin gabbaruu fi ayyaaneffachuun ni ta'a kan jedhu shari'aa keessatti hin dhufneedha.

Yeroowwan kana keessaa tokko halkan israa'ii fi mi'iraajiin (isa rasuulli ﷺ keessa baytal maqdisiin dhaqanii samii bahan) jedhamuu dha. Garuu ragaan halkan kana daangesse hin jiru. Halkan kana keessaa tokko ammas halkan Rasuulli ﷺ kessa dhalatan jedhamu. Ragaan ji'aa fi guyyaa isaan keessa dhalatan daangessu dhibamuu wajjin wal-dhabbii beekamaatu keessa jira. Ubaydiyyoonni Raafidaa kan jaarraa afraffaa hijraa irraa ta'an dhaloonni Rasuulaa ﷺ ji'a rabi'al awwal jedhanii murteessan. Haa ta'u ragaan jecha kana gargaaru hin jiru. Ji'a kana keessa ummanni muslimaa musibaa (rakkoo) guddaa, du'a rasuulaatiin, tuqaman. Duuti Rasuulaa ﷺ wal dhabbii tokko malee ji'a rabi'al awwal keessa. Guyyaan kun guyyaa Rasuulli keessatti du'e ta'uu wajjin Ubaydiyyoonni yeroo Misiraan bulchan guyyaa kudha lamaffaa filatani dhaloota Rasuulaatiin gammaduu dha jedhanii ayyaana keessatti geggeessan. Hedduun Ubeeydiyyoota kanaa immoo jallataa warra Islaamaa fi ergamaa Rabbii jibbuudha. Gariin isaani gooftummaa falmatan. Mata dureen isaani Al-haakim Biamrillaahil Ubeeydii isa duruuziin haga ammaatti gabbaranuudha. Qaraamixaan warri nama hajjii godhu arafaa keessaa fi ka'abaa biratti ajjeesanis isaanuma ykn hordoftoota isaanii irraayyi. Gamtokkee ka'abaa diiganii hajaral aswadiin fuudhanii waggaa dheeraa booda malee hin deebifne.

Ubeeydiyyoonni hijiraa irraa jaarraa arfaffaa keessatti argaman jalqaba nama ayyaana mawlidaa 363 A.H. yeroo Misiraan bulchan keessa dhaabeeti.

Ubeeydiyyoonni jallatoon kan gariin isaanii Rasuula ﷺ jibbuun beekamee murtaa'e gammachuu du'a isaaniitiif jecha ji'aa fi guyyaa isaan keessa du'an filachuun isaanii waan sammuu namaa irraa fagaatuu miti. Garuu namaaf gammachuu dhaloota isaaniiti kan jedhu mullifataniiru.

Salafoonni gaggaariin warri jaarraa filatamtuu sadanii, durri isaanii immoo sahaabota rasuulaa kan ta'e, ayyaana kana hin geggeessine jechuu irratti warri beekumsa walii galaniiru . kanaafuu jaalala guddaa rasuulaa ﷺ qabachuu fi khayriirratti bololu wajjin dalaga isaas ta'ee karaa godhamaa dha jechuun warra jaarraa filatamtuu sadani irraa hin dhufne. Kun immoo karaa godhamuu dhabuu isaa akkasumas ayyaanni namni tolche cufti dhorgamuu isaa irratti walii galtee sahaabota rasuulaatii fi cufa salafa ummata kanaati.

Ala hedduun muslimaa walga'ii guyyaa kanaa keessatti shii'aa Ubeeydiyyootaa hordofu, akkasumas kiristaana warra waa'ee Iisaa keessatti daangaa dabree isa gabbaranii yaadannoo dhaloota isaatiin walga'ii geggeessan hordofanu, wanti kun bida'aa biraa kan akka rasuulatu ayyaana kanatti hirmaata jedhani ka'anii dhaabbachuutiin isaan ga'e. Kun immoo kijiba namoottan beekumsa qabna jedhan warra ayyaana kana keessatti olka'anu uumaniidha. Wallaalonni isaan dhugoomse. Ammas bida'aa kan akka zikrii walga'ii, dibbee rukutuu fi kan biroos wanta haraama ta'e hojjachuudhaan isaan ga'e. Hinumaayyuu ayyaana kana kabajuun hedduu nama isa kabajuu shirkii guddoo keessa seensise. Kun immoo waa'ee rasuulaa keessatti daangaa

darbani garii sifata Rabbii kan eenyunuu isaan hin qindoomne rasuulaaf kennani. fKN akka ghaybii(fagoo) beekuu, fayyaduu, miidhuu fi kan biroos ni kennaniif. Hedduun isaanii immoo shirkiin keessa jiraachuu wajjjin qasiidaa bawsiirii qara'an.

Bida'aan cuftinuu abbaa isheetti akkana hojjatti. Kun immoo jecha rasuulaa ﷺ dhugoomsa

«كل بدعة ضلالة»

**"Bida'aan cuftinuu jallina."** isheen jallina gama jallinaa geessituu dha.

Akka wali galaatti muslima lubbuu ofiitii fi ilma ofiirra Rabbii fi rasuula jaallatuuf tarkaanfii fi addeemsa rasuulaa irra deemuun, qur'aana isaaniratti bu'e qara'uu fi haffazuun, sunnaa fi seenaa isaani cufa halkani fi guyyaa waggaa keessa barachuufi haffazuun, yeruma handaayyuu Rahamataa fi nageenya isaanitti buusuu baayisuun keessaayyuu immoo torban keessaa halkanii fi guyyaa juma'aa baay'isuun barbaachisaadha. Yeroo du'a rasuula isaa raafidaan Ubeydiyyaa waqta dhaloota isaaniiti jedhanii murteessan keessa ayyaana dhaabuun, seenaa isaani fi qasiidaa shirkii qabduu fi hin qabne illee waggaa keessaa halkan tokko qara'uun jaalala rasuulaatii miti. Kun karaa Rasuulaatis miti. Bida'aa dhorgamtuu taate diini keessatti dabaluudha. Akkasumas karaa rasuulaatii fi sahaabota isaani dhiisanii karaa kaafiraatii fi Raafidaa hordofuutu keessa jira. Muslimni nafsii ofiitiif karaa lachan keessa kan fedhe haa filatu.

### Bida'aa sadaffaa: zikriiwwan bida'aa taate.

Bu'uuruma irraa zikriin (Rabbiin dubbachun) bakka lamatti qoodama.

#### 01 Zikriwwan karaa godhame.

Zikriiwwan heddu kan namni ishee jechuunii fi yeroo itti dabarsuun barbaachisu qur'aanaa fi hadiisa keessatti dhufteetti. Zikriiwwan heddu kan namni dalaga halkanii fi guyyaa dalagu keessatti jechuun barbaachisu (jaallatamu) dhufteetti. Akkasumas zikriin yeroo, haalaa fi ibaadaa adda addaa keessatti jechuun barbaachisus qur'aanaa fi hadiisa keessatti dhufeera. Zikrii kana keessa gariin isaani tawhiida kaan immoo Rabbiin qulqulleessuu, isa faarsuu, du'aa'ii majenfannaa fi kan biroos ni




jira. Gosowwan zikrii heddu kan muslimni haala isheen ragaa keessatti dhufteen jechuun eeyyamamu, yeroo, bakka, ibaadaa ykn dalaga isheen keessatti jedhamuu qabdi jedhee ragaan shari'aa murteessee akeeke keessatti jedhamuu qabdi. Yoo hin murteeffamin gadhiisaa ta'e yeroo hundaa zikrii kana baay'isuun muslimaaf ni jaallatama. Yeroo murtaa'aa ittiin barbaaduus ta'ee, dhabamuu fi argamuu hojii murtaa'aatin walitti hidhuun hin barbaachisu. Namni zikriiejedha sadarkaa fi mindaa guddaa fi baay'ee akka qabu ragaan dhufeera. Waa'ee zikrii majenfannaa keessatti namni ishee jedhe sharri hamaa cufa irraa tikfama jechuun dhufeera. Sun immoo kan argamu yeroo hiika ishee baree itti amane jedhedha.

#### 02 Zikri Karaa hin godhamin

Inni kun zikrii ragaa hin qabne hojjachuudha. Ykn immoo zikrii dhuma karaa godhamaa karaa haaraa itti uumun dalaguudha. Takkii immoo yeroo, bakka ykn ibaadaa shari'aan keessatti hin akeekin irratti deddeebisuudhaan aadeffachuu dha. Kana irratti hundoofne azkaarri karaa hin godhamin kan azkaara bida'aa jedhamtu gosa saditti goodama.

A. Zikriiwwan karaa godhame sagalee isaa kaan dubbatee garii dhiisuudha. Kun immoo haala hiikkaan zikriin kun akeeku hin guutiniin dhiisuudha. Fkn bakka bu'aa maqaa kan waan fagoo agarsisuutin dubbachuu (isa) ykn maqaa qeenxee 'Allaah' deddeebisee dubbachuu dha. Zikroowwan kana immoo yeroo lakkaawamaa wahiitiif deddeebisa.

B. Zikrii karaa godhamaa karaa haaraa bida'aa ta'een geggessuudha. Fakkeenyowwan kanaa:

   i. Walga'ii dhaan zikrii geggeessu : sagalee tokkichaan Allahu akbar, laa ilaaha illallaah ykn Rahmata buusuu jedhu. Ykn namni tokko jennaan warri hafan isa jalaa qabuun booda isaa jedhu. Takkaan lakkoofsa murtaa'aa wahii akka Rabbiin qulqulleessan ajaja wanta inni ajaje hojjatu. Kun akkuma warri Rabbiin gabbaran bara Abdallaah ilma mas'uud hojjannaan innis harkatti mormeeti.

   ii. Nama tokko ykn baay'ee ta'ani sagalee rommisiisanii zikrii

jechuudha. Zikriin kun Rabbiin gabbaruu fi iimaana jabeessu isa karaa godhamteef keessaa baati. Gariin isaanii immoo kanaa wajjin meeshaa muuziiqaa kan akka duffii, Dibbee fi kan biroos ni fayyadamu.

iii. Zikrii karaa godhamaa irratti waan isa irraa hin taane itti dabalee haguma zikrii kana deddeebisuun dabalata kana deddeebisa.

Bootaa isaatiin maletti zikrii karaa godhame yeroon, bakkaan ykn haala murtaa'aan walitti hidhuu dha. Keessumaayyuu yeroo zikriin kun bakka karaa hin godhamin kanatti deddeebifamee dha. Fkn nama akka yeroo hamuummate hunda a'uuzubillaah jedhu, mu'azzinni azaana booda salataaf namatti lallabuu, kun immoo 'taswiiba' jedhame beekama. Kanaaf jecha Abdallaah Ilma Umar mu'azzina kana dalage irratti morme, imaamu maalikis akkanuma morman.

Bida'aa kana irraa kan ta'e naannoo xawaafaatiif zikrii murtaa'aa gochuu, ykn maqaama Ibraahimiif zikrii beekamaa murteessuudha. Kun immoo xalayaa namni hajjii fi umraa godhu tokko tokko waan ragaan itti hin jirree fi bakka kanatti qara'uun haraama jechuu wallaalanii qara'an keessatti argama. Kun hundinuu bida'aa uumamte waan taateef haraama. Ragooleen bida'aa irraa dhorgituu fi diliin nama hojjatee guddaa akka ta'e akeektu heddu. Sahaabonnis dhiisuu irratti waliigalaniiru. Waan khayrii irratti sardamanuuf jecha osoo eeyyamamtee irratti waldursu ture. Hinumaayyuu akka dabarsinetti isarraa dhorguunii fi mormiin cimaan nama ishee hojjate irratti isaan irraa dhufuun mirkanan'eera. Gariin zikriiwwan kanaa beektota tokko tokko biratti jibbamaadha malee sadarkaa haraamummaa hin ga'u. Rabbitu beeka.

Kanaafuu zikrii karaa godhamaa irratti dawwamuun/turuun zikrii bida'aa irraa fagaachuun muslima irratti dirqama. Sababni isaa dilii waan taateef. Akkasumas namni ishee irra turee ittiin wal bare dhuma keessa Awraada (zikri shirkii) qabuun isa ga'a.

Kanaafuu ala hedduun muslima zikrii bida'aadhaan Rabbiin dileessanu kun immoo zikrii shirkii eegaluun isaan ga'e. Fkn zikri (Waziifatu ibnu maashisa) suufiyyoota warra daangaa dabran biratti beekamaadha. Kan biroos ' salaatul faatih' kan namni amantii heddu waa'ee isaa keessatti




amane. Namichi jalqaba uumee fi warri karaa isaa hordofes qur'aana isa Rabbiin keenya dubbate caalaa jedhani amanu. Zikroowwaan Rasuulli ﷺ dubbatanii hidhi isaani kabajamaa lamaan gidduu baatee isaan itti waaman caala jedhu. Akkasumas 'dalaa'ilul khayraatiinii' fi kan biroos qur'aana irra caala jechuu kan amanan jiru. Kun cuftinuu shirkii guddaa karaa Islaamummaa irraa nama baasu.

Akkasumas muslimni kamuu yeroo Rabbiin dubbachuuf yaade zikrii kamiin, sila kun zikrii ragaan mirkanaa'e taanaan dalagamoo miti taanaan dhiisa jedhee ilaaluun dirqama. Abbaa ishee tolche ilaaluun maletti zikrii ishee caalaan namaa(nabiyyiin) jedhe dursiisa.

### Dhuma kutaa bida'aa keessatti

Ragaa ajina bida'aa himuu fi badii nama isa dalagee himu erga fidnee, akkasumas waa'ee bida'aa laaffisuun, itti dawwamuun, shari'aa guutuu kana keessatti wanta bu'uura hin qabne uumuun shirkii guddaa Islaamummaa keessa nama baasutti akka inni dhaqqabsiisu eega barree, muslima cufa irrattuu (akka wanti kun shirkiitti isa hin harkifneef, sunnaa badaa Islaamummaa keessatti karaa godhee jennan wallaalaan biroo akka isa hordofee shirkii keessa seennaan badii ofiitii fi kan isaa akka hin fudhanneef jecha) karaa rasuulaa deemuun, ishee jijjiiruu dhiisuun, bida'aa uumamtee ishee irraa hin taane itti dabaluu dhiisuun dirqama.

Akkasumas sunnaa rasuulaa ﷺ) qabachuunii fi haasawa nama biraa irra dursiisuun muslima hunda irrattuu dirqama. Khayriinii fi milkuun duniyaa fi aakhiraa sunnaa isaanii keessa jira. Jallina irraa nagaa ta'uunis nama isa qabateefi. Innis mallattoo muslimni nabiyyii keenya muhammadiin ﷺ jallachuu isaati. Bida'aa irra turuun mallattoo jaalalli isaa dadhabaa ta'uuti. Bida'aa dalaguun ykn gaarii taasisuun, shari'aan nabiyyi ﷺ hir'uu dha jedhani shakkuudha ykn Rasuulli guutummaan namaaf hin ibsine jechuudha. Akka hubannoo mubtadi'a kanaatti shari'aan hir'uu dabaliinsa ykn guutamiinsa barbaaduudha. Namni bida'aa uume ykn dalaguu irra ture yoo waan kanatti amaneef kufriidha. Rabbiin osoo diinii kana hin guutin babiyyii isaa hin fudhane jechuun beekamaadha. Rabbi akkana jedha

﴿ٱلۡيَوۡمَ أَكۡمَلۡتُ لَكُمۡ دِينَكُمۡ وَأَتۡمَمۡتُ عَلَيۡكُمۡ نِعۡمَتِي وَرَضِيتُ لَكُمُ ٱلۡإِسۡلَٰمَ دِينٗا﴾ [المائدة: ٣]

***“guyyaa har’aa amanti keessan isinii guuteera. Tola kiyyas isinirratti dhangalaasee guuteera , Amanti Islaamummaa diini keessan ta’uu siniif jaalladheera.”*** (maa’idaa :3 )

Rasuulli Rabbii ﷺ ummataaf ahkaama shari’aa haala guutuu dhaan waan ibsaniif diinii Rabbii keessatti waan isa keessa hin jirre muslimni dabaluun hin barbaachisu. Sababa mubtadi’aan wanta wal-fakkaataa ragaa godhatee waan lubbuun isaa feetetti waan fassaruuf, jallinni ykn wal fakkaattuun inni kaasu kun akka qulbii isaa kassa hin seenneef jecha, mubtadi’a irra fagaachuunii fi haasawa isaa haggeeffachus ta’ee ittiin falmii dhiisuun muslima irratti dirqama. Rabbi akkana jedha

﴿فَأَمَّا ٱلَّذِينَ فِي قُلُوبِهِمۡ زَيۡغٞ فَيَتَّبِعُونَ مَا تَشَٰبَهَ مِنۡهُ ٱبۡتِغَآءَ ٱلۡفِتۡنَةِ وَٱبۡتِغَآءَ تَأۡوِيلِهِۦ﴾ [آل عمران: ٧]

***“Isaannan qalbii isaani keessa jallinni jiru fatanaa barbaachisaa fi akka isaanii ta’utti hiikuuf jecha qur’aana irraa waan wal-fakkataa qofa hordofu.”*** (Aala-imraan:7).

Akka Bukhaariin gabaasetti nabiyyiin Rabbii ﷺ aayaata dabre kana Aa’ishaa irratti qara’an. Eegasii akkana jedhan

«إذا رأيت الذين يتبعون ما تشابه فأولئك الذين سَمَّى الله فاحذروهم»

**“warra waan walfakkaate hordofan yeroo argite isaan kun warra Rabbi moggaase isaan eeggadhaa.”**

Namni bida’aa hojjatu aayata iftu, hadisa sahiiha ifaa dhiisee, hadisa da’iifa namni tolcheen ykn ragaa wal-fakkaattuun ishee faallessa. Aayata ykn hadiisa sahiiha ragaa godhatee hiika sirrii dhiisee akka fedhii isaatii wal galutti hika. Ragaa sammuu isaatii fi fedhi isaatiin wal hin simanne immoo ni deebisa. Rabbitu beeka.





# ULAA AFRAFFAA WALAA’AA FI BARAA’A (JAALALAA FI IRRAA QULQULLAA’UU)

**Qorannoo duraa: hiikaa fi murtee isaanii.**

Walaa’iin lugaa Arabaa keessatti jaalala, gargaarsaa fi firooma.

Waliyyii jechuun jaalallee, hiriyaa ykn gargaaraa jechuu dha. Innis faallaa diinaa (xalaataa) ti.

Walaa’iin tumaa shari’aa keessattii sababa iimaana isaanitiif mu’umintoota jaallachuu, gargaaruu, garaa laafuufii, tola yaaduufii fi haqa mu’uuminaa waan kanatti dhaqqabu hunda guutuudha. Walaa’iin inni akkanaa muslima isa dilii guddaa irra hin turreef ta’a. yeroo muslimni dilii guddaa kan akka Ribaa, hamii, uffata koronyoo irra gadi buusuu, hareeda haaddachuufi kan biroo irra’s ture haga inni Rabbiin buleen jaallatamee haga dilii isaatiin jibbama.

Jaalalli muslima dilii qabuu yoo kan inni dilii kana irraa isa buqqisa ta’ee fi dalaga isa fakkaatus gara isaatiinis ta’ee nama biraatiin akka hin hojjatamne kan dhorgu yoo ta’e ittiin ooduu murteessa. Kun immoo akkuma rasuulli ﷺ warreen sadan lola tabuuk irraa hafaniin oodanii sahaabotas akka isaan ittiin oodan ajajan. Guyyaa shantamaaf ittiin hin dubbanne. (Bukhaari fi muslimtu gabaase). Jaalalli muslima dilaawaa Akka inni gaarii hojjatee dilii dhiisee goggogina duniyaatii fi adaba aakhiraa jalaa nagaa bahuuf jecha gorsuu, gaariitti ajajuufi hamtuu irraa dhorguu murtessa.

Akkasumas akka toobatee gama Rabbii deebi’uu fi dilii isaa irraa akka isa qulqulleessuuf jecha jaalalli muslima dilaawaa daangaa irra dhaabuu fi isa adabuu murteessa.

Kan nama dilaawaatti fakkaatu nama munaafiqummaadhaan shakkamu. Haga khayriin irraa mul’atuun ni jaallatama, haga hamtuun

irraa argamuun immoo ni jibbama. Yeroo nifaaqni isaa ifa galee munaafiqummaan isatti murteeffame waa'ee walaa'aa fi baraa'aa keessatti hukmiin isaa hukmiidhuma kaafiroota birooti. Inni immoo qorannoo ittaanu keessatti yoo Rabbi fedhe ni dhufa.

Mubtadi'oonni kan akka Jahmiyyaa, Qadariyyaa, Raafidaa, Ashaa'iraa (kan itti fedhame Ashaa'iraa warra jallaa duraaniiti male cufa nama maqaa sanaan waamamee miti) fi kan biroos qoodaa saditti ba'u.

1. Namni isaan irraa gara bida'aa isaatti waamu ykn mul'ifatu bida'aan isaammoo kan hin kafarsiifne yoo taate haga bida'aa isaatiin jibbuun dirqama ta'a. Akkasumas ooduunii fi xalaatomfachuun dirqama. Kun immoo warra beekumsaa biratti wali galameera. Wajjin taa'uunii fi haasawuun yoo gorsuu fi waamuuf ta'e male hin eeyyamamu. kun immoo kan eeyyamamu beektota qofaafi. Namni ulamaa hin ta'in immoo mubtadi'a wajjin taa'uun, haasawa isaa dhaga'uun, ittiin falmus ta'ee kitaaba isaa dubbisuun hin eeyyamamu. Kun immoo qalbii isaa keessa bida'aan isaa akka hin seennee fi shubahaan inni yeroo hunda kaasu akka isa hin miineefi.

   Salaamtaa mubtadi'aan jechuunii fi irratti deebisuun immoo yeroo inni jedhe ni eeyyamama. Haa ta'u malee yeroo bu'aa qabaate salaamtaa jechuus ta'ee deebisuurra dhisuutu caala.

   Fkn akka inni dhiisuuf sababa ta'a, namni naannoo isaa jiru aqiidaan isaa badaa ta'uu baree akka irraa eeggatuuf sababa ta'a.

2. Nama bida'aan isaa kan kafarsiisu taate kan akka suufiyyaa daangaa dabranii du'aa fi sheekholee waammatanuu, Kan akka gulaata Raafidaa immoo warra qur'aanni jijjiiramaadha jedhanii falmanuu ykn gariin isaa hin jiru jedhanuu takkii nama birmachiifatanuu warreen kun ogga isaan irratti ragaan dhaabbattee kafaruun isaanii murtaa'e, murteen isaanii waa'ee walaa'aa fi baraa'aa keessatti akkuma kaafira kan biraati. Qorannoo itti aanu keessatti dhufuuf deema.

3. Namni isaan irraa bida'aa isaa dhoksu, kan itti hin waamne jallina ishee kanas kan hin bareechine warra hojjatus hin faarsine shubahaa waan kana jabeessus kan hin kaafne ykn hinfacaafne inni akkuma dilaawaa dilii isaa dhoksuuti. Wajjin nitaa'amaa, salaamtaan ittiin ni jedhama, ittiin hin oodamu.





**Baraa'iin lugaa Arabaa keessatti:** Waan tokko irraa fagaatanii adda bahuu, irraa qulqullaa'uu dha.

**Tumaa shari'aa keessatti:** Diina Rabbii, munaafiqaa fi kaafira jibbuu dha (jibbuutti kan fedhame kufrii fi jallina isaan irra jiran jibbuu dha). Xalaatomfachuu fi irraa fagaachuu (irraa fagaachuutti kan fedhame kufrii fi jallina isaan irra jiran jibbuu dha) dha. Warra loltoota immoo hanga dandeettiitiin ittiin loluu dha.

### Hukmii wolaa'aa fi baraa'aa:

Lachan isaaniituu dirqama. Bu'uura iimaanaa keessaa isa guddaa dha. Ragooleen heddu kan mu'umina jaallachuun dirqama ta'uu agarsiiftuu fi cufa kaafiraa: yahuudaa, nasaaraa, buuziyyoota, warra taabota gabbaru, munaafiqaa fi kan biro(warra Muslimaan Muslimummaa isaatiif ittiin lolanu) irraa fagaachuun ykn qulqullaa'uun dirqama, isaan jaallachuun immoo dhorgaa ta'uu kan agarsiiftu dhufteetti. Gariin warra beekumsaa akkana jedhan

"أما معاداة الكفار والمشركين: فاعلم أن الله سبحانه وتعالى قد أوجب ذلك وأكد إيجابه، وحرم موالاتهم وشدد فيها، حتى أنه ليس في كتاب الله تعالى حكم فيه من الأدلة أكثر ولا أبين من هذا الحكم بعد وجوب التوحيد وتحريم ضده." ولهذا قال النبي ﷺ: " أوثق عرى الإيمان الحب في الله والبغض في الله "

*"Beeki.Kaafiraa fi mushrika Xalatoomtachuu Rabbiin dirqama godhee, dirqama isaas ni jabeesse. Jaalala isaanii dhorkee, dhorkaa isaas ni jabeesse. Qur'aana Rabbii keessa ragaan irra hedduu fi ifaa ta'e booda dirqamummaa tawhiidaa ibsuutii fi haraamummaa shirkii himuutii kan hukmii kana caalu hin jiru." Kanaafuu rasuulli ﷺ akkana jedhan "funyoo iimaana hunda irra amanamaan Rabbiif jedhani jaallachuu fi Rabbiif jedhani jibbuudha."*

Ragaan ifaan mu'umina jaallachuun dirqama ta'uu akeeku jecha Rabbii akkana jedhu

﴿ وَٱلۡمُؤۡمِنُونَ وَٱلۡمُؤۡمِنَٰتُ بَعۡضُهُمۡ أَوۡلِيَآءُ بَعۡضٖۚ يَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَيُقِيمُونَ ٱلصَّلَوٰةَ وَيُؤۡتُونَ ٱلزَّكَوٰةَ وَيُطِيعُونَ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥٓۚ أُوْلَٰٓئِكَ سَيَرۡحَمُهُمُ ٱللَّهُۗ إِنَّ ٱللَّهَ عَزِيزٌ حَكِيمٞ ﴾

[التوبة:٧١]

***“Mu’uminnii fi mu’umintittiin gariin isaani jaalalloo gariiti. Gaariitti ajaju hamtuu irraa dhorku. Salaata dhaabu zakaasni kennu. Rabbii fi rasuulaan bulu. Warra kana Rabbiin siichuu isaan mararfata. Rabbiin injifataa ogeessa.”*** (attawbaa: 71).

Ragaan ifaan kaafira irraa fagaachuu dirqama taasisuufi isaan jaallachuu haraama taasisu jecha Rabbiiti

﴿قَدْ كَانَتْ لَكُمْ أُسْوَةٌ حَسَنَةٌ فِيٓ إِبْرَٰهِيمَ وَٱلَّذِينَ مَعَهُۥٓ إِذْ قَالُوا۟ لِقَوْمِهِمْ إِنَّا بُرَءَٰٓؤُا۟ مِنكُمْ وَمِمَّا تَعْبُدُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ كَفَرْنَا بِكُمْ وَبَدَا بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمُ ٱلْعَدَٰوَةُ وَٱلْبَغْضَآءُ أَبَدًا حَتَّىٰ تُؤْمِنُوا۟ بِٱللَّهِ وَحْدَهُۥٓ إِلَّا قَوْلَ إِبْرَٰهِيمَ لِأَبِيهِ لَأَسْتَغْفِرَنَّ لَكَ وَمَآ أَمْلِكُ لَكَ مِنَ ٱللَّهِ مِن شَىْءٍ رَّبَّنَا عَلَيْكَ تَوَكَّلْنَا وَإِلَيْكَ أَنَبْنَا وَإِلَيْكَ ٱلْمَصِيرُ﴾ [الممتحنة: ٤]

***“Dhugaatti Ibraahimii fi warra isaawajjin turan irraa hidhannoo gaarii qabdu. Kan isin hidhattan Yeroo isaan tuuta isaanitiin nuti isinii fi warra isin gabbartan irraa qulqulluudha, isinnittis kafarreerra, Haga isin Rabbii tokkichatti amantanutti giddu keenyaa fi keessanitti Xalaatummaafi jibbaan mul’atteetti jedhanu. Garuu Jechi Ibraahim abbaa isaatiin Dhiifaman sii barbaada (adaba) Rabbiirraa immoo waantokko siif hin oolchujedhee qofti utuuhafuu. Yaa Rabbi sirratti hirkanna, gamakee butamna, deebiinis gamumakeeti.”***

Warri beekumsaa mu’umina jaallachuun dirqama ta’uufi kaafira jaallachuun haraama ta’uu irratti waliif galaniiru.(kun kan dubbatame warra loltoottaatiifi malee warri kaan siichi gara dhumaatti dubbatama)

**Qorannoo lammaffaa: waan walaa’a karaa godhamtee fi walaa’a dhorgamtuu calanqisiisu/ mul’isu.**

Mata duree lama of keessaa qaba.

**Waan Walaa’a karaa godhamtuu mul’isu.**

Jaalala karaa godhamaa keessa wantoota baay’eetu seena. Wantoota kana keessaa beekamaa fi mul’ataan

1. Mu’umintoota bakkaa fi bara hunda keessa jiran gosa kamirraayyuu ta’anii sababa iimaana isaaniitiifi Rabbiin buluutiin jaal’achuu dha. Jaalalli kun immoo muslima cufa irratti dirqama. Muslim sahiiha isaa keessatti Abii Hurayraa irraa akka gabaasetti Rasuulli ﷺ akkana jedhan





«والذي نفسي بيده لا تدخلوا الجنة حتى تؤمنوا، ولا تؤمنوا حتى تحابوا، أوَلا أدلكم على شيء إذا فعلتموه تحاببتم؟ أفشوا السلام بينكم».

**“Isa lubbuun koo harka isaa jiruttin kakadhaa hanga amantanutti jannata hin galtanu, hanga wal jaallattanutti hin amantanu. Wanta isin dalagdanii ittiin wal-jaallattan isinitti himuu? Gidduu keessanitti salaamtaa babal’isaa.”** jedhan.

Sababa duniyaa, gosummaa, mazhabaa ykn wal dhabbii gidduu jaraatiin argamteef jecha mu’umina jibbuu irraa eeggachuun muslimaaf barbaachisaa dha. Mu’umina isa jaalalloo Rabbii ta’e xalaatomfachuun Rabbiin wal-loluudha. Hadiisal qudusii keessatti Rabbiin akkana jedha jechuun dhufeera

«من عادى لي ولياً فقد آذنته بالحرب». رواه البخاري

**“Namni jaalalloo koo Xalaatomfate lola isa beeksiseera.”** Bukhaariitu gabaase.

2. Yeroo muslimni miidhame ykn daangaan itti darbame bakka fedhee fi gosa fedhe irraa ta’ee gargaaruudha. Kun immoo harkaan, qabeenyaan, qalamaa fi arrabaan waan inni gargaaruu haajome gargaaruudha. Rasuula irraa ﷺ akka miirkanaa’etti akkana jedhan

«انصر أخاك ظالماً أو مظلوماً». رواه البخاري

**“Obboleessa kee miidhaas ta’ee miidhamaas tumsi.”** Bukhaariitu gabaase.

Ajajni dirqama akeeka. Yeroo Xalaatni muslima irratti daangaa dabre gargaaruun dirqama. Yeroo Kuffaarri biyya muslimaa irratti daangaa dabree warri biyya sanaa ofirraa deebisuu dadhabe muslima warra itti aanu irratti qabeenyaa fi lubbuun gargaaruunii fi irraa deebisuun dirqama. Akkasumas muslima irratti nama isa miidhe irraa haqa isaa akka fudhatu obboleessa isaa gargaaruun dirqama. Isaa dhaga’uu yoo hamatame ykn maqaan isaa Xureeffame kabaja isaa irraa deebisuun dirqama. Akkasumas yeroo namtokko kitaabaan ykn wanta biraatiin mulslima xureesse arrabaa fi qalama isaatiin irraa deebisuun muslima irratti dirqama. Kun hundinuu immoo fardal kifaayaadha (kan namni tokko raawwannaan nama biraa irraa bu’u).

3. Yeroo isaan haajoman qabeenyaa fi lubbuun gargaaruudha. Muslima obboleessa isaa yeroo inni ittihaajome qaama isaatiin gargaaruun muslima irratti dirqama.

   Fkn yoo inni karaa deemaa imala keessatti cite akka inni imala isaa bakkaan ga'atuuf wanta inni itti haajamu tolchaniifii isa gargaaruniifi kkf dalaguun muslima irratti dirqama. Yeroo inni horiitti haajome horiin isa gargaaruun dirqama.

   Fkn'f Innii fi ilmaan isaa hiyyeessa wanta nyaatan kan hin qabne yoo ta'e Muslima dureessa irratti isa gargaaruun dirqama. Kun hundinuu immoo fardal kifaayaa dha. Namni gargaaruu danda'u yoo dhibamee nama tokkicha ta'e, isa irratti fardal ayni (dhuunfaa irratti dirqama) ta'a.

4. Mokkoroo fi cinqii isaanitti dhaqqabuuf laalachuun, gargaaramuu isaanii fitoltuu cufaaf isaanii gammaduun, garaa isaanii laafuu fi qoma nagaan isaanitti bahuun barbaachisaadha. Yeroo waa'ee sahaabota rasuulaa ﷺ ibsu Rabbiin akkana jedha

   ﴿أَشِدَّآءُ عَلَى ٱلْكُفَّارِ رُحَمَآءُ بَيْنَهُمْ﴾ [الفتح:٢٩]

   ***"kaafira irratti jajjaboo waliifimmoo gara laafoodha."*** (Al-fath:29).

   Nabiyyiin keenya ﷺ

   «لا يؤمن أحدكم حتى يحب لأخيه ما يحب لنفسه». رواه البخاري ومسلم

   **"Hamma wanta lubbuu ofiitii jaallatu obboleessa isaatiif jaallatutti tokkoon keessan hin amanne."** Bukkaarii fi muslimtu gobaase.

Kana hubadhu. Wantootni biroos kan ishee dubbachuun haasaan dheeratutu jira. Kana keessaa kan akka nama axxiffate gamachisuu fi rakkoo isaa irraa furuu dirqama dhunfaati.Kan akka salaamataa deebisuu, janaazaa geggeessuu, irratti salaatuu, wanta Muslimni diinii isaa keessatti haajomu kan akka beekumsa barbaaduu, barsiisuu, gama Rabbiitti isaan waamu, gaariitti ajajuufi hamtuu irraa dhorguutiin dhanbbachi wanta inni duuniyaa isaakeesaatti haajomu kan akka beekumsa barbaaduu, barsiisuu, gama Rabbitti isaan waamu gaariitti ajajuufii hamtuu irraa dhorguutiin dhabbachuu, wanta inni duniyaa isaa keessatti haajomus kan akka waa'ee fayyaa, warshaa, qonnaa fi kan biroos, waan isaan miidhu irraa sodaachisuu, waan jiruu isaanii keessatti isaan fayyadu akeekuun fardal kifaayaa dha.



Kan akka dhukkubsataa gaafachuu, nama haajomee garuu baay'ee hin rakkatin qaamaa fi qabeenyaan gargaaruu, du'aa'ii gochuufii, nama isa qunnameen salaamtaa jechuufi kan biroos sunnaa dha.

### Wanta Walaa'a dhorgamtuu mul'isu

Akkuma ibsamee dabarfametti, warra Xalaata Rabbii(amantii balleessuuf lolanu) kan akka warra taabota gabbaruu, buuziyyootaa, majuusaa, yahuudaa, kiristaanaa, munaafiqootaa fi kan biroos jaallachuun jaalala ishee faallaa baraa'aa (irraa qulqullaa'u) taate, qoodaa fi fakkeenya ishee hundaan shakkii tokko male haraama. Kun immoo bakka lamatti qoodama.

### Qoodaa duraa : Jaalala kufrii taate

Fakkeenyaa fi mul'iftuun walaa'ii haraama taate tokko tokkoo kan kufrii taatee nama hojjate Islaamummaa keessaa baaftu hedduu dha.

Kana Keessaa yaachisaan:

1. Hiriyummaa kaafiraa filatanii amantii isaanii jaallachuu wajjin ykn amantii isaanii jajuu wajjin Muslima xureessee isaan jaallachisuu wajjin biyya isaanii keessa taa'uu dha. Jaalalli akkanaa kun amantii Isalaamaa irraa deebi'uu dha. Rabbi akkana jedha

   ﴿لَّا يَتَّخِذِ ٱلْمُؤْمِنُونَ ٱلْكَٰفِرِينَ أَوْلِيَآءَ مِن دُونِ ٱلْمُؤْمِنِينَ ۖ وَمَن يَفْعَلْ ذَٰلِكَ فَلَيْسَ مِنَ ٱللَّهِ فِى شَىْءٍ﴾ [آل عمران:٢٨]

   ***"Mu'umintootni mu'uminaan alatti kaafira akka jaalalloo hin taasifanne. Namni kana dalage Rabbi irraa wanta tokko hin qabu."*** (Aala-imraan: 28).

   Namni kaafira jaallataa diinii isaaniis jaallatee, muslima irraa fagaatee isaan xureesse, inni kaafira xalaata Rabbii, rasuulaa fi mu'umintootaati.

2. Eenyummaa biyya kaafira muslimaan (sababa Muslimummaa isaanitiif ittiin) loltuu fudhachuu fi seera ishee cufa waan ishee

keessa jiru kan akka dirqama loltummaa (raayyaa) biyyaa, muslimaan loluu fi kkf mamii tokko malee haraama. Beektoleen tokko tokko akka dubbatanitti walii gala muslimaatiin kufrii fi diinii Islaamaa irraa deebi'uu dha jedhan. Kun cuftinuu yeroo fedhiidhaan ta'e. yoo kan biyya Muslimaa itti godaanuun mijaa'u dhabee ykn biyyuma kaafiraa kan haalli isaanii biyya muslimaan loltu irra gaarii taate itti godaanuuf dhabee biyya kanatti hirkate murteen isaa kan nama dirqamsiifameeti. Yeroo qalbii isaatiin jibbe irratti haraama hin ta'u.

3. Walfakkaannaa guutuu kaafiratti fakkaachuu. Fkn dalaga, uffannaafi akkaataa rifeensa mataa isaanii fi kan biroo keessatti itti fakkaachuu, wajjin jiraachuu, wajjin bataskaana isaanitti deddeebi'uu, ayyaana isaanii hirmaachuu dha. Namni kana dalage walii galtee warra beekumsaatiin inni kaafira. Abdallah Ibnu Amri irraa akka mirkanaa'etti akkana jedhe

«من بنى ببلاد الأعاجم، وصنع نيروزهم ومهرجانهم وتشبّه بهم حتى يموت وهو كذلك حشر معهم يوم القيامة».

**"Namni biyya kaafiraatti ijaaree, bara jijjiirraa fi ayyana biraa isaanii wajjin dalagee, haga du'uttu isaanitti fakkaate akkuma kanaan guyyaa qiyaamaa isaanii wajjin kaafama."**

4. Wanta amantii Islaamaa irraa nama baasu keessatti isaanitti fakkaachuu dha. Fkn barakaa irra barbaaddee masqala uffachuu (rarraafachuu). Kun kan ta'u wanti kun'mallattoo nasaaraa kan isaan ittiin amantii isaanii Iisaan ajjeefamee fannifameera jedhu ittiin mul'isanuudha' jechuu beekuu wajjin. Rabbiin immoo kana kitaaba isaa keessatti dhabamsiisee akkana jedha

﴿وَمَا قَتَلُوهُ وَمَا صَلَبُوهُ وَلَٰكِن شُبِّهَ لَهُمْ﴾ [النساء:١٥٧]

***"Isa hin ajjeefnes hin fannifnesii garuu isaan irratti wal fakkaate."*** (al-nisaa'I : 57)

5. Bataskaana dubbisuun Rabbitti nama dhiheessiti jedhee ishee dubbisuu dha.

6. Amantii tokko taasisuutti ykn jidduu amantii walitti dhiheessuutti waamuu dha. Namni diiniin Islaamummaan male jiru diinii sirrii dha, Islaaamummaan walitti dhiheessuun ni mijaa'a ykn isaanumtuu amantii tokko jedhe inni kaafira Islaamummaa irraa deebi'eedha. Hinumaayyuu namni kufaa ta'uu amantaa Islaamummaan ala jiruu shake kafareera. Sababni isaas waan jecha Rabbii akkana jedhu deebiseefi

﴿وَمَن يَبْتَغِ غَيْرَ ٱلْإِسْلَٰمِ دِينًا فَلَن يُقْبَلَ مِنْهُ﴾ [آل عمران:٨٥]

***"namni Islaamummaan alatti amantii barbaade irraa hin qeebalamtuu inni warra aakhiraatti hongaa'u irraayyi."*** (aala-imraan :85).

Ammas wanta dirqama diinal Islaam irraa beekamu amantiin Islaamaa amantii darbe hunda shaareera kan jedhu deebise. Cufti isheetuu amantii jijjiiramte, namni ishee amane kaafira mushrika.

Amantii tokko taasisuutti waamuun waamicha jalloo turtuu dha. Jallattoota suufiyyaa duraanii tokko tokkotu kan akka Ibnu Sab'iin , Talmasaani fi kkf'ntu itti waamaa turani.

Namni yeroo ammaa Islaamummaatti hirkatu tokko tokkos waamicha kana haaromseera. Beekamoonni isaan kanaa Jamaaluddinil afghaanii, barataa isaa Muhammad Abdahul misriyyi, Rajaa'al Jaaruuddiyyil fornusiyyii fi kan birooti.

7. Muslima irratti kaafira gargaaruun isaan jaallachuudha. Kaafirtoota, isaanii wajjin loluus ta'ee qabeenyaa fi meeshaan isaan gargaaruun ykn muslima irratti basaastuu jaraaf ta'uun ykn kan birootiin Muslima irratti isaan gargaaruun gara lamaan ilaalama.

**Garri duraa:** Gargaarsuma fedheenuu haa ta'uu jaalala isaanitii fi muslima irratti olta'uu isaanii fedhee kan gargaaruu dha. Kun gargaarsa kufrii kan Islaamumaa irraa baaftuu dha. Kana irratti beektonni heddu walii galtee ulamaa himaniiru.

**Garri lammafaa:** Gargaarsuma fedheen haa ta'uu ogga kaafirtoota gargaaru wanti itti isa kaase faayidaa dhuunfaa, sodaa, ykn jibbaa duniyaatu isaa fi muslima jarri ittiin lolanu jiddu jiraachuu dha. Gargaarsi akkanaa kun haraama, badii guddoo dha. Haa ta'u malee kufrii Islaamummaa irraa nama baaftuu miti. Ragaan gargaarsi kun kufrii ta'uu dhabuu agarsisu Walii galtee warra beekumsaa kan Xahaawiin

dubbate kan basaasaan muslimaa hin ajjeefamu jedhuu dha. Wali galli wanta Xahaawiin dubbatee kaafiraa miti jechuu dha.

**Hirkoon ijmaa'a kanaa:** HaaXib ibnu Abii Balta'aatu rasuulaa fi muslima irraa guyyaa fathii basaasee jira. Xalayaa gara mushrika Makkaatti barreessee akka rasuulli gara isaaniitti deemaaru itti hime. Akka qurayshonni ittiin loluuf hin qophoofne rasuulli kallattii itti deemu dhokseeture. Kana barreessuu irratti wanti haaxibiin kaase immoo faayidaa dhuunfaati. Kanaa wajjin rasuulli Islaamummaa irraa deebi'uu isaa hin murteessinesii haddiinis irra hin dhaabanne. Kun immoo wanti inni dalage kufrii Islaamummaa irraa hin baafne ta'uu akeeka. kun cuftuu nama filmaata ofiitiin raawwateefi. Namni dirqisiifame ykn rakkinaaf isaanitti hirkate, kan akka dirqamee kaafirootaa wajjin muslimaan loluuf bahuu fi kkf hukmiin kun isarratti hojii irra hin oolu.

﴿إِلَّآ أَن تَتَّقُوا۟ مِنْهُمْ تُقَىٰةً﴾ [آل عمران: ٢٨]

***"yoo isaan irraa oftiksuu jecha tiksitan malee."*** waan Rabbiin jedhuufi.

**Qoodaa lammaffaa: Jaalala haraama kan hin kafarsiifne**

Fakkeenyaa fi ibsa walaa'a dhorgamtuu ishee faallaa baraa'aa (irraa qulqullaa'uu) taatee Islaamummaa irraa abbicha kan hin baafne garu haraama. Isheen kun gosa heddu.

Yaachiftuun ishee:

1. Kaafira jaallatanii hiriyaa taasifachu: Rabbi akkana jedha.

﴿لَّا تَجِدُ قَوْمًا يُؤْمِنُونَ بِٱللَّهِ وَٱلْيَوْمِ ٱلْـَٔاخِرِ يُوَآدُّونَ مَنْ حَآدَّ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ وَلَوْ كَانُوٓا۟ ءَابَآءَهُمْ أَوْ أَبْنَآءَهُمْ أَوْ إِخْوَٰنَهُمْ أَوْ عَشِيرَتَهُمْ ۚ أُو۟لَـٰٓئِكَ كَتَبَ فِى قُلُوبِهِمُ ٱلْإِيمَـٰنَ وَأَيَّدَهُم بِرُوحٍ مِّنْهُ ۖ وَيُدْخِلُهُمْ جَنَّـٰتٍ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَـٰرُ خَـٰلِدِينَ فِيهَا ۚ رَضِىَ ٱللَّهُ عَنْهُمْ وَرَضُوا۟ عَنْهُ ۚ أُو۟لَـٰٓئِكَ حِزْبُ ٱللَّهِ ۚ أَلَآ إِنَّ حِزْبَ ٱللَّهِ هُمُ ٱلْمُفْلِحُونَ﴾ [المجادلة:٢٢]

***"Tuuta Rabbii fi guyyaa aakhiraatti amananii, nama Rabbii fi rasuula khilaafe (faallesse) utuma abbaa, ilmaan, obboleewwan ykn fira isaaniillee ta'e kan jaallatanu hin argitu. Warra kana Rabbiin qalbii isaanii keessatti iimaana galmeesse. Afuura qulqulluu isa biraa ta'een jara jabeesse. Jannata jala ishee laggeen yaatu isaan ni seensisa. Achi kassatti hafoodhas. Rabbi isaanirraa (dalaga isaanii) jaallatee isaan illee Rabbi irraa jaallatan. Warrikun tuuta Rabbiiti. Tuutni Rabbii immoo milkaa'oodha."*** (almujaadalah:22).





Ammas Rabbi akkana jedha

﴿قَدْ كَانَتْ لَكُمْ أُسْوَةٌ حَسَنَةٌ فِىٓ إِبْرَٰهِيمَ وَٱلَّذِينَ مَعَهُۥٓ إِذْ قَالُوا۟ لِقَوْمِهِمْ إِنَّا بُرَءَٰٓؤُا۟ مِنكُمْ وَمِمَّا تَعْبُدُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ كَفَرْنَا بِكُمْ وَبَدَا بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمُ ٱلْعَدَٰوَةُ وَٱلْبَغْضَآءُ أَبَدًا حَتَّىٰ تُؤْمِنُوا۟ بِٱللَّهِ وَحْدَهُۥٓ إِلَّا قَوْلَ إِبْرَٰهِيمَ لِأَبِيهِ لَأَسْتَغْفِرَنَّ لَكَ وَمَآ أَمْلِكُ لَكَ مِنَ ٱللَّهِ مِن شَىْءٍ ۖ رَّبَّنَا عَلَيْكَ تَوَكَّلْنَا وَإِلَيْكَ أَنَبْنَا وَإِلَيْكَ ٱلْمَصِيرُ﴾ [الممتحنة:٤]

***"dhugaatti Ibraahimii fi warra isaa wajjin turan irraa hidhannoo gaari qabdu. Kan isin itti hidhattanu yeroo isaan tuuta isaanitiin nuti isinii fi wanta isin gabbartan irraa qulqulloofne jedhanu. Isinittis kafarreerra. Haga isin Rabbii tokkichatti amantanutti gidduu keenyaa fi keessanitti xalaatummaa fi jibbaan mul'atteetti. Garuu jechi Ibraahim abbaa isaatiin dhiifaman siif barbada (adaba) Rabbi irraa immoo wanta tokko siif hin oolchu jedhe qoftiutuu hafuu. yaa Rabbi sirratti hirkannaa gama keebutamna deebiinis gamuma keeti."*** (al mumtahinah :4).

Rasuullis akkana jedhan

«لا يحب رجلٌ قوماً إلا جاء معهم يوم القيامة».

**"Namni tokko tuutawahi jaallatee guyyaa qiyaamaa wajjin dhufu male hin hafu."**

Dirqamni muslimaa kaafirtoota cufa jibbee irraa fagaachuudha. Kun immoo muslima gidduutti wali galamaadha. Sababni isaas kaafiroonni Rabbiin khilaafu, Dilii guddaa dhaan, ibaadaa isaa keessatti fakki isaa taasisuun ykn Rabbi warraafi ilmoo qaba jechuun takkii wanta biraa waan Rabbiin Xinneessuun keessa jiruun Rabbiin lolu. Isaan Xalaata Rabbiiti. Isaan jibbanii xalaatomfachuun, gara isaaniitti hirkachuu dhisuun Rabbitti dhihaachuu dirqama. Barsiisaan keenya Muhammad Ibnu Usaymiin akkana jedhe

"الكافر عدو لله ولرسوله وللمؤمنين، ويجب علينا أن نكرهه بكل قلوبنا."

*"kaafirri Rabbiif, rasuulaafi mu'umintootaaf xalaata.Qalbii keenya guutuun isaan jibbuun nurratti dirqama."*

2. Jireenya dhaabbataa biyya kaafirootaa taa'uudha. Biyya kaafirootaa jiraachuuf jecha itti buqqa'uun muslimaaf hin eeyyamamu. Osuma mallattoo amantii isaa mul'ifachuu kan danda'u ta'eeyyuu bifa rakkinaatiin male eenyumaa biyya sanii fudhachuun hin ta'u.

لقول جرير بن عبدالله ﷺ: بايعت النبي ﷺ على النصح لكل مسلم، وعلى مفارقة المشرك.

*Jariir Ibnu Abdallaah akkana jedhe "muslima hundaa toltuu yaaduufi mushrika hundaan adda bahuu irrattin rasuulaaf baallama seene."*

Kaafirri tokko oggaa asallamee biyyi isaa biyya kufrii ta'e yoo kan mallattoo amantii isaa mul'ifachuu hin dandeenye ta'ee godaansa danda'e waliigaltee warra beekumsaatiin biyya muslimaatti godaanuun isarratti dirqama. Yoo Rakkoo dhaaf ta'e male biyya kana keessa turuun isaaf hin eeyyamamu. Rabbi akkana jedha

﴿إِنَّ ٱلَّذِينَ تَوَفَّىٰهُمُ ٱلْمَلَٰٓئِكَةُ ظَالِمِىٓ أَنفُسِهِمْ قَالُواْ فِيمَ كُنتُمْ ۖ قَالُواْ كُنَّا مُسْتَضْعَفِينَ فِى ٱلْأَرْضِ ۚ قَالُوٓاْ أَلَمْ تَكُنْ أَرْضُ ٱللَّهِ وَٰسِعَةً فَتُهَاجِرُواْ فِيهَا ۚ فَأُوْلَٰٓئِكَ مَأْوَىٰهُمْ جَهَنَّمُ ۖ وَسَآءَتْ مَصِيرًا ﴿٩٧﴾ إِلَّا ٱلْمُسْتَضْعَفِينَ مِنَ ٱلرِّجَالِ وَٱلنِّسَآءِ وَٱلْوِلْدَٰنِ لَا يَسْتَطِيعُونَ حِيلَةً وَلَا يَهْتَدُونَ سَبِيلًا﴾ [النساء:٩٧-٩٨]

***"Haala isaan lubbuu ofii miidhanii jiranuun warri malaa'ikaan lubbuu isaanii fuute maal keessa turtan jedhuun. Dachiidhuma kana irratti dadhabsiifamaa turre jedhu. Maalidachiin Rabbii akka isin keessa godaantanuuf jecha ballaa hin taanee? Jedhu. Warri kun qubannaan isaanii jahannama. Ittideebii ta'uun ishees bade. Garuu dadhabsiifamtoonni dhiiraa, durbaa fi ijoollee kan mala hin dandeenyee fi karaa itti qajeelanu hin qabne osoo hafanuu."***

Yoo muslimni mallatoo diinii isaa kan akka tawhiidaa, salaataa, ahkaama Islaamaa barachuu, dubartoonni hijaaba qabachuu fi kan biroos mul'isuu danda'eef biyya muslimaatti godaanuun isaaf sunna male waajibaa miti. Biyyuma isaa keessa turuu danda'a.

فقد روى أبوسعيد الخدري أن أعرابياً سأل رسول الله ﷺ عن الهجرة، فقال: «إن شأن الهجرة لشديد، فهل لك من إبل؟» قال: نعم. قال: «فهل تؤتي صدقتها؟» قال: نعم. قال: «فاعمل من وراء البحار، فإن الله لن يترك من عملك شيئا». متفق عليه

Abuu sa'iidal khudriin akka odeessetti namni baadiyyaa tokko waa'ee hijraa rasuula gaafate. Rasuullis ﷺ **"dubbiin hijraa jabaadha. Sila gaala qabdaa?"** jedhan. Namichis eeyyeen qaba jedhe. **"zakaa ishee ni kennitaa?"** jedhan.Eeyyee jedhe. **"Dudduuba garba kanaa hojjadhu. Rabbiin hojii keeirraa waa tokko duwwaa hin dhiisuutii."** jedhan. Bukhaari fi muslimtu odeesse.

3. Dhimmaan maletti gara biyyaa kufriitti imaluudha. Dhimmaan male gara biyya kufriitti imaluun muslima irratti dhorkaadha.





Biyya kanatti imaluudhaaf yoo dhimmi dhuunfaa ykn walii galaa muslimaa jiraate, imaluun sharxii sadiin ni eeyyamama.

iv. Namni biyya kanatti imalu nama amantii isaa beeku ta'uu qaba. Wanta fayyaduufi miidhu adda baasee beekuu barbaachisa.

v. Nageenya qabaachuu fi amantii fi haala isaa balleessuuf waan sababa ta'u hundarraa fagaataa ta'uu qaba.

vi. Mallattoo amantii isaa mul'isuu danda'uu qaba. Dhimmi isaaf jecha imaluun eeyyammu: gara Rabiitti waamuuf, daldalaaf, yaalamuuf, Dhimmi muslima biyya isaa kan akka ambaasaaddarii mootii muslimaafikkf'nif fi beekumsa biyya kaafiraa qofatti argamu barachuuf jecha imaluun ni danda'ama.

Bashannanaa fi kkf'f biyya kaafiraatti imaluun haraama. Hadiisa Jariir kutaa dabre keessatti dubbatametu kana akeeka. Hadiisichi biyya kaafiraa jiraachuu dhorga.Kun immoo jireenya Xiqqoo kan akka guyyaa tokkoo fi lamaa of keessatti qabata. Akkasumas rakkoo fi dhimma wahiitiin malee amantii muslima kanaa rakkinaaf saaxiluudha.

4. Ayyaana amantii isaanii wajjin hirmaachuu: kan akka waggaa dhaloota Iisaa, ayyaana amantaa isaanii makachuus ta'ee hirmaachuun walii galtee warra beekumsaatiin hin eeyyamamu. Sababni isaas dalaga isaanii mirkaneessuu, jaalachuu fi irratti gargaaruun waan keessa jiruufi. Rabbiin immoo akkana jedha

﴿وَلَا تَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلْإِثْمِ وَٱلْعُدْوَٰنِ﴾ [المائدة:٢]

***"Badii fi xalaatummaa irratti wal hin gargaarinaa."*** jedha.

Ayyaana isaani kuftuu fi haraamataatetti hirmaachuun immoo mamii tokko male irratti gargaaruudha. Akkasumas ayyaana kana irratti isaan eebbisuun wali galtee beektotaatiin hin eeyyamamu. Ayyaana amantaa isaanii hirmaachuunii fi eebbisuun dhorkaacha. Sababni isaas isheen kun amantii keenya keessatti ayyaana bida'aa haraama waan taateefi. Akkasumas guyyaa isaan ayyaana amantaa ykn duniyaa qabanu guyyaa ayyaanaa gochuun hin ta'u. kun immoo itti fakkaachuu isa dhorkamaadha.

5. Wanta dhuunfaa isaanii ta'ee kan muslima irraa ittiin addaba'anu keessatti itti fakkaa chuudha. Wanta tokko hundeen isaa amantii keenya keessatti halaalas ykn haraamas haa ta'uu waan dhuunfaa isaanii ta'e kan akka ibaadaa, aadaa, hidhannaa, naamusa ykn akkaataa keessatti isaanitti hidhachuun muslima irratti haraama.

FKN'f uffannaa keessatti, akkaataa nyaataa ykn dhugaatii, karaa adeemsaa keessatti, Rifeensa mataa ykn areeda haaddachuu keessatti, karaa nyaataa fi dhugaatii, karaa taa'ichaafi deemsaa, akkaata salaamtaa, karaa ijaarsa mana isaaniikeessatti, seeramurtii, bulmaataafi qusannoo ykn kkf wanta bu'aan mul'ataan tokko muslimaaf keessa hin jirre keessatti isaan hordofuun muslimaafis ta'ee muslimtittiif hin eeyyamamu. Nama biraa hordofuun of tuffachuu akka inni akkeeku beekamaadha. Hordofaan kun nama hordofu kana akka isa caaluufi sadarkaan isaa ol akka ta'e yaada. Kanaaf itti fakkaachuuf yaala. Muslimni kaafiraa wajjin haala kana ta'uun hin malu. Ragaa qur'aanaa fi hadiisaatiin muslimni sadarkaan isaa cufa kaafiraati oli. Rabbi akkana jedha

﴿ٱلَّذِينَ يَسۡتَمِعُونَ ٱلۡقَوۡلَ فَيَتَّبِعُونَ أَحۡسَنَهُۥٓۚ أُوْلَٰٓئِكَ ٱلَّذِينَ هَدَىٰهُمُ ٱللَّهُۖ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمۡ أُوْلُواْ ٱلۡأَلۡبَٰبِ﴾ [الزمر: ١٨]

***"Isaannan jecha dhaggeeffatanii isa irra gaarii hordofan. Warrikun isaan Rabbiin isaan qajeelchee dha. Warri kun isaani kan aqlii qabu."*** (azzumari: 18).

Ammas Rabbi akkana jedha

﴿فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ يَٰٓأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْۚ قَدۡ أَنزَلَ ٱللَّهُ إِلَيۡكُمۡ ذِكۡرًا﴾ [الطلاق:١٠]

***"warri aqlii qabdan kan amantan Rabbiin sodaadhaa, Rabbiin gorsa gara keessanitti buuseeraa."*** (al-xalaaq:10).

Rasuullis ﷺ akkana jedhan

«الإسلام يعلو ولا يُعلَى عليه».

**"Islaamni olta'a male waa isa irratti ol hin ta'u."**

Ilaalcha shari'aa kan sirrii taateen gara kaafiraa ilaaluun dirqama. Waa'ee isaanii keessatti Rabbi akkana jedha

﴿يَعۡلَمُونَ ظَٰهِرٗا مِّنَ ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا وَهُمۡ عَنِ ٱلۡأٓخِرَةِ هُمۡ غَٰفِلُونَ﴾ [الروم: ٧]





***"Irrakeessa jireenya duniyaa ni beeku. Isaan aakhiraa irraa immoo dagatoodha."***

Rabbi ammas akkana jedha

﴿وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ يَتَمَتَّعُونَ وَيَأۡكُلُونَ كَمَا تَأۡكُلُ ٱلۡأَنۡعَٰمُ وَٱلنَّارُ مَثۡوٗى لَّهُمۡ﴾ [محمد: ١٢]

***"warri kafaran ni qanani'u. Akka beeyladni nyaatuttu nyaatu. Ibiddi qubannaa isaaniiti."***

Ammas Rabbi akkana jedha

﴿أَمۡ تَحۡسَبُ أَنَّ أَكۡثَرَهُمۡ يَسۡمَعُونَ أَوۡ يَعۡقِلُونَۚ إِنۡ هُمۡ إِلَّا كَٱلۡأَنۡعَٰمِۖ بَلۡ هُمۡ أَضَلُّ سَبِيلًا﴾ [الفرقان: ٤٤]

***"sila hedduun isaanii ni dhaga'u ykn ni hubatu jattee yaaddaa? Homaamiti isaan akka beeyladaati male. Hinumaayyu beeylada irra karaa jallatani."*** (al -furqaan:44)

Ragaan shari'aa heddu kan kaafirfootatti fakkaachuu haraama gootu dhufteetti. Isaan keessa jecha Rabbii

﴿أَلَمۡ يَأۡنِ لِلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ أَن تَخۡشَعَ قُلُوبُهُمۡ لِذِكۡرِ ٱللَّهِ وَمَا نَزَلَ مِنَ ٱلۡحَقِّ وَلَا يَكُونُواْ كَٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡكِتَٰبَ مِن قَبۡلُ﴾ [الحديد: ١٦]

***"qalbiin warra amanee gorsa Rabbiitii fi dhugaa buufamteef gadi jechuu (ajajamuutti) akkasumas akka warra duraan kitaaba fudhatee ta'uu dhiisuutti hin dhihaannee?."*** (al-hadiid :16)

Aayata kana keessatti Rabbiin warra dura keenya kitaaba fudhate yahuudaafi kiristanatti fakkaachuu mu'umina dhowwe. Ragaan biraa hadiisa rasuulaa ﷺ irraa mirkanaa'e kan waan hedduun warri iimaana dadhabaa siichi hojjatan, warri hir'inaa fi xineenya fuuldura kaafiraatti ofitti murteessan kan dalaganu gocha isaanii mormuudhaan kan ibseedha

«**لتتبعن سنن من كان قبلكم شبراً بشبر، وذراعاً بذراع، حتى لو دخلوا في جحر ضب لتبعتموهم**»، قال أبوسعيد الخدري: قلنا: يا رسول الله اليهود والنصارى؟ قال: «**فمن؟**». رواه البخاري ومسلم

**"wallaahi karaa warra isiniin duraa taakkuu taakkuutti, dhundhumaa dhundhamatti hordoftu. Osuma isaan boolla wakkallee seenanii ni hordoftu."** Abuu sa'iidal khudriin yaa ergamaa Rabbii isaan yahundaafi kiristaanamoo? Jedhe. Isaanis **"eenyu ree"** jedhan. Bukhaarii fi muslimtu gabaase.

Hadiisni kun mu’ujizaa rasuulaati ﷺ. Kanaafuu, yeroo har’aa, hedduu muslimaafi muslimtittii wanta baay’ee waan bu’aa hin qabne keessattillee kan akka akkaataa uffataa, haala rifeensa mataa, haaddanna hareedaa keessatti kaafirtootatti hidhatanu argita. Hinumaayyuu muslimaa fi muslimtittii irraa nama wanta haaraa kaafirtoonni dhihatti ykn bahatti hojjatanu barruu ykn waan biraa irraa qoratee dalagutu jira. Hadiisni baay’een kan dalagaa heddu dhorku dhufeera. Wanti inni sababeeffates yahuudaa fi kiristaanatti fakkaachuudha. Kun immoo isaan faalleessuun shari’aan barbaadamaafi isaanitti fakkaachuun immoo dhorkamaa akka ta’e agarsisa. Kaafiratti fakkaachuun Haraama akka ta’e warri beekumsaa walii galaniiru.

6. Amantii isaanii kan akka ibaadaa, ayyaanaa fi kkf gidduu muslimaatti akka mul’isanu isaan dhiisuu dha. Ykn bataskaana takkin lafa ibaadaa akka isaan biyya muslimaa keessatti ijaaranu callisuu da. Yookaan akka isaan dilii muslima giddutti mul’ifatanu isaan dhiisuudha.
7. Iccitii isaan godhachuu. Muslimaaf kaafira iccitii godhatee dubbii isaa dhokattuu itti mul’isuun, waan isa qofa ilaallatu ykn kan muslima cufa ilaallatu ittiin maryachuun, dubbii isaa dhokattuu itti mul’isuun, dubbii inni ittiin iccitii muslimaatti dhaqqabu tokko keessatti murteef isarratti hirkachuun. Fkn barreessaa oduu Muslimaa argu taasisuun, kaafirri waan muslimaaf xalaata hin yaanneef ta’eef, hinumaayyuu wanti isa midhuufi balleessu waan isa gammachisuuf kun cuftinuu hin eeyyamamu. Rabbi akkana jedha

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَا تَتَّخِذُواْ بِطَانَةً مِّن دُونِكُمْ لَا يَأْلُونَكُمْ خَبَالًا وَدُّواْ مَا عَنِتُّمْ قَدْ بَدَتِ ٱلْبَغْضَآءُ مِنْ أَفْوَٰهِهِمْ وَمَا تُخْفِى صُدُورُهُمْ أَكْبَرُ ۚ قَدْ بَيَّنَّا لَكُمُ ٱلْءَايَٰتِ ۖ إِن كُنتُمْ تَعْقِلُونَ ﴿١١٨﴾ هَٰٓأَنتُمْ أُوْلَآءِ تُحِبُّونَهُمْ وَلَا يُحِبُّونَكُمْ وَتُؤْمِنُونَ بِٱلْكِتَٰبِ كُلِّهِۦ وَإِذَا لَقُوكُمْ قَالُوٓاْ ءَامَنَّا وَإِذَا خَلَوْاْ عَضُّواْ عَلَيْكُمُ ٱلْأَنَامِلَ مِنَ ٱلْغَيْظِ ۚ قُلْ مُوتُواْ بِغَيْظِكُمْ ۗ إِنَّ ٱللَّهَ عَلِيمٌۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ﴿١١٩﴾ إِن تَمْسَسْكُمْ حَسَنَةٌ تَسُؤْهُمْ وَإِن تُصِبْكُمْ سَيِّئَةٌ يَفْرَحُواْ بِهَا ۖ وَإِن تَصْبِرُواْ وَتَتَّقُواْ لَا يَضُرُّكُمْ كَيْدُهُمْ شَيْـًٔا ۗ إِنَّ ٱللَّهَ بِمَا يَعْمَلُونَ مُحِيطٌ ﴾ [آل عمران: ١١٨– ١٢٠]

***“yaa warri amantan nama isin male jiru iccitii hin godhatinaa. Isin jibbuu (balleessuu) irraa hin gababbatanu. Waan isin cinqamtan jaal’atu. Jibbaan afaan isaanii irraa mul’atte. Wanti qomti isaanii dhoksu immoo guddaadha. Yoo kan xiinxaltan taataniif mallatto isinii ibsineerra. Isin jarani jaal’attu jarri immoo isin hin jaal’atanu. Kitaaba cufattis niamantu. Yeroo isin bira dhufan amanne jedhu yeroo isin biraa gadhiisan dallansuu irraa kan ka’e quba isinirratti ciniinu. Dallansuu keessanin du’aa jedhi. Rabbiin waan qoma keessaa beeka. Yoo isin waan gaari argattan jara gaddisiiftee yoo hamtuun isin tuqxe immoo ittiin gammadu. Yoo isin obsitanii Rabbiin sodaattan malli isaanii isin hin miidhu. Rabbin wanta isaan dalagan cufatti marsaadha.”*** (aala imraan:118-120).

Kana keessaa wanti nuti hanbifnu wanta muslimni rakkatee itti haajomee miiidhaa isaanii irraa of amanee itti dabuudha.

8. Kaafira wajjin jiraachuu. Utuma fira ykn hiriyaa ta’eeyyuu kaafiraa wajjjin mana tokko jiraachuun muslimaaf hin eeyyamamu. Akkasumas faayidaa duniyaa kan akka lugaa isaa barachuu, daldalaa ykn kan birootii jecha kaafiraa wajjin taa’uun hin eeyyamamu. Hammas isa mukuu baasuuf ykn mukuu itti bahuuf jedhani, taphaaf ykn waan biraatiif jecha deemanii isa dubbisuus ta’ee akkainni dhufee dubbisu gaafachuun hin ta’u. Sababni isaas kun isa jaallachuudha. kaafiroonni xalaata keenya, miidhaan isaan amantii fi qaama isaatti dhaqqabsiisanu muslima irratti hin amanamu. Yoo ollummaa ykn firummaa jedhe deemee dubbise rakkoo hin qabu. Akkasumas yoo muslimni dhimma shari’aa kan akka islaamummaan isa walbarsiisuu fi gara islaamummaatti waamuutii jecha isa dubbise ykn akka inni isadubbisu gaafate gaafa amantii muslimichaafi qaama isaa irratti kan amanamu ta’e haga dhimmichaatiin eeyyamama. Akkasumas biratti keessummaa’uus ta’ee isa keessummeessuun ni danda’ama.

**Qorannoo sadaffaa: wanta kaafiraa wajjindalaguun eeyyamamu ykn dirqama ta’u kan walaa’a haraamaa keessa hin seenne.**

Eegan hukmii walaa’aafi baraa’aa ibsee, mul’iftuu hunda isaaniis dubbadhee, eegasii wantoota walaa’a dhorkamtuu keessa hinseenne kan kaafirtootaa wajjin dalaguun eeyyamamu ykn jaallatamu, hammas dirqama isaan muslima irraa qabanu ibsuun jaaladhe. Wantoota kana ibsuun duratti garuu kaafirtoonni bakka afuritti akka qoodamanu baruun barbaachisaadha.

### 01 Mu'aahadoota:

Isaanis warra biyya isaanii keessa taa'anii jidduu isaanii fi muslimaa wareega, wali galteenii fi nageenyi jiruu dha.

Fkn'f kaafirtoota qurayshii yeroo walii galtee hudaybiyyaa, biyya kaafiraa yeroo ammaa kan jidduu isaanitii fi mootii muslimaa kan muslimni jala bulu jidduu baallamnii fi ambaasaaddariin jiruudha. Nageenyaafi lola dhiisuu irratti yoo kun bu'aa muslimaaf qabaate muslimni kaafirtootaan walii galuun ni eeyyamama. Rabbi akkana jedha

﴿وَإِن جَنَحُوا۟ لِلسَّلْمِ فَٱجْنَحْ لَهَا وَتَوَكَّلْ عَلَى ٱللَّهِ ۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلْعَلِيمُ﴾ [الأنفال: ٦١]

***"yoo isaan gara nageenyaatti dabani atis gara nageenyaa dabii Rabbitti hirkadhu. Inni argaa beekaadha."*** (al-anfaal:61)

### 02 Zimmiyyoota:

Isaan kaafiroota warra biyya muslimaa keessa taa'anii gibira kennuu irratti muslimni isaaniin walii galee dha. Kaafira silatti biyya muslimaa ykn biyya muslimni bulchu keessatti argamuuf akka inni biyya muslimaa keessa taa'u eeyyamuun ni ta'a. Garuu jaziiraan Arabaa hin ta'u. Kun kan eeyyamamu yoo isaan gibira muslimatti kennan. Rabbi akkana jedha

﴿قَـٰتِلُوا۟ ٱلَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِٱللَّهِ وَلَا بِٱلْيَوْمِ ٱلْـَٔاخِرِ وَلَا يُحَرِّمُونَ مَا حَرَّمَ ٱللَّهُ وَرَسُولُهُۥ وَلَا يَدِينُونَ دِينَ ٱلْحَقِّ مِنَ ٱلَّذِينَ أُوتُوا۟ ٱلْكِتَـٰبَ حَتَّىٰ يُعْطُوا۟ ٱلْجِزْيَةَ عَن يَدٍ وَهُمْ صَـٰغِرُونَ﴾ [التوبة: ٢٩]

***"warra kitaabaa irraa ta'ee kan Rabbii fi guyyaa dhumaatti hin amanne, wanta Rabbii fi rasuulli dhorkan hin dhorkamnee fi waan isaan amantaee dhugaa hin amanneen hanga isaan xiqqaatanii gibira harkatti kennanutti ittiin lolaa."*** (attawba: 29)

### 03 Musta'amanoota

(warra nagaa godhaman): Isaan warra mootiin ykn muslimumti tokko nagaa isaan taasifnaan biyya muslimaa seenanuu dha. Yeroo hamtuu fi miidhaa isaanii muslima irraan hin gahanu jechuun amaname daldalaaf, dalagaa fi kkf'f biyya muslimaa seenani yeroo murtaa'aaf akka keessa turan eeyyamuun ni ta'a. Rabbi akkana jedha





﴿وَإِنْ أَحَدٌ مِّنَ ٱلْمُشْرِكِينَ ٱسْتَجَارَكَ فَأَجِرْهُ حَتَّىٰ يَسْمَعَ كَلَـٰمَ ٱللَّهِ ثُمَّ أَبْلِغْهُ مَأْمَنَهُۥ ۚ ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمْ قَوْمٌ لَّا يَعْلَمُونَ﴾ [التوبة: ٦]

***"yoo mushrika irraa namni tokko nagaa isa taasisuu sirra barbaade hanga inni haasawa Rabbii dhaga'utti nagaa taasisi. Eegasii lafa inni itti nagaa ta'uun dhaqqabsiisi. Sababni isaas isaantu tuuta waa hin beekneedha."*** (attawbah:6)

Eeyyamamuu kana keessaa Jaziiraan Arabaa keessaa ba'a. Dhimmaaf male seenuun isaanii hin eeyyamamu. Akkasumas keessa turuun hin eeyyamamuufi. Rasuulli ﷺ oggaa du'anu akkana jedhan

«**أخرجوا المشركين من جزيرة العرب**». رواه البخاري ومسلم

**"mushrika hundee Arabaa keessaa baasaa."** Bukhaarii fi muslimtu gabaase.

Ammas akkana jedhan

«**لا يترك بجزيرة العرب دينان**».

**"Hundee Arabaa keessatti amantiin lama hin dhiifamu."**

Garuu seenuu isaaniitiif dhimmi kakaasu yoo jiraate rakkoo hin qabu.

Akkuma Rasuulli ﷺ dhimma isaan mudateef jecha akka isaan achi keessa hojjatanuuf yahuudaa khaybar khaybariin tursiisan. Eegasii ala dhimmi kun ka'u Umar isaan baase. Kana irratti hundoofnee hojjataa, khaadima, kan makiinaa oofu ykn kan biroollee nama dalagu, muslima kana raawwachuu danda'uu jiruu Jaziiraa (hundee) Arabaatti seensisuun hin ta'u.

### 04 Harbiyyii

(Loltoota): Isaan kun warra kaafiroota sadan dabraniin ala jiranu. Hanga dandeettiitin isaan kanaan loluun muslimaaf ni eeyyamama. Rabbi akkana jedha

﴿فَإِن لَّمْ يَعْتَزِلُوكُمْ وَيُلْقُوٓا۟ إِلَيْكُمُ ٱلسَّلَمَ وَيَكُفُّوٓا۟ أَيْدِيَهُمْ فَخُذُوهُمْ وَٱقْتُلُوهُمْ حَيْثُ ثَقِفْتُمُوهُمْ ۚ وَأُو۟لَـٰٓئِكُمْ جَعَلْنَا لَكُمْ عَلَيْهِمْ سُلْطَـٰنًا مُّبِينًا﴾ [النساء: ٩١]

***"yoo isin irraa hin fagaatin, nageenya gara keessanitti hin darbini fi harka isaanii hin adabatin bakka argitanitti qabaatii ajjeesaa. Warra kana irratti gahee ga'aa/ifaa isiniif gooneerra."*** (an-nisaa'I : 91)

**Kaafirtoota Warra Loltoota Hin Taaneef Wanta Muslima Irratti Dirqama Ta’u:**

1. Haga isaan biyya Muslimaa keessa jiranutti warra zimmiyyii fi musta’amana eeguudha. Musta’amanni immoo yeroo biyya Muslimaatii ba’e hanga inni bakka itti of amanatu ga’utti eeguudha. Rabbi akkana jedha

﴿وَإِنۡ أَحَدٞ مِّنَ ٱلۡمُشۡرِكِينَ ٱسۡتَجَارَكَ فَأَجِرۡهُ حَتَّىٰ يَسۡمَعَ كَلَٰمَ ٱللَّهِ ثُمَّ أَبۡلِغۡهُ مَأۡمَنَهُۥۚ ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمۡ قَوۡمٞ لَّا يَعۡلَمُونَ﴾ [التوبة: ٦]

***“yoo mushrika irraa namni tokko nagaa isa taasisuu sirra barbaade hanga inni haasawa Rabbii dhaga’utti nagaa taasisi. Eegasii lafa inni itti nagaa ta’uun dhaqqabsisi. Sababni isaas isaantu tuuta waa hin beekneedha.”*** (attawbah:6)

2. Ogga isaan irratti murteessanu, Isaanii fi muslima gidduutti murteessanuu fi isaan jidduutti murteessan yoo isaan kan murtee muslimaa jalatti argaman ta’e haqa dalaguun dirqama. Rabbi akkana jedha

﴿وَلَا يَجۡرِمَنَّكُمۡ شَنَـَٔانُ قَوۡمٍ عَلَىٰٓ أَلَّا تَعۡدِلُواْۚ ٱعۡدِلُواْ هُوَ أَقۡرَبُ لِلتَّقۡوَىٰۖ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَۚ إِنَّ ٱللَّهَ خَبِيرُۢ بِمَا تَعۡمَلُونَ﴾ [المائدة:٨]

***“Jibbaan tuuta wahii haqa dhiisuu irratti isin hin kaasin. Haqa dalagaa Rabbiin sodaachuuf isatu dhihoo dha. Rabbiin sodaadhaa Rabbi wanta isin dalagdanu (cufa) ni beeka.”*** (al-maa’idah:8).

Haqa dalaguun kan argamu kitaaba Rabbiitii fi hadiisa Rasuula Rabbiitiin murteessuu dhaani.

3. Gara islaamaatti isaan waamuudha. kaafira waamuun muslima irratti fardul kifaayaa(dirqama namni bakka namaa bu’uu) dha. Sababni isaas dukkana keessaa gara ifaatti, uumama gabbaruu keessaa gara uumaa gabbaruutti isaan baasuufi. Yoo muslimni da’awaaf jecha kaafira dubbise ykn gaafate gaariidha.

فقد عاد النبي ﷺ غلاماً يهودياً في مرضه، ودعاه إلى الدخول في الإسلام، فأسلم. رواه البخاري

*Rasuulli ﷺ namticha yahuudaa tokko dhukkubsannaan gaafatani gara Islaamummaatti waamani. Innis achumaan asallame.* Bukhaariitu odeesse.





4. Yahuudaa, Nasaaraa fi Majuusaa (warra ibidda gabbaru) amantaa isaanii jijjiiruu irratti giddisiisuun dhorkaa dha. Rabbiin akkana jedhe

﴿لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ قَد تَّبَيَّنَ ٱلرُّشۡدُ مِنَ ٱلۡغَيِّ﴾ [البقرة: ٢٥٦]

***“Dirqamni amantii keessa hin jiru.qajeelumni jallina irraa ifa galeera.”*** (Al-baqarah: 256)

5. Kaafira loltuu hin taane qaama isaa rukuttaan, ajjeechaan ykn wanta biraatiin daangaa irratti dabruun muslima irratti haraama. Abdallaa Ibnu Amri irraa bukhaarin rasuula dhaqqabsisee akka gabaasetti akkana jedha

**«من قتل معاهداً لم يرح رائحة الجنة، وإن ريحها ليوجد من مسيرة أربعين عاماً».**

**“Namni mu’aahadee (kaafira baallama muslimaan qabu) ajjeese foolii jannataa hin fuunfatu. Fooliin ishee immoo adeemsa waggaa afurtamaatti argama.”**

Imaamu Ahmadii fi nasaa’iin namticha sahaabaa rasuulaa irraata’e tokko irraa akka gabaasanitti Rasuulli ﷺ akkana jedhan

**«من قتل رجلاً من أهل الذمة لم يجد ريح الجنة».**

**“Namni kaafira warra zimmiyyii irraa ta’e ajjeese foolii jannataa hin argu.”**

6. Kaafira warra loltoota irraa hin taane gurgurtaa fi bittaa keessatti, ykn qabeenya isaani dhugaan male fudhachuun isaan gowwoomsuun muslima irratti dhorkaadha. Amaanaa isaanii ittiin ga’uun dirqama. Rasuula Rabbii irraa ﷺ akka mirkanaa’etti akkana jedhan

**«ألا من ظلم معاهداً، أو انتقصه، أو كلفه فوق طاقته أو أخذ منه شيئاً بغير طيب نفس فأنا حجيجه يوم القيامة».**

**“dhaga’aa! Namni mu’aahadee miidhe, haqa isaa hir’ise, dandeettii isaatii olitti dirqisiise ykn gammachuu isaatiin male waa irraa fuudhe guyyaa qiyaama natu isaan falma.”**

7. Kaafira warra loltootaan alaa jechaan dallansiisuun muslima irratti haraama. Isaan irratti sobuun ni dhogama. Kun immoo waan qur’aaanni

﴿وَقُولُواْ لِلنَّاسِ حُسۡنٗا﴾ [البقرة: ٨٣]

***“namaan gaarii dubbadhaa.”*** (albaqarah: 83) jedhuufi.

Haasawa isaanif laaffisuu, haala gaarii kan jaalalaa fi isaanii of gadi qabuu hin mul'ifneen, akkasumas muslima irra isaan filachuu kan hin agarsifneen isaaniin dubbachuun barbaachisaadha.

8. Namni ollaa kaafira qabu, rakkoo isaa irraa qabuun tola itti ooluun dirqama. Yoo miskiina ta'e sadaqaa ykn hadiyyaa (kenna) kennuun ykn wanta isa fayyadu gorsuun gaarii itti ooluun ni jaallatama. Jechi Rasuulaa kana hunda of keessatti waan qabatuuf

«ما زال جبريل يوصيني بالجار حتى ظننت أنه سيورثه». متفق عليه

**"Hanga an siichi isaan dhaalchisuuf deema jedhutti jibriil waa'ee ollaa na gorsuu (naaf dhaamuu) hindhiifne.**" Bukhaarii fi muslimtu gabaase.

9. Kaafira irratti salaamtaa deebisuun Muslimaaf dirqama. Yoo kaafirri muslimaan 'Assalaamu aleykum' jedhe 'wa Aleykumii' qofaan irratti deebisuun dirqama. Rasuulli ﷺ akkana jedhan

«إذا سلم عليكم أهل الكتاب فقولوا: وعليكم». متفق عليه

**"yeroo warri kitaabaa salaamtaa isiniin jedhan 'wa aleykum' jedhaa."** Bukhaarii fi muslimtu odeesse.

Garuu kaafira salaamataan eegaluun hin danda'amu. Rasuulli ﷺ akkana jedhan

«لا تبدأوا اليهود والنصارى بالسلام». رواه مسلم

**"yahuudaa fi kiristaana salaamtaan hin eegalinaa."** muslimtu gabaase.

Kaafiraas garaa laafanii maqaa dabalataatiin (kun_yaatiin) waamuun, akkaataa isaatii fi ilmaan isaa gaafachuun, ilmoon dhalannaan isa eebbisuunii fi kan biroollee ni eeyyamama. Yeroo bu'aan shari'aan murteesse kan akka Islaamummaa isa jaallachiisuu, wanta kanaan mukuu isa baasuu, akka inni da'awaa islaamaa dhaggeeffatee qeebaaluuf jecha ykn kana keessa bu'aan muslimaaf kan akka miidhaa deebisuu, faayidaa fiduu fi kkf jecha kaafira ogga qunnaman kabaja akka 'ahlan ' jechuutiin eegaluun ni danda'ama. Akkasumas yeroo firri isaa du'e kaafira jabeesuun ni ta'a. Garuu du'aa kaafirtootaatii dhiifamaa fi rahamata kadhachuun waan hin eeyyamamneef reefka isaati dhiifama hin kadhatu. Akka walii



galaatti kaafiraaf, jechaa fi gocha muslima Xiqqeessuun keessa hin jirreen yeroo maslahaan shari'aa murteessite garaa laafuuniif ni ta'a. Kun eeyyamamuu isaammoo jecha Rabbiitu akeeka

﴿لَّا يَتَّخِذِ ٱلْمُؤْمِنُونَ ٱلْكَٰفِرِينَ أَوْلِيَآءَ مِن دُونِ ٱلْمُؤْمِنِينَۖ وَمَن يَفْعَلْ ذَٰلِكَ فَلَيْسَ مِنَ ٱللَّهِ فِي شَيْءٍ إِلَّآ أَن تَتَّقُوا۟ مِنْهُمْ تُقَىٰةًۗ وَيُحَذِّرُكُمُ ٱللَّهُ نَفْسَهُۥۗ وَإِلَى ٱللَّهِ ٱلْمَصِيرُ﴾ [آل عمران: ٢٨]

***"mu'uumintoonni mu'umina dhiisanii kaafirtoota jaalalloo akka hin taasifanne. Namni kana dalage Rabbirraa wanta tokko hin qabu. Garuu wanta isaan irraa eeggachuf malu (tuqyaa) yoo eeggattan male. Rabbiin adaba isaa isin sodaachisa. Deebiin gama Rabbiiti."*** (aala imraan : 28)

**Tuqyaa** jechuun jaalala mul'ifatani jibbaa fi xalaatummaa dhoksuu dha. Kana irratti hundoofnee yoo bu'aa shari'aa hin qabne dubbii jaalala oomishu isaan wajjin dubbachuun haraama.

**Wantoota kaafiraa wajjin dalaguun muslimaaf eeyyamamu ykn jaallatamu.**

1. Dalaga isaan aangoo fi olaantummaa muslima irratti hin qabne keessa isaan hojjachisuun ni eeyyama. Waarshaa, ijaarsa ykn khidmaa muslimaa hojjacuun isaa ni eeyyamama. Abdallaa Ibnu Urayqix hijraa keessatt rasuulli kireeffatanii turan. Yahuudaa khaybar dachittii irratti qonnaa hojjachiisuun walakkaa ishee isaaniif kennan. Dalaga isa kaafirri aangoo muslima irratti godhatu ykn wanta iccitii muslimaa isa agarsisu yoo ta'e dalagsiisuun hin ta'u.

2. Kaafira haajomaa irratti tola ooluun kan akka hiyyeessa isaanii irratti saddaqachuu, dhukkubsataa isaanii Ambulaansiin fuuchuu muslimaaf ni jaallatama. Jechi Rabbii waan kanas walitti qabata

﴿وَأَحْسِنُوٓا۟ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلْمُحْسِنِينَ﴾ [البقرة: ١٩٥]

***"Tola oolaa. Rabbiin warra tola dalagu jaal'ata."*** (al baqarah: 195).

Ammas hadiisni

«في كل كبد رطبة أجر». رواه البخاري ومسلم

**"Tiruu jiidhaa cufa keessa miindaatu jira."** jedhus of keessatti qabata. Bukhaarii fi muslimtu gabaase.

3. Firooma kaafiraa kan akka haadha, abbaa fi obboleessa kennaan, dubbisaa fi kkf fufuun barbaachisaadha.

Garuu Muslimni isa nama wajjin taa'anu hin taasifatu. Keessumaayyuu yeroo fatanaa fi miidhaan isaa amantii muslimaa irratti sodaatame hin eeyyamamu. Rabbi akkana jedha

﴿وَإِن جَاهَدَاكَ عَلَىٰٓ أَن تُشْرِكَ بِي مَا لَيْسَ لَكَ بِهِۦ عِلْمٌ فَلَا تُطِعْهُمَا ۖ وَصَاحِبْهُمَا فِي ٱلدُّنْيَا مَعْرُوفًا ۖ وَٱتَّبِعْ سَبِيلَ مَنْ أَنَابَ إِلَيَّ﴾ [لقمان:١٥]

***"yoo isaan wanta ati beekumsa hin qabne natti qindeessuu si dirqan ittiin hin bulin. Duniyaa keessatti haala gaariin ittiin hiriyoomi. Karaa warra gara koo deebi'ee hordofi."*** (luqmaan: 15)

4. Islaamummaa isaan jaallachisuuf, Islaamummaatti isaan waamuuf, muslima irraa hamtuu isaanii akka qabanuuf, isa isaan muslimaaf nagaa ta'ani irratti daangaa dabruu dhisanii fi akkuma haala sanarra turanuuf jecha, Ykn bu'aa shari'aa kana fakkaatuuf jecha kennaa fi kkf tola kaafiratti ooluun ni ta'a. Rabbiin akkana jedha

﴿لَّا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ لَمْ يُقَٰتِلُوكُمْ فِي ٱلدِّينِ وَلَمْ يُخْرِجُوكُم مِّن دِيَٰرِكُمْ أَن تَبَرُّوهُمْ وَتُقْسِطُوٓاْ إِلَيْهِمْ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلْمُقْسِطِينَ﴾ [الممتحنة: ٨]

***"warra amantii keessan keessatti isiniin hin lolinii fi ganda keessanii isin hin baasinitti tola ooluu fi haqa dalaguu Rabbi isin hin dhorgu. Rabbiin warra haqa dalagan jaallata."*** (al-mumtahinah:8).

Yoo kenni gara hiriyummaa, jaalalaa fi kkf'f ta'e haraama hin eeyyamamu.

5. Keessummummaa gaafa muslima bira qubate kabajuun isaa jaal'atamaadha. Akkasumas muslimni keessummummaa kaafira bira qubachuun ni eeyyamama. Garuu waamicha isaatiif owwaachuun waan jaalala isaa of keessaa qabuuf muslimaaf hin eeyyamamu.

6. Hiriyaa, taa'ichaa fi kan wajjin nyaatanu taasifachuun alatti nyaata dhufee waliin nyaachuun ni eeyyamama. Qophii walitti qabataa keessatti, qophii itti dhufe keessatti, gargaartuu isaa kaafira wajjin ykn yeroo muslimni keessummaa ta'ee kaafira bira qubate ykn kaafirri keessummaa ta'ee muslima bira qabate jaallatamuu fedhuu fi mukuu ba'uu fedhuun maletti waliin nyaachuun ni eeyyamama. Yoo bu'aa shari'aa tokkoon maletti jaallatamuuf wajjin taa'e ykn mukuu ba'uuf wajjin taa'e haraama. Badii guddaa irraa ramadama.



7. Hojii duniyyaa kan amantaa Islaamaa keessatti eeyyamamaa ta'e wajjin hojjachuun ni eeyyyamama. Rasuulli ﷺ yahuudaa wajjin dalagee, wareegee fi irraa biteera. Akkasumas duniyaa irraa wanta bu'aa muslimaa qabu kan hundeen isaa amantaa Islaamaa keessatti halaala ta'e isaan irraa barachuunii fi irraa fudhachuun ni eeyyamama. Ala tokko tokko jaallatamaa ykn dirqamas ni ta'a. Warra lola badrii irratti booji'amanii qabeenya hin qabne barreeffama ilmaan ansaaraa birsisuudhaan Rasuulli ﷺ bilisa gadhiisuun mirkenaa'eera.

8. Kaafira ishee kitaaba qabdu qofa fuuchuun yoo isheen of tiksituu taatee fi amantii, lubbuu fi ilmaan irratti miidhaa hin fiddu jechuun yoo amaname ni eeyyamana. Rabbi akkana jedha

﴿ٱلْيَوْمَ أُحِلَّ لَكُمُ ٱلطَّيِّبَٰتُ ۖ وَطَعَامُ ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلْكِتَٰبَ حِلٌّ لَّكُمْ وَطَعَامُكُمْ حِلٌّ لَّهُمْ ۖ وَٱلْمُحْصَنَٰتُ مِنَ ٱلْمُؤْمِنَٰتِ وَٱلْمُحْصَنَٰتُ مِنَ ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلْكِتَٰبَ مِن قَبْلِكُمْ﴾ [المائدة: ٥]

***"Gaggaariin guyyaa har'aa halaala isinii godhamte. Nyaanni warra kitaaba fudhatanii isiniif halaala. Nyaanni keessanis jaraaf halaala. Akkasumas of tiksituun mu'umintittii irraa taatee fi of tiksituun warra isin dura kitaaba fudhatan irraas taate (siniif halaala)."*** (al-maa'idah:5).

'Almuhsanah' kan jedhamtu ishee gumna irraa of eegdu. Garuu muslimaaf filatamaan kaafira fuuchuu dhiisuu dha. Sababni isaas dhiisuutu isaa fi ilmaan isaatiif nagaadha. Kanaafuu Umar Ibul khaxxaab warra kaafira fuudhe komatee akka hiikanu ajajaa ture.

Kaafirtoota warra kitaabaatiin ala jiranu tokkoon isaanii fuuchuun muslimaaf hin eeyyamamu. Waan Rabbi akkana jedhuuf

﴿وَلَا تَنكِحُواْ ٱلْمُشْرِكَٰتِ حَتَّىٰ يُؤْمِنَّ﴾ [البقرة: ٢٢١]

***"Hanga isheen amantutti mushrika hin fuudhinaa."*** (al-baqara 221)

Yoo ishee fuudhe nikaan isaa wali galtee warra beekumsaatin kufaadha. Dubartiin muslimni immoo kafira kamuu warra kitaabaas

ta’ee kan birootti heerumuun walii galtee warra beekumsaatiin haraama ykn dhorkaadha.

9. Xalaata muslima irraa deebisuu keessatti kaafira gargaarsifachuun ni ta’a. kun immoo yoo sharxii bu’uuraa lama guutee dha.
   i. Yoo rakkatee gargaarsa isaanii haajome.
   ii. Midhaa fi mala isaanii irraa nagaa ta’uudha. Fkn loltoota muslimaan ajajamanu ta’uu, aangoo Muslimaa jala deemuu fi isaan hordofuudhaan yoo ta’e miidhaan kamuu isaan irraa Muslimatti argamuun hin mijaa’u.
10. Gara doktoora fayyaa kaafira ta’e bira deemee yaalamuun yeroo amaname muslimaaf ni eeyyamama.
11. Kaafiroota qalbiin isaanii Islamummaan wal baraa jiruuf zakaa kennuun ni ta’a. Rabbi akkana jedha

﴿إِنَّمَا ٱلصَّدَقَٰتُ لِلۡفُقَرَآءِ وَٱلۡمَسَٰكِينِ وَٱلۡعَٰمِلِينَ عَلَيۡهَا وَٱلۡمُؤَلَّفَةِ قُلُوبُهُمۡ﴾ [التوبة: ٦٠]

**“kan zakaan kannamtuut hiyyeessa, miskiina, kan irratti dalaguu fi warra qalbin Islaamummaan walbaruuf deemu.”** (attawbah: 60)

12. Daldala keessatti kaafiraan qindaa’uun muslimaaf ni eeyyamama. Garuu muslimni irratti moohuun ykn aangoo qabaachuun barbaachisaa dha. Sababni isaas yeroo kaafirri daldalaa fi sochii isaa irratti moo’e dalaga haraama keessa seena.
13. Yeroo muslima xiqqeessuunii fi kaafira jaal’achuun keessa hin jirre kenna kaafiraa qeebaluun ni ta’a. Rasuulli ﷺ mushrika heddu irraa kenna qeebalaniiru. Garuu yoo kenni kun ayyaana kaafirtootaatiin kan walitti hidhatu ta’e qeebaluu diduun barbaachisaa dha.
14. Kaafira bira hojjachuun muslimaaf ni eeyyamama. Dalaga kaafirri bulchu keessa dalaguun ni eeyyamama. Haa ta’u malee kaafira dhuunfaa tokko khaddamuun waan isaa of xiqqeessuun keessa jiruuf hin eeyyamamu.

IslamHouse.com

IslamHouseOr
IslamHouseOR/
islamhouse.com/or/
IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة
هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧
ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH
P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126